# HARIIROO NAMAAFI UUMAMAA: ILAALCHAAFI AFOOLA OROMOO TUULAMAATIIN

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII SADAFFAA (PhD) GUUTTANNAA DIGIRII DOKTORUMMAA FALAASAMA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIN**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF KAN DHIYAATE**

**QORATAAN: DIRRIBAA TARRAFAA KIISII**

**GORSITOONNI: ASAFAA TAFARRAA (PhD)**

**TAADDASAA JAALATAA (PhD)**

**WAXABAJJII, 2016/2024**

**FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAATTI; MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

# HARIIROO NAMAAFI UUMAMAA: ILAALCHAAFI AFOOLA OROMOO TUULAMAATIIN

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII SADAFFAA (PhD) GUUTTANNAA DIGIRII DOKTORUMMAA FALAASAMA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIN**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF KAN DHIYAATE**

**QORATAAN: DIRRIBAA TARRAFAA KIISII**

**GORSITOONNI: ASAFAA TAFARRAA (PhD)**

**TAADDASAA JAALATAA (PhD)**

**WAXABAJJII, 2016/2024**

**FINFINNEE**

## Ibsa Qorataa

Qorannoon kun **“Hariiroo Namaafi Uumamaa: Ija Ilaalchaafi Afoola Tuulamaatiin”** jedhu irratti kan gaggeeffamedha. Hojiin kun kan koo kan ta’eefi ulaagaa guuttannaa digirii kamiifuu kan hin dhiyaatiin, akkasumas hojiileen namoota biroo qorannoo kana keessatti fayyadamaman hundi bifa ulaagaa isaa eeggateen wabii keessoofi duubaatiin kan wabeeffatamaniifi unkaa Yuunivarsiitii Addis Ababaa hordofee kan dhiyaate ta’uu nan ibsa.

Maqaa: Dirribaa Tarrafaa Kiisii

Mallattoo________________

Guyyyaa_________________

Bakka: Inistitiyuutii Qorannoofi Qo’annoo Oromoo

## Mirkaneessaafi Mallattoo

Akka miseensa boordii qorannootti; waraqaa xumuraa PhD Dirribaa Tarrafaa Kiisii mata duree **“Hariiroo Namaafi Uumamaa: Ija Ilaalchaafi Afoola Tuulamaatiin”** jedhu irratti dhiheesse dubbisnee madaaluu keenya ni mirkaneessina. Haaluma kanaan, hojiin kun ittiin guuttannaa digirii doktorummaa (PhD) falaasama Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitiin ulaagaa guuttachuu isaan fudhatameera.

I/Gaafatamaa Muummee Ykn Qindeessaa Sagantaa Eebba Boodaa

| | | |
|---|---|---|
| | _____________ | _______________ |
| | Mallattoo | Guyyaa |
| Dr. Xilahuun Taliilaa (Qoraa Keessaa) | _____________ | _______________ |
| | Mallattoo | Guyyaa |
| Dr. Imaanaa Bayyanaa (Qoraa Alaa) | _____________ | _______________ |
| | Mallattoo | Guyyaa |

Hojii qorannoo gorsaafi qajeelcha keenya jalatti gaggeeffame kana gulaallii xumuraa isaa dubbisnee ulaagaa waraqaa PhD guutee kan dhihaate ta’uu mirkaneessineerra.

| | | |
|---|---|---|
| Dr. Asafaa Tafarraa | _____________ | _______________ |
| | Mallattoo | Guyyaa |
| Dr. Taaddasaa Jaalataa | _____________ | _______________ |
| | Mallattoo | Guyyaa |

## Yaadannoo

Bu’aa bahii hedduu keessa darbee sadarkaa har’aa irra akka gahu Abbaan koo Obbo Tarrafaa Kiisiifi Harmeen koo Aadde Qorichee Beekkattee, akkasumas obboleessi koo hangafaa Abbaan Seeraa Taakkalaa Tarrafaa gahee bakka bu’insa hin qabne qabu. Har’a garuu, bu’aa qorannoo koo kana osoo hin argiin hiree ta’ee gara fuula Waaqaa/Rabbii deemaniiru. Waraqaan qorannoo koo digirii sadaffaa (PhD) guuttannaa digirii doktorummaa falaasama Afaan Oromoo, ogbarruufi fookloorii kun isaaniif yaadannoo bara baraa haa ta’u! Oolmaa keessan yoomiyyuu hin irraanfadhu!

***Axeerera***

*Kaayyoon qorannoo kanaa "Hariiroo Namaafi Uumamaa: Ija Ilaalchaafi Afoola Oromoo Tuulamaatiin" xiinxaluudha. Qorannoo kana gaggeessuuf maleenyi qorannoo sanyaabaafi seenawaa (Ethnographic & historical research approach) hojiirra ooleera. Jamaa ragaan qorannoo kanaaf oole irraa funaaname filachuuf akaakuu iddattoo miti carraa keessaa tooftaa iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaatti dhimma bahee jira. Odeeffattoota tooftaalee kanneeniin filataman irraa ragaa walitti qabuuf meeshaaleen funaansa ragaa daawwannaa hirmaachisaa, afgaaffii, marii garee xiyyeeffannaafi sakatta'insa dokimentii hojiirra oolaniiru. Ragaalee kunneen mala akkamtaatiin xiinxalamanii hiikni itti kennamee jira. Argannoon ijoo qorannoo kanaa; akka ilaalcha Oromoo Tuulamaatti lubbuu Waaqayyo uume, uumaa Waaqayyo uume balleessuun, mancaasuun, seeraan ala itti fayyadamuun dhorkaadha; aadmaleedhas. Afoolli hawaasichaas falaasamaafi ilaalcha Oromoon Tuulamaa uumama maraaf qabu, hariiroo ykn hidhata ummatichi uumama mara wajjin qabu, akkasumas eegumsaafi kunuunsa uumama maraaf godhamuu malu ibsuu keessatti gaheewwaniifi humna guddaa qabu. Kaleessa, bara Oromoon Tuulamaa duudhaa isaa ganamaa sirriitti jabeeffatee sirna isaa gaggeeffachaa turetti, gaafa Oromoon Tuulamaa sirna Waaqeffanaafi safuu isaa ganamaatti bulaa turetti; hawasichi Ardaalee ykn Uumama Ulfoos ta'ee, uumama Waaqayyo uume mara wajjin hidhata ykn hariiroo cimaa kan qabudha. Tulluun, Malkaan ykn Horri, burqaan, haroon, mukeewwan bineeldonniifi lubbuu qabeeyyiin hunduu Oromoo Tuulamaa biratti iddoo guddaa kan qabanidha; kabajaafi safeeffannaa guddaas kan qabanidha. Haata'uutii, akka ragaan qorannichaa bakka baay'etti agarsiisutti: hariiroon, ilaalchi ykn falaasamni, beekumsi xabboo, duudhaafi safuun Oromoo Tuulamaa uumama maraaf qabu yeroo ammaa dhiibbaa namtolcheefi uumamaatiin iddoo hedduutti miidhamaa, laafaa, cabaafi badaa akka jirudha. Yaboon ijoon qorannoo kanaa ammoo* ***Heerota Ulfoo Jahan Waaqayyoo*** *kabajuun, duudhaafi safuu Oromticha ganamaa eeguun hariiroo namaafi uumama gidduu jiru cimsuun, uumama Ulfoo kabajuufi kunuunsuun dhaloota dhufuuf tursuun dirqama Oromoo maraa ta'a kan jedhudha.*

**Jechoota Ijoo:** Hariiroo, Uumama Ulfoo, Heerota Ulfoo, Oromoo Tuulamaa

## Galata

Duraan dursa isa waan hundumaa keessatti na gargaaree asiin na gahe, Uumaa waan hundaa, Waaqayyoof galanni guddaan haa ta'u. Itti aansuun filannoo mata duree qorannoo koo irraa kaasee, wixineedhaa hanga xumura qorannoo kanaatti nuffii tokko malee beekumsaafi muuxannoo qaban hunda osoo natti hin qusatiin na gorsuufi qajeelchuun milkaa'ina kanaan kan na gahan gorsitoota koo Asafaa Tafarraa (PhD)fi Taaddasaa Jaalataa (PhD) baay'e baay'ee galateeffachuun barbaada. Beekumsi keessan ibiddaa tulluu irraa haa ta'u; bakka hundatti; Oromoo maraaf haa ifun jedha.

Gama birootiin odeeffattoota ykn manguddoota argaa dhageettii ofqusannaa tokko malee ragaalee qorannichaa naaf kennan hundaan galata guddaa dhiyeessuufiin barbaada. Horaa bulaa; umuriin raagaa!

Carraa barnootaa kana argadhee milkaa'ina kana akkan gonfadhuuf, oolmaa manni hojii koo duraanii ***'Giddugala Aadaa Oromoo'***, kan ammoo keessatti hojjechaa jiru ***'Inistitiyuutii Qorannoofi Qo'annoo Oromoo'*** naaf oolan yoomiyyuu dagachuu hin danda'u waan ta'eef galata onnee koo irraa madden dhiyeessaaf. Waaqayyo barnootaafi beekumsa argadheen oolmicha akkan deebisuuf naa gargaaru. Carraa kanaan hoggansa Sektera Aadaafi Tuurizimii mara, addatti ammoo miiltoo koo yaadaafi beekumsa qabu hundaan na cinaa dhaabbachaa ture Gaazexeessaa Zinaabuu Asraatiif galata guddaa dhiyeessuufiin barbaada. Hundi keessanuu Horaa bulaa! Deebanaa!

Jalqabaa hanga dhumaatti obsaafi jaalala guddaan yeroo naaf kennuun, ganamaafi galagala, halkaniifi guyyaa na jajjabeessuun milkaa'ina kanaan kan na gahan haadha warraa koo Aadde Bilisee Dooshii, Ijoollee koo Duraantuu Dirribaa, Fufaa Dirribaa, Barsan Dirribaa, konkolaachisaa koo Obbo Shimallis Leenjisaa baay'ee baay'ee guddiseen galateeffadha. Waaqayyoo umurii keessan hundaa haa ebbisu; bakka yaaddan hundaa gahaa; isinis dabareen hiree kana argadhaa!

Funaansa ragaa qorannoo kanaa keessatti hojii aloolaa na waliin bahuun: ragaa qorannoo walitti qabuun, ragaalee waraabbii sagalee gara barreeffamaatti jijjiiruun naaf qindeessuu keessatti ogeessota gumaacha olaanaa naaf taasisan: Dirribee Qana'aa (Kaadh.PhD), Obbo Caalaa Diroo, Obbo Bilisummaa Caalaa, Wandimmuu Nagaash (Kaadh.PhD), Aadde Xajjituu Baay'isaa, Aadde Aganyewush Ajjamaa onnee koorraa galateeffachuun barbaada.

Itti dabaluunis, hiriyyoota koo yaadaafi beekumsaan yeroo mara na deeggaraa turan: Dr. Ashabbir Taaddasaa, Dr. Mitikkee Bitawulliny, Dr. Baqqalaa Buukkoofi Girmaa Namarraa (Kaadh. PhD) guddiseen galateeffadha. Dhumarratti, namoonni kallattiinis ta'e, alkallattiin hojii qorannoo kanaa keessatti tumsa naaf gootan hunda, kan maqaan keessan hin tuqamiin galata guddaa qabdu. Oolmaa naaf godhame hundaaf Waaqayyo nama dugda deebisu naa godhu!

## Qabeentaa

**Mata Duree** **Fuula**


Axeerera………………………………………………………………..………..………VI

Galata……………………………………………………………….………..…….VII

Ibsa Kaartaa, Taattoofi Suura.........................................................................................XII

Ibsa Gabaajeefi Kontoonfachiiftuu...............................................................................XIV

Ibsa Gabaajeefi Kontoonfachiiftuu...............................................................................XIV

Jebsoo………………………………………………………………………..……….XV

**Boqonnaa Tokko: Seensa ……………………………………………………………......1**

1.1 Ariirrata ………………………………………………………..………………1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa…………………………………………………….…..…….2

1.3 Kaayyoo Qorannichaa …………………………………………………………..….3

1.3.1 Kaayyoo Gooroo……………………………………………….…………….3

1.3.2 Kaayyoo Gooree …………………………………………………..………4

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ……………………...…………………….…….……4

1.5 Daangaa Qorannichaa ………………………………………………………………4

1.6 Hanqinaalee Qorannicha Keessatti Mul’atan………... ………………..……………...….5

1.7 Qindoomina Qorannichaa ……………………………………..…………………5

**Boqonnaa Lama**: **Sakatta’insa Barruu …………………………………………………….6**

2.1 Ilaalcha Oromoo (Oromo Worldview) …………………………………..………………6

2.2 Waaqeffannaafi Uumama ….........................................................................................11

2.3 Ilaalcha Oromoofi Uumama (Oromo Worldview & Nature) ………………………………13

2.4 Bakkeewwan Ulfoo………………………………………………………….…………17

2.5 Hariiroo Namaafi Uumamaa…………………………………………………………...…20

2.5.1 Hariiroo Namaafi Dachee……………………………………………………...21

2.5.2 Hariiroo Namaafi Tulluu……………………………………………….……..….24

2.5.3 Hariiroo Namaafi Malkaa ykn Horaa…………………………………………….....26

2.5.4 Hariiroo Namaafi Mukkeenii ykn Biqiltootaa……………………………………………31

2.5.5 Hariiroo Namaafi Ardaa Jilaa ………………………………………………...……38

2.5.6 Hariiroo Namaafi Bineeldotaa ………………………………………………...……41

2.6 Afoolaafi Uumama ……………………………………………………………………..…46
2.7 Jijjiirramaafi Itti Fufinsa (Change and Continuity)…………………………………………48
2.8 Yaaxxinaalee Qorannoo..………………………………………………………………….…52
2.9 Xiinxala Barruu Walfakkaataniii……………………….………………...………………54
**Boqonnaa Sadi: Saxaxa Qorannichaa………....……....…..…………………………...……58**
3.1 Maleenya Qorannichaa (Methodological Approach) ……………………………….…58
3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa……………………………………..……….………59
3.3 Mala Iddatteessuu …………………………………………...…………………….……60
3.4 Mala Funaansa Ragaalee ……………………………………………………..……..….61
3.4.1 Daawwannaa …………………………………………………………………..…61
3.4.2 Afgaaffii ……………………………………………………………………….……62
3.4.3 Xiyyeeffannaa Marii Garee ……………………………………………………………63
3.4.1 Sakatta’insa Dokumentii ………………………………………………………………64
3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee……………………………………………...……………64
3.6 Naamusa Qorannoo ………………………………………………………………….…64
**Boqonnaa Afur: Ibsa Haala Naannoo Qorannichaa……………...……………..………67**
**Boqonnaa Shan: Dhiyeessaafi Qaaccessa Ragaalee………………......…………………...…77**
5.1 Hariiroo Oromoo Tuulamaafi Uumamaa…………………………………….………....77
5.2 Hariiroo Ummatichaafi Uumama Ulfoo……………………………………………….…78
5.2.1 Ardaa Jilaa Ulfoo – Odaa Nabee……………………………………………….…80
5.2.2 Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa ………………………………….…….…86
5.2.3 Caffee Tumaa ……………………………………………………..……………..…89
5.2.4 Dhakaa Koraa/ Handoodee Tumaa ……………………………………….…………93
5.3 Tulluufi Oromoo Tuulamaa ……………………….…………….………….……….……95
5.4 Uumama Ulfoo – Malkaa Ykn Hora ………………………..……………….……….…103
5.5 Oromoo Tuulamaafi Dhachee………………………………………………..……..…108
5.6 Oromoo Tuulamaafi Mukkeen/ Biqiltoota………………………………..……………...…110
5.7 Oromoo Tuulamaafi Bineeldota………………………………………………………...…114
**Boqonnaa Jaha…………………………………………….…………………….…....…120**
6.1 Afoola Tuulamaafi Uumama ………………………..………………………….…....120

**Boqonnaa Torba…………………..…………....…………………….…………………….……..…147**
7.1 Jijjiirramaafi Itti Fufinsa ………………………………………………………….……..147
**Boqonnaa Saddeet:** Cuunfaa, Argannoofi Yaboo**…………………..………………...…..…166**
8.1 Cuunfaa………………………………………………………………………….……166
8.2 Argannoo………………………………………….……………….……………169
8.3 Yaboo…………………………………………….………………..……………..…172
Wabiilee…………………………………………….…………………..………………174
Ragaa Odeeffattootaa……………………………………………...…………………182-183
Miiltoo: Ragaa Qorannoo Aloolaa……………………………………………………..….....184
Miiltoo A: Ilaalcha Oromoon Uumamaaf Qabu……………………………………..…184
Miiltoo B: Hariiroo Namaafi Uumamaa……………………………………………..…190
Miiltoo C: Hariiroo Namaafi Dachee ykn Lafaa……………………………………......198
Miiltoo D: Hariiroo Namaafi Tulluu……………………………..…………………..200
Miiltoo E: Hariiroo Namaafi Malkaa ykn Horaa……………………………………......203
Miiltoo F: Hariiroo Namaafi Bosonaa ykn Biqiltuu……………………………………206
Miiltoo G: Hariiroo Namaafi Ardaalee Ulfoo……………………………………..…...209
Miiltoo H: Hariiroo Namaafi Bineeldotaa.........................................................................2017
Miiltoo I: **MGX 1^ffaa^**……………………………………………………………..…...220
Miiltoo J: **MGX 2^ffaa^**…………………………………………………………....…227
Miiltoo K: Suuraa Ragaalee Qorannoo Muraasa ……………………………….....……251

**Ibsa Kaartaa, Taattoofi Suuraa** **Fuulaa**

Kaartaa 1. Qubsuma Oromoo Tuulamaa …………………………….……….………………. 73

Taattoo 1. Hariiroo Uumaafi Uumamaa……………….……………………………………..47

Taattoo 2. Hidda Latinsa Maatii Oromoo ……………………………………………….……68

Taattoo 3. Hidda Latinsa Tuulama Sadeenii…………………..………………………………69

Suuraa 1. Hora Finfinee, Bara 1882 ………………………………………………………..30

Suuraa 2. Ardaa Ulfoo Odaa Nabee………………………………………………………...80

Suuraa 3. Ardaa Ulfoo Odaa Nabee………………………………………………………...85

Suuraa 4. Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa…………………………...……………...86

Suuraa 5. Caffee Tumaa………………………………………………………..…………...90

Suuraa 6. Dhakaa Koraa/ Handoodee Tumaa…….………………………………………...94

Suuraa 7. Tulluu Cuqqaalaa………………………………………………………………...96

Suuraa 8. Tulluu Cuqqaalaa………………………………………………………………...97

Suuraa 9. Mana Amantii Zuqqaalaa (Cuqqaalaa) Aabboo ……………………………………...98

Suuraa 10. Tulluu Erer Kormaa………………………………………………………………...100

Suuraa 11. Tulluu Daloo…………………...…………………………………………………...101

Suuraa 12. Tulluu Diimtuu……………………………………………………...……………...102

Suuraa 13. Hora Harsadii………………………………...………………...……………...107

Suuraa 14. Haroo Tulluu Cuqqaalaa……………………………………...……..………...133

Suuraa 15. Odaa Nabee……………………………………………………...……..………...148

Suuraa 16. Odaa Nabee……………………………………………………...……..………...149

Suuraa 17. Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa……………………...……..……..…...150

Suuraa 18. Caffee Tumaa…………………………………….…………...……..………...151

Suuraa 19. Caffee Tumaa…………………………………….…………...……..………...152

Suuraa 20. Dhakaa Koraa/ Handoodee Tumaa……………………….…………..……..………...153

Suuraa 21. Mana Amantii Zuqqaalaa (Cuqqaalaa) Aabboo …………………………………...155

Suuraa 22. Mana Amantii Sillaasee …………………………….………………………...156

Suuraa 23. Mana Amantii Lidataa Maariyaam ……………………...………………………...156

Suuraa 24. Tulluu Erer Kormaa …………………....…………….………….……………...157

Suuraa 25. Tulluu Daloo …………………...………..……………….………….……………...157

Suuraa 26. Tulluu Daloo …………………...………..……………….………….……………...158

Suuraa 27. Mancaatii Tulluu Diimtuu………...………..……………….………….……………...159

Suuraa 28. Irreecha Hora Finfinnee………...…………..……………….………….……………...162

Suuraa 29. Irreecha Hora Harsadii……….....……………..……………….………….……………...163

**Ibsa Gabaajeefi Kontoonfachiiftuu**

| | |
|---|---|
| **Kkf** | Kan kana fakkaatan |
| **Wkf** | Waan kana fakkaatan |
| **MGX1** | Marii Garee Xiyyeeffannaa 1 |
| **MGX2** | Marii Garee Xiyyeeffannaa 2 |
| **Fkn** | Fakkeenyaa |
| **BATO** | Biiroo Aadaafi Tuurizimii |
| **KTO** | Komishinii Tuurizimii Oromiyaa |
| OBN | Oromiyaa Biroodkastiingi Neetworki |
| **Jil** | Jildii |
| **f.** | Fuula |

**Jibsoo**

| **Jecha,Gaaleefi Yaadrimeewwan** | **Ibsa Nafoo (Operational/working definition)** |
|---|---|
| Uumama | Nature |
| Uumaa | Creator |
| Uumama Ulfoo | Sacred Nature |
| Iddoo Ulfoo | Sacred site/place |
| Bakkeewwan Ulfoo | Sacred sites/ places |
| Ilaalcha Oromoo | Oromo perspective / Oromo worldview |
| Ilaalacha Oromoo Tuulamaa | Tulama Oromo perspective/ Oromo worldview |
| Falaasama | Philosophy |
| Falaasama Oromoo | Oromo philosophy |
| Falaasama Oromoo Tuulamaa | The philosophy of Tulama Oromo |
| Waaqa | God, supper natural being |
| Ayyaana | 1. Holiday 2. Spirit |
| Safuu | Moral, a moral concept that serves as the ethical basis for regulating practices. |
| Dachee | Earth, mother earth |
| Lafa | Land |
| Sirna Gadaa | Gada system |
| Abbaa Caffee | Chairman of the Gada Assembly |
| Abbaa Heeraa | The father of the constitution |
| Abbaa Malkaa | A person given the authority to control what should and should not happen on the river bank and its surroundings. |
| Abbaa Muudaa | The patriarch of Oromo religion/Qalluu or father of ointment who bless and give *Qumbii* to the newly appointed *Abbaa Gadaa.* |
| Abbaa Seeraa | A person who memorizes important articles and provides them when the Caffee assembly is in session. |
| Caffee Dongoraa/ Caffee | It is one of the sacred places of Tulama Oromo where the |

| | |
|---|---|
| Abbaa Muudaa | significant laws/ Seera Ulfoo like law of God, law of earth, law of father, law of mother, law of sacred mountains, law of river banks, are tried before the actual legislation at Caffee Tumaa and it is a place where Qalluu pray for fertility and abundance of the society. |
| Caffee Tumaa | It is a sacred place where the Gada Laws by which the Tulama Oromo governed for eight years are discussed and set. |
| Dhakaa Koraa/ Handoodee Tumaa | One of the sacred place where the law of Odaa Nabe i.e the law by which Tulama Oromo governed for eight years (for one Luba) is inaugurated and openly proclaimed for the public. |
| Akka Seer/Waan Seer | It has laws, that punish people or somebody which liable under customary law. |
| Yaa'ii Bantii | The first Gada assembly in the Tulama Oromo. |
| Yaa'ii Dagaagaa | It is the second Gada assembly held in the 4th year. |
| Yaa'ii Odaa | This assembly is known as the Gumii Sabaa or general assembly, where the general constitution and laws are promulgated. |
| Bineeldota | Wild animals |
| Tulluu | Mountain |
| Tulluu Ulfoo | Sacred mountain |
| Malkaa | River |
| Malkaa Ulfoo | Sacred river |
| Hora | Salty water usu. drunk by cattle |
| Beekumsa xabboo | Indigenous knowledge |
| Naannoo | Environment |
| Xiinqeeyyaa | Ecology |
| Xiinqeeyya Oromoo | Oromo ecology |

| | |
|---|---|
| Waaqeffannaa | The original Oromo religion /indigenous Oromo religion/ |
| Ardaa Jilaa | Sacred sites, sacred shrine |
| Amantii | Religion |
| Amantaa | Beliefs |
| Gumii | Assembly |
| Heera | Constitution |
| Seera | Law |
| Tumaa | Declaration |
| Hooda | 1. Sth. forbidden 2.Wander |
| Liixxaa | In- depth |
| Hundanaa | Holistic |
| Afoola | Oral literature |
| Afhima | Folk narratives |
| Godayyaa | Framework |
| Maleenya | Approach |
| Sanyaaba | Ethnography |
| Yaaxinna | Theory |
| Dhugaa | Reality |
| Dhugaa hawaasaa | Social reality |
| Aloola | Fieldwork |
| Aloola sanyaabaa | Ethnographic fieldwork |
| Odeeffattoota | Informants |
| Odeeffattoota ijoo | Key informants |
| Caasawaa gamisoo | Semi- structured |
| Daawwannaa | Observation |
| Daawwannaa hirmaachisaa | Participant observation |
| Yoomessa | Setting |
| Duudhaa | Tradition |
| Afaanummaa | Oral |
| Yoomessa uumamaa | Natural setting |
| Iddattoo | Sampling |

| | |
|---|---|
| Iddattoo akkayyoo | Purposive sampling |
| Iddattoo darbaa dabarsaa | Snowball sampling |
| Sarxaa | Pattern |
| Saxaxa | Design |
| Saxaxa qorannoo | Research design |

# Hariiroo Namaafi Uumamaa: *Ilaalchaafi Afoola Oromoo Tuulamaatiin.*

## Boqonnaa Tokko: Seensa

Boqonnaa jalqabaa kana keessatti: ariirranni, ka'umsi, gaaffiileen bu'uuraa qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooreen, barbaachisummaan, daangaan, hanqinniifi qindoominni qorannichaa gabaabinaan dhihaataniiru.

### 1.1. Ariirrata

Sirni Gadaa sirna waliigalaa falaasama bulchiinsa siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi sirna Oromoon madaallii uumaafi uumamaa tikfatee itti jiraatudha. Oromoon Sirna Gadaa isaa keessatti uumama maraaf heeraafi seera qaba. Gama biraatiin Sirni Gadaafi jireenyi Oromoo mataan isaa uumama wajjin hidhata guddaa kan qabudha (Alamaayyoofi kanneen biroo 1998).

Barreeffamni "Tumaa Seera Gadaa Maccaa Odaa Bisil; 2017" jedhu akka ibsutti, Oromoon Gadaan bula; Gadaan Waaqaan qajeela. Uumama maraaf Waaqni seera qaba; seera ittiin bulanii wal bulchan qaba. Seerichis kan qajeelloon deemu akka jajjabeessuufi kan karaa irraa dabe ammoo sirreessuun karaa qajeelaatti deebisa. Oromoonis kallattiin seera Waaqa uumaan bulee wal bulcha; uumamas kunuunfatee itti dhimma baha. Kun kan agarsiisu Oromoon Sirna Gadaa isaa keessatti uumama maraaf heeraafi seera qabaachuu isaati. Heerriifi seerichis kan hariiroo gaarii waliin qabu ni jajjabeessa; kan seera uumaafi uumamaa irraa maqe ammoo qajeelchuun daandii ykn karaa sirrii ta'etti kan deebisu ta'uusaati.

Akka ilaalcha Oromootti; Oromoofi uumamni hidhata ykn hariiroo cimaa kan waliin qabanidha. Oromoon uumamaaf kabajaa guddaa waan qabuuf seera uumama ittiin eeguufi ittiin kunuunsu qaba. Oromoon seera uumamaa qabuun hariiroo namaa, uumama biroofi Waaqa gidduu jiru eeggatee kan jiraatudha. Akka ilaalcha Oromootti uumama Waaqni kennaadhaan namaaf kenne safuu uumaafi uumamaa eeguun hariiroo gaariin waliin jiraachuun dirqama ta'a. Oromoon ilaalcha isaa keessatti uumama waliin jiraata malee uumama nyaatee ykn itti fayyadamee hin mancaasu. Waaqnis uumama kanneen namni safuun akka wajjin jiraatu kenneefi (Tasammaan 2012; Malkaamuu 2016; Lammeessaa 2012).

Egaa Oromoon Tuulamaas akkuma Oromoo kamiiyyuu uumama Waaqayyo dacheefi lafa kana irratti uume hundaaf safuu qaba. Kabajaafi ulfinna guddaas kan kennuufidha. Aadaa isaa keessatti uumama Waaqayyo uume wajjin hariiroo cimaafi hidhata guddaa waan waliin qabuuf

jechuudha. Kanaaf ammoo, ***"Heeronni Ulfoo Jahan Waaqayyoo;"*** jechuunis Heera Waaqaa, Heera Lafaa (Dachee), Heera Tulluu, Heera Malkaa, Heera Abbaafi Heera Haadhaa kan ummatichi baafatee ittiin wal bulchaa har'a gahe ragaa guddaadha. Gadaan dhufaa darbu kamuu dhimmoota kanneeniif xiyyeeffannaa guddaa kan kennudha. Heerota kanneen jalatti seeronni hundi kan tumaman, kan fooyya'aniifi lallabaman ta'u. Seeronni tumamaniifi fooyya'an, seera lubbuu namaa (seera gumaa), seera beelladaa ykn horii manaa, seera bineensaa, seera bosonaa, seera dachee ykn lafaa, seera haroowwanii ykn malkaa ykn bishaaniifi wkf.nidha. Gadaanis uumama seera malee hin balleessiinaa jedha. Kana jechuun mukkeen akka malee ciruun ykn mancaasuun, bineensa seera malee ajjeesuun, dacheefi uumama dachee keessa jiru akka malee itti fayyadamuufi akka malee mancaasuun, hora ykn malkaa ykn bishaan akka malee itti fayyadamuun, walumaagalatti uumama mara akka malee mancaasuufi itti fayyadamuun aadmaleedha jechuudha. Seeraanis nama gaafachiisa (Alamaayyoo; 1996, Alamaayyoofi Girmaa; 2011). Haata'uutii falaasama, aadaafi duudhaa boonsaa ummanni kun qabu karaa liixxaa (in-depth)fi bichina qabuun yeroo qoratamu baay'ee hin mul'atu. Haalli kun ammoo, falaasama, ilaacha, beekumsa xabboo hawaasichi gama kanaan qabu akka dagatamu godha; dhaloonni duudhaafi safuu gama kanaan jiru irraanfachaafi dagachaa deema. Qorannoo kuns ***"Hariiroo Namaafi Uumamaa: Ilaalchaafi Afoola Oromoo Tuulamaatiin"*** kan jedhu irratti xiyyeeffatee beekumsaafi falaasama hawaasichi gama kanaan qabu xiinxaluun ifa kan baasudha.

## 1. 2. Ka'umsa Qorannichaa

Falaasamaafi aadaa boonsaa Oromoon Tuulamaa qabu, akkuma kan Oromoo maraa, yeroo baay'ee barreeffamaan osoo hin ta'iin afaaniin ykn afoolaan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufedha; ammas taanaan baay'inaan afaanumaan (oral) darbaa jira. Keessattuu, hanga an beekutti, addatti ammoo mata duree kanaan ilaalcha ykn falaasama ummanni kun (Oromoon Tuulamaa) hariiroo uumama waliin qabu ilaalchisee qorannoon hundanaa (holistic) ta'e karaa saayinsaawaafi liixxaa (in-depth) ta'een naannoo kanatti yeroo gaggeemafu hin mul'atu. Beekumsaafi falaasama ummanni kun gama kanaan qabu karaa saayinsaawaafi liixxaa ta'een hin qoratamu taanaan dagatamaa adeemuun isaa nama hin shakkisiisu. Rakkoon qorannoo gahaan dhibuu kun qorannoo ammaa kanaaf gamisaan ka'umsa ta'ee jira.

Gama biraatiin qorannoo kanaaf ka'umsa kan ta'e inni guddaan yeroo an digirii sadaffaa baradhutti barumsa (Course) mata duree ***"Afoolaafi Oguma -Folklore & Literature"*** jedhuun

yeroo jaataniin qorannoo ***“Uumama Ulfoo Oromiyaa: Ilaalcha Oromootiin”* (*Oromia Sacred Ecology: From an Oromo Perspective)*** jedhuun naaf kennametti kallattiidhaan naannoo dirree qorannoo kanaatii taajjabbiifi muuxannoo argamedha.

Keessattuu iddoowwan uumama Ulfoo (sacred places) ummatichaa kanneen ta’an tulluuwwan, haroowwaniifi Ardaaleen Jilaa yeroo ammaa sababoota namtolcheefi uummamaatiin daran badaafi manca’aa yeroo jiran arguun baratamaa ta’aa dhufeera. Haalli kun ammoo hawaasichi uumama uumaan uumee wajjin dugda akka walitti galchu taasisuun duudhaafi safuun cabee, ummannis hariiroo uumama wajjin qabu dagatee, falaasamaafi beekumsa xabboo gama kanaan qabus dagatee dhalootaaf waan dabarsu dhabaa jira. Sababa kanaan walqabatees yeroo ammaa iddoo hedduuti qeeyyaafi xiinqeeyyaan (ecology) Oromoo jeeqamaa jira. Lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii hedduun uumama kanneen keessatti argamanis yeroo ammaa akka malee badaafi miidhamaa jiru. Kanaafuu, hariiroo ummatichi uumama waliin qabu ilaalchisee ilaalcha ykn falaasama, akkasums duudhaafi safuu hawaasichi gama kanaan qabu laafuufi cabaa dhufuun haala kana faana bu’ee akkan qoradhuuf kaka’umsa guddaa natti uumee jira. Dabalataanis akka dhalataa aadaafi duudhaa afaanummaa (oral) keessaa dhufettis, muuxannoo an qaburraa walitti dhufeenya cimaa Oromoon Tuulamaa uumama waliin qabu ilaalchisee ilaalchaafi afoola ummatichi gama kanaan qabu akkan itti dhiyeenyaan qoradhuuf fedhii guddaa natti uumee jira.

Akka waliigalaatti, qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitiif deebii ni argamsiisa jedhamee abdatama:

1. Oromoon Tuulamaa uumama wajjin hariiroo ykn hidhata akkamii qaba?
2. Oromoon Tuulamaa afoola isaatiin uumama akkamiin ibsa?
3. Hariiroo Oromoon Tuulamaa uumama wajjin qabu ilaalchisee jijjiiramniifi itti fufinsi jiru maal fakkaata?

## 1. 3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Oromoon Tuulamaa uumama wajjin hariiroo akkamii akka qabu ilaalchaafi afoola hawaasichaa soneessuufi xiinxaluun beekumsa gama kanaan jiru ijaaruudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoo gooreen qorannichaa dhimmoota armaan gadii kan of keessatti qabatudha. Isaanis:

- Hariiroo ykn hidhata  Oromoon Tuulamaa uumama wajjin qabu adda baasuun ibsuu.
- Afoolawwan ummatichi uumama ittiin ibsu xiinxaluu.
- Oromoon Tuulamaa uumama wajjin hariiroo qabu ilaalchisee jijjiiramaafi itti fufinsa jiru xiinxaluu.

## 1.4  Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun kallattii adda addaatiin jaarmiyaalee ykn dhaabbileefi hawaasa fayyaduu ni danda'a jedhamee yaadama. Kunis hariiroo namaafi uumama ilaalchisee hayyoota kallattii adda addaattiin qorannoo dabalataa gaggeessuu barbaadaniif qorannoon kun ciicata (in-put) ta'uun ni tajaajila. Keessattuu, hayyoota bal`inaafi gadi fageenyaan dhimma xiinqeeyyaa (ecology) Oromoo irratti qorannoo gaggeessaniif akka ragaa dabalataatti fayyaduu ni danda`a. Gama biraatiin, jaarmiyaalee ykn dhaabbilee kunuunsa uumama Ulfoo, qabeenya uumamaa, kunuunsa naannoofi jijjiirama qilleessaa irratti xiyyeeffatanii hojjetaniif qorannoon kun galtee guddaa ta'uun tajaajiluu ni danda'a. Dabalataanis tarsiimoofi imaammata Mootummaan gama eegumsa qabeenya uumamaa, imaammataafi misooma aadaa, kunuunsa naannoofi jijjiirama qilleenssa irratti baasuufis qorannoon kun ka'umsa ta`uun tajaajiluu ni danda'a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun bal'inaan qeeyyaa Oromoo Tuulamaa biratti hariiroo namaafi uumama gidduu jiru karaa hundana (holistic) ta'een osoo xiinxalee gaarii ta'a ture. Haa ta'u malee, haala yeroo, baajataafi humna qorataatii ol waan ta'uuf qorannoon kun qe'ee Oromoo Tuulamaa bal'aa keessaa kan irratti xiyyeeffatu ***iddoowwan Uumama Ulfoo, Magaalaa Finfinnee dabalatee***, aanaalee lama (Aanaa Liiban Cuqqaalaa, Ada'aafi) caaseffama duriitiin magaalota aanaaleen kun keessatti argaman sadii (Bishooftuu, Duukamiifi Galaan) caaseffama ammaatiin ammoo Magaalaa Bishooftuu qofa ta'a. Hariiroo namaafi uumama gidduu jiru ilaalchisee ammoo addatti qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu hariiroo ummatichi Uumama Ulfoo *(kanneen akka Tulluu, dachee, Malkaa yk Hora, Ardaalee Jilaafi wkf)* wajjin qabu, hariiroo ummatichi mukkeewwan ykn biqiltootaafi bineeldota (bineensota) wajjin qabu qofa irratti kan daangeffamedha. Ragaaleen qorannoo kanaas kana keessatti kan daangeffamedha.

## 1.6 Hanqinaalee Qorannicha Keessatti Mul'atan

Adeemsa qorannoo kana keessatti hanqinni mul'atan inni guddaan hanqina yerooti. Qorannoo kanaaf ragaaleen walitti qabaman yeroon gabaabaa keessatti waan ta'eef ragaalee barbaachisoo ta'an hunda argachuun ilaalcha, beekumsa xabboofi falaasama, afoolawwan Oromoon Tuulamaa gama kanaan qabu karaa bilchinaafi liixxaa (in- depth) ta'een walitti qabuun xiinxaluu irratti hanqinni yeroo mul'atee jira. Hanqinni biroo kitaaboleefi bu'aalee qorannoo kallattiidhaan mata duree kana wajjin wal qabatu argachuu dhabuudha. Kan biraa rakkoo guddaan baajataafi meeshaalee qorannoo kanaaf barbaachisan akkaataa barbaadamuun argachuu dhabuu irraa kan ka'e odeeffattoota barbaachisoo ta'an hunda bira deemuun ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabachuu dhabuudha. Haa ta'u malee, rakkoowwan kanneen furuun kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf, qorataan tooftaa adda addaatti fayyadamuun (yeroo qorannichaaf qabame qixaan itti fayyadamuun, kitaabileefi ragaalee qorannoo barbaachisan manneen kitaabaafi fuula saaphaphuu adda addaatti fayyadamuun sakatta'uun, baajata qorannichaaf ramadamu qusannaan itti fayyadamuun meeshaaleefi wantoota qorannichaaf barbaachisan guuttachuun) ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabachuu danda'eera.

## 1.7 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa saddeet ofkeessatti kan qabatedha. Boqonnaa tokkoffaan: ariirrata, ka'umsa, kaayyoo gooroofi gooree, faayidaa, daangaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaa kan ofkeessatti qabatedha. Boqonnaa lammaffaan sakatta'insa barruu ofkeessatti qabatee kan jiru yoo ta'u, boqonnaan sadaffaan: saxaxaafi maleenya qorannichaa, madda odeeffannoo qorannichaa, mala funaansa ragaa, mala iddatteessuufi qaaccessa ragaalee qorannichaa of keessatti qabatee jira. Boqonnoo arfaffaan ibsa naannoo qorannichaa qabatee kan jirudha. Boqonnaa shanaffaan dhiyeessaafi qaaccessa ragaalee hariiroo Oromoo Tuulamaafi uumamaa, boqonnaa jahaffaan dhiyeessaafi qaaccessa ragaalee afoola Tuulamaafi uumamaa, boqonnaan torbaffaan dhiyeessaafi qaaccessa ragaalee jijjiirramaafi itti fufinsaa qorannichaa ofkeessatti qabatee kan jirudha. Boqonnaan saddeet ammoo cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaa ofkeessatti hammatee kan jirudha.

## Boqonnaa Lama: Sakatta’insa Barruu

Boqonnaa kana jalatti sakatta’a barruu mata duree kanaan walitti dhufeenya qabantu dhiyaata. Akkuma ka’umsa qorannichaa jalatti ibsametti sakatta’insa gaggeeffameen kallattiidhaan qorannoon mata duree kana waliin walqabatu hin jiru. Keessattuu hariiroo Oromoon Tuulamaa uumama waliin qabu ilaalchisee qorannoon hundanaa (holistic) ta’e karaa saayinsaawaafi liixxaa (in-depth) ta’een naannoo kanatti gaggeeffame hin jiru. Yoo kana jedhamu garuu hariiroo Oromoon Tuulamaas ta’ee kan biroo, uumama wajjin qabu ilaalchisee wanti barreeffame tokkollee hin jiru jechuu miti. Hariiroo Oromoonis ta’ee namni kamiyyuu uumama waliin qabu ilaalchisee al-kallattiinis ta’ee karaa adda addaatiin hayyoonni waan hedduu jedhaniiru. Dhimmoota kanneenis qorannoo kana keessatti karaa gabaabina qabuun akkaataa armaan gadiitiin sakatta’uuf yaaliin taasifameera.

## 2. 1 Ilaalcha Oromoo (Oromo Worldview)

Ilaalchi ykn dhugeeffannaan ummata tokkoo eenyummaa ummata tokkoo agarsiisa. Dhugaafi soba, gaariifi yaraa, seeraafi heera ummata saniifi akkaataa ummanni sun Uumaafi Uumama ilaalee hubatu calaqqisiisa. (Dirribii 2016; 18fi 19). Akka Gammachuun (2005) jedhutti ilaalchi Oromoo (Oromo World view) waan sadii irraa ijaarama. Isaanis: ayyaana, uumaafi safuudha. Yaada kanas “The world-view of the Oromo could be treated under three headings: ayyaana, uumaa and safuu” jechuun ibsa (Gemechu 2005; 83). Akka hayyuu kanaatti dhimmoonni sadeen kunneen ummata Oromoo wajjin hidhata guddaa kanneen qabanidha; jiruufi jireenya Oromoo mara keessattis bal’inaan kan mul’atanidha.

### 2.1.1 Waaqa

Akka falaasama Oromootti, hojiin Waaqaafi namaa kan walitti hidhatu yoo ta’u, Waaqni uumaan hojii isaanii hunda akka to’atuufi madaallii eegu, jiruufi jireenyi, aadaan, amantiin, dinagdeen, bahanii galuun hundi Waaqaan akka hogganamu amanama (Girmaa 2016). Waaqa jechuun uumaadha; uumaa hundaa oliiti; kan waan hunda uumedha. Kan dachee, samii, haroowwan ykn lageewwan, biqiltuuwwan, bineeldota lubbu- qabeeyyii hunda (kan dacheef bishaan keessa jiraatan mara), kan lubbu dhabeeyyii hundas uumedha. Wandimmuufi Boonii (2015) yaada kan yoo cimsan “Oromoon Waaqatti amana, uumamni dachee kanarra jiru hundi kansaati. Isa duubas kan uumame hin jiru. Maqaasaatu dhibba malee inni tokkichuma. Dhalli namaa immoo

uumamarratti aangeffameera” jedhu. Dirribiin (2019; 5& 6) gama isaatiin akka ibsutti, ummanni Oromoo Uumaa isaatiin Waaqa jedheetu waama. Waaqni uumaadha. Waaqni kan uumama mara uume, kan uumama mara irrattis olaantummaa qabudha. Ashannaafiin (2014; 3&4) hayyoota kanneen (Gemechu 1993; Knutsson 1967; Bartels 1983; Van de Loo, 1991) wabeeffachuun dhimma kana yoo cimsu “Waaqa is creator and master of the earth and the sky, and everything that inhabits the earth. He is the source of life and is omnipresent and omnipotent. He is belived among the society as the creator and the balance in the relation between different forms of nature” jedha. Kun kan agarsiisu Waaqni madda jireenya waan hundaa ta’uusaati. Hariiroo uumama hundaas karaa madaalawaa ta’een kan eegu ta’uusaati.

Biqilaan (2016) hayyoota adda addaa wabeeffachuun akka ibsutti; Oromoof Waaqni waan maraa olidha. Waaqni hunda kan beeku, waa hunda kan danda’u, waan addunyaa kanarra jiru hunda kan uume, waanti marti to’annaa isaa jala kan jiruufi waamara kan beekuufi yaadqalbii namaa ol akka ta’etti fudhatama ykn amanama. Uumama cufa kan eegu, kan tiksu, kan balleessuufi kan oolchuu danda’u isa qofa. Maddi uumaafi jiraachisaan isa duuwwaadha.Waanti lubbuu qabuufi hin qabne cufti isaan uumaman; eebbaafi fedha isaa duuwwaanis jiraatan. Akka Dirribiin (2012) jabeessee ibsutti; Oromoon Waaqaaf safuufi safeeffannaa guddaa qaba. Waaqni dorgomaafi qixxee, jalqabaafi dhumas hin qabu. Tokkicha maqaa dhibbaa, guddicha hiriyyaa hin qabne kan waan hunda beeku, kan waan hunda gochuu dandau, kan bakka mara jiru, kan hin kufneefi kan hin cabnedha. Akka ilaalcha Waaqeffataatti Waaqni hin dhalanne; hin dhalchine; hin jaaru; hin dulloomu; hin du’u; hin ka’u; jiraataa bara baraati. Gama biraatiin Alamaayyoofi Kanneen biroo (1998) akka jedhanitti; Waaqayyoo kan dacheefi samii uume, namaafi biqiltuu mara kan uume, gooftaa hunda caaludha. Waaqayyoo gurraacha; gurraacha garaa gabraa, gumgumaa garaa cabbii, leemmoo garaa taliilaa, tokkicha maqaa dhibbaati. Gabaabumatti; Waaqni uumaa waan hundaati. Humna addaa kan qabu; hunda danda’aadha. Mukattis, namattis, lagattis hin fakkeefamu. Kanaaf Oromoo biratti Waaqni Ulfoodha; to’ataa waan hundaati; abbaa uumama hundaati; uumama maras hariiroo madaalawaan kan tiksudha.

### 2.1.2 Ayyaana

Ayyaanni uumama Waaqaa Qaalluu keessaan mu’latee Waaqaafi nama wal qunnamsiisa jedhamee beekamudha. Akka Gammachuun (1994) jedhutti ummanni hunduu, namni horiifi biqiltoonni ayyaana mataa isaanii qabu. Tulluuwwan ykn gaarreenillee ayyaana mataa isaanii

qabu. Kanaaf ayyaanni kan uumama hundaati. Akka Dirribiin (2019; 107) ibsutti, ayyaanni eegduufi to'attuu Waaqayyo uumama isaatiif akka dhuunfaattis akka gamtaattis kennedha. Uumamni marti ayyaana mataa ofii kan Waaqni kenneef qaba. Uumamni ayyaana malee uumame hin jiru. Waaqni gaafa uumama isaa uumu ayyaana waliin isaan uume; ayyaana kanaanis akka bulaniifi qajeelanis taasise.

Nuguseen (2017) hayyoota adda addaa wabeefachuun akka ibsutti; Oromoo biratti ayyaanni bakka guddaa kan qabudha. Kabaja ayyaanaaf qabu kanaaf Oromoon ayyaana waan baay'een bakka buusees ibsa. Fkn. nama ykn waan baay'ee nama hawwatuufi namatti tolu tokkoon "Ayyaana qabeessa" jedha; waan jibbisiisaafi ijaaf hin tolle tokkoon immoo "Ayyaana dhabeettii" jedha. Kanaaf ayyaanni waan nagaafi gaarii ykn simboo qabeessa akka ta'e tokkotti lakkaa'ama. Akka ilaalcha Oromootti wanti lafa kana irratti Waaqayyoon uumame marti ayyaana qaba. Mukkeen ykn biqiloonni, bineensonni, bishaaniifi waantonni biroos ayyaana ittiin uumaman qabu. Waaqayyo waan uume maraaf ayyaana ayyaanaa mataa isaanii kenneefiiti jira jedhameeti amanama. Ayyaanas kan kennu Waaqa yoo ta'u, Waaqni ayyaana kanaan addunyaa qajeelcha. Kana jechuun ayyaanni daandii Waaqni waan uume hunda itti qajeelchudha. Innis Waaqa irraa namaaf kan kennamedha. Akka Dirribiin (2009) jedhutti, ayyaana jechuun mil'uu Waaqaa kan ittiin Waaqni ittiin of mul'isudha. Kana jechuun Waaqni karaa ayyaanaa of mul'isa jechuudha. Ayyaanni mil'uu Waaqni akka wanti tokko uumamu kan godhuufi erga uumamee boodas akka jiraatu kan eegudha. Kana malees, ayyaanni riqicha uumaafi uumamaa ta'ee karaa uumamni hundi Waaqa itti qunnaman yookiin kadhatanidha. Akka bareeffamni Waldaa Waaqeffattoota Oromoo Noorway (6411) ibsutti; ayyaanni daandii beekumsaa seeraafi heera Waaqaa beekanii ittiin qajeelfaman, kan ittiin Waaqaan wal qunnamaniifi kan ittiin sirnaa'anidha.

Ayyaanni utubaa Waaqeffannaa keessaa isa tokko yoo ta'u, mil'uu Waaqaa kan Waaqni uumama mara uumee karaa madaalawaa ta'een ittiin gaggeessu ykn qajeelchedha. Ayyaanni kan uumaafi uumama walqunnamsiisudha. Kanaaf fakkaata Ashannaafiin (2014; 4) Gemechu (2005) wabeeffachuun "The Oromo believe that through ayaana, God created and regulates human and the phsicala world in balanced ways. This ayaana also maintains the connection between the creater and the created" kan jedhuuf. Kana malees ayyaanni wanti tokko erga dhalateen booda akka ittiin mul'atuuf kan sirneessudha. Ayyaanni kunis kan ijaan mul'atu miti. Garuu, humna guddaa kan uumama mara eeguufi qajeelchudha. Kana jechuun, humna Waaqni uumamasaa

maraaf kenne ta’ee wanta isaan miidhu irraa isaan baraaruufi badhaadhina isaanii kennudha. Walumaagalatti ayyaanni humna addaa Waaqaafi uumama walqunnamsiisudha.

### 2.1.3 Safuu

Safuu jechuun haalli nagaan uumamee yookiin dubbatamee jiru tokko akka raajamu yookaan waan fuggisoo uumame, jallatee dubbatamee tokko innaa uumaafi uumama gidduutti argamu kan akka raajiitti irratti dubbatamudha. Waan aadaa keessatti ta’uufi ta’uu hin malle kan akeekudha. Yaada kana Gaaddiseefi Fiqaaduun (2021; 221) akkka arman gadiitti ibsaniiru.

> *Ummanni Oromoo dhimmoota jiruufi jireenya keessatti raawwataniifi uumama lafa kana irra jiraatan maraaf kabajaafi ulfina mataa isaanii qaba. Dhimmi raawwatu kamiiyyuu akkafeeteen hin raawwatu; sodaafi kabaja uumaa qaba. Safuun seeraan, aadaafi amantii Oromootiin waantoota dhorkaman mara kan ofkeessatti haammatudha. Oromoo biratti maatiin safuu qaba; maanguddoonni safuu qabu; dubartiinis safuu qabdi; dhiirri safuu qaba; quxisuun safuu qaba; angafni safuu qaba; uffannaan safuu qaba.*

Kun kan agarsiisu jiruufi jireenya Oromoo mara keessatti waan raawwatamu kamuu safuu mataa isaa qabaachuudha. Hayyuunni kunneen qorannoo isaanii keessatti cimsanii akka ibsanitti; wantoota aadaan ofkeessatti qabatu keessaa safuun isa tokkodha. Safuun immoo jireenya nama dhuunfaa hanga garee bal’aatti kan mul’atudha. Kana malees, safuun waan hawaasni ofiif uummatee ofumaaf ittiin jiraatuufi tikfatuudha. Oromoon kan bulu safuudhaan, hoodaan, aadaafi duudhaadhaani. Afoola isaanii keessattis ***“Waaqni safuu roobaa; lafti safuu magarsa”*** jedhu. Kunis, Waaqniifi lafti safuudhaan akka bulu uumaatu hundumaafuu toora naqeef jechuudha.

Gaaddiseefi Fiqaaduun (2021) hayyoota adda addaa wabeeffachuun akka ibsanitti; safuun waan hawaasni tokko kabaju, osoo itti hin bu’iin, hin dabsiin yookiin hin cabsiin ittiin jiraatuudha. Safuu cabsuun qaaniidha yookiin salphina. Kunis Oromoon Safuu osoo hin cabsiin yeroo dheeraadhaaf kabajee jiraachaa turuu isaa mul’isa. Hawaasa Oromoo biratti qabeenyi uumamaallee karaa safuu eegeen dhimma itti ba’ama. Oromoon uumaa Waaqaa hunda haala malee miidhuun yakka ilma namaatti hin tolle ta’uu beekuudhaan safuu biqilootaas eeggachaa tureeraa.

Akka Dirribii (2016; 69) jedhutti, safuun seera qananiiti. Waa hunduu wal kabajee, wal qananiisee, waliin jiraachuu mala. Eelli, Horri, Malkaan qananiidha. Itti hin fincaa’amu, itti hin bobba’amu, kosiin, xuriin itti hin gatamu; safuudha. Biqiltuun qananiidha; osoo gogaan jiruu

jiidhaan hin muramu; osoo jallaan jiruu sorooroon ykn solooloon hin muramu. Damee irraa muru malee hundee muranii balleessuun safuudha. Qananii cabsuun safuu cabsuudha; safuun seera Waaqaa lafaa waan ta’eef. Yaanni kun kan agarsiisu; Waaqa kabajuun, dachee kabajuufi uumama Waaqaa biroo kabajuun safuu kabajuufi tiksuu waan ta’eef jechuudha.

Akka ilaalcha Oromootti Waaqni, lafti, uumaafi ayyaanni safuu jaalatu. Sababuma kana irraa ka’uun ***“Waaqni safuu roobe, lafti safuu magarsa; ayyaana isaaniif safuu! Yaa uumaa siif safuu***!” jedha Oromoon. Safuun jireenya dhala namaa keessatti akka namni seera Waaqaafi lafaa hin diigneefi rakkoo fala hin qabne tokkoof Waaqayyo akka fala namaa barbaadu taasisa. Oromoonis nama seera uumamaa dagatee karaa dabaan deemu ykn karaa aadmalee ta’een waa raawwatu safuu jedhee komata yookiin qeeqa. Akka Dastaan (2015) jedhutti jiruufi jireenya, akkasumas gochaalee Oromoo mara keessatti safuu yoomiyyuu kan jirudha. Sirni Gadaa Oromoo illee qajeeltoo safuutiin kan gaggeeffamudha. Nuguseen (2017; 28) Daaniyaa (2006) wabeeffachuun akka ibsutti, hundeen utubaa Waaqeffannaa kan akka fedhiifi seera Waaqaatti dhala namaafi uumama qajeelchu safuudha. Safuun seera uumaa kan jalqaba ture; gara fuulduraattis jiraatudha. Safuun seera hariiroo dhala namaafi dhala namaa gidduu jiru, hariiroo dhala namaafi uumama gidduu jiruufi hariiroo waan hundaa kan fedhiifi seera Waaqaa eegudha. Kanaaf safuun seera yayyabaa walitti dhufeenya uumaafi uumamaa qajeelchu, sirneeffamaafi naqatoo uumamaa tiksuufi naqatoo uumamaa eeguufi to’atudha. Wandimmuufi Booniin (2015) Seera Makoo Bilii eeruun yaada kana yoo cimsan; safuun ulfina uumaafi uumama, akkasumas namaafi uumama gidduu jirudha. Makkoo Biliinis nama akka seera Waaqaatti safuu bu'uura jireenya hawaasaa taasisedha jedhu.

Akka waliigalaatti yaadonni armaan olii kun kan agarsiisan; ilaalcha Oromootti, Waaqni ayyaanatti fayyadamuun madaallii addunyaafi ilma namaa hoggana. Walitti dhufeenyi uumaafi uumamaa ayyaana kanaan eeggama. Uumama jechuun waan Waaqaan uumame hunda yoo ta’u, namas, ayyaanas ni dabalata. Safuu jechuun immoo lakkaddaa (kooddii) Oromoon waan gaariifi waan yaraa, akkasumas waan sirriifi waan dogoggoraa ittiin adda baasudha. Akka falaasama Oromootti, seera Waaqaa hubachuun, kabajuun, uumama kabajuun, hawaasa kabajuun, naamusa jireenyaa namni kamuu hordofuu qabudha jedhamee ciminaan barsiifama.

## 2.2 Waaqeffannaafi Uumama

Duudhaa boonsaa ummanni Oromoo qabu keessaa inni tokkoofi hangafni duudhaa Waaqeffannaa isaati. Waaqeffannaan duudhaa Oromtichaa isa ganamaa; kan ummatichi seera uumaafi uumamaa ittiin tiksu, kan ummatichi uumaafi uumama itti ilaalu, kan jiruufi jireenya isaa itti hubatu ta'uusaa hayyoonni kanneen akka Dirribii (2012), Alamaayyoofi ka biroo (1998), Asmarom (1973), Workineh (2005) ni ibsu. Tarruun (2015:21) dhimma kana yoo cimsu "Waaqeffannaan dhugeeffannoo Ummata Oromoofi kan warra Kuushiiti. Amantii seeraafi safuu, uumaafi uumama tiksudha" jedha.

Akka Sanyiin (2012) ibsutti ammoo amantiin Waaqeffannaa kan namni tokko dhuunfaan uumee ummata Oromoo kan badhaase miti. Ilaalchi Oromoon uumaafi uumamaaf qabu kan ummanni Oromoo durii kaasee waloon qabaachaa ture malee mul'ata karaa sooressaa ykn karaa soorettii itti dhufee badhaafame miti. Seenaa jiruufi jireenya Oromoo keessatti bu'uuramee kan guddatee dagaage waan ta'eef, hundeefi damee of danda'e qaba. Kanaaf amantiin Waaqeffannaa kan Oromoon ***"Waaqa tokkicha, Waaqa gurraacha, Waaqa uumee, Waaqa uumamaa, kan namaafi nama hin ta'iin hunda uumte, kan lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii dachee kanarra jiran mara uumte!"*** jedhee durii kaasee itti bulaa jirudha.

Kana jechuun Waaqeffannaan humna cimaa Ummanni Oromoo bal'aan godayyaa (framework) Sirna Gadaa keessatti Oromummaa isaa ittiin mirkaneessu, hariiroo uumaafi uumama wajjin qabu itti dhugoomsudha. Kanaaf, falaasamni ykn ilaalchi, qaroominni, duudhaafi safuun, beekumsi xabboo Oromoo marti Sirna Gadaafi Waaqeffannaa isaa irraa madda jechuun ni danda'ama. Gama biraatiin jireenyi Gadaafi Oromoo mataan isaa uumama wajjin hidhata guddaa kan qabudha. Gadaan uumamaaf iddoo guddaa kan kennu waan ta'eef hawaasichi kabajaafi ulfina guddaa isaaniif qaba. Yaadonni armaan oliis kanuma kan nuuf dhugoomsudha.

Gama birootiin Girmaa (2016: 210) Maritial De Salviac(2008) wabeeffachuun amantii Oromoo isa ganamaa akkas jechuun ibsa:

> *Oromoon Waaqa tokko qofaatti ummata amanuufi Waaqa tolfamaa kan hin qabne ture. Amantiin Oromoo kun Waaqeffannaa yoo jedhamu amantiiwwan dhala namaa durii eegalee uumamaafi uumaa hubachuufi dinqisiifachuu irraa jalqabe jedhama. Qorannoon Seenaa Oromoo durii irratti gaggeeffame Waaqeffannaa Oromoo Amantii Kuushiifi Misiraa durii waliin wal fakkeessa. Aadaa saboota Afrikaa hedduu keessatti amantiin irra caalaa hubannoo naannoo ofiifi ilaalcha addunyaa waliin wal qabata. Amantiin Afrikaa ganamaa jireenya, safuu, hariiroo*

> *uumamaafi Waaqa gidduugaleessa godhata. Hundeen amantiiwwan kanaas hariiroon namaafi uumaa, akkasumas Waaqa gidduu jiru tooraan (seeraan) akka ta'uu qabu addeessa. Haaluma wal fakkaatuun, Amantiin Waaqeffannaa Waaqayyo dhugaa ganamaati; maddi dhugaas isa jedhee amana. Hariiroon Waaqa, namaafi uumama kan biroo gidduu jirus dhugaa kanarratti hundaa'a*.

Kun kan agarsiisu; Oromoon Waaqa tokkicha, gurraacha garaa garbaa, kan kamiinuu bakka hin buufamnetti ummata amanuufi buludha. Amantiin isaas Waaqeffannaa, kan hariiroo uumamaafi Waaqaa eeggatee jiraatudha. Waaqeffannaan Oromoo dhugaa ganamaa kan hordofu, hariiroon namaafi uumamaa, akkasumas Waaqa gidduu jirus dhugaa irratti kan hundaa'e ta'uudha. Girmaan (2016) itti dabaluun hayyoota akka (Maritial De Salviac; 2008, Lambert Bartels;1979) wabeeffachuun akka jedhutti; akka amantii Waaqeffannaatti uumamni hundi seera Waaqaatiin abboomama. Waaqni, madda waan hundaa, madda aangoo, eegaa dhugaafi haqaati. Akka Amantii Waaqeffannaatti Waaqni kan lubbuu kennu, kan roobaafi hunda namaaf kennudha. Amantii Waaqeffannaa Oromoo keessattis Waaqni lafa, samii, namaafi lubbu qabeeyyii mara, urjii, addeessa kkf. kan uumeefi gooftaa morkataa hin qabne ta'uu isaa ibsa. Hariiroo uumaafi uumamaa maras madaallii isaa eegee kan to'atudha. Waaqeffannaa isaa keessatti akkaataan ummatichi addunyaa kana ittiin hubatus eenyummaa ummata kanaa agarsiisa. Amantiin kun dhugaafi soba, gaariifi badaa/yaraa, heeraafi seera ibsuurra darbee akkaataa itti ummanni sun uumaafi uumama hubatu mul'isa.

Akka hayyoonni armaan olii kun jedhanitti; yayyaba Waaqeffannaa jaaran keessaa kan biraa **laguudha**. Laguun waan hedduu of keessaa qaba. Akka seera Waaqeffannaatti laguun akka sadiitti ilaalama. Tokkoffaa, laguun waan nyaatanis ta'ee waan dhugan kan Ayyaana ofii waliin hin taane beekanii nyaachuufi dhuguu dhiisuudha. Laguun kun yoo cabe hariiroon namaafi Waaqa gidduu jiru ni caba. Kanaaf, namuu waan Ayyaana isaa waliin wal hin taane irraa of eega; ni lagatas. Gama biraan, laguun namni waan seera Waaqaan dhorkame beekee irraa of dhoowwuu kan ilaallatudha. Waaqeffannaan waan Waaqni fedhe hojjachuufi waan Waaqni dhorke irraa immoo goruudha. Laguun egaa, waan Waaqni hayyame dalaganii, waan Waaqni dhorke immoo dalaguu lagachuudha. Namni waan Waaqni dhorke irraa goree, waan Waaqni fedhutti gore gaarummaa Waaqni dhala namaaf kenne mara ni argata.

Akka amantii Waaqeffannaatti, Laguu kan biraa ulfina Uumaafi uumamaaf kennuu jechuudha. Waan tokko irraa ofi qusatanii halaalattii kabajumaan jiraachuu danda'uudha. Waaqeffattoonni martuu gamtaan waa hundaa hin lagatan. Bakka ummata Waaqeffattootaa bu'ee, laguu biyyaa kan seera Waaqaatiin eegan, Qaalluu ykn Qaallittii Laduu: aangoo Waaqaa fudhatanidha. Amantii Waaqeffannaa keessatti laguun yoo eegame, nagaan boora'e tokko akka deebi'ee qulqullaawuuf gargaara; kun immoo Safuun akka hin jigne utuba. Kanaafuu, Laguun amantii Waaqeffannaa keessatti yayyaba seera Waaqaa kan nagummaa Waaqeffattootaa, uumama maraa eeguufi tiksuudha.

Leeniin (2010) yaadota armaan oil yoo cimsu; laguun waan safuu Uumaa uumamaa eeguudha jedha. Akka Dirribii Damusee (2009:85) jedhutti, laguu jechuun aadaa, safuu, amantiifi seenaa ofii eeggaachuuf jecha waan adda addaa irraa of qusachuufi raawwachuu dhiisuudha. Kana jechuun laguun haala jiruufi jirenya ummata Oromoo keessatti safuu eeguudha. Haaluma walfakkaatuun Leeniin (2010;73) Daaniyaan (2006) wabeeffachuun waa'ee laguufi lagannaa yoo ibsu; "Lagannaan yaadaafi qalbiin, qaamaafi sammuun, keessaafi alaan, alaafi manaan, qulqulluu ta'anii argamuudha; fedhiifi seera Waaqa hordofuudha. Waan yaraafi hamaa baqachuudha. Waan gadhee ofiifi jireenya ofii irraa fageessuudha. Cubbuu dalaguu dhiisuudha. Safuu Uumaa uumamaa eeganii, kabajanii jiraachuudha" jedha.

Gabaabumatti yaadota armaan oliirraa kan hubannu; laguun safuu eeguu agarsiisa. Uumaafi uumama eeganii jiraachuu agarsiisa. Namni safuu beeku ammoo laguu beeka; waan hamaa irraa gora; waan tolaa hojjeta; kabajaafi ulfina Uumaa uumama jidduu jiru beeka. Safuu kanas karaalee adda addaan eeggata. Karaalee safuun eegamuun keessaa tokko laguufi lagannaadha. Laguun waan aadaati; yaada bal'aadha. Safuun Uumaa uumamaa Oromoo bira akka jiraatu taasisa; safuu eega.

## 2.3 Ilaalcha Oromoofi Uumama (Oromo Worldview & Nature)

Akkuma seensa jalatti ibsametti; Oromoofi uumamni hidhata ykn hariiroo cimaa kan qabanidha. Bakkeewwan ykn Uumamni Ulfoon, Ardaaleen Jilaa Ulfoon, Tulluun, burqaan, haroon, mukkeewwan, bineeldonniifi lubbuu qabeeyyiin hunduu Oromoo biratti iddoo guddaa kan qabanidha; kabajaafi safeeffannaa guddaas kan qabanidha. Iddoowwan Ulfoo ykn Ardaaleen Jilaas akkasuma. Akka ilaalcha Oromootti iddoowwan kanneen Waaqni eebbisee Oromoo kan badhaase waan ta'eef safuufi safeeffannaa ykn kabajaa guddaa kan qabanidha. Sababni isaas

Waaqeffannaa duuba Waaqa, ayyaanaafi safuutu jira waan ta'eef (Tasammaa 2012; Malkaamuu 2016; Lammeessaa 2012).

Akka Tasammaan (2012) ibsutti, Oromoon uumamaaf kabajaa guddaa waan qabuuf seera uumama ittiin eeguufi ittiin kunuunsu qaba. Oromoon seera uumamaa qabuun hariiroo namaa, uumama biroofi Waaqa gidduu jiru eeggatee kan jiraatudha. Akka ilaalcha Oromootti uumama Waaqni kennaadhaan namaaf kenne safuu uumaafi uumamaa eeguun hariiroo gaariin waliin jiraachuun dirqama ta'a. Lammeessaan (2008) gama isaatiin Oromoon uumama naannootiif ilaalcha gaarii akka qabu cimsee ni ibsa. Oromoon ilaalcha isaa keessatti uumama waliin jiraata malee uumama nyaatee ykn itti fayyadamee hin mancaasu. Akka ilaalcha Oromootti lafti qullaa hin uumamne. Tulluu, Bosonaafi laga qabdi. Waaqni uumama kanneen namni safuun akka wajjin jiraatu kenneefi. Oromoon waan afur wajjin akka jiraatu amana. Ayyaana, Uumaa, Uumamafi Safuudha. Akka ilaalcha Oromootti Uumaan Waaqa. Uumamni kan Waaqni uume. Safuun seera uumamni ittiin wajjin jiraatudha. Ayyaanni afuura Waaqni ittiin mul'atudha. Wantoonni afran kunneen wajjin jiraatu. Bakkeewwan Ulfoo Oromoo akka ilaalcha Oromootti bakka ayyaana qabudha (Tarrafaafi Waaqtolee; 2017). Akka ilaalcha Oromootti bakkeewwan Ulfoofi bosonni ayyaana Waaqaa bakka bu'anii namaafi kanneen nama hin taane eeguuf kan uumamanidha (Asafaa 2019).  Kanaaf, Oromoon Ilaalcha isaa keessatti uumama hundaaf, uumama Waaqayyo uume hundaafis kabajaa guddaa qaba. Kanaaf fakkaata Dastaan (2015; 20) "... the Oromo respect all nature. They pay respect to everything Waaqa created" kan jedhuuf. Gabaabumatti ilaalchi Oromoon uumamaaf qabu hundaa oliyyuu daran cimaadha; uumama hunda waliinis kabajaafi jaalalaan jiraata.

Gama birootiin Caalaan (2015) kitaaba "Yaayya Amantiifi Eenyummaa" jedhu wabeeffachuun akka jedhanitti; Oromoon Sirna Gadaa isaa keessatti seera ittiin ummata isaa bulchu, Seera uumaa (Waaqaa), Seera uumamaa (Kan Waaqni uume hunda) kan ittiin eegu akka qabudha. Innis Oromoon akka ammaatti qaroomina osoo hin qabaatiin dura, mirga ilmaan namaafi uumamaa hundaaf seera tolchee tiksaafi kunuunsaa tureera. Fakkeenyaaf, barreessaan ibsame akka adda baasetti; hayyoonni addaddaa seerota hariiroo namaafi uumamaa gidduu jiran tolchuun hariiroo gaariin akka waliin jiraatan taasisaniiru. Haaluma kanaan, Yaayyaa Boruu Biloo (Seera namaa), Yaayyaa Galee Aannoo (Seera loonii), Yaayyaa Baabboo Gaalessaa (Seera qoolloo ykn uumama samii keessaa: urjii, aduu, addeessa), Yaayyaa Goloo Gobboo (Seera kotte

duudaa)fi Yaayyaa Leeqaa Jaarsoo (Seera bosonaafi bineeyyii bosonaa) tolchaniiru. Seeronni kunneenis daran yoo ibsaman akka itti aanutti dhiyaatu.

- Yaayyaa Boruu Biloo: Kun seera namaa kan ilaallatu yoo ta'u, seera namaa Buusaa Gonofaa jechuun hiyyeessaafi nama humna hin qabne kan ittiin gargaaramu, kan ittiin deeggaramudha. Seerri kun rakkataan ykn namni hin qabne akka gargaarramuufi deeggaramuu qabu ni dirqisiisa. Seerri dhiiraa, kan Siinqee (dubartii), seerri ijoollee (Dabballee, Gaammee, Kuusaa), seerri hayyuu, seera jaarsaa, seera Gumaa baasuu, seerri Moggaasaafi Guddifachaa, seerri gaa'ilaa ykn fuudhaafi heerumaafi kan kana fakkaatan as jalatti tumamu.

- Yaayyaa Galee Aannoo: Kun seera horii ykn loonii kan ilaallatudha. Seerri kunis kottee duudaa hin dabalatu. Isaan seera biraa qaban. Beeyladni mana galu hundi seera mataa isaa qabu. Yeroo tikaa, obaa, yeroo dallaadhaa baahan, yeroo moonaatti ykn dallaatti galan: jabbiin hodhu, qotiyyoon, kormi, raadni, jibichi seera mataa isaanii qabu. Kanaafuu, ***Seerri Galee Aannoo*** seera hormaata loonii bulcha.

- Yaayyaa Baabboo Gaalessaa: Kun seera qoolloo ykn uumama samii keessaa kanneen akka urjii, aduu, addeessaa kan ilaallatudha. Isaan kunis Oromoo biratti seera mataa isaanii ni qabu. Seera urjiifiadee uumama qoolloo ykn samii keessatti Addeessa fi urjii hima mataa ofii qabu. Oromoon dhaha ilaalee, waan hedu, waan dhufu, waan gaariifi hamaa himatu ykn raagu qaba. Warri dhaha urjii beekan, baatiin ykn addeessi ykn ji'i yeroo baatu irraa kaasee hanga galtutti lakkoofsa jiru guyyaadhan, ji'aan, waggaadhaan, Gadaadhaan, marsaadhaan gargar baasanii yeroo lafa kaa'antu jira. Kunneen hundi kan ilaallamu seera kana jalattidha.

- Yaayyaa Goloo Gobboo: Kun seera warra goloo ykn kotte duudaa ilaallatudha. Isaanis kanneen akka: fardaa, harree, gaangee, ganyaa, gaalaafi kkf; kan ilaallatudha. Oromoo biratti kotte duudaa keessaa fardi iddoo guddaa kan qabudha. Fardi kan Gadaati. Kan hawaasa hundaati malee kan nama tokkichaa qofa miti. Kanaaf akka seera kanaatti, mirga fardaa abbaa fardaa qofa osoo hin ta'iin hawaasa hundatu tiksuu qaba.

- Yaayyaa Leeqaa Jaarsoo: Kun seera aloofi aloolaa jedhamuun hawaasa biratti kan beekamudha. Seera mukkeen bosonaafi bineensota bosonaati. Akka seera kanaatti muka

tokko namni lafaa ka'ee muruu hin danda'u. Warra laalee hayyamutu jira. Akkasuma bineensonni bosonaa mirga mataa isaanii ni qabu. Akka seera kanaatti raammoo xixiqqoo irraa kaase hamma warseessaafi gafarsaatti, allaattii dabalatee bineensonni bosonaa seera qabu. Akka malee hin ajjeefamani; akka malee hin miidhamani; eegumsaafi kunuunsi gahaan godhamuufii qaba.Warri ayyaana qaban kan akka riisaa ulfina guddaa qabu.

Seeronni kun seerota Gadaan Tuulamaa Caffee Dongoraatti/ Caffee Abbaa Muudaatti ***"Heera Jahan Waaqayyoo"*** jedhee tume wajjin walfakkaatu. Seera Jahan Waaqayyoo yoo jedhamu; lubbuun Waaqni uume hunduu kabajamaadha jechuudha.

Gama birootiin Wandimmuufi Booniin (2015;114) kitaaba isaanii ***"Seenaafi Sirna Gadaa Maccaa"*** jedhu keessatti; ***"Seerota uumamaa yayyaba uumaa shananii"*** akkaataa itti aanuun ibsaniiru.

1. **Seera Innoo:** Innoon madda waan hundaati. Wantoonni hundi akkaataa itti dhufan qabu. Akka jalqaba itti naqamaniif sirneeffamanitti safuu isaanii eeganii qajeelfamuu qabantu Seera Innooti.
2. **Seera Irroo:** Akka Seera Irrootti wantoonni uumaman hundi irraa- jalaan sirneeffaman. Seerri irraa jalaa kun akkuma itti naqamee sirneeffametti diroo darbuu qaba. Hariiroon uumaafi uumamaas akkanaan akka ganamaatti jiraata.
3. **Seera Tajoo:** Akka Seera Tajootti waan hojjetan argatu. Kanneen seera uumamaa eegan, nagaafi gaarummaa argatan, kanneen waan gaarii darban waan gaarii argatan.
4. **Seera Latoo:** Akka Seera Latootti wanti akka darbetti hafu hin jiru. Wantoonni Walaabuu keessa turan, har'allee ni jiru. Egeres naanna'anii dhufu; deebi'aniis ni mul'atu.
5. **Seera Faanoo:** Akka Seera Faanootti wantoonni walfakkaatan walbarbaadu; kan gaarii farrisu gaarii argata. Nagaan nagaa argata; waan facaasan haammatu. Kanatu seera uumamaa yayyaba uumaa shaniiti.

Kun kan agarsiisu hariiroon namaafi uumamaa ammam cimaafi hidhata guddaa akka waliin qabanidha. Uumaan uumamaaf eegumsaafi kunuunsa gahaa godha. Seera uumaafi uumamaa eeguun toltuudha; seera uumaafi uumamaa jal'isuun ammoo hamtuu fiddi.

## 2.4 Bakkeewwan Ulfoo

Galmeen jechootaa "Oxford English Dictionary" maalummaa jecha Ulfoo jedhuu ilaalchisee, "…dedicated or reserved or appropriated to some person or purpose" jedha. Kana jechuun Ulfoon waan nama ykn kaayyoo ta'e tokkoof lafa kaa'amedha. Kana irraa wanti hubatamu, Ulfoon waan garee, hawaasaafi nama dhuunfaatiif kabajaa guddaa qabudha. Akkasumas, Githitho, A (1998) gama isaatiin, "The concept of 'sacred' in most societies implies something set apart, holy or revered. It is often associated with the secret or forbidden" (F. 28) jedha. Kana jechuun, hawaasawwan hedduu keessatti yaadrimeen Ulfoo adda baafamaa, qulqulluu ykn kabajamaa jechuudha. Yeroo hedduu Ulfoon icciitii ykn waan dhoowwaa ta'e wajjin walqabata.

Ardaaleen Uumamaa Ulfoo ta'an ilaalchisee Schaaf, T. (2003) "Natural sacred sites occur in a variety of ecosystems and landscapes: in many cultures of the world, mountains are considered as sacred, as are the sources of water — rivers and lakes." (F.19). Yaada isaa kana irraa Ardaaleen Uumamaa Ulfoo ta'an bakka hedduutti kan argaman yoo ta'an; aadaa addunyaa hedduu keessatti gaarreen akka madda bishaan lagaafi harootti waan tajaajiluuf akka Ulfootti fudhatamu.

Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalametti, addunyaa irratti, bakkeewwan Ulfoo bebbeekamoo ta'an hedduun jiru. Isaan keessaa muraasni haala armaan gadii kanatti dhiyaatanii jiru. Bernbaum (2006):

> *The sacredness of mountains in general can be manifests itself in two general ways. Firstly, certain peaks, such as Fuji and Sinai, are singled out by particular cultures and traditions as places of special sanctity directly linked to their deepest values and aspirations. These mountains – the ones traditionally known as 'sacred mountains'– have well-established networks of myths, beliefs and religious practices such as pilgrimage, meditation and sacrifice. Secondly, mountains that may or may not be revered in themselves frequently contain sacred sites and objects such as temples, monasteries, hermitages, stones, springs and groves – or are associated with the lives and activities of important holy persons. An example in Japan is Koya with its impressive cemetery and numerous Buddhist monasteries.* (F.28).

Kun kan agarsiisu; Ulfoo ta'uun gaarrenii ykn tulluuwwanii karaa lamaan mul'achuu danda'a. Inni duraa, aadaa hawaasa tokko tokkoo keessatti fiixeen gaara ykn tulluu sanii iddoo Ulfoo yoo ta'u; kanaaf ammoo gaarri Fiijiifi Siinaan fakkeenya gaariidha. Iddoon kun bakka namni uumaa isaatiin itti karaa hafuuraa walqunnamee araara itti buusudha. Inni lammaffaa, gaarri ykn tulluun

mataa isaatii Ulfoo hin taane garuu, iddoowwaniifi wantoota Ulfoo ta'an kanneen akka burqaa, dhagaa, gadaamii, biqiluufi gochootaafi jireenya nama leemmoon kan walqabatedha.

Bakki Ulfoo jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti bakka taateen tokko itti ta'ee darbe ykn bakka sirni garaagaraa itti gaggeeffamudha. Bakki Ulfoo hawaasa isaatiin kabajaafi safeeffannaa guddaa qabaata. Bakkeewwan eegumsaafi kunuunsi taasifamuuf hedduun iddoowwan namoota muraasaaf gatii guddaa qaban yoo ta'an, yeroo tokko tokko immoo namoota ykn gareewwan hedduu biratti barbaachisoofi kabaja guddaa kan qabanidha. Bakki akkasii kun bakkeewwan Ulfoofi bakkeewwan uumamaas ni dabalatu (Joseph, M. 2007).

Bakkeewwan Ulfoo bakka ummanni sirnoota garaagaraatiif itti fayyadamaa tureefi maatii isaanii waliin walqunnamuuf itti gargaaramanidha. Hawaasaafi aadaa hedduu keessatti bakkeewwaniifi taateewwan Ulfoo ni kabajamu. Bakkeewwan akkasii hambaalee aadaa ummanni kunuunsu akka ta'an hubatama. Karaa bakkeewwan Ulfoofi abbootii isaanii Waaqaan akka walarganiifi kanas akka amanan hayyoonni garaagaraa ni ibsu (Takesure, 2020). Akkasumas bakkeewwan Ulfoo gareewwan hawaasaa waliin ta'uun kan itti ayyaaneffatan (dhibaayyuu, Irreecha, kadhannaa Waaqaa), maalummaafi amantii isaanii kan mul'isu, hariiroo abbootii yookiin maatii isaanii waliin qaban kan itti agarsiisan ta'uus qorataan olitti eerame ni addeessa. Akka aadaa tokko tokkootti bakkeewwan garaa garaa kan akka bakkeewwan awwaalaas akka bakka Ulfootti akka ilaalamuufi bakka safeeffatamuufi bakka itti callisan akka ta'e eera.

Bakkeewwan Ulfoo malkaa, gaara, tulluu, holqa, bosona, mukkeen gurguddoo, gadaamotaa, bakka dhugeeffannaa, bakkeewwan namoonni yeroo adda addaa irra deddeebi'anii itti imalaniifi kkf. akka ta'an hayyoonni hedduun ni ibsu (Joseph, M. 2007; Takesure, 2020;  Zarihun, 2019).

Bakkeewwan Ulfoo kun naannoo kunuunsuuf faayidaa guddaa kan qabu ta'uufi mukkeen kabajamoo, bakkeewwan hambaa aadaafi seenaa, awwaala /hujuba/, tulluuwwan, malkaawwan, hawaasa biratti waan kabajamaniifi safeeffatamaniif kunuunsi addaa ni taasifamaaf. Hawaasni naannoo sanaa hin muru; hin mancaasu; ni tiksa. Bakkeewwan akkasii kanatti sochiiwwan amantii garaagaraa itti gaggeessuun Waaqa itti kadhatu. Hariiroo dhalootaafi maatii isaanii durii gidduu ture itti fufsiisuuf illee itti fayyadamu (Zarihun, 2019). Robert Wild fi kanneen biroo (2010) akka jedhanitti: bakkeewwan Ulfoo kunniin naannoo kunuunsuu bira darbees hariiroo namaafi uumama biroo gidduu jiru (inspiring a more balanced relationship between people and the rest of nature) ibsuuf illee kan tajaajilanidha.

Oromoo biratti bakkeewwan Ulfoon ulfinaafi kabajaa gudddaa qabu. Hariiroofi hidhata guddaas Oromoo wajjin qabu. Bakkeewwan Ulfoon Oromoo biratti beekaman hedduu ta'anis kanneen keessaa muraasni kanneen akka Odaa Nabee, Odaa Roobaa, Madda Walaabuu, Odaa Bultum, Odaa Bulluq, Odaa Bisil, Mi'ee Bokkuu, Gumii Gaayoo, Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaafi wkf. eeruun ni danda'ama. Akka Alamaayyoofi ka biroo (1998) jedhanitti bakkeewwan Ulfoon iddoo ayyaanni jiraatan, iddoo eebbifamoofi kabajamoodha jedhamanii amanamu. Iddoowwan eebbifamoon kunniin bakka itti namoonni amantii Waaqeffannaa isaanii itti gaggeeffatan, wareeggataniif, Waaqayyoon kadhatanidha. Oromoon bakkeewwn Ulfoo kanattis waan dabe qajeelfata; waan bades sirreeffata; kan waldhabes araarfata. Waan biyyaas mari'ata. Kanaaf bakkeewwn Ulfoon kunneen kunuunsaafi eegumsa kan qabanidha.

Lammeessaan (2012) akka ibsutti; bakkeewwan Ulfoo Oromoo kan jedhaman bakkeewwan amantii duudhaa ganama Oromoo, amantiin Waaqeffannaa itti raawwatamudha. Bakkeewwan Ulfoo kunneen Waaqa bakka itti kadhatan, Waaqaaf galata bakkatti galchan, bakka itti fayyaniifi bakka sodaachisaa akka ta'anidha. Toleeraan (1999) gama isaatiin ummanni Oromoo bakkeewwan amantii isaa ganamaa itti waaqeffatu ni qaba. Bakkeewwan kunneenis bakkeewwn Ulfoo jedhamuun akka beekkamanidha. Oromoon Bakkeewwan Ulfoo ni kabaja; ni kunuunsa. Ardaalee Ulfoo, mukkeewwan Ulfoofi kkf.nis akka bakkeewwan Ulfootti fudhata. Akka ilaalcha Oromootti Bakkeewwan Ulfoo kunneen mallattoo Waaqaati /cosmic agent/ (Lammeessaan (2012). Bakkeewwan kunneen ayyaana qabu; ayyaana Waaqaan wal nama qunnamsiisan jechuudha. Iddoowwan kanneen mancaasuun aadmaleedha; ayyaanaan walitti bu'uudha waan ta'eef jechuudha. Ayyaana yoo dhaban ammoo Waaqa irraa adda bahu. Waaqnis bakkeewwan Ulfoo yoo mancaasan dheekumsa akka ongee, beela, dhumaatii itti fiduun akka ummata adabu amanama waan ta'eef. Berkes F. (2012) maalummaa bakkeewwan Ulfoo hoo ibsu; "Sacred sites are places in the landscape that have a special significance under local tradition" jedha. Dabalataanis "Areas of land and bodies of water, as well as constructions and items, which are spiritually and/or religiously meaningful for local people and where sacral practices are performed" jedhuun ibsa. Kun kan agarsiisu bakkeewwan Ulfoon bakkeewwan hawaasichi Waaqeffannaa isaa itti gaggeessudha. Asafaan (2015) gama isaatiin Oromoon durii kaasee hanga har`aatti, gaarreen irratti sirnoota adda addaafi amantii duudhaa akka gaggeeffatu eera. Akka aadaatti: bosonni, bakkeewwan Ulfoofi tulluun hawaasichaaf iddoowwan amantii ykn Waaqeffannaa, hawaasummaafi bakkeewwan Ulfoo ta`anii akka tajaajilas cimsanii ni ibsu.

Akka hayyoonni adda addaa ibsanitti Amantii Kiristaanaan dura bakkeewwan Ulfoo Oromoo Ayyaana qabu jedhamee waan amanamuuf Waaqeffannaaf malee dhimma kamiifuu ykn kaayyoo birootiif namni itti hin fayyadamu ture. Weerera Minilik booda garuu bakkoowwan Ulfoo Oromoo sababa babal'ifannaa Amantii Ortodoksiitiin miidhaafi mancaatiin irra gahuu akka eegale, bakkeewwan Ulfoo xureessuufi kaayyoo birootiif oolchuun akka jalqabame Lammeessan (2012) ni ibsa. Haaluma walfakkaatuun Amantiin Pirotestaantii naannoo Oromiyaa gara garaatti babal'achuu irraan kan ka'e, dhaloonni haaraan aadaafi amantiisaa ganamaa Waaqeffannaa akka dhiisu taasisuun kabajniifi ulfinnin bakkeewwan Ulfoo Oromoo xiqqaachaafi gadi bu'aa akka adeemu godhamuu isaa hayyoonni kun ni ibsu. Gama biraatiin babal'naafi ammayyummaa magaalotaa waliin walqabatee bakkeewwan Ulfoo Oromoo kanneen akka Ardaalee Jilaa, bosonni, Tulluuwwan, Horri ykn Malkaaniifi kkf. manca'aafi badaa akka dhufan Lammeessan (2012) cimsee ni ibsa.

## 2.5 Hariiroo Namaafi Uumamaa

Uumamni dachee kana irratti argaman hundi waldanda'anii akka jiraataniif seera uumaafi uumamaan taliigamu. Seerri kunis uumama gidduutti madaalliin akka jiraatu abbooma. Hariiroon uumama gidduu jiru yemmuu dabu madaallii uumamaatu daba; boca isaa gadhiisee miidhagina ganamaa dhaba. Uumama wal madaalee jiraatu irrattis miidhaatu qaqqaba. Waaqayyo lafaafi samii kana yoo uumu calliseet miti. Hundayyuu yeroo uume kaayyoofi akeeka ittiin uume ni qaba. Hariiroo waliin qabanis, akkaataa isaan waliin jiraatanis waliin mijeeseeti uume. Kanaaf, namaafi uumamni hariiroo cimaa kan waliin qabanidha. Ummata Waaqeffannaan bulu, addatti ammoo, Oromoo biratti dhimmi kun iddoo olaanaa kan qabudha. Oromoon aadaa isaa keessatti ummata uumama wajjin hariiroo ykn hidhata cimaa qabu waan ta'eef jechuudha. Dhimma kana Ashannaafiin (2014; 3) yoo dhugoomsu "The Oromo recognize cultural relations to nature and are conscious of the power that regulates their relation to nature" jedha. Gama birootiin Tarruun (2015) yaada armaan olii kana akkaataa itti aanuun cimsa.

> *Addunyaa tana Waaqni gaafa uumu cal jedhee miti. Kaayyoo akeeka wayitiif uume. Akkasumas, kabajaaf, ulfinaafi eebba waliin uume. Horri, tulluun, daandiin, caffeen martinuu kabajaaf ulfina Waaqaa waliin uumaman. Waaqni humna isaa ayyaantummaas kenneef Waaqeefattoonni Waaqatti aansanii lafa /dacheedhaaf/ iddoo guddaa kennu. Waaqa akka abbaatti yoo ilaalan lafa immoo akka haadhatti ilaalu. Lafti waan hunda baatti; waan hundas uumamaaf laatti. Lafti yakkamaas, quufaas, beelayaas, jabaas, dhibamaas, fayyaas, miidhamaafi*

*fokkisaas, akkasumas jiraafi du'aa keenya baachuun uumama Waaqayyoo hunda tajaajilti. Dacheen irra jiraannu irraa midhaan nyaannu, kafana uffannu, bishaan dhugnu biqiloota adda addaa waan ittiin ijaarrannuufi bashannannu, bareedina uumamaa hunda osoo of hinqusatin nuuf laatti. Kanaaf, nu irraa galata, ulfinaafi kabajaa guddaa argachuu qabdi (f.133).*

Ibsa armaan oliirraa waan hedduu hubachuu dandeenya. Innis Waaqayyo uumama hunda yeroo uume ulfinaafi kabajaa waliin eebbisee uumuu isaati. Waan Waaqayyo ulfinaafi kabajaa wajjin eebbisee uume kana ammoo ulfinaafi kabaja kennuufiin barbaachisaa akka ta'edha.

Warqineen (2010) gama isaatiin akka ibsutti Waaqni uumaa hundaa oliiti. Hunda dursee kan argamudha. Addunyaa kana irrattis waan hundaa kan uumedha. Waaqni hunda beekaadhas; hundaa tolaadhas; hunda danda'aadhas. Madda dhugaa, dhugaa kan jaalatudhas. Waaqni qulqulluudha; isaa oli humna qabeessi biroo hin jiru. Yoomiyyuu jiraataadhas. Kanaaf Oromoo biratti ulfinaafi kabajaa guddaa kan qabudha. Waaqni tokkichi, gurraachi garaa garbaa Oromoo birattis Ulfoodha. Dachee, malkaa, tulluu, samii, lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii hunda kan uume isa waan ta'eef. Mee dhimmoota kanneen tokko tokkoon haa ilaallu.

### 2.5.1 Hariiroo Namaafi Dachee

Oromoo biratti Waaqni akka abbaatti, dacheen ykn lafti ammoo akka haadhaatti kan ilaallamanidha. Badhaasaan (2016; 2) Bartels (1983) wabeeffachuun yaada kana yoo deeggaru "The earth is described as being a Mother. She is always with us. *Waaqaa* is like a father who could go away" jedha. Kana jechuun dacheen akka haadhaatti kan ilaallamtu yoo taatu kan yeroo hundaa nu wajjin jiraattu ta'uu isheeti. Gama birootiin Garramuufi Hundumaan (2018; 6) dacheen akka haadhaattis akka abbaattis kan ilaallamtu ta'uusaa fakkeenya afoola Oromoo armaan gadiitiin ibsu:

**Afee 1.** *Dachee haadha hundaa*
*Dachee abbaa hundaa*
*Sirra kaanna, sirraa nyaanna*
*Safuu uumaa safeeyfanna*
*Kakuu uumaa kakeeyfanna (f.6).*

Afee armaan olii keessatti Garramuufi Hundumaan (2018; 6) *"Dacheen akka haadhaattis akka abbaattis kan ilaallamtudha"* haa jedhan malee hayyoonni hedduun (Asafaa 2015: 11; Tarruu

2015: 133; Malkaamuun 2016: 3&4; Mulugeta 2017: 76) akka ibsanitti dacheen haadha bakka kan buutuufi akka haadhaatti kan nu baattu, kan nu nyaachiftuufi nu jiraachiftu ta'uu jabeessanii ni ibsu.

Malkaamuun (2016; 3&4) yaada kana yoo cimsu "The Oromo call their land '*Dachee Haadha Margoo*', loosely translated into English as 'Mother Earth; Land is symbolized with mother" jedha. Dhimma kanas afoola Oromoo itti aanuun nuuf dhugoomsa.

**Afee 2.** *Dachee haadha margoo*

*Sirraa qonnee nyaanna*
*Sirraa horree yaafna*
*Humna nuu kenni*
*Horii nuu bulchi*
*Sirra yaana, sirra galla*
*Boolla huratu nuu duuchi (f.4).*

Akka waliigalaatti yaada hayyoota armaan oliirraa kan hubannu ***dacheen*** ummata Oromoo biratti kabajaa guddaa qabaachuu isheeti. Jireenya Oromoo waliinis hidhata guddaa kan qabdudha. Dhugumatti Oromoodhaaf dacheen haadha margooti; waan hunda kan biqilchitu, kan magarsitudha. Oromoon irraa qotateeti, irraa nyaata. Irratti horees, irrattis yaafata. Irra deemeeti, irrattis gala. Dacheen mana Oromoo, qe'eefi qeeyyaa Oromooti; jiraattis du'attis jechuudha. Kun ammoo dhala namaa qofaaf osoo hin taane lubbuu qabeeyyii hundaaf kan hojjetudha. Kanaaf fakkaata Mulgeetaan (2017: 77) manguddoo Oromoo Gujii tokko wabeeffachuun *"Uumama keessa, lafti dursa; maan jennaan, bakkaafi madda jirenyaa uumama cufa'aa ti"*kan jedhuuf. Egaa dachee ykn lafa irra bobbaanee faayidaa daangaa hin qabinne irraa argannu kanaaf Waaqeffataan kabajaa ayyaantummaa ykn hoodaa guddaa qabaaf. Oromoon uumama dachee kanarra jiran maraafis kabajaafi ulfina guddaa qabaaf. Safuu dachee ykn dirree ilaalchisee Dirribiin (2012) yoo ibsu bara safuun eegamaa turetti Waaqeffataan bakka dhaabbatee eebbisetti dhaabbatee hin abaaru, bakka dhaabbatee kakatetti dhaabbatee Waaqaa hin wareegu. Iddoon hunduu safuu mataa isaa waan qabuuf jechuudha. Kanaaf Oromoon dacheen Ulfoodha jedha.

Qorannoon "Murtee Labsii Sirna Gadaa Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee (2015)" jedhu tokko akka ibsutti; Uumaafi uumama jahan gurguddoo Oromoon Wayyoomsee/Ulfoo godhee keessaa lafti ishee tokkoofi hangafa. Oromoon Lafaan Wayyuu/ Ulfoo jedha. Sababni isaa lafti

mana yookiin bakka jireenya uumama hundaati. Uumamni hundi kan jiraatu lafarra. Laftii kan nama baattu, kan biqiltuu baattu, kan bineensa baattu, kan tulluu baattgu, kana laga baattu, bakka jireenya uumama hundaati. Kanaaf "**Wayyuu"** hawaasichi jedha. Ragaan lammaffaa qorannoo armaan oliirraa argame akka ibsutti; Lafti haadha namaati jedhee amana Oromoon. Haati bu`uura jireenya ilmoo isheeti. Haati ilmoon ishee yoo beela`e ni nyaachifti; yoo dheeboote ni obaasti; ni baatti; ni kunuunsiti. Kanaaf, haati Wayyuudha; hin tuqamtu. Laftis akkasuma haadha uumama hundaa baattu, kan nyaachiftu, kan obaastu, bu`uura lubbuu qabeeyai hundaati.

Oromoo birattii lafti seera itti fayyadamaa qabdi. Dawoo lubbuu qabeeyyii hedduu waan taateef bishaan danfaa itti hin naqan. Ulfinni lafaaf kenname guddaa ta'uu irraa kan ka`ee Oromoon lafa hin dhahu; afriin/waan qara qabuun beekaa hin waraanu. Akka ragaa Qorannoo "Murtee Labsii Sirna Gadaa Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baaleetti (2015)"; Oromoon Sikkoo Mandoos lafa akka armaan gadiitti Wayyoomsa.

**Afee 3.** *Lafti haadha waan hundaati Wayyuu*
*Lafti uumama waan hundaatu irra jiraatafii Wayyuu*
*Lafti madda bishaaniiti Wayyuu*
*Lafti nyaata namaafi bineensaatu irratti biqilaafii Wayyuu*
*Lafa Woyyomaan itti fayyadamaniifii Wayyuu*
*Lafti irra uumamneefii Wayyuu*
*Yoo duune itti awwaalamnaafii Wayyuu*
*Lafti haadha hin waraananii, bishaan danfaa itti hin naqaniifii Wayyuu*
*Lafti marga loonii biqilchitiifii Wayyuu*
*Lafti gaara hin qotamuufii Wayyuu*
*Lafti maddaa hin qotamuufii Wayyuu*

Wayyoomsa lafaa armaan oliirraa akka hubannutti Oromoofi lafti hariiroo cimaa akka waliin qabanidha. Lafti haadha waan hundaati. Kanaaf, qananiidha; hin tuqamtu, seera malees itti hin fayyadamnu. Lafa gaaraa, lafa madda bishaanii qotuunis aadmaleedha. Lafti jiraafi du'aa keenya baatti; kanaaf Ulfoodha.

Gama birootiin Bonayyaan (2023) manguddoota argaa dhageettii wabeefachuun hariiroo Oromoon dachee ykn lafa wajjiin qabu yoo ibsu; Boorana biratti laftii "*Baattoo"* jedhama. Kana jechuun lafti haadha waan hundaati; kan wanni hundi irratti margee biqiludha. Baattoon waan hamtuufi toltuu illee baattee dhaabbattee, ofirratti qabattee jiraachifti. Kanaaf, lafti haadha waan hundaa taatee kabajaafi ulfinna lubbuu qabeeyyiifi lubbuu dhabeeyyii taatee tajaajilti. Yoo eebbifatanis "Hee baattoo! Ati nu baadhu" jedhanii eebbifatu.

Akka manguddoonni argaa dhageettii Boraanaa jedhanitti; lafti faayidaa hawaas dinagdeefi amantii keessatti iddoo guddaa qabdi. Lafti bakka itti dhalannu, bakka sanyiin keenya itti biqilte, bakka dhalootaan itti waljijjiiraa dhufneefi dhuma irraatti bakka deebinee itti boqonnu akka taatedha. Jiraafi du'aa keenya kan baattu jechuudha. Bonayyaan (2023) itti dabaluun akka ibsutti; seerri Gadaa Oromoo aadaa safuu lafaa kabajee, kabachiisee jiraata. Safuu aadaa ilaalcha lafaaf qaban waan hedduun ibsama. Wanni hedduun sun; lafti wayyuu! Lafti haadha! jechuun ibsu. Laftii wayyuu waan taateef lufii yookiin aadmaleen kamiyyuu irratti hin hojjatamu. Oromoon Booranaa sodaa Waaqaafi lafaa qabuuf yoo namni tokko waan aadmalee hojjate (dubbate) "Waaqaa lafaa sodaadhu" waliin jedha. Wanni hamtuun ati lafa irratti hojjatte fuulduraaf ilmaan keef dabarti jedhanii waan sodataniif aadmalee lafa irratti hin hojjatan. Dabalataan, lafti wayyuu waan taateef, yeroo yeroon wayyooma nama irraa barbaaddi.

Wayyooma lafaa yeroo aadaan geessu horii itti qaluun eebbisuu, hulluuqqoo aadaa itti naquun wayyoomsu. Lafti madda jireeyna dhala namaa ta'ee, qabeeyna hawaasa maraa, kan nami hundi walqixa qabuufi waliin bulchanidha. Namni dhalatee lafa gubbaa jiru hundi mirga fayyadamuu walqixa qaba akka seera Gadaatti.

Seerri Gumii Gaayoo akka ibsutti, lafti Booranaa kutaa hin qabdu; namuuyyuu handhuraa jedha. Lafti dhuunfaan ijaaratan hin jirtu; lafa ummataa malee jechuun lafti akka qabeeyna ummata bal'aa taate ibsu. Kan jechuun lafti kan nama hundaa waan taateef, lafa barbaadde deemtee jiraachuu dandeessa. Gama biraan safuun aadaa Gadaa "Lafa qullaa hin dhiisani" jedhan. Kan jechuun lafti marga adda addaa fixattee akka isheen duwwaa hin hafne seeru. Mukkeen irraa dhumee akka duwwaa hin hafne seeru. Walumagalatti, Sirni Gadaa Waaqeffannaa lafaa, amantiifi hawaasummaa keessatti ulfina lafaa qabu aadaa lafaatiin seeraan kabajee ulfeessa.

### 2.5.2 Hariiroo Namaafi Tulluu

Akka ragaaleen hayyootaa adda addaa ibsanitti; amantii Oromoo keessatti qofa osoo hin taane, amantiilee addunyaa kana keessa jiran hunda biratti tulluun akka bakka qulqulluutti ilaallama. Kana jechuun tulluun qulqulluudha (holy place) jedhee kan amanu Oromoo qofa miti jechuudha. Yaadni tulluun bakka Waaqni jiraatu jedhu Oromoo biratti akkuma amanamu kitaabota Kakuu Moofaa keessatti bakka olaanaa qaba. Dhimmi tulluuwwan qulqulluu Kitaaba Qulqulluufi Quraana Qulqulluu keessattis bakka olaanaa qaba; Oromoo birattis akkasuma. Akka ilaalchaafi

falaasama Oromootti, tulluun bakka samiifi lafti itti walqunnamu, bakka jireenya Waaqaati jedhamee amanama.

Tulluun madda bishaaniiti; bishaan ammoo lubbuudha; tulluun dahoo bineensotaati; qabbanaafi rooba qaba; Waaqni heeraafi seera kan namatti kenne tulluu irratti jedhamee amanama. Waaqni tulluu yoo uumu ayyaana gurguddoo waliin uumee lafa biroo irraa ol kaasee adda taasise. Akka ilaalcha Oromootti tulluun olaantummaa uumaati; guddina uumaafi sabaati. Iddoo ol jedhaa Waaqatti siqudha; Waaqatu ayyaana guddaa wajjin isa uume. Akka Oromoon amanutti, tulluun bakka Waaqeffanaafi Waaqayyo itti nama dhagahu, bakka araarri ykn nageenyi itti labsamu, lafa ulfinaa, lafa jaarsummaa, bakka dhugaafi sobni itti adda ba'u, lafa murtiin itti kennamuufi araarri itti bu'u, lafa uumaatti nama dhiyeessu, lafa safeeffannaafi hoodaati. Lafa eebbifamaa, qulqullinaafi milkiiti (Sisaay; 2018).

Kana malees, Tulluun lafa Ulfoo Irreessi Arfaasaa itti raawwatamudha. Tulluun Mootii lafaati; Waaqatu lafa biroo caalchisee uume. Oromoon yoo Bonni hammate korma irratti qalee uumaa isaa kadhata. Hamtuun yoo uumamte, ulfaawwan isaa kanneen akka Kallachaa, Caaccuu, Bokkuu, Siiqqee, Gaadiifi Ciicoo qabatee Waaqa isaa kadhata (Sisaay 2018; Biqilaa; 2016). Oromoon yoo eebbisus ***"Tulluu ta'i, fagootti ykn iddoo hundatti mul'adhu"*** jedha. Bineensi hamaan, diinniifi barri hamtuun yoo dhufe tulluun dawoo kan ta'udha. Gama biraatiin Asafaan (2019) hayyoota kanneen akka (Foggin 2016; Körner 2003)." Wabeeffachuun akka ibsutti tulluun madda bishaanii ta'uun tajaajila; madaala qilleensaati; kanneen biroo caala ammoo faayidaa aadaa qaba; akkasumas iddoo dahannaa (habitat) sanyiiwwan bineeldotaafi sirna-qeeyyaa (ecosystem) addaddaati. Kun kan agarsiisu tulluun qilleensa madaalawaa kan fidu, rooba kan harkisu, dha; bosona kan qabudha; jiidha ofkeessatti kan qabatu, bishaan ykn burqaa kan maddisiisu, dawoo ilma namaaf bineensa maraa ta'uu isaati. Kanaaf tulluun iddoo Ulfoodha; lafa eebbifamaa, bakka Waaqayyo itti nama dhagahu yoo ta'u, Oromoon lafa eebbifamaa jedhee amanu kanatti bahee Waaqa galateeffata; kadhatees argata.

Gama birootiin Mulgeetaan (2014) tulluun bakka Ulfoo ta'uu akkas jechuun ibsa.

> *Mountain is sacred land where God is always available.Thus praying and conducting libation in such shrine land brings about peace full, life besides thanks givinging praising and praying to God in this sacred place would make evils impotent prevents demonic acts ensure the provision of rain and makes the land fertile (F.58).*

Kun kan agarsiisu, Tulluun lafa Ulfoo ykn qulqulluu, bakka Waaqayyo yeroo hunda itti argamudha. Lafa Ulfoofi qulqulluu kanatti kadhachuun ykn safeeffachuun nagaa guutuu fida; jireenyas qajeelcha. Bakka Ulfoo ykn qulqulluu kanatti bahanii Waaqayyoon kadhachuun hameenyi ykn jinniin akka iddoofi humna hin qabaanne taasisa; Roobas kan kadhannu yoo ta'e, roobee lafa gabbisa. Asafaan (2015; 74) gama isaatiin dhimma kana kallattii Oromoo Tuulamaan yoo ibsu, "Historically, the Tulama Oromo community used the mountains as dominant places of strategic and ritual sites) (F.74).  Kanaaf egaa, Oromoon Tuulamaa tulluun Ulfoodha jedhee safeeffata; ittis dhugeeffata.

Gama birootiin Qorannoon "Murtee Labsii Sirna Gadaa Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee (2015)" jedhu tokko akka ibsutti; Oromoon Tulluu milkaa`inaafi guddina waa hundaatiin walfakkeessa. Oromoon yoo eebbisu illee ***"Guddadhuu tulluu ta'i; akka tulluutti muldhadhu jedhe eebbisa"*** jedha. Tulluu ilaalchisee seera Odaa Roobaatti Oromoon lallabates yoo ibsu:

**Afee 4.** *Tulluun tulluu olii wayyuu*
*Tulluun tulluu caaltu tulluu kaaniif gaaddisaafii wayyuu*
*Tulluun tulluu olii Waaqatti ol kalooftiifii wayyuu*
*Tulluun iddoo yeeroo oolaan (bonni) hammate itti irreeffatanii Waaqa kadhatanidha wayyuu*
*Tulluun Madda bishaaniitii wayyuu;* jedha

Akka barreeffamni kun jedhutti; waantota gurguddoo Oromoon wayyoomse Jahan keessaa tulluun tokko. Kunis Tulluun Oromoo biratti iddoo guddaa qabaachuu agarsiisa. Akka ilaalchaafi falaasama Oromootti; Tulluun lafa lafa hundaa ol ***"Waaqatti"*** nama kaleessuu ykn dhiyeessudha. Akkasitti amana; akkasittis dhugeeffata.

### 2.5.3 Hariiroo Namaafi Malkaa ykn Horaa

Kan biraa ummata Oromoo biratti iddoo Ulfoo kan ta'e Malkaadha. Oromoo biratti Malkaan safuu qaba. Muummee burqaa bishaanii irratti hin dhiqatamu. Muummee bishaanii irratti loonis ta'ee horii itti naqanii hin booressan. Muummee bishaanii gubbaas hin qotan. Malkaan ykn lageen, horri gurguddoonis ayyaana guddaa kan qabanidha. Bonaafi Ganna bishaan osoo hin dhabiin madduun uumama hunda kan jiraachisan waan ta'aniif, lubbuu qabeeyyii hundaa kan jiraachisan waan ta'aniif Oromoo biratti kabajaafi ulfina guddaa kan qabanidha. Uumaa isaa uume kana galateeffachuun itti irreeffatu. Gama birootiin malkaan iddoo namniifi uumamni biroo irraa bishaan dhugu yoo taatu, Waaqayyo dirree kana dirreewwan biroo irra adda taasisee

uume (Sisaay 2018; Biqilaa; 2016). Kanaaf, Waaqa bishaan uumee lubbuun akka jiraatu taasise, bakka jidhaa kanaatti Oromoonni walgahahanii, tokko ta'anii, garaa qulqulluudhaan yoo kadhatan uumaan ykn Waaqni isaan dhagaha jedhamee amanama. Biqilaan (2016; 27) Alamuu (2012) wabeeffachuun dhimma kan yoo cimsu, *"Iddoo Oromoon Waaqa itti kadhatu keessaa malkaan tokko. Oromoon ulfina malkaa yoo ibsu malkaan ulfaadha jedha"* jechuun ibsa. Gama birootiin Mulgeetaan (2014; 58) yaaduma kana haala itti aanuun cimsa.

> *According to the World View of the Oromo ingeneral and Karrayyu in particular, river is a source of water, and water is created by God to purify human and nature gives alife for creature of God. In relation to this the mytrological narative of Oromo reveal that God created Adam & Hawa around the river basin. Thereafter, they (Adama &Hawa) stood up to the two opposite sides of the river and saw each other in their bare bodies. Since that time, they become husband and wife. This indicates that river is the sacred place and considered as a palce of Orogin of the Oromo associated with Madda Walbu.*

Waraabbiin armaan olii kan nu hubachiisu; akka ilaalchaa Oromootti, addatti ammoo akka ilaalcha Karrayyuutti Malkaan madda bishaaniiti. Bishaan Waaqaan kan uumame qulqullinaafi jireenya lubbuu qabeeyyii hundaaf bu'uura kan ta'edha. Akka raagamtaa Oromoottis Malkaan bakka Waaqayyoo raajii itti hojjete, madda uumama sanyii namaa akka ta'edha.

Bifuma walfakkaatuun Warqineen (2010; 137) faayidaa bishaanii yoo ibsu, "The Oromo people regard water as the source of all life" jedha. Kunis ilaalchi Oromoon Malkaadhaaf qabu iddoo olaanaa ta'uu agarsiisa. Malkaan madda jireenya hundaa waan ta'eef, malkaan madda bishaanii jireenya hundaaf murteessaa ta'e kan itti argamu waan ta'eef jechuudha.

Qorannoon "Murtee Labsii Sirna Gadaa Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee (2015)" jedhu tokko akka ibsutti; lubbu qabeeyyiin hunduu bishaan malee jiraachu hin danda`u. Lubbuun jiraachuuf bishaan jiraachuun dirqama. Kanaaf ulfinni Oromoon bishaaniif qabu guddaadha. Wayyoomsees jira. Maddi bishaanii hunda irra Wayyuudha. Bishaan Oromoon kan itti irreefatu, kan dhugu, kan ittiin bilcheefatu, kan ittiin dhiqatee qulqullaa'u. Nama madda balleesseefi gogse Oromoon ni yakka; adabbiin isaas cimaadha. Oromoon Malkaan Ulfoo ta'uu irraa kan ka`e ceehuuf sirna qaba. Malkaa irreefatu malee hin ce'u. Malkaan hangafa; irreeffatan malee hin ce'ani. Malkaa hin cufan; hin qotani. Malkaa, lagaafi eela raqaafi balfa itti hin gatan. Malkaan, maddiifi lagni kan ambaatii/ kan hundaati. Kan nama dhuunfaa hin ta'u. Kanaaf, Oromoon Sikkoo - Mandoos akkaataa itti aanuun Malkaa Wayyoomse.

**Afee 5.** *Maddi burqaa bishaaniiti Wayyuu*
*Malkaan itti irreeffataniifii Wayyuu*
*Malkaa karaa gama gamanaa walitti ce'aniifii Wayyuu*
*Malkaan kan Irreechaatii Wayyuu*
*Malkaan kan Ateetee itti bahaniifii Wayyuu*
*Bishaan mana qurxumiifi lubbuu qabeeyyiitiif Wayyuu*
*Bishaan mana allaattiitii Wayyuu*
*Bishaan itti fayyadaman malee hin qisaseesanii Wayyuu*
*Madda bishaanii hin qotanii Wayyuu*
*Bishaan ilma namaatiif jiruudhaa Wayyuu*
*Bishaan yoo namni du'e ittiin dhiqamaafii Wayyuu*
*Bishaan keessatti waan badaa hin naqaniifii Wayyuu*
*Sababi lubbuu yaa`aa gadiitu dhugaafii Wayyuu*

Wayyooma Malkaaf warri Sikkoo – Mandoo kenne kana irraa kan hubannu, Malkaan madda bishaaniiti; jireenya lubbuu qabeeyyii hundaa kan murteessudha. Bakka itti irreeffatanidha; kanaaf Wayyuudha. Waan Wayyooma kana ammoo akka malee miidhuun seeraan ala itti fayyadamuun dhorkaa akka ta'edha.

Egaa Oromoon tulluuttis ta'ee malkaatti, yookiin iddoo kamittuu haa irreeffatu kan itti irreeffatu calliseeti miti. ***"Ummama kanatu gochaafi humna Waaqaa ibsa"*** jedhee raajeffata. Humna guddaa Waaqayyo qabu ilaalee, Waaqa uummama kana raajii addaatiin dogoggora tokko malee uume kana galateeffata malee Oromoon callisee lageen, tulluuwwan, mukootii, gaarreeniifi wantoota kana fakkaatanitti hin irreeffatu. Irreechi Oromoo kun falaasama amntiifi dhugeeffannaa Oromoon addunyaa kana keessatti ittiin humna Waaqaa ibsu, jireenya lafa kanaa raaju, dhoksaa yookaan iccitii jiruufi jireenyaa labataaf dabarsee ibsu ta'ee fudhatama. Oromoon "Qacceen ilmoo namaa dachee kana irratti faca'ee yeroo tokko du'u, kan biraa ammoo cinaa isaatiin ka'ee margee mul'atu, dhoksaan humna Waaqaa kun adeemsa galateeffannaa ykn Irreeffannaa keessaan ibsama" jedhee amana. Iccitiin kun dinagdee isaa keessatt illee ga'ee olaanaa qaba. Kanuma ibsuuf jecha **"Yaa Waaqa! baala midhaan gootu, dhiiga mucaa gootu, hooqubaa!"** jedhee ganama barraaqaan ka'ee galateeffata.

Oromoo Tuulamaa biratti ***"Hora Jahan Waaqayyoo"*** jedhamuun kan beekaman ***Hora Finfinnee, Hora Harsadii, Hora Kiilolee, Hora Hadhoo, Hora Warxoofi Hora Ereri*.** Oromoo Tuulamaa biratti Horri hunduu Ulfoodha; caalaatti ammoo Horri Finfinnee Ulfoodha. Dur seenaa Oromoo keessatti Horri ykn Malkaan kunneen iddoo olaanaafi ulfina guddaa kan qabanidha.

Keessattuu osoo abbaan biyyummaa Oromoo sirna gita bittootaatiin hin sarbamiin dura, gaafa Oromoon qe'eefi qeeyyaa isaatti abboomaa ture, gaafa ona isaarratti, Finfinneefi naannoo Finfinneetti Abbaa Qoroo isaatiin gaggeeffamaa ture, gaafa Sirna Gadaa isaatiin bulaa ture Horri Finfinnee wiirtuu ***Irreeffannaa Oromoo*** isa hangafaati.


Horri Finfinnee Hora Ummanni Oromoo jaarraa tokkoon dura itti irreeffataa turedha. Horri Finfinnee kun weerara nafxanyaan dura bakka Irreecha Malkaa beekamaa ture. Bakka kanitti Oromoon marga jiidhaa qabatee kan darbeef galata galchaa, yeroo fuula isaa dura jiruuf Waaqa kadhata ture. Hora bebbeekamoo Oromoon Tuulamaa irratti irreeffatu keessaa Finfnneen ishee tokko turte. Hori Finfinnee kun bakka kabajamaafi ulfina qabeessadha. Finfinneen maqaa horaa yoo ta'u, horri kun iddoo amma "Filwuhaa" jedhamee beekamutti kan argamuufi kan humna guddaan lafa keessaa ol finiinudha. Kana irraa ka'uun maqaan Finfinnee akka kennameef manguddoonni ni dubbatu. Kunis maqaa isa ganamaa ta'u isaati. Kana Malees Finfinneen Ardaa Warra Qaalluu Waan turteef muuda Qaalluuf kennamu sun Finna waan jedhamuuf "Finnafinnee" jechuudha kan jedhan ni jiru.

Taabor Waamii (2013) gama isaaniitiin akka jedhanitti; Oromoon walakkeessa jaarraa 7ffaa (650 A.D) Shaggar keessa jiraachaa ture. Ummanni kun hanga har'aatti illee maqaa Shaggariifi Finfinnee jedhu waljijjiiruun akka waamu ni eeru. Akka ibsa hayyuu kanaatti; Shaggar lafa bal'aa Finfinneetti naanna'ee argamudha. Kunis Shaggar giddugala ykn handhuura Finfinnee irraa jalqabee fageenya KM 50 hanga 60 lafa jiru marsee kan argamudha. Akka Taabor Waamii (2013) jedhanitti; jechi ***"Shaggar"*** jedhu jalqaba kan argame jecha Oromoo ***"Shaggaa"*** jedhu irraati. Kana jechuun waan gaarii, waan bareedaa, waan jaalatamaa jechuudha. Waan maraafuu, maqaa Finfinneefi Shaggar jedhu Oromoon wal jala jijjiiree akka waamaa turedha ibsi armaan oliifi ragaan sakatta'a barruu irraa argame kan mirkaneessu; ammoo qorannoo dabalataa barbaada. Karaan kun hayyootaaf banaadhaan ammoo dhaamsa qorataa kanaati.

Egaa gara ijoo qorannoo kanaatti yoo deebinu Horri Finfinnee kun Oromoo biratti, addatti ammoo Oromoo Tuulamaa biratti Hora Ulfoodha. "Hora hormaataa" jedhamuun beekamas. Iddoo loon Oromoo dur hora dhugee walhoruufi gabbatu waan tureef jechuudha. Horri Finfinnee iddoo irreeffannaafi loon hora irraa dhugu qofa osoo hin ta'iin iddoo Oromoon itti dhiqatee dhibee adda addaa irraa itti fayyu; iddoo fayyummaa isaa itti eeggatu akka ta'etu himama. Horri kun baroota dheeraaf madda fayyinaafi kabajaa ta'e kan tajaajilaa tureefi bakka qulqulluu *(holy*

*place)* ta'e Oromoo Tuulamaa biratti ulfina guddaafi kabajaan kunuunfamaa ture. Oromoon falaasama ***"Loon hora malee, namni horii malee hin jiraatu"*** jedhu qaba ture (Alamaayyoo Hayileefi kanneen biroo 1998; 2012).

Haata'u malee, bara 1980moota keessa weerarri humna gita bittaa Minilikiin erga irratti gageeffameen booda Horri kun kan Oromoo ta'uun hafee fayidaa gita bittootaaf akka olu taasifame. Sirni Irreefannaa Hora kana irratti tures seeraan dhorkame. Karri Shanan (Karra Qirxii – Karaa gara Kaabaa geessu, Karra Qoree – Karaa gara Jimmaa geessu, Karra Alloo – Karaa gara Walloo ykn Dasee geessu, Karra Qaalluu – Karaa gara Bishooftuu ykn Adaamaa geessu, Karra Gafarsaa – Karaa gara Amboo ykn Wallaggaa geessu) Oromoon dhiyoofi fagoo irraa gara hora kanaatti ittiin seenee hora obaafachaa ture hundi isaanii ni cufaman. Hawaasni naannoo hora kanaa jiraachaa ture humnaan buqqa'ee akka godaanu ta'e.



**Suuraa 1:** Hora Finfinnee Naannoo Bara 1882: Madda Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee

Dhiibbaa sirna gita bittootaa irraa kan ka'e Oromoon iddoo Irreeffannaa isaa ganamaafi hangafaa sarbamuun Finfinnee irraa bahaa yeroo adeemu Horri Harsadii iddoo ***Irreeffannaa Oromoo*** isa guddaa ta'aa dhufe. Horri Harsadii iddoo Oromoonni Tuulamaa jaarraa dheeraa dura itti

irreeffachaa turanidha. Harsadi maqaa namaa yoo ta'u, gosa Liiban keessaa, Abbaa Malkaa nama turedha. Alamaayyoofi kaneen biroo (1998) manguddoota argaa dhageettii Galaan wabeeffachuun akka ibsanitti; Liiban gosa naannoo kana qubateefi Abbaa Malkaa kanaa kan turedha. Yeroo booda abbummaan Horaa kun gara mana Handaatti jijjiirame. Haa ta'u malee Liibanis ta'e Ada'aan gosootuma Galaani. Harsadi Abbaa Malkaa ta'uu kan danda'e lafumaa ka'ee osoo hin ta'iin balaa lubbuu isaarra ga'e jalaa of baraarsuun erga danda'ee booda guyyoota saddeetiif ginna ciisee /sooma/ cimaa booda birbirsa fooqaa jalatti lubbuun kan mul'atedha. Birbirsi kan inni itti dhibaafatamuufis yaadannoofi raajeffannaa kanaaf akka ta'e himama. Kana boodas Horri Harsadii akka Malkaa Irreessaatti ulfaa ta'ee gosoota Tuulamaan akka itti kabajamu murtaa'e. Yeroo boodas Oromoonni marti ***"Hora Harsadii"*** akka wiirtuu Irreeffannaa (Waaqeffannaa) "Thanksgiving" godhanii itti irreeffachaa turan. Yeroo ammaa kanas waggaa keessaa ala tokko Hora Harsadii irratti ni irreeffatu. Horri kun iddoo milkii, iddoo Oromoon deebi'ee tokkummaa isaa itti cimsate ta'uunis kan beekamudha. **"Irreechi Irree Oromooti"** kan jedhames kanuma irraa ka'uudhaan akka ta'e ragaan manguddoota irraa argame ni agarsiisa.

Qabsoo hundagaleessa Oromoon taasisaa tureen yeroo ammaa Horri Finfinneefi Arsadii Malkaa ykn Hora Ulfoo Ardaa Irreeffannaa Oromoo isa guddaa ta'ee jira. Oromoon waggaatti al tokko jila Fulbaanaa ***Malkaawwan Ulfoo*** kanneenitti bahee uumama qabatee uumaa isaa galateeffata; waaqeffatas. Walumaagalatti, Irreechi guyyaa galata Waaqaati. Guyyaa Ummanni Oromoo Malkaa ykn Hora irratti bahuun araara, dhiifama, hawwiifi milkii gaarii, nageenyaafi badhaadhina, akkasumas tokkummaa itti labsudha. Irreechi Oromoo kun falaasama galateeffannaa ykn dhugeeffannaa Oromoon addunyaa kana keessatti ittiin humna Waaqaa ibsu, jireenya lafa kanaa raaju, dhoksaa ykn iccitii jiruufi jireenyaa dhalootaaf ykn labata itti aanuuf ittiin ibsudha jechuun ni danda'ama.

### 2.5.4 Hariiroo Namaafi Mukkeenii ykn Biqiltootaa

Oromoon Qabeeyna uumamaa lafa irra jiru hundaaf seera itti baasee jaarraa hedduuf tiksaa ture. Seera amma addunyaan kunuunsa eegumsa naannoo jechuun baafte kanaan duratti Oromoon beekumsa seera Sirna Gadaatiin baasee kunuunsaafi eegumsa tika mukkeen Bosonaa godhee fakkeeyna addunyaaf ta'ee ture. Aadaan mukkeen adda addaa naannoo ofii ittiin tiksan kun seera

uumaafi uumama eeguu seeraan labsamee hawaasa Oromoo hunda biratti hojirra oolaa jira (Bonayyaa 2023).

Akka aadaa Oromootti uumamni naannoo jiru ulfinaafi kabaja guddaa qaba. Mukkecn guguddoo naannoo jiran akka gaaddisaafi dhaadachaa ykn waltajjiitti lakkaa'amu. Ulfinni Odaan argates kan kanaan wal qabatu. Mukkeen akkanaa muruu ni oodatu; ni safeeffatu. Seerri Gadaa “Ol adeemaan muka hin muru” jedha. Kun kan agarsiisu Oromoon qabeenya uumamaa keessaa bosonaafis iddoo guddaa kan kennu ta’uu isaati. Keessattuu mukkeen akka odaa, qilxuu, hoomii, harbuu, somboofi wkf Oromoo biratti iddoo guddaa kan qabanidha. Kanaaf fakkaata Oromoon ***“Bosonni lubbuudha; lubbuu hin hubani”*** jedhee kan mammaakuuf. Ummanni Oromoo aadmalee ykn seermalee bosona mancaasuun akka lubbuu namaa mancaasuutti lakkaa’a. Ummaticha biratti mukni safuufi ulfina qabus hin muramu. Muka ta’eefis waan hundaa hin murani. Dhimma kana Garramuufi Hundumaan (2018; 9) afoola ummataatiin yoo dhugoomsan akkas jedhu:

**Afee 6.** *Muka hunda hin muranii*
*Muka murantu jiraa*
*Mana hunda hin bulanii*
*Mana bulantu jiraa*
*Lammii hunda hin faarsanii*
*Lammii faarsantu jiraa (Garramuufi Hundumaa 2018; 9).*

Malkaamuun (2016) akka jedhutti mukkeen ykn akaakuun biqiltuu kanneen akka *hoomii, birbirsaa, ulaagaa, somboo, eebichaa, bakkannisaa, raamsoo, ulmaayii, urgeessaa, alaltuu, qilxuu, laaftoo, dhummuugaa,* ce’ii, *coqorsaa, kusaayee* Oromoo Noolee biratti sona amantii guddaa kan qabanidha. Kanaaf ummatichi kabajaa guddaafi kunuunsa olaanaa taasisaaf. Lammeessaan (2012) gama isaatiin Oromoo Horroo Guduruu eeruun akka ibsutti mukkeen ykn biqiltuuwwan kanneen akka hoomii, birbirsaa, harbuu, somboo, bakkanniisaafi hiddi aannannoo Oromoo naannoo sanii biratti Ulfoo akka ta’aniifi akka mallattoo nageenyaafi hormaataatti kan ilaallamanidha. Mukkeewwan kunneen akka hin muramneefi hin mancaanes aadaadhaan eegumsi guddaan ni taasifamaaf. Odaan Bulluq ammoo iddoo uumama Ulfoo hawaasichaa isa olaanaa akka ta’e hayyuun kun ni ibsa. Hawaasichi ayyaanota kanneen akka Maarima loonii (ayyaana loonii), Irreecha Birraa, Ateetee, Booraticha yeroo kabajus mukkeewwan ykn

biqiltuuwwan kanneen akka birbirsaa, aannannoo, ulumaayii, kusaayee, waatoo, ancabbii, eebichaa, abbayyii, anfaaree, agamsaa, arangamaa, biitee, handoodee, ceekaa, mixoofi wkf akka itti fayyadamanidha Lammeessaan (2012) kan ibsu. Keessattuu Oromoo biratti biqiltuu ol guddatu ykn kichuu muruun safuu guddaa cabsuudha. Dhimma kana Ashannaafiin (2014; 6) beekumsa xabboo ummanni Gujii Uumamaaf qabu eeruun akka ibsutti ***"Biqiltuu ni fayyadamna yoo ta'e kichuu isaa hin tuqnu; hawaasichi kichuu hin tuqiinaa lubbuudha waan jedhuuf"*** jedha. Oromoon aadaa isaa keessatti seera malee ykn daangaa malee mukkeenitti hin fayyadamu; seeraan alas hin mancaasu; kan itti fayyadamus yoo ta'e safuu jiruun qajeelfameeti. Warqineen (2010; 129) yaada kan yoo cimsu "What is interesting is that the Oromo do not consider trees as mere resources that can be used without limit. The use of trees and other resources is regulated by safuu" jedha. Kun kan agarsiisu ammam mukkeewwan ykn biqiltuuwwan ummata Oromoo wajjin hidhata guddaa akka qabanidha.

Gama biraatiin Bonayyaan (2023) kitaaba isaa "Gumii Gaayoo; Seeraafi Tumaa Seera Aadaa Oromoo Booranaa" jedhu keessatti fooklooriifi beekumsa xabboo Oromoo Booranaa wabeeffachuun hariiroo ummatichi mukkeen ykn biqiltoota wajjin qabu akkaataa itti aanuun ibsee jira. Mukkeen Bosonaa jiruufi jireenna uummataa keessatti faayidaa adda addaa qaba. Faayidaa Bosonaa irraa argamu keessa muraasi; Bosonii maddaa nyaataa ilma namaafi bineensotaati; gaaddisa boqonnaa namaafi bineensotaa; madda qorichaa, madda qoraaniifi ijaarsa adda addaatiif oolfamudha. Faayidaa kanneenii alatti, Oromoo biratti mukkeen hariiroo jiruufi jireenyaa guyyaa guyyaa soonaalee aadaa, amantii yookiin dhugeeffannaa afuuraafi meeshaalee aadaa keessatti gahee olaanaa akka qaban beekama. Soonaleen aadaatiifi meeshaleen aadaa kunis qabeeyna aadaa Oromoofi eeynumma Oromoo ibsuuf gargaara. Akkaataa ilaalcha Oromootti mukkeen hedduun Waaqeffannaaf oolu. Ummanni Mukkeen kanneen seeraan kunuunse badii irraa oolcha. Kanumarraa ka'uun, akkaataa aadaafi amantii Oromoon mukkeen bosonaa qabu irratti hundaa'uun bakka hedduutti qoonnee ilaaluu dandeeyna. Mukkeen kunneenis; mukkeen Jilaafi kormaa korbeessaa, mukkeen quuftoo, mukkeen qorsaa (qoricha) ta'anii tajaajila aadaatiif oolan baay'een jira.

**Mukkeen Kormaa Korbeessaa:** Mukkeen kaneen akka dhaddachaa, dambii, gaddaa, garbii, canaafi kkf Mukkeen Kormaa Korbeessa jedhamee kabajama. Hawaasni Booranaa yeroo hedduu mukkeen kana jalatti korma loonii yookiin korbeessa re'ee qaluun Waaqa isaa kadhata. Jiloota Gadaa keessatti jilataman hedduun mukkeen kana jalattidha. Horii itti qaluun wayyoomsanii

mukkeen wayyumaa godhu. Jiloota aadaafi mukkeen kunneen sonaalee aadaa ummataafi mukkeen walitti hidhan waliin qabu. Kanaaf, Mukkeen Kormaa Korbeessaa haala jiruufi jireeyna ummataa eeguufi kaayyoon milkii ummataa qajeelchuuf bakka Waaqa itti kadhatanidha. Soonaalee aadaa kanaan wal qabsiisuun Oromoon mukkeen kan hin muru, seera eegumsaafi kunuunsa isaatiif oolu baasuun badii irraa dhowwa.

**Mukkeen Quuftoo:** Kun bakka Waaqa itti kadhatan. Ummanni itti dhibaafatee wayyoomsa. Erga wayyoomsanii boda muka amantii qulqulluu ta’ee waaqeffannaaf oola. Mukkeen kanneen aannaan itti cobsuun dhibaafatu; dhadhaa dibuun dhibaafatu; coqorsa buqqasanii jala yookiin irra kaa’uun uumaa isaanii galateeffatu. “Qooftuu nu quubsi” jechuun akka Waaqni quubsu kadhatu. Mukkeen muuduun galata Waaqaa galchu. Mukkeen Qooftuu jennee nu yaamnu kanneen akka Dambii, Canaa, Qilxaa, Laaftoofi kkf, hedduun ni jiru. Mukkeen kunneen amantii ummataa keessaatti bakka guddaa waan qabaniif hin muraman. Akka isaan hin miidhamne kunuunsaafi eegumsi gahaan ni godhamaaf.

**Mukkeen Jilaa:** Mukkeen Jilaa kan jennu kan yeroo jiloota adda addaa ummanni jilatu, tajaajila jiloota adda addaatiif oolanidha. Mukkeen kanneen akka dhaddachaa, mi’eessaa, Odaa, andaraka, kura/ hindheensa, madheeraafi kkf. Mukkeen Jilaa jennaan. Mukkeen aadaafi jiloota adda addaatiif barbaachisan kanneen armaan olii safuu aadaa Jilaatiifi Waaqeffannaa uumaafi uumamaan waan walitti dhufaniif aadaan hin murtu.Yoo ammoo Jilaaf itti fayyadamuu barbaadan aadaan daraaraa jalatti naquun eebbifattee murti.

**Mukkeen Qorsaa:** Mukkeen Qorsaa tajaajila fayyaa ummataaf waan oolaniif aadaan eegumsa gahaa gooteefiiti kunuunsiti. Aadaan mukkeen qorsa hin murtu; yoo qorsaaf barbaadame, cirreessi qorsaa sun haala inni itti hin miidhamneen waan qorsaaf (qorichaaf) barbaachisa irraa kutaa yookiin hidda isaanii qotee baasa. Mukkeen aadaafi amantii ummataan waliin hariiroo qaban kanneen safuun Sirna Gadaa hin murtu. Yoo yeroo Jilaa, Jilaaf barbaadaman aadaan daraaraa jalatti naquun damee tokko irraa muranii itti fayyadamu. Daraaraa jalatti naquun kan agarsiisu, mukkeen kun aadaan wayyoomaniif akka Jilaaf barbaadu uumaa kadhatta ykn hayyama gaafatta jechuudha.

Mukkeewwaan jiran keessaa Oromoo biratti Odaan iddoo olaanaa kan qabudha. Akka afseenaawwan (Oral narration) Oromoo ibsanitti asdhuftee Odaa ilaalchisee yaadota adda addaatu jira. Kan jalqabaa waggoota kuma 12 dura ilmaan Oromoo lama wal lolanii hangafti

quxusuu isaa dhahee ajjeese. Ateet kan jedhamtu awwaala obboleessa isheerra biqiltuu Odaa dhaabdee bishaan Abbayyaa obaasuun kunuunsitee guddiste. Waggaa waggaan Odaa sana jalatti Waaqeffachuun ykn ayyaaneffachuun yaadatti turte. Yeroo booda maatiin obboloota sanaa lamaan Odaa sana jala taa'anii araaraman. Odaanis yeroo sanaa jalqabee muka (gaaddisa) araaraafi seeraa ta'e. Achi irraa eegalee muka jala taa'anii araara buusaniifi seera itti tuman akka ta'etu himama (Alamaayyoofi kanneen biroo 1996). Afseenaan biroo akka ibsutti dur dur bara caamsaan ykn hongeen hammaate tokko jaarsi raagni otoo loon tifkachaa jiruu goromsi isaa jalaa badde. Jaarsi kun faana goromsa sanaa hordofee otoo barbaaduu goromsittiin dadhabdee Odaa jala (gaaddisa) otoo ciistuu arge jedhama. Jaarsi kunis waan dadhabeef, goromsa isaa argachuuttis waan gammadeef achuma gaaddisa jalatti boqote. Yeroo muraasa booda hurriin dura naannoo sana hin turre dhufee Odaa uffise. Battalumatti, Waaqayyo seeraafi, safuu namoonni kabajuu qabaniifi cubbuu irraa of eeguu qaban jechuun, jaarsa ykn raaga kanatti hime; galee nomoota akka barsiisuuf jecha. Jaarsi kunis imaanaa Waaqayyo itti kenne bahuuf yeroo sana irraa eegalee gaaddisa Odaa kana jalatti heeraafi seera Waaqaa barsiisuu eegale. Seerri Waaqaa kunis seera ittiin bulmaataa ta'ee bakki itti barsiifamu gaaddisa jalatti waan ta'eef sirnichi raawwatus seera gaaddisaa ta'e jedhama. Achi irraa eegalee Odaan Oromoo biratti bakka Ulfoofi araaraa akka ta'etu himama (Alamaayyoofi kanneen biroo 1996). Kamtu sirriidha kan jedhuuf qorannoo isaa hayyootaaf banaa taasisuun gaarii ta'a.

Haata'uutii, Odaan Oromoo biratti hiika guddaa kan qabudha. Akka manguddoonno jedhanitti bakka Oromoon jiru hunda Odaan jira; bakka Odaan jiru marattis Oromoon jira. Kun kan agarsiisu Odaafi Oromoon hidhata guddaa kan waliin qaban ta'uudha. Seenaa Ummata Oromoo keessatti, erga Sirni Gadaa jalqabamee (yeroon isaa sirriitti yoo beekamuu baateyyuu) Odaan wiirtuu amantii, siyaasaafi dhimmoota hawaasummaa ta'ee tajaajilaa kan turedha (Alamaayyoofi kanneen biroo; 1998). Ibsaan (1997) gama isaatiin Odaan Oromoof wiirtuu hawaasummaafi dinagdee akka ta'e ibsa. Aadaa Oromoo keessatti Odaan muka ulfaataafi eebbifamaa, akkasumas iddoo seera itti tumaniifi nageenya itti labsanidha. Karaa biraatiin, aadaafi seenaa Oromoo keessatti Odaan akka mallattoo eenyummaafi tokkummaa Ummata Oromootti kan ilaallamudha. Faayidaa amantiifi siyaasa Oromoo keessatti qaburraa kan ka'e Odaan mukoota jiran keessaa baay'ee kabajamaadha (Dereje 2005). Akka qorattoonniifi ragaaleen manguddoota irraa argaman ibsanitti Odaan fakkeenya muka milkiiti; bakka Waaqni hariiroo isaa nama waliin itti haaromsatedha. Bakka itti Waaqni seera ittiin walbulchan namatti kennedha. Akka Gammachuun

(2005) ibsanitti; Odaan muka osoo hin taane yaadadha (concept). Oromoon Odaadhaan “Muka abbaa keenyaa” jedha. Dirribiin (2012) gama isaatiin; Odaan akka mukaatti mukuma; garuu akka dhugeeffannaa Waaqeffannaatti muka ayyaana milkii qabeessadha jechuun ibsu. Gabaabumatti, Odaan fakkeenya muka milkii, galma Oromoo, mallattoo haqaa, araaraafi dimokraasii caayaa Sirni Gadaa Oromoo jalatti lallabamu, gaaddisa ulfinaa, mallattoo, asxaa ykn faajjii Ummata Oromoo isa jalqabaati. Odaalee gurguddoon akka Oromootti beekkaman gurguddoonis kanneen akka Odaa Nabee, Odaa Roobaa, Madda Walaabuu, Odaa Bultum, Odaa Bulluq, Odaa Bisil, Odaa El Dalloo akka ta’an hayyoonni ni ibsu (Dereje; 2012).

Akka manguddoonni dubbatanitti, Odaan Nabee erga wiirtuu Gadaa ta’ee gumiin jala taa’uu qabee marsaa Gadaa dhibba lamaafi digdamii shan (225) ykn umurii waggoota 1800 (225x8) akka qabutu himama (Alamaayyoo Hayileefi kanneen biroo; 1998). Yoo lakkoofsi marsaa Gadaa kun sirrii ta’e, Odaan Nabee jaarraa 2 ffaa ykn dhaloota Kiristoosiin booda naannoo bara 196 tajaajila kennaa turuu isaa nu hubachiisa. Ibsaan (1997) akka ibsanitti Odaan Nabee mallattoo abdii, nageenyaa, bilisummaa, dimokraasiifi arjoominaati.

Walumaagalatti, Oromoon qabeeyna mukkeen bosonaa kunuunsee tiksuuf, seera Gadaa tumee labsuun, ilmaan Oromoo hundi seera kana eeganii akka tiksan barsiisa. Karaa aadaa hin taaneen, mukkeen bosonaa badiif saaxilamanii yoo argaman, seera Gadaatiin badii irraa oolchuuf, namuu dirqama qaba. Seerri Gadaa kunuunsaafi tika bosonaaf tooftaa adda addaatti fayyadamuun eega. Akka Bonayyaan (2023) kitaaba isaa keessatti eereen; seera tika bosonaa kan jajjabeessuuf Gumiin Gaayoo waggaa saddeet saddeetiin seerri duraan tumame hojiirra oolaa jiraachuu isaa ni qorata; ni jajjabeessa. Seerota Gumii Gaayoon tumamanii labsaman keessa muraasa:

**Afee 7.**

- *Muka qorsaafi muka Jilaa hin muran.*
- *Namni ol adeeman muka hin muru.*
- *Mukkeen wayyuu, hin muraman.*
- *Mukkeen Jilaa ijaarsaafi faayidaa biraatiif jedhanii muruun dhowwaadha.*
- *Yoo Jilaaf muramu ammoo daraaraa jalatti naquu qabu.*
- *Bosona gubuun dhowwaadha.*
- *Muka kamiyyuu yoo muran hundee hin balleessan; damee tokko muranii tokko irratti hambisu.*
- *Muka kichuu ol guddataa jiru hin muran.*

- *Muka dheeraa mukkeen keessaa ol bahee mul'atu angafa mukkeenii waan ta'eef hin muramu; kanneen jedhamanidha.*

Tumaan Gumii Gaayoo armaan olii kun kan agarsiisu ammam Oromoon mukkeen ykn bosona waliin hariiroo cimaa, hidhata cimaa akka qabudha.

Bonayyaan (2023) itti dabaluun Jiloo (2021) wabeeffachuun akka ibsutti; Booranni mukkeen gosa galchuun kunuunsaafi eegumsa guddaa godhaaf. Gosa galchuun kan barbaachiseef ilmi namaa bosona kana akka arge mancaasee lafarraa akka hin balleessineefidha. Itti yaadamees seerri akkasii akka tumamedha. Fakkeennaaf, mukkeen Booranni gosa galche keessaa muraasni:

**Afee 8**. *Mukni Dakkaraa, gosa Karrayyuutti.*
*Mukni Dhaddachaa, gosa Digaluu Nuurtuutti*
*Mukni Dheekkaa, gosa Daaccituutti*
*Mukni Odaa, gosa Odituutti*
*Mukni Arooressaa, gosa Arooressa Mana Torbaatti*
*Mukni Fulleessaa, gosa Fulleellee keessa Mancituutti;*

akka gosa galchamedha kan ibsamu. Mukkeen kanneen gosti isaanii hin murtu. Fakkeenyaaf Dakkara gosti Karrayyuun hin murtu. Dhaddacha gosti Digaluu hin murtu. Dheekkaa gosti Daaccituu hin murtu. Odaa gosti Odituu hin murtu. Arooressa gosti Aroorressa ta'an tokkolleen hin murtu. Haala kanaan, Mukkeen bosonaa eeguufi kunuunsuu gosaan qoodee bara hedduuf tissee asiin baase Booranni warri aadaa guddaa.

Gama birootiin, qorannoon "Murtee Labsii Sirna Gadaa Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee (2015)" jedhu tokko akka ibsutti; qabeenya uumama lafarra jiran keessaa Oromoon bosonaaf Wayyuu mure. Bosonni uffata lafaati. Namni bosona balleesse nama lafa uffata malee dhaabe waan ta'eef yakki isaa guddaadha. Bosonni irreessa (margaafi muka falaa) qaba. Mukkeen akka Anshaa, Garambaafi kan kana fakkaatan araara buusuufi Gumaa fixuuf barbaachisu. Bakka isaan hin jirre araarri hin jiru.

Muka dawwaaf, irreessaaf, tumaa seeraaf, mooyyeef, qabannaa eeboof, meeshaalee Ulfoof barbaachisantu jira. Mukkeen firiin isaanii nyatamutu ykn sooratamutu jira. Mukkeen ijaarsa manaaf, gaaguraaf, meeshaalee qonnaaf (gindii, harqoota, babbatteefi kkf.) barbaachisantu jiru. Mukkeen akkasii muruun aadmaleedha. Ragaan qorannoo "Murtee Labsii Sirna Gadaa Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee (2015)" jedhu kun akka ibsutti; Oromoon Sikkoo - Mandoo bosona akka armaan gadiitti Wayyoomse:

**Afee 9.** *Bosonni Gaaddisa namaa sa'aatii Wayyuu*
*Bosonni mana bineensotaafi allaattiitii Wayyuu*
*Bosona dawaafi qumbiitu keessa jiraafii Wayyuu*
*Bosona kooraa yaabbiitu keessa jiraafii Wayyuu*
*Bosonni tumaa waraabatu keessa jiraafii Wayyuu*
*Bosonni muka eebootitu keessa jiraafii Wayyuu*
*Bosonni muka falaatiitu keessa jiraafii Wayyuu*
*Bosonni daraaraa daymaatitu keessa jiraafii Wayyuu*
*Bosona mukaa urgooftuufi bareedinaatu keessa jiraafii Wayyuu*
*Bosona firii nyaataa namaafi sinbiraatu keessa jiraafii Wayyuu*
*Bosonni meeshaa jireenya ilma namaatitu keessa jiraafii Wayyuu*
*Jireenyi ilmaan namaa bosona waliin walitti hidhamaafii Wayyuu*
*Bosonni madaala qilleensaa eegaafii Wayyuu*
*Bosonni yeeroo lolaa keessatti baqataniifii Wayyuu*
*Bosonni qilleensa tasgabbeessee roobaa harkisaafii Wayyuu*
*Bosonni muka falaa of keessaa qabaafii Wayyuu*
*Odaa seera ambaa jalatti muraniifii Wayyuu*
*Bosona hin gubaniifii Wayyuu*
*Bosonni Siinqeefi Qanafaa dubartii deessuu of keessaa qabaafii Wayyuu*
*Mukaa qajeelaa hin muraniifii Wayyuu*
*Muka jallataa yoo muran bakka buusaniifii Wayyuu*
*Gaalee hin muraniifii wayyuu yoo muran damee irraa murataniifii Wayyuu*
*Bosona yeeroo seenan irreeffatanii seenaniifii muramte*
*Yeeroo keessaa bahaniillee ni irreeffataniifii muramte*

Wayyooma Sikkoo - Mandoon bosonaaf godhe kana irraa kan hubannu; bosonni gaaddisa namaafi bineeldota hundaati; dahoo lubbuu qabeeyyii hundaati. Bosona keessa muka falaa, aadaa, dawaa, muka jilaafi ulfoo, muka firiin nyaatamutu jira. Mukni sorooroon, qajeelaan hin muramu; mukni jallaan illee yoo murame, kan biraan bakka buusuuni. Bosonni madaallii qilleensaati; jireenyi ilma namaas bosonaan wal qabata. Kanaaf wayyooma qaba. Seeraan ala muruun mancasuun aadmaleedha.

### 2.5.5 Hariiroo Namaafi Ardaa Jilaa

Gama birootiin Oromoo biratti ulfina kan qabuufi iddoo Ulfoo olaanaa kanneen ta'an Ardaalee Jilaati. Ardaalee Jilaa Oromoo biratti beekaman hedduu ta'anis kanneen keessaa muraasni kanneen akka Odaa Nabee, Odaa Roobaa, Madda Walaabuu, Odaa Bulluq, Mi'ee Bokkuu, Gumii Gaayoo, Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaafi wkf. eeruun ni danda'ama. Akka Alamaayyoofi ka biroo (1998) jedhanitti malkaawwan ykn lageewwan gurguddoon**,** tulluuwwan

gurguddoon, akka Ardaa Jilaatti tajaajilan ni jiru. Iddoowwan kunneen iddoo ayyaanni jiraatan, iddoo eebbifamoofi kabajamoodha jedhamanii amanamu. Iddoowwan eebbifamoon kunniin bakka itti namoonni amantii Waaqeffannaa isaanii itti gaggeeffatan, wareeggataniif, Waaqayyoon kadhatanidha. Oromoon Ardaalee Jilaa kanneenitti waan dabe qajeelfata; waan bades sirreeffata; kan waldhabes araarfata. Waan biyyaas mari'ata. Kanaaf iddoowwan Ulfoon kunneen kunuunsaafi eegumsa kan qabanidha**.** Gammadaan (2014) Oromoo Gujii biratti kunuunsaafi eegumsa Ardaalee Jilaatiif taasifamuu qabu ilaalchisee afoola hawaasichaatiin yoo ibsu akkas jedha:

**Afee 10.** *Uraagaa dhage'i*

*Maattii dhage'i*

*Hookkuu dhage'i*

*Diqqaa dhage'i*

*Guddaa dhage'i*

*Gumii baate dhage'i*

*Gujii baye dhage'i*

*Ardaan Jilaa woyyu'u*

*Hin kunuunfama, hin eegama, hin kabajama (Gammadaa 2014; 5).*

Hayyuun kun bifuma walfakkaatuun dhimma kana yoo cimsi akkas jedha:

**Afee 11.** *Ardaan Jilaa woyyuu, santi seera*

*Hin tuqamu, santi seera*

*Tuqan yakkaa, santi seera*

*Qodha qabaa, santi seera*

*Qodhi kormaa goronsa, santi seera*

*Yoo kanan hin adabatin saddeetaa, santi seera (Gammadaan 2014; 6).*

Afoola armaan olii keessatti ***"Qodha qabaa"*** kan jedhu, Ardaalee Jilaa tuquun adabbii qaba jechuu kan agarsiisudha. ***"Yoo kana hin adabatin saddeetaa"*** kan jedhu ammoo, namni Ardaalee Jilaa tuqu, kan hin adabatin yoo ta'e loon saddeetiin akka adaban kan ibsudha.

Gama biraatiin amantii Oromoo Waaqeffannaa keessatti iddoowwan Ulfoo Oromoo kunuunsuufi eeguun bakka olaanaa kan qabudha. Akka ilaalcha Oromootti bakkeewwan Ulfoo kunneen

mallattoo Waaqaati /cosmic agent/ (Lammeessaan (2012). Bakkeewwan kunneen ayyaana qabu; ayyaana Waaqaan wal nama qunnamsiisan jechuudha. Iddoowwan kanneen mancaasuun aadmaleedha; ayyaanaan walitti bu'uudha waan ta'eef jechuudha. Ayyaana yoo dhaban ammoo Waaqa irraa adda bahu. Waaqnis bakkeewwan Ulfoo yoo mancaasan dheekumsa akka ongee, beela, dhumaatii itti fiduun akka ummata adabu amanama waan ta'eef.

Gama birootiin Bonayyaan (2023) fooklooriifi beekumsa xabboo Oromoo Booranaa wabeeffachuun waa'ee Ardaalee Jilaa yoo ibsu; Oromoon fulaa Ulfoofi Ardaalee Jilaatti kabajaafi safeeffannaa guddaa qaba. Akka ilaalcha Oromootti Ardaalee Jilaa Waaqni eebbisee Oromoof kenne waan ta'eef, wayyooma guddaattu kennamaaf.  Sababa isaas Waaqeffannaa duuba waaqa, ayyaanaafi safuutu jira waan ta'eef. Aadaan Jilaa Ardaalee Jilaa irratti jilataman jiruufi jireeyna ummataa waliin hidhata guddaa waan waliin qabuuf Ardaa Jilaafi ummata gargar baasanii laaluun hin danda'amu. Ardaaleen Jilaa kunneen yeroo Jilaa qofa asoo hin ta'iin irra dedeebi'amee horii itti qaluun, uchuma itti buusuun wayyoomsu. Sababiin yeroo hedduu irra dedeebiin wayyoomsamuuf, Ardaan Jilaa seenaa ummataan wal qabata. Hayyuun kun kitaaba isaanii keessatti itti dabaluun akka ibsanitti; dhugeeffannaafi Jilootii aadaa achitti jilataman hariiroo amantii Waaqaafi lafaa dhugoomsu. Kanaaf, ummanni Booranaa Ardaalee Jilaa kunuunsee dhalootarraa dhalootatti daddabarsaa asiin gahee akka jiru eeru. Ardaalee Jilaa tokko tokkoos waggaa waggaan wayyoomsu. Tokko tokko ammoo waggaa saddeeti saddeetiin marsaa jiloota gooroo Gadoomaa maree dhufuun wayyoomsu. Oromoon Booranaa Ardaa Jilaa irratti seeraa jajjabaa baasee, akka Ardaan sun hin miidhamneef kunuunsee eegee dhalootaaf ol kaa'a. Ardaa Jilaa horii itti qaluun, uchuma itti buusuun, goola itti dhaabuun, dhibaayyuu itti bahuun Waaqa uumaa itti kadhatu. Ardaa Jilaa qotuun aadmalee. Muka Ardaa Jilaa keessaa muruun aadmalee. Muka Jilaaf barbaachisu keessaa murachuu yoo barbaadan daraaraa jalatti naqachuun eebbifatanii, Waaqa ykn Rabbii isaanii hayyama gaafataniiti. Kun kan mirkaneessu Oromoon Ardaalee Jilaatiif kabajaafi ulfina guddaa kennuu isaati; Ardaan Jilaa wayyuu ykn Ulfoo waan ta'eef.

Ardaaleen Jilaafi Ulfoo Oromoo Tuulamaa biratti iddoo olaanaafi kabajaa guddaa qaban kanneen akka Odaa Nabee, Caffee Abbaa Muudaa/ Caffee Dongoraa, Caffee Tumaa,  Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaa, Tulluu Cuqqaalaafi Tulluu Erer Kormaati. Iddoowwan Uumama Ulfoo kanneen sagalee Waaqayyootu jira jedhee amanas. Iddoowwan kanneenitti Waaqa isaa galateeffata; Waaqa isaas dhugeeffata; safeeffatas. Iddoowwan Uumama Ulfoo kanneenitti

bahuun araaraan Waaqa isaatti dhiyaata; araaras kadhata; nageenya labsa; rooba kadhata (Alamaayyoofi kanneen biroo; 1996; 2011; Caalaa Soorii 2015).

### 2.5.6 Hariiroo Namaafi Bineeldotaa

Ummanni Oromoo bara addunyaan adamoon bultu, bineeldonni bosonaa akka hin adamsamne duudhaalee Gadaatiin seera baasee tiksaa ture. Seerri kunis hariiroo namaafi bineeldota bosonaa gidduu jiru madaala uumaafi uumamaa eeganii akka waliin jiraatan kan taasisudha (Bonayyaa 2023). Bineeldonni manaafi bosonaa akkuma uumama biraa mirga lubbuun jiraachuufi naannoo bareedaa keessa jirachuu akka qaban seera Gadaa keessatti tumamee akka jiru manguddoonni argaa dhageettii ni himu. Keessattu bineeldota bosonaa yoommuu bishaan dhugan irraa ari’uufi ajjeesuun yakka cimaa akka ta’e ni himu. Kanaaf Bineeldonni (wild animals) ummata Oromoo biratti iddoo olaanaa kan qabanidha. Akka Warqineen (2010) jedhutti Oromoon yeroo beelaa ykn yeroo rakkoo bineelda kan ajjeesu yoo ta’ellee seera uumaa eeguun kan ajjeesudha. Keessattuu bineeldota ol guddatoo ta’an kan hormaata isaanii haalaan hin fixatiin akka arganitti ajjeesuun Oromoo biratti aadmaleedha. Bineeldota ayyaana Waaqaa ykn caatoo qabanis ajjeesuun aadmaleedha. Ashannaafiin (2014; 5) beekumsa xabboo ummanni Gujii uumamaaf qabu eeruun akka ibsutti “Bineensa tokko ajjeesuu osoo barbaannee, isaa bishaan dhugu hin ajjeefnu; lubbuudha waan ta’eef” jedha. Kun kan agarsiisu ummanni kun ammam bineeldotaaf iddoo olaanaa akka kennudha.

Gama birootiin Bonayyaan (2023) manguddoota argaa dhageettii Booranaa wabeeffachuun akka ibsutti; akkuma ilaalchi dhala namaa jijjiiramaa dhufeen dhiibbaa bineeldota bosonaa irra gahu maksuuf jecha Gadaan seera uumaa ganamaa qabattee mariidhaan aadaafi seera bineeldota bosonaa tiksuufi kunuunsuu irratti xiyyeeffate baaftee Gumiidhaan labsite. Tumaan seera eegumsa bineeldota gurguddoofi xixiqqoo illee walqixa hojiirra oola. Labsii sana bu’uura godhachuun aadaa namoonni kunuunsa bineeldota bosonaa naannoo isaanii keessa jiraataniif gochuu qabu guutanii bineensoti bosonaa hedduun balaa irraa baraaramaa dhufaniiru. Oromoon bineeldota hariiroo jiruufi jireeyna hawaasaa keessatti gahee isaan qabaniin seeraa tikaafi eegumsaa isaaniitiif oolu baasee tume. Seerri aadaa kunneen yoo tumamu ummanni hojiirra oolchuuf itti gaafatamummaa qaba. Akka ibsa hayyuu kanaatti; Oromoon bineeldota bosonaa tiksuuf, seera haala duudhaalee Gadaa hammatan bu’uura godhachuun tume. Seerri kun ammoo faayidaa hawaas dinagdee Gadaa Oromoo keessatti iddoo olaanaa akka qaban ibsa. Aadaa

ummanni bineeldota tiksu keessaa tokko Sirni Gadaa mirga bineeldotaa eeguuf bineeldota hunda gosa galchee gosaan eegumsa tolchaaf. Booranni bineeldota lafarra jiran hunda maqaa itti moggaasee, gosa galchee gosaan tikfataa akka turetu himama. Akka hayyuun kun manguddoota argaa dhageettii Booranaa wabeeffachuun jedhutti; gosti hunduu dirqama isaa beekee, seera bineeldotaa kanneen baratee barsiisee, miidhaa bineeldota irra gahuuf itti gaafatamummaa fudhatee eegumsaafi kunuunsa gahaa bineeldota bosonaatiif akka godhuufidha. Fakkeenyaaf bineeldota bosonaa Booranni maqaa moggaasee gosa galche keessaa: arba maqaa Dooyyoo Maroo jedhanii waamuun, gosa Booranaa keessaa Galaantuutti; Sattawwaa Manee Leeqaa Jaarsoo jedhanii waamuun, gosa Maancituutti; Leenca Hirree Kattamaa Kattaati jedhanii waamuun, gosa  Karrayyuutti; Qeerramsa Barruu Galgaloo Lootee jedhanii waamuun, gosa Digaluutti moggaasanii eegumsiifi kunuunsi akka godhamuuf taasisaa akka turanitu ibsama. Kanaaf, bineeldonni bosonaa kunneen sonaalee aadaafi amantii ummataa waliin hariiroo cimaa qabu. Yoo seerri kun dabe, bineeldonni kunneen badiif saaxilaman; itti fufinsi duudhaalee aadaa, amantaan ummataa badiif saaxilama. Waan kan ta'eef, seerri Gadaa Oromoo hariiroo waliin jireeyna bineeldota manaafi bosonaa ummataa irratti hundaa'uun, tika bineeldotaaf kan oolu seera labsee hojiirra oolcha. Akka Bonayyaan (2023) jedhutti; duudhaaleen Sirna Gadaa seera tikaafi eegumsa bineeldotaa yoo tumu, bineeldota busaawaa foon isaanii nyaatamanis seera eegumsaa isaanii bifa ittiin tiksuun danda'amuun labsa.

Oromoon Boorana seerri muummeen seera saree akka ta'e ibsa. Bineelda saree jedhamuufis seera eegumsaa mirga ishii baaseefiiti ummata biraan gaha. Sareen akka bineelda manaatti nama irraa kabaja argachuu waan qabduuf Sirna Gadaatiin Gumiin seera tumee labsuun akka ummanni jabeessu akeekkachiisu. Akka seera Gadaatti, seera saree tumamu keessaa; yoo godaanan Ardaa haaraa qubatan bishaan aannaniin areeruufii qaban.  Sababiin isaas sareen Ardaa haaraatti waan funaantu kan akka lafee waan hin qabneef. Yoo Horii qalatan foon keessaa sombi kan sareeti. Seera kana eegee namuu kunuunsaafi eegumsa barbaachisu akka godhuuf seeraan tumamee jira; akka Bonayyaan (2023) manguddoota argaa dhageettii wabeefachuun ibsutti.  Akka ibsa hayyuu kanaatti; aadaan safuu, amantii, eeynummaa, qabeeyna hawaasa Oromoo bineeldotaaf qabu kunneen yeroo booda laafaa akka dhufedha. Sababa kanaan, bineeldonni hedduun badiif saaxilamanii jiru. Rakkoo kana ummanni argee Gumiin Gaayoo seera aadaa durii bineeldotaa irra deebiin akka cimsee labsu akeeku. Rakkoo kana furuufis Gumiin Gaayoo 40ffaa seerota

bineeldotaa duraanii dabalatee, seerota tokko tokko fooyyessee akka ture ibsama. Seerota tumaman keessaa:

**Afee 12.**

- Bineensa ajjeessuun aadmalee (Namii tokkolleen bineensota ajjeessuu akka hin dandeeyne labsame);
- Bineensa du'ee reeffaan taphachuun aadmale;
- Namni eela bishaanii keessaa horii bishaan isaa obaafatee xumure, bineensa bosonaatii bishaan naanniga keessatti guutee akka biraa galuu qabu, bishaan bineensaaf osoo hin lakkifne eelaatti deebisuun aadmaleedha;
- Bineensa bosonaa dhalaa jiru yoo argan fagoo dhaabbatanii akka miidhaan irra hin geeyne gargaaru akka qaban. Bineensa bosonaa dhalaa jiru rifachiisuun dhowwaa akka ta'e;
- Bineensa xixiqqaa bineensa gurguddaa baqataaf ollaa seenee ajjeessuun dhowwaa akka ta'e;
- Bineensa tarrii jedhamu nama ajjeesse seeran gaafatama;
- Namni bineensa xiqqaa irraa jalqabee tokkollee ajjeessee argame gatii loon sadii adabama;
- Seerri bineensota xixiqqoo akka xuxii kabajamuu qaba; kanneen jedhamanidha.

Kun kan agarsiisu seerri bineeldotaa Gumii Gaayoo ammam cimaa akka ta'eefi mirga bineeldotaaf iddoo guddaa kennee akka jirudha.

Gama birootiin Fileen (2021:137) safuu namaafi bineeldota gidduu jiru yoo ibsu; "Oromoon Waaqaafi lafa qofa osoo hin taane bineeldotaafis safuu guddaa qaba. Oromoon sa'a dhaltiidhan hin qotu; safuudha. Waaqayyo sa'a dhaltii kan uume akka hortuuf waan ta'ef. Oromoo Booranaa biratti goromsi hin qalamu; safuudha. Haaluma wal fakkaatuun Oromoon jabbiifi ilmoolee hoolaafi re'ee qalee hin nyaatu; safuudha. Bineeldonni kunneen Oromoo biratti akka daa'imaatti ilaallamu waan ta'aniif" jedha. Kun kan mirkaneessu Oromoon ammam bineeldota manaa wajjinis hariiroo cimaa akka qabudha.

Qorannoon "Murtee Labsii Sirna Gadaa Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baalee (2015)" jedhu tokko akka ibsutti; bineensonni bosonaa jiruufi jireenya Oromoo keessatti hiikaafi gahee guddaa qaban jiru. Keessattuu bineensonni naannoo isaanii keessatti taateewwan adda adda ibsan kan ***"Hasaasa Waaqaa"*** qaban jedhamanii amanamaniif Oromoon murtee guddaa dabarseefii akka

jiru qorannoon kun ni eera.  Fakkeenyaaf, hilleessi ni raaga jedhama. Wanta fuuldura jiru hamaas ta'ee gaarii ni raaga jedhee amana Oromoon. Weenniifi urunguun ammoo Qaalluudha; halkaniifi guyyaa Waaqa kadhatu; nagaa buusu jedhameetu amanama. Bineensota akkasii ajjeesuun Oromoo biratti yakka guddaadha. Itti gaafatamummaa guddaas hordofsiisa; akka ayyaantuutti ilaallamu waan ta'eef.  Akka ilaalcha Oromootti; bineensonni akkasii kunneen Oromoon naannoo isaa akka beekuufi hubatu gochuu keessatti gahee olaanaa qabu jedhamee amanama. Akka qorannoo armaan oliitti; seeraafi dambii Sikkoo - Mandoon  bineensotaaf Odaa Roobaatti dabarse akka armaan gadiitti wayyoomsee jira.

**Afee 13.** *Bineensii bineensaan hin adamsamuu,*
*Hin waraanamu, hin tumamu,*
*Yoo inni waa balleesse afaaniin ofirraa ariitaafii Wayyuu*
*Bineensi seeraan alaa hin ajjeefamufii Wayyuu*

*Bineensi hin dubbatuu uumaan waan uumeef qaba muramte Wayyuu*
*Gadamsi horii mooraa bahee hin tuqamu Wayyuu*
*Bineensa gaafaa rakkoon beelaa galee ajjeefatee jireenyaa ilmaan isaa itti fufsiisafii Wayyuu*
*Bineensa bosonaa raagaa waggaa qabaafii Wayyuu*
*Bineensi akka leencaafi waraabessaa galalcha hin tuqamuufii Wayyuu*
*Warseeasaafi tagriin ni ilaala malee hin arguu Wayyuu*
*Weenniifi urunguun hasaasa Waaqaa qabdiifii Wayyuu*
*Sinbirtii akeektuudhaafii Wayyuu*
*Bineensi harmaa hoosisaan hin ajjeefamuu muramtee*
*Bineensa lakkoofsaan shanii gadii hin ajjeefamuu muramtee*
*Saattawaa, gadamsa, saalaa, aroowee, arbaafi qocaa hin ajjeesaniifii Wayyuu*

Afeen armaan olii kun kan agarsiisu; ammam Oromoon Sikkoo - Mandoo bineensa bosonaaf seeraa cimaa akka qabudha. Bineensa bosonaafis eegumsaafi kunuunsa guddaa kan godhuu ta'uus ragaan armaan olii nuuf mirkaneessa.

Walumaagalatti Oromoon Waaqa isaa, tulluu isaa, malkaa isaa, mukkeen isaa, dacheefi waan dacheerra jiraatu, akkasumas waan garaa dachee keessa jiru maraaf jiruufi jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti iddoo guddaafi olaanaa kennee hawaasa jiraatudha. ***"Sodaafi safuun Waaqaaf qabus kanuma irraa madda"*** jedhu hayyoonni Oromoo. Oromoon uumaa Waaqayyo uume maraaf kabaja guddaa qaba. Seera malee itti fayyadamee akka isaan manca'an hin taasisu; hin hayyamus. Kanaaf, uumama hunda waliin kabajaafi jaalalaan jiraata. Kanaaf fakkaata hayyoonni

kanneen akka Corsiglia and Snively (1997) uumamni hundi kabajaa argachuu akka qabaniif akkaataa armaan gadiitiin kan ibsaniif.

> *In practical terms, traditional wisdom extends the caring relationships associated with "family" life to communities and even to the environment. We are all related, it is wrong to exploit other life forms or take more than one's share. The deep interest our children feel in animals, plants, water, and earth should be trusted and encouraged. All creatures can be our teachers and while humans' may readily affect other life forms, we need not see ourselves as superior. (p. 29)*

Oromoon garuu ibsa hayyoota armaan olii kana dursee kan hubate fakkaata. Uumanni hunduu waldanda'ee waliin jiraachuu akka qabu, uumamni tokko isaa biroo dhiibuu akka hin qabne, uumamni hundi kabajaafi ulfina argachuu akka qabu beekumsa xabboo falaasamni Sirni Gadaa isaaf gumaacheen dhaloota barsiisaa as kan gahedha. Beekumsi xabboo hawaasni tokko qeeyyaa isaa ittiin to'atuufi kunuunsu kun ammoo kuufamaafi ida'ama beekumsa bara dheeraa akka ta'eefi dhalootaa dhalootattis dabarfamaa kan dhufe ta'uusaa hayyoonni kanneen akka Berkes (2012), Tarrafaafi Waaqtolee (2017) ni dhugoomsu. Tasammaan (2012) Gadaa (1988)fi Bartels (1994) wabeeffachuun akka ibsutti, Oromoon uumamaaf kabajaa guddaa waan qabuuf seera uumama ittiin eeguufi ittiin kunuunsu qaba. Kun kan agarsiisu Oromoon seera uumamaa qabuun hariiroo namaa, uumama biroofi Waaqa gidduu jiru tiksuu ykn kunuunsuu danda'uu isaati. Gama birootiin Lammeessaan (2012) akka iibsetti Oromoon uumama naannootiif ilaalcha gaarii kan qabu yoo ta'u, uumama waliin jiraata malee uumama nyaatee ykn itti fayyadamee hin mancaasu.

Gabaabaadhumatti Malkaamuun (2016; 7) hariiroo uumaafi uumama gidduu jiru (Waaqa, ayyaana, nama, dachee, bishaaniifi bosona ykn mukkeen gidduu jiru) taattoo armaan gadiitiin lafa kaa'a.





**Figure 1:** The Oromo philosophy of the organization of the spiritual, the physical, and the human worlds, and foundations of dynamism.

## 2.6 Afoolaafi Uumama

Dhalli namaa jireenya isaa gaggeessuuf qabsoo godhe keessatti  qabeenyaafi ogummaa hedduu horateera. Qabeenyaafi ogummaa horate keessaa immoo afoolli isa tokkodha. Afoolli akkuma maqaan isaa ibsutti hambaa abaabileefi akaakileerraa jecha afaaniitiin (orally) dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufe; ammas darbaa kan jiru; fuula duras darbaa kan jiraatudha. Akka ogeeyyiin afoolaa jedhanitti afoolli muuxannoo jireenyaati. Akkuma ogbarruu barreeffamaa yaada, falaasama, aadaafi duudhaa ilma namaa ifa baasa. Akkasumas gammachuufi gadda, jaalalaafi jibba, amantaafi shakkii, jabinaafi dadhabbina, hariiroo hawaasicha uumaafi uumama wajjin qabu, fedhiifi hawwii hawaasa tokkoo ifa baasuuf afoolli gahee olaanaa ni qaba (Wiirtuu Jid -10).

Austin (1994) afoolli handhuura yookiin walakkeessa daandii jireenyaafi lubbuu aadaa ummataati jedha. Keessattuu gama bu'aa ummataa mul'isuufi eegsisuutiin, afoolli ilaalcha waliigalaa ummatichi uumamaafi addunyaa keessa jiraatuuf qabu ibsa; akkasumas, riqicha ittiin jireenyi isaanii guyyaadhaa gara guyyaatti fuula duratti ittiin tarkaanfachiisanidha. Akka Addunyaan (2014) jedhutti; afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo gara labata biraatti afaaniin darbudha. Afoolli fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama, beekumsa, natoofi baranee ittiin hubatuufi ibsudha.

Ben Amos (1971) akka ibsutti; afoolli qaama aadaa isa olaanaafi aadaa irraas adda bahuu hin dandeenyedha. Ummanni tokko qalamaafi waraqaa osoo waliin hin gahiin dura naannoo itti argamutti jiruufi jireenya isaa keessatti waan isa qunname tokko, qaroomaafi guddina irra gahe, ilaalcha uumaafi uumamaaf, saba tokkoof, addunyaafi mataa saatiif qabuufi wkf.kanneen ittiin ibsu keessaa afoolli isaa guddaadha. Kana jechuun bakka ogbarruun barreeffamaa hin jirreefi ummata ogbarruu mataa isaa hin qabne biratti afoolli falaasama, beekumsa xabboo, ilaalcha ummatichi uumaafi uumamaaf qabu, aadaa, seenaa, duudhaafi safuu ummatichaa ibsuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuu keessatti gahee olaanaa kan qabudha. Dhalli namaa jireenya isaa keessatti waantota isaaf hin galle maraaf deebii argachuu barbaada. Waa'ee uumamaafi asdhuftee waantota uumamaa baruuf gaaffilee garaa garaa ni kaasa. Gaaffilee kanneeniifi kan birootiif ammoo deebii kennuu keessatti afoolli humna olaanaa kan qabudha. Akkasumas, afoolli seenaa darbe yaaddachiisuuf, waan amma jiru hubachiisuuf, falaasamni, beekumsi hawaasaa, seenaan, aadaan, duudhaafi safuun hawaasaa eeggamee dhalootaaf akka turu taasisuu keessatti gahee olaanaa akka qabudha hayyoonni kan ibsan (Finnegan 1970; Feqade 1991).

Fitsum (2013) UNESCO wabeeffachuun akka ibsutti; afoolli walitti qabaa ykn waliigala barsiifata aadaa hawaasa tokkoo kan dhuunfaan ykn gareen ibsamudha. Afoolli fedhii hawaasaa calaqisiisuu, eenyummaafi aadaa mul’isuu, falaasamaafi ilaalcha hawaasa tokkoo beeksusuu, haala uumaafi uumamaa, haala addunyaa waliigalaa: afaaniin, ragadaan ykn shubbisaan, taphaan, barsiifataan, sirna ayyaaneffannaan, duudhaan, ogummaa harkaafi wkf. ibsuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Oromoon afoolli isaa uumama hammata. Afoolli uumama waliin wal hammachuun kun ammoo miira miidhaginaa (aesthetic perception) hawaasichaa calaqqisa. Miidhagichis (aesthetic beauty) fedhiisaa, gochasaa, hawwiisaa, waliin jireenya isaafi kkf. keessatti mul’ata. (Asafaa 2022; Ful 23-24). Akka hayyuun kun jedhutti Oromoon akkuma uumama kaanii jiruufi jireenya isaa keessatti uumama waliin wallaansoo wal qaba. Wallaansoo jireenyaa kana keessatti gammachuufi gadda, hawwiifi fedhii, jaalalaafi jibba, akkasumas bu’aa bahii jireenya isaa keessatti isa qunnamu mara afoolaan ibsata; afoola isaatiinis waan jibbeefi itti mufate qeeqa. Fuula dura isaas waan jiru afoola isaatiin raaga.

Qabeenya afaanii Ummanni Oromoo horate keessaa inni guddaan afoola isaati. Afoolli Oromoo hambaa ganamaafi calaqqee aadaa Oromooti. Ummanni Oromoo afoolatti fayyadamuun haala jiruufi jireenya isaa ibsata; falaasamaafi ilaalcha addunyaaf qabu, uumama maraaf qabu, haala

ittiin bulmaataa isaa, haala Waaqeffanaa isaa ibsata; egeree isaas akeeka. Ummanni Oromoo afoola isaatti fayyadamee falaasamaafi qaroomina, beekumsa xabboo, aadaa, duudhaafi safuu kaleessa qabu dhaloota ha'raa ittiin yaaddachiisa; ittiinis barsiisas. Falaasamaafi qaroomina, beekumsa xabboo, aadaa, duudhaafi safuu kaleessaafi har'a qabus afoola isaatti fayyadamee dhloota dhufuuf dabarsa.

Akkuma hayyoonni armaan olitti ibsanitti; Ummanni Oromoos afoola isaatti fayyadamuun hariiroo ykn hidhata uumaafi uumama gidduu jiraachuu malu ibsa; afoola isaatti fayyadamuun falaasamaafi ilaalcha uumama maraaf qabu ibsata; akkasumas eegumsaafi kunuunsa uumama maraaf godhamuu malus akeeka. Qorannoo kana keessattis qorataan kaayyoofi gaaffilee bu'uuraa qorannichaa irratti hundaa'uun Oromoon Tuulamaa afoola isaatiin uumama akkamiin akka ibsatu ykn hariiroo uumama wajjin qabu afoola isaatiin akkamiin akka ibsatu kan xiinxalu ta'a.

## 2.7 Jijjiirramaafi Itti Fufinsa (Change and Continuity)

Sims & Stephens (2005) akka jedhanitti; duudhaan akkuma afoolaa yaadrimee adda addaa kan ofkeessaa qabudha. Innis beekumsa garee hawaasaa tokkoo kan agarsiisu, akkasumas adeemsa beekumsa sana ittiin qooddannuufi dabarsinu ofkeessatti qabachuudha. Duudhaan itti fufinsaan meeshaaleefi sochii qaamaatiin irra deddeebi'amee garee hawaasaa tokko gidduutti kan ibsamu yoo ta'u aadaa hawaasichaa, ilaalcha, beekumsaafi falaasama hawaasichaas itti fufinsaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsudha. Gama biraatiin ilaalchi, beekumsi, falaasamaafi eenyummaan hawaasa tokkoo duudhaa isaatiin ibsama; duudhaa isaatiinis mirkanaa'a. Gaafa duudhaaleen hawaasa tokkoo jalaa laafan ilaalchi, beekumsi, falaasamaafi eenyummaan isaanii dadhabaafi burjaajawaa deema; of ta'uu dadhabuutu dhufa. Hiikni armaan olitti kennames kanuma nuuf dhugoomsa.

Qorannoo fookloorii keessatti duudhaan yaadrimee isa bu'uuraati. Green (1997) akka jedhutti; duudhaan waan tokko dhaloota tokko irraa gara dhaloota birootti jijjiirama muraasaan ykn osoo hin jijjiiramiin karaa al-idilaawaa ta'een akka darbu ibseera. Hayyuun kun itti dabaluunis dhimmicha yoo ibsu, muuxannoon ogeessota fookloorii jaarraa 20$^{ffaa}$ walitti dhufeenya muuxannoo yeroo darbeefi kan ammaa gidduu jiruu akka ta'e lafa kaa'eera. Dhimmi yeroo darbee kan ammaatiif ka'umsa yoo ta'u, kan ammaa immoo kan yeroo darbee ittiin ilaallu akka ta'e adda baaseera. Akka yaada hayyootaa kanaatti beekumsi kaleessaa, kan har'aatiif bu'uura;

kan egerees kan raagudha. Dhaloonni ammaa kan jiru bu'aafi tarkaanfii duudhaa hawaasa darbeetiini. Muuxannoofi firii hawaasa darbee dhaloota har'aatiif raaccitii guddaadha. Kanaafuu, dhaloonni amma jiru kun: falaasama, qaroomina, beekumsa xabboo, aadaa, duudhaafi safuu hawaasa darbee haala ammaatiin hiikkaa itti kennuun fooyyessee kan itti fayyadamudha.

Kana irraa ka'uun duudhaan ogummaa afoolaa keessatti yaadrimee bu'uuraa kan jedhameef yaadawwan yeroo wajjin walqabatan waan ofkeessatti qabuuf, barnoota al-idileetiin kan argamuufi jijjiirama itti fufinsaa wajjin yaadrimee walqabate waan ta'eefidha. Yaadrimicha bakka tokkotti cuunfuun yoo ilaallu dhimmoota aadaa garee tokko keessatti argaman walirraa fudhachuu ykn walitti dabarsuu jedhamee ibsamuu ni danda'a.

Kanaaf egaa hayyoonni Sims & Stephens (2005) duudhaan adeemsa gareen tokko beekumsa xabboo waliin qabu tokko walirraa ittiin fudhatuufi waliif ittiin dabarsudha kan jedhaniif. Akka yaada hayyoota kanneeniitti; duudhaan beekumsa xabboo gareen tokko qabuufi adeemsa al-idilaawaa gareen sun beekumsa sana ittiin argate kan agarsiisudha. Beekumsi xabboo kunis jaarmiyaa araaraa, jaarmiyaa moggaasaafi guddiffachaa, duudhaa walgargaarsaa (ganamee, qaboo, waanfala, jigii ykn daboo, guuza, dimisha), ilaafii ilaamee, safuufi wkf ta'uu ni mala. Dabalataanis yaadrimicha walirraa fuudhinsaafi itti fufinsaa (continuity) meeshaalee, barsiifataalee, seeneffamoota afaanii garee tokko keessatti argaman kan hammatu ta'a.

Glassie (1995) gama isaatiin akka ibsutti waa'ee duudhaa yeroo haasofne waan darbe irraa kan fuula duraa uumuudha jennee ka'uu qabna jedha. Kana maleesn hayyuun kun duudhaadhaan seenaafi aadaa wajjin walqabsiifnee ilaaluun ilaalcha keenya fooyyessinee ka'uu akka qabnu ibseera. Horner (1990) yaaduma kana yoo cimsu, duudhaan walirraa fuudhinsa ilaalchaafi falaasamaa, beekumsaafi yaadaa dhaloota gidduu jiru akka ta'e adda baaseera. Walirraa fuudhinsi kunis yeroo darbe irraa kan ammaa qofatti osoo hin ta'iin altokkotti, yeroo walfakkaatutti walirraa fuudhinsa gareewwan gidduutti raawwatamudha. Kunis duudhaan ilaalcha, beekumsa, falaasama, eenyummaafi maalummaa saba tokkoo, jiruufi jireenya darbees akka daawwitiitti fidee kan namatti agarsiisu, kan fuula duraas akeekuu ykn raaguu ta'uu agarsiisa.

Duudhaan ofkeessatti yaadrimee lama kan qabudha. Isaanis "itti fufinsaa"fi "jijjiirama" kanneen jedhamanidha. Akka Toelken (1996) ibsetti; itti fufinsiifi jijjiiramni seerota lakkuu adeemsa afoolaati. Jijjiiramni adeemsa yeroo keessatti yaadrimee imala duudhaa walirraa hin cinne kan

ibsudha. Yaadrimichi imala yeroo duudhaa keessa jiruufi irra deddeebi'ii duudhichaa kan agarsiisudha. Yeroon dhimma taatee waggaa ykn battaluma tokkotti raawwatamu kan ibsu ta'ullee, irra deddeebi'iin garuu duudhaan itti fufinsa akka qabaatu taasisa. Dheerina yeroo kamiyyuu keessatti irra deddeebi'iin taasifamu duudhaan akka jiraatu ykn uumamu taasisu (Sims and Stephens; 2005).

Irra deddeebi'iin duudhaa ammoo itti fufinsi akka jiraatu taasisa. Asirratti garuu itti fufinsi ni jira yoo jennu wanti duudhaa keessatti itti fufinsaan raawwatamu walfakkaachuun ykn kan duraan ture fakkaatee kan itti fufu akka hin taane hubachuun barbaachisaadha. Sababni isaan duudhaan ammuma irra deddeebi'amu kan duraanii fakkaatee kan argamu miti. Altokko tokko irra deddeebi'ichi haala ittiin addaan citu ykn itti badu ni jiraata. Kunis gara dhimma jijjiirama amala biroo duudhaan qabutti kan nu geessu ta'a. Gama birootiin jijjiirama jechuun haala qabatamaa yeroo ammaatiin wantoonni haaraan dhufuu qofa osoo hin ta'iin, haalonni uumaman dhimmoota eeyyantaafi hi'eentaa qabatanii dhufuu danda'uu isaaniiti.

Yaadrimeen "Jijjiirama" jedhu "Garaagarummaa uumuu" yaada jedhu kan ofkeessaa qabudha. Garaagarummaan kunis garaagarummaa duudhaa yeroo darbeefi kan yeroo ammaa gidduutti uumamudha. Jechi "Jijjiirama" jedhu haala qabatamaa ture irratti fooyya'insa yeroon uume ykn haalota ykn taateewwan uumamaniin waan tokkoon bakka buusuu kan agarsiisudha. Yaadrimee afoola keessattis jijjiiramni bakka olaanaa akka qabu hayyoonni dirree qorannoo kana irratti bobba'an ni ibsu. Fakkeenyaaf Toelken (1996) jijjiiramni seera ykn qajeeltoo afoolaa keessaa isa tokko ta'uusaa yoo ibsu, Dorson (1972) ammoo jijjiiramni amala afoolaa keessattuu ammoo amala sirboota hawaasaa isa guddaa ta'uusaa ni dubbata.

Hayyoonni Sims & Stephens (2005) akka jedhanitti; sababa haalawwan keessaafi alaatiin duudhaan ni jijjiirama. Akka yaada bu'uuraa fooklooriitti duudhaaleen kan jiraatan gareen yoo jiraatedha. Garichi firoomaan, gosaan, amantiin, iddoofi wkf.tiin kan walitti hidhame waan ta'eef yeroo mara tokko taasisuun kan qabu duudhaadha. Duudhichi tokkoon tokkoon miseensa garicha eeguu akka danda'uuf itti gaafatamummaan akka itti dhagahamu taasisuu keessatti humna guddaa kan qabudha. Kanaafuu, garichi yeroo mara duudhichi akka hin banne ilaalchisee hojii kunuunsaa ykn eegumsaa ni raawwata. Kan biroo ammoo jijjiiramni amala bu'uuraa afoolaa waan ta'eef duudhaanis ni jijjiirama. Waan kana ta'eef, duudhaan jijjiirama ni keessummeessa

jechuudha. Toelken (1996) akka ibsutti; haala kamiiniyyuu kalaqaaleen ykn hojiin uumee duudhaa irratti raawwatamu jijjiirama kan agarsiisanidha.

Sims and Stephens (2005) akka jedhanitti ammoo jijjiiramni afoolaaf amala bu'uuraa ta'ullee jijjiiramichi yoomiyyuu garee afoolaa waliin qooddataniif faayidaa qabeessa, hiika qabeessaafi barbaachisaa ta'us adeemsa uumamaa ta'uu isaarra darbee gareewwan duudhaalee isaanii irratti ta'e jedhanii jijjiirama ni fidu. Gocha kanneen keessaas duudhaa tokko uumuun iddoofi kaayyoo addaatiif ykn hin malleef oolchuun isa tokkodha.  Fakkeenyaaf jamaa haaraa ykn kanuma duraan turan bohaarsuuf jecha duudhaa xabboo tokko irratti kalaqa ykn hojii uumee mataa ofii dabaluuf kan yaalamu yoo ta'e duudhaan jijjiiramuu ni danda'a. Jijjiiramni akkasii kun gara fuula duraatti duudhichi akka hin jiraanne hanga geessisuutti kan taasisu maluu ni danda'a. Jijjiiramni duudhaa kun bal'aa kan ta'u yoo ta'e ammoo jijjiirama aadaa, hawaasummaafi siyaasaa wajjin kan walqabatu ni ta'a. Gama waliin jiraachuu keessatti duudhaan karaa hedduutiin baratamuu ni danda'a. Isaanis፡ naannoo keessatti guddatan irraa, ilaalanii shaakaluu irraa, naannoo adda addaa irraa walitti dhufuun duudhaa naannoo isaanii walbarsiisuu ykn hojii keessa walirraa qooddachuuniifi jiruuf jireenya guyyaa guyyaa keessatti hirmaachuun kan baratamudha (Sims & Stephen; 2005).

Haata'u malee, akkuma karaa adda addaatiin baratamu duudhaan sababoota garagaraatiinis hawaasicha keessaa dhabamuu ni danda'a. Wantoonni akka duudhaan dhabamaa deemu taasisan hedduudha. Fakkeenyaaf namoonni itti fayyadaman naannoo sana keessaa yoo ba'an duudhaan sun gartummaa dhabuu, haalawwan akka duudhaan yeroo darbee dhaloota itti aanutti hin dabarre dangeessan jiraachuu, yeroo tokko tokko aadaan uumamaan jijjiiramuufi dhabamaa deemu jiraachuu, miseensonni duudhaa tokko naannoo adda addaatti faca'anii aadaa biroo keessa galuu, jijjiirama yeroo duukaa jijjiiramuu ykn kan birootiin liqinfamuudha. Waraanni daangaa, gochi sanyii balleessuu, dhibeen, giti bittaafi wkf. kan uumaman yoo ta'e haala saffisaafi balaa qabuun duudhaa garichaa jijjiiruufi balleessuu ni danda'u.

Gabaabumatti; duudhaan amantaa, falaasama saba tokkoo ibsuu kan danda'u ragaa seenaa, aadaafi jireenya dhaloota darbee kan ta'e, beekumsaafi muuxannoo hawaasa durii akka daawwitiitti fidee kan namatti agariisu, kan fuula duraa immoo akeekuu kan danda'u hambaa aadaafi seenaa saba tokkooti jechuun ni danda'ama.

## 2.8 Yaaxxinaalee Qorannoo

Mata duree kana jalatti kan dhiyaatan yaaxxinaalee qorannoo kanaati. Keessattuu qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu yaaxxinni qorannoo sana deeggaru jiraachuun baay'ee barbaachisaafi murteessaadha. Akka Fileen (2021:51-52) ibsetti: yaaxxinni kallattiifi xurree qorannoo namatti agarsiisuuf, malleen qorannoo barbaachisoo filachuuf, yaadota walbira qabanii madaaluufi qeequuf, sakatta'a barruulee walfakkaatanii filuuf, qorannoo daangessuufi kaayyoo galmaan gahuuf gahee olaanaa kan qabudha.

Gama biraatiin Addunyaan (2011) hayyoota adda addaa wabeeffachuun akka ibsutti; sakatta'insa barruu keessatti dhimmoota dhiyaachuu qaban keessaa inni ijoon yaaxxina qorannoon sun bu'uura godhatu akka ta'e jabeessee ni ibsa. Kun kan mul'isu qorannichaa dallaa ykn godayyaa ijaaruu akka ta'edha. Haaluma kanaan qorannoo kana gaggeessuufis yaaxxinni seenaa deebisanii ijaaruufi yaaxxinni ijaarsaa filatamaniiru.

### 2.8.1 Yaaxxinna Seenaa Deebisanii Ijaaruu

Bu'uurri bu'aa amma mul'achaa jiruu waan darbe waan ta'eef, qorannoo ammaas ta'ee kan durii qorachuuf wantoota durii duubatti deebi'uun ilaaluun murteessaadha. Kun ammoo, barbaachisummaa wantoota durii ibsa. Haaluma kanaan, falaasamaafi beekumsa hawaasaa irraanfatamuuf deemu lubbuu itti deebisuuf waan duraa duubatti deebinee ilaaluun gaarummaa qabaachuudha. Dorson (1972) yaaxxinni deebisanii ijaaruu, mala waan seenaan walqabatee dur ture balaa baduu jalaa baraaruu irratti kan kaayyeffatu ta'uu ibseera. Kun ammoo beekumsiifi ragaan akka hin badneef gargaara. Yaaxxinna kana keessatti, gooroowwan fookloorii durdurii, afseenaafi raagoon mala seenaa darbe deebisanii ijaaruun odeeffannoo funaanuun qorachuuf mijataa akka ta'anidha.

Yaaxxinni kun hojiiwwaan hawaasa keessaa yeroo sanatti akkamittiin hojjetamaa akka tureefi maal akka agarsiisu hubachuun akka danda'amutti seenduubee waa'ee haala yeroo sanaa sakatta'uuf baay'ee kan gargaarudha. Kana jechuun, namni hojii sana ilaalu tokko waa'ee yeroo sanaa waa hubachuu akka danda'u odeeffannoowwan barbaachisan argachuuf gargaara. Yaaxxinni kun duubatti deebi.anii seenaa yeroo darbee ilaaluu gaafata. Seenduubee (back ground) hawaasa durii sana hubachuun ammoo beekumsa hubannoo, haala jiruufi jireenya hawaasichaa gama hundaan calaqqisaa ture dhaloota haaraaf dabarsa. Kana duukaa bu'uun beekumsa xabboo hawaasaa xiinxaluu garamii ykn asiidhuftee isaa ilaaluun ni danda'ama.

Hariiroo namaafi uumamaa: ija ilaalchaafi fookloorii Oromoo Tuulamaatiin falaasamaafi beekumsa hawaasichaa dur turan bifa deebisanii ijaaruun dagatamuu jalaa baraaruuf, qorannoo kana keessatti yaaxxinni seenaa deebisanii ijaaruu hojiirra oolee jira.

### 2.8.2 Yaaxxinna Ijaarsaa

Yaadrimeen yaaxxinna ijaarsaa kan eegale yeroo warraaqsa qaroominaa booda yaada aadaafi hubannaa bifa sirnaawaan ijaaruu kan jedhu hordofuun akka ta'e hayyoonni ni ibsu. Addunyaan arginu kun caasaa dhokataa irraa kan argamedha yaada jedhu faallessuun yaaxxinna ijaarame akka ta'e hayyuun Burr (1995) ni addeessiti. Yaaxxinni kun namni tokko addunyaa keessa jiraatu keessatti haala kamiin akka dhugaa hubatu dandeessisuun alatti haala qabatamaa dhugaa hawaasa keessa jiru giddugaleessa godhachuun beekumsa ijaaruu irratti xiyyeeffata. Bu'uureffama yaaxxina kanaan Andrews (2012:39) yoo ibsu, "Social constructionism originated as an attempt to come to terms with the nature of reality. It emerged some thirty years ago and has its origins in sociology and associated with post-modern era I qualitative research" jechuun ibseera. Yaanni kunis yaaxxinni ijaarsaa bara dhiyoon asitti barnoota xiinhawaasaa keessatti booddee ammayyoomaa (post-modernism) waliin walqabatee qorannoo akkamtaa keessatti kan bu'uureffame ta'uu ibsa.

Gama birootiin yaaxxinni ijaarsaa kan madde yaaxxinna xiinhawaasaafi yaaxxinna qunnamtii irraa ta'ee qindoominaan akkaataa itti addunyaa hubannu kan nuuf uumu ta'uu hayyoonni adda addaa ni ibsu. Beekumsa xiinhawaasaafi qunnamtii qabaachuun akkaataa addunyaa itti hubannu nuuf uumu. Yaaxxinni ijaarsa hawaasaa yaaxxinna 'constructivist' "Mind is the mirror of Reality" jedhu mormuun "Reality is socially constructed" kan jedhu fidan. Sammuun daawwitii dhugaati kan jedhu mormuun dhugaan hawaasummaadhan ijaarama kan jedhu kaasu. Akka yaaxxina ijaarsa hawaasaatti dhugaan qophaa'ee jiru hin jiru; hawaasa keessa jiraannu irraa ijaarra malee.. Yaada kana Andrews (2012:39) yoo ibsu, "In attempting to make sense of the social world, social constructionism view knowledge as constructed as opposed to created" jedha. Kun kan agarsiisu; beekumsa ni ijaarratu malee hin kalaqani yookiin kan uumamee namaaf kennamu akka hin taanedha. Kunis beekumsi kan hawaasni itti amanuufi yaada tokkoon irratti waliigalu yookiin fudhatu ta'uusaati.

Yaaxinni ijaarsaa kan giddugaleeffatu hiikkaadha. Hiikkaan kan ijaaramu waliin ta'uun malee akka nama dhuunfaa keessatti hin argamne ibsa. Andrews (2012) hayyuu Schwandt (2003)

wabeeffachuunyoo akka ibsutti; adeemsa hawaasummaa bu'uura godhachuun beekumsaafi hubannoo addunyaaf qabnu ijaarranna. Kana gochuuf hawaasa wajjin hariiroo barbaachisu uumuu akka qabnu kaasa.

Addunyaa keessa jirru hubachuu kan dandeenyu dhuunfaa yookiin qofaa jiraachuun osoo hin taane, hawaasa keessa ta'uun waan hawaasaa hirmaachuun, akkasumas, gochaalee achi keessatti ta'an duukaa bu'uunidha. Kana malee, dhugaan haala jiru tokko keessatti kan mirkanaa'u malee, qaama ta'erraa kallattiin kan namaaf laatamu miti. Beekumsi ammoo adeemsa hawaasaa keessa kan ijaaramudha (Korsgaard, 2007). Akka hayyoonni armaan olii kunneen jedhanitti; yaaxxinna ijaarsaa jechuun, akkaataa dhalli namaa addunyaa keessa jiraatu hubachuuf hariiroo waliin uumee beekumsa ijaarratu ta'uusaati. Dhugaan haala hawaasa keessaan mirkanaa'a. Maddi beekumsaafi bakki beekumsa keessaa argatan hawaasa akka ta'e yaaxxinna mirkaneessudha. Hayyoonni kanneen akka Berger and Luckmann (1991) akka jedhanitti, beekumsi hawaasa keessatti kan argamudha; hawaasa keessa ta'uunis akka ijaarratanidha. Kunis kallattii garaagaraan dhihaatus hawaasichuma keessa ta'uun gabbifataa deemna. Kanaaf, beekumsi kan abuuramu yookiin jira jennee kan namaa dabarsinu miti. Kan dhalli namaa hariiroo waliin uumuun hawaasa keessaa kan ijaaratu akka ta'e ibsa.

Gama birootiin, Berger (1996) jedhamu dhugaafi beekumsi (reality and knowledge) haala hawaasaatiin akka murtaa'u ibseera. Kunis dhugaa hawaasaa hubachuuf beekumsi xiinhawaasaa barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Beekumsi xiinhawaasaa kan barbaachisuuf dhugaa hawaasa keessa jiru baruuf qofa osoo hinta'iin adeemsa hawaasaani dhugaa itti ijaaru hubachuuf gargaara. Dhugaan hawaasaa tokko kan ibsamu hawaasani. Hawaasni immo namoota dhuunfaafi garee qaba. Namootafi garee hawaasaa kanatu dhugaa hawaasaa ibsa jechuudha (Berger 1996).

Yaaxxinni kun ciminaafi hanqina mataa isaa akka qabu himamis ciminni guddaan yaaxxinna kanaa hariiroo hawaasaaf iddoo guddaa kennuu, beekumsi kan ijaaramu hawaasa keessatti akka ta'e adda baasee ibsuu yoo ta'u; akka hanqinaatti ammoo qeeqni irratti kan ka'u inni guddaan dhugaan waan hawaasni waliin ijaaraniin ala hin jiru kan jedhudha.

## 2.9 Xiinxala Barruu Walfakkaatanii

Akkuma sakatta'insa barruu jalatti ibsametti hanga ani beekutti kallattiidhaan qorannoon mata duree kana waliin walqabatu hin jiru. Keessattuu hariiroo Oromoon Tuulamaa uumama waliin qabu ilaalchisee qorannoon hundanaa (holistic) ta'e karaa saayinsaawaafi liixxaa (in-depth)

ta'een naannoo kanatti gaggeeffame hin jiru. Karaa al-kallattii ta'een garuu hayyoonni hedduun hidhata Oromoon uumama waliin qabu ilaalchisee karaa adda addaa qorannoo isaanii keessatti kaasuuf yaalii taasisaniiru. Qorannoowwan karaa al-kallattiin qorannoo kana wajjin hanga tokko walitti dhiyaatan akkaataa itti aannuun xiinxaluuf yaaliin taasifameera.

- Warqinee Qalbeessaa (2010) qorannoo isaa "Indigenous and Modern Environmental Ethics" jedhu keessatti naamusa ykn safuu Oromoon eegumsa naannoofi qabeenya uumamaaf qabu irratti xiyyeeffatee hidhata Oromoon uumama adda addaa waliin qabu kaasuuf yaalii taasiseera. Xiyyeeffannoo isaa inni guddaan naamusa Oromoon eegumsa ykn kunuunsa naannoo irratti qabu ilaalchisee aadaafi duudhaa ummatichi qabu beeksisuudha.

- Kan biraa qorannoo Gammadaa Oddoo (2014) "Indigenous mechanisms of preserving sacred natural sites in Guji Oromo" jedhu ilaaluun ni danda'ama. Xiyyeeffannaan qorannoo Gammadaa "Iddoowwan Ulfoo eeguu ykn kunuunsuu keessatti beekumsa xabboo Oromoo Gujii" xiinxaluu irrattidha. Bifuma walfakkaatuun Asabee Raggaasaa (2012) mata duree "Contesting Views on a Protected Area Conservation and Development in Ethiopia" jedhuun qorannoo gaggeesseen qabiyyee qorannichaa keessatti Oromoon Gujii aadaa isaa keessatti hariiroo uumama wajjin qabu kaasuuf yaalii taasiseera.

- Ashannaafiin (2014) qorannoo isaa "Exploring Environmental Discourses in Oral Literature: Ecocritical Analysis of Oromo Proverbs" jedhu keessatti mammaaksa Oromoo bu'uura godhachuun Oromoon uumama naannoo waliin hidhata akkamii akka qabu afoola (Oral literature) Oromoo bu'uura godhachuun fakkeenya muraasaan agarsiisuuf yaalii godheera. Gama birootiin Garramuufi Hundumaan (2018) mata duree "Oromo Oral Literature for Environmental Conservation" jedhuun qorannoo gaggeessaniin kunuunsa naannoo keessatti gahee afoolli Oromoo qabu agarsiisuuf yaalii taasisaniiru.

- Malkaamuun ((2016) qorannoo isaa "Oromo Indigenous Knowledge and Practices in Natural Resources Management: Land, Forest, and Water in Focus" jedhu keessatti, dachee, bosonaafi bishaan irratti xiyyeeffachuun taliigaa qabeenya uumamaa ilaalchisee beekumsa xabboofi gochaalee Oromoon qabu sakatta'uuf yaalii taasiseera. Qorannoo kana keessattis hidhata Oromoon uumama waliin qabu ibsuuf yaalii godheera. Gama birootiin Lammeessaa Margoo (2012) qorannoo isaa "The Scene Does Not Speak: The Demise of the Odaa Bulluq Sacred Forest in Horro Guduru, Northwestern Oromia" jedhu keessatti, Bosona Ulfoo Odaa

Bulluq irratti xiyyeeffachuun hidhata Oromoon naannichaa bosona wajjin qabu ibsuuf yaalii taasiseera.

- Gammachuu Magarsaa ( 2005) mata duree "The Oromo World View" jedhuun barruu maxxansiise, akkasumas Dirribii Damisee (2012) "Ilaalcha Oromoo" jedhuun kitaaba maxxansiise kan ilaallu yoo ta'e kallattiidhaan qorannoo kana wajjin hidhata kan hin qabne ta'us, karaa al kallattiitiin hidhata Oromoon uumama wajjin qabu bifa adda addaatiin kaasuuf yaalii taasisaniiru.
- Caalaa Soorii (2015) kitaaba isaa "Duudhaalee Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa" jedhu keessatti Ardaalee Jilaa gurguddoo Oromoo Tuulamaa kaasuun ibsa gaggabaaboo kennuuf yaalaniiru. Haata'uutii xiyyeeffannoon kitaaba isaanii inni guddaan Sirna Gadaafi duudhaalee Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa irrattidha. Bifuma walfakkaatuun Alamaayyoofi Girmaa Namarraa (2011) kitaaba isaanii "Seenaa Ardaalee Jilaa Oromoo Tuulamaafi Caffee Tumaa" jedhu keessatti Ardaalee Jilaa Oromoo Tuulamaa qofa irratti xiyyeeffachuun sakatta'uuf yaalii godhaniiru.
- Gama birootiin Bonayyaa Diidoo (2023) kitaaba isaa "Gumii Gaayoo: Seeraafi Tumaa Seera Aadaa Oromoo Booranaa" jedhu keessatti hariiroo Oromoon Booranaa mukkeen ykn bosona, dachii ykn lafa, bineeldota, Ardaalee Jilaafi kkf, waliin qabu ilaalchisee argaa dhageettii manguddootaa bu'uura godhachuun hanga tokko ibsuuf yaalii taasiseera. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan garuu seera tumaa aadaa Oromoo Booranaa akka ta'edha.

Gabaabumatti, qorannoowwaaniifi barreeffamoonni armaan olii qorannoo kana wajjin kallattiidhaan walitti dhufeenya tokkollee kan qaban miti. Kaayyoodhaanis garaagarummaa guddaa kan qabanidha. Gariin isaanii kunuunsa ykn eegumsa, taliigaa qabeenya naannoo ilaalchisee beekumsa xabboo hawaasichi qabu xiinxaluuf yaalii kan taasisan, kaan isaanii iddoowwan Ulfoo eeguu ykn kunuunsuu keessatti beekumsa xabboo hawaasichi qabu beeksisuuf yaalii kan taasisan yoo ta'u, kaan ammoo kunuunsa naannoo keessatti gahee afoola Oromoo qabu agarsiisuuf yaalii taasisaniiru. Qorannoowwan tokko tokko ammoo bosona qofa irratti xiyyeeffachuun hariiroo hawaasichi bosona wajjin qabu agarsiisuuf yaalii kan taasisan, kaan isaanii ammoo ilaalcha Oromoo bu'uura godhachuun karaa al-kallattii ta'een hariiroo Oromoon uumama wajjin qabu agarsiisuuf yaalii taasisaniiru. Kuun ammoo Sirna Gadaafi duudhaalee Sirna Gadaa, seeraafi tumaa aadaa, akkasumas Ardaalee Jilaa hawaasaa qofa irratti

xiyyeeffachuun sakatta'uuf yaalii kan taasisanidha. Qorannoowwan armaan olii hunduu mata dureefi kaayyoon qorannoo isaanii adda ta'us, karaa al-kallattiinis ta'ee karaa adda addaatiin hariiroo Oromoon uumama waliin qabu ilaalchisee beekumsa xabboo hawaasichi qabu beeksisuuf yaalii taasisuun isaanii qorannoo kana wajjin hanga tokko wal isaan fakkeessa; Oromoon Tuulamaas qaama Oromoo keessaa isa tokko waan ta'eef.

Qorannoon kun garuu mata duree "Hariiroo namaafi uumamaa- Ilaalchaafi Afoola Oromoo Tuulamaatiin" jedhu irratti xiyyeeffatee karaa hundanaa ta'een hariiroo Oromoon Tuulamaa uumama Ulfoo *(kanneen akka Tulluu, dachee, Malkaa yk Hora, Ardaalee Jilaafi wkf)* wajjin qabu dabalatee, hariiroo ummatichi mukkeewwan ykn biqiltootaafi bineeldota (bineensota) wajjin qabu irratti  qorannoo gaggeeffamu waan ta'eef  qorannoowwan armaan olitti eeraman irraa addadha jechuun ni danda'ama. Kaayyoodhaanis garaagarummaa guddaa kan qabudha.

## Boqonnaa Sadi: Saxaxa Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti maleenyi, maddi ragaalee, malli iddatteessuu, funaansa ragaaleefi malli qaaccessa ragaalee qorannichaa karaa gabaabina qabuun xiinxalamanii jiru.

### 3.1 Maleenya Qorannichaa (Methodological Approach)

Milkaani'na qorannoo kanaaf maleenyi qorannoo hojiirra oolan maleenyaa qorannoo sanyaabaafi seenawaati (Ethnographic & historical research approach). Kaayyoo guddaan mala qorannoo sanyaabaa yoomessa dhugaafi qabatamaa keessatti qorataan hojii aloolaatiin waan arge, waan dhaga'e, waan daawwate, waan keessatti hirmaachuun raawwate hunda, akkasumas karaa ifa ta'eefi iccitii eegeen ragaalee argate hunda xiinxaluun aadaa, ilaalcha, afhima (folk narratives*)*, amantaafi duudhaa hawaasichichi hariiroo uumama wajjin qabu xiinxaluun ifa baasuu ta'a.

Dastaan (2011) hayyuu Sidhun (1984) wabeeffachuun akka ibsutti, kaayyoon maleenyaa seenawaa inni guddaan ammoo rakkoo seenaan walqabatu tokkoof furmaata barbaaduun dhugaa jiru dhiyeessuudha. Maleenya qorannoo kanaan kan darbeefi kan jiru wal bira qabuun dhugaa jiru bira gahuun ni danda'ama. Hiikaa Faqqadaafi Alamituu Olii (2010) gama isaaniitiin Georges and Jones (1995) wabeeffachuun akka ibsanitti, afoolli mataa isaatiin hambaa seenaati; hambaan seenaas afoola keessa jira. Gooroon afoolaa ofuma isaa hambaa seenaa ta`ee dhimma seenaa irratti madda odeeffannoo ta`ee tajaajila. Karaa adda ta'een ammoo maleenyaa kanaan seenawaan naannoo (environmental history) iddoowwan Ulfoofi Ardaalee Jilaa qorannoo kana keessatti bal'inaan xiinxalamanii kan jiranidha. Kanaaf, ilaalchaafi afoola saba tokkoo ykn dhaloota amma jiru tokkoo qabatamaan hubachuuf seenaa darbe xiinxaluun caalmaatti barbaachisaa waan ta'eef, seenaa har'aa baruuf beekumsi kaleessaa (knowledge of the past) iddoo olaanaa waan qabuuf maleenyaa qorannoo kanaatti fayyadamuun qorannoo kanaaf baay'ee barbaachisaa ta'ee argameera**.**

Galma gahiinsa mala qorannoo kanaaf ammoo yaaxxinnoonni hojiirra oolan yaaxxina seenawa irra deebi'anii ijaaruufi yaaxxinna ijaarsaati (Historical- reconstruction, theory of constructionism & context).

Hiikaa Faqqadaafi Alamituu Olii (2010) William Lynwood Montell (1970) wabeeffachuun akka ibsanitti yaaxxinni seenawa irra deebi`anii ijaaruu kan barbaachisu waantota ammaaf kan bu`uura ta`e waan durii ta'uu isaati. Kanaaf qorannoo duudhaafi safuu ykn afoola kan ammaas

ta`e kan durii qorachuuf waantota durii duubatti deebi`uun ilaaluun barbaachisaa ta`uusaa jabeessanii ibsu. Dorson (1972) gama isaatiin akka ibsutti; bu'uurri bu'aa amma mul'achaa jiruu waan darbe waan ta'eef, qorannoo ammaas ta'ee kan durii qorachuuf waantota durii duubatti deebi'uun ilaaluun murteessaadha. Kun immoo, barbaachisummaa waantota durii ibsa. Haaluma kanaan, afseenaa irraanfatamuuf deemu lubbuu itti deebisuuf waan duraa duubatti deebinee ilaaluun gaarummaa akka qabu ibsa.  Yaaxxinni kun mala waan seenaan walqabatee dur ture balaa baduu jalaa baraaruuf kan kaayyeffatamudha. Kun immoo ragaan akka hin banneef gargaara. Yaaxxinna kana keessatti, gooroowwan fookloorii durdurii, afseenaafi raagamtaaleen mala seenaa darbe deebisanii ijaaruun odeeffannoo funaanuun qorachuuf mijatan akka ta'anidha kan amanamu.

Yaaxxinni ijaarsaa ammoo kan madde yaaxxina xiinhawaasaafi qunnamtii irraa akka ta'e hayyoonni ni ibsu.  Yaaxxinni kun yaaxxinna sammuun calaqqee dhugaati (mind is the mirror of Reality – Theory of constructivist) mormuun dhugaan hawaasummaan ijaarama (Reality is socially constructed) kan jedhu qabachuun yaaxxinna bu'uureffamedha.  Akka yaaxxina kanaatti dhugaan hawaasa keessa jiraannu irraa ijaarama ykn burqa malee, ofumaa qophaa'ee kan jiru miti.  Yaaxxinni kun dhugaa hawaasaa (social reality) baroota adda addaa keessa jiru xiinxaluudhaan haqa jiru bira gahuuf iddoo olaanaa kan qabudha. Akka yaaxxina kanaatti hiikkaan hawaasni taateewwaniifi dhimmoota adda addaatiif kennu hundi kan ijaaramu hawaasaani. Dhaloonni haaraan hiikkaa kennamu mara hawaasa irraa baratu (Berger, P.L. & Luckmann, T. 1996). Kanaaf beekumsaafi dhugaa hawaasa keessa jiru tokko ifa baasuuf yaaxxinni kun filatamee jira.

## 3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddi ragaalee qorannoo kanaa madda ragaalee jalqabaafi lammataati. Ragaa jalqabaa maddisiisuuf malli aloola sanyaabaa (Ethnographic fieldwork) qorannoo kana keessatti hojiirra ooleera.  Kunis qorataan kallattiidhaan naannoo qorannichaa adeemuun, hawaasicha keessa oolee buluun, hawaasicha ta'ee argamuun,  gammachuufi gadda hawaasichaa waliin hirmaachuun manguddoota argaa dhageettii, Abbootii Gadaa, lubawwan, ayyaantuuwwan, beektota ykn namoota aadaa, duudhaafi safuu hawaasichaa, walumaagalatti falaasama hawaasichi uumama waliin qabu sirriitti beekan odeeffachuudhaan ragaalee qorannichaaf barbaachisoo ta'an akka walitti qabachuu danda'uuf gargaareera.

Gama biraatiin ragaaleen qorannichaaf barbaachisoo ta'an madda ragaalee lammataa irraa walitti qabamaniiru. Kunis dhimmoota mata duree kana wajjin walqabatan ilaalchisee dokimentiiwwan manneen kitaabaa, dhaabbilee barnootaafi Biiroo ykn Waajjiraalee Aadaafi Tuurizimii keessatti ragaalee argaman sakatta'amanii qorannoo kana keessatti xiinxalamanii jiru.

### 3.3 Mala Iddatteessuu

Malli iddatteessuu adeemsa kaayyoofi akaakuu qorannichaa irratti hundaa'uun fudhannaa iddattoo jamaa waliigalaa keessaa fudhachuun qorannoo adeemsisuuti. Qorannoo kana ilaalchisee ragaaleen xiinxalaman naannoo qorannoo kun haguugutti Oromoo Tuulamaa hunda irraa ragaa funaannachuun waan hin danda'amneef garee hawaasaa irraa iddatteessuun murteessaadha. Akka Dabalaan (2024) 'Dejong'fi kanneen biroo (2008) wabeeffachuun ibsetti; odeeffattoota ragaalee qorannoo iddatteessuun kan barbaachiseef, namoota yoomessa qorannoo tokko keessa jiran hundaa irraa ragaalee guuruun rakkisaa waan ta'uufidha. Bifuma walfakkaatuun Taaddasaan (2016) Berg (2011:11) wabeeffachuun akka ibsetti; qorataan tooftaa kamittuu fayyadamee iddattoo fudhachuu waan hin oolleef nama hunda irraa odeeffannoo fudhachuun rakkisaa akka ta'e addeessa. Kanaaf, qorannoo keessatti iddattoo fudhachuun barbaachisaa akka ta'e akeeka. Gama biraatiin jamaa hunda irraa odeeffannoo fudhachuun maallaqa, yeroo, humnaafi qabeenya qisaasuu waan ta'eef iddatteessuun baay'ee murteessaa akka ta'e hayyoonni kunneen ni himu.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti hirmaattonni ykn odeeffattoonni qorannichaa kan filataman mala iddatteessuu miti carraan ta'ee, mala iddatteessuu akkayyoofi (Purposive sampling) darbaa dabarsaatiini (Snowball sampling). Sababni guddaa malleen iddattoo kunneen filatamaniif kaayyoofi amala qorannichaa irratti hundaa'uudhaan odeeffattoota mata duree qorannichaa irratti kallattiidhaan beekumsaafi hubannoo gahaa qabaachuun odeeffannoo quubsaa kennuu danda'an filachuufi iyyaafachuun ragaalee barbaachisoo ta'an walitti qabachuudha. Akaakuun iddatteessuu akkayyoo kan gargaaru qorataan hubannoo dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffattoota irraa ragaa argachuu danda'u murteessuu ilaallata (Addunyaa 2011). Dabalaan (2024) Kothar (2004) wabeeffachuun yaada kana yoo cimsu; iddatteessuun akkayyoo dhimma qoratamu irratti ragaalee gaaffiilee qorannichaa deebisuu danda'an walitti qabachuuf, odeeffattoota beekumsaafi hubannoo gahaa qaban filachuuf mijataadha.

Dabalaan (2024; 74) Patton (2002) wabeeffachuun akka ibsutti; iddatteessuun darbaa dabarsaa odeeffattoota ragaalee gahaa kennuu danda'anitti qajeelchuu, akkasumas adeemsa ragaa kennaa tokkorraa argametti guuttachuuf, odeeffataa biroo eeruu kennuuf kan gargaaru waan ta'ee faayidaan isaa guddaa ta'uu hima. Gama birootiin mala iddatteessuu darbaa dabarsaa Addunyaan (2011:67fi68) Denscombe (2007) wabeeffachuun yoo ibsu, "With snowballing, the sample emerges through a process of reference from one person to the next," jedha. Kana jechuun, malli darbaa dabarsaa kun adeemsa namni odeeffannoo kenne tokko namoota biroo dhimma sana beekan eeruuti. Darbaa dabarsaa kan jedhameefis odeeffannoo dabalataaf odeeffattoota kanneen biroo eeruun waan gaggeeffamuufidha. Qorataanis mala iddatteessuu kanatti fayyadamuun ragaalee qorannichaa barbaachisoo ta'an walitti qabachuu danda'eera. Keessattuu dhimma ykn waan sirriitti gadi fageenyaan keessa hin beeknetti malli darbaa dabarsaa haala mijataa naaf uumeera. Haaluma kanaan qorataan dursa manguddoota argaa dhageettii, namootaafi odeeffattoota ijoo (key informants) naannoo qorannoo sanii sirriitti beekan wajjin hariiroo gaarii uumuun ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabachuu danda'eera.

### 3.4 Mala Funaansa Ragaalee

Kaayyoo qorannichaafi akaakuu ragaa guurramuu irratti hundaa'uun meeshaalee funaansa ragaa murteessuun baaye'ee barbaachisaadha. Qorataanis qorannoo kana keessatti kaayyoofi akaakuu ragaalee sassaabamanii irratti hundaa'uun ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan karaa daawwannaa hirmaachisaa, afgaaffii, marii garee xiyyeeffannaafi sakatta'insa madda ragaalee tokkoffaafi lammaffaa irraa walitti qabachuu danda'eera. Akkaataa fayyadama mala funaansa ragaalee kanneeniis haala armaan gadiitiin ibsuuf yaaliin godhameera.

#### 3.4.1 Daawwannaa

Qorannaa aadaa hawaasaa keessatti daawwannaan gahee olaanaa kan qabudha. Keessattuu dhugaa qabatamaa hawaasa keessa jiru ifa baasuu keessatti qorataan hojii aloolaatiin waan arge, waan dhaga'e, waan keessatti hirmaachuun daawwate, waan keessatti hirmaachuun raawwate hunda sakatta'uun ragaalee qorannichaa walitti qabachuuf daawwannaan meeshaalee funaansa ragaa iddoo olaanaa qabudha. Malli funaansa ragaa kan biroo daawwannaa hirmaachisaadha (participant observation). Malli Funaansa ragaa kun mala qorannoo sanyaabaa waliin hariiroo guddaa waan qabuuf kan filatamedha. David E. (2004:241) "Participant observation is a research

method closely associated with ethnographic methodology, … the centeral intent of this method is to generate data through observing and listening to a people in their natural setting, and to discover their social meaning and interpretation of their own activities" jedha. Kun kan agarsiisu yoomessa uumamaafi qabatamaa keessatti dhimmoota hawaasaan raawwatamaniifi dalagaman keessatti hirmaachuun hariiroo hawaasichi uumama waliin qabu ilaalchisee ragaalee barbaachisoo ta'an walitti qabachuuf tooftaan kun iddoo olaanaa qabaachuu isaati. Kana malees dhimmoota daawwataman irratti hiika sochii hawaasummaa barbaaduufi qaaccessuuf tooftaan kun gaarii ta'uusaa agarsiisa. Keessattuu qorataan yoomessa dhugaa keessatti argamee taatee jiru gochaan, jechaan meeshaa itti dhimma bahan arguun, dhagahuun, ilaaluun ragaa dhugaafi qabataamaa fudhachuu keessatti malli funaansa ragaa kun filatamaa akka ta'e hayyoonni ni himu. Dastaan (2013:118) yaada kana yoo cimsu; "… akkaataa itti dalagan, haasawaa, sochii isaaniifi kkf ilaalaniifi dhaggeeffatanii galmeeffachuuf nama fayyada" jedha.

Dabalaan (2014) Neuman (2007)fi Stake (2010) wabeeffachuun akka ibsutti; daawwannaa hirmaachisaan galumsa uumamaa, aadaafi hawaasummaa keessatti dhimma hawaasaa kallattiin daawwachuufi xiinxaluu keessatti iddoo olaanaa akka qabu hima. Qorataanis ragaalee ijaan argaa, gurraan dhaga'aafi miira isaatti dhaga'aman waan hubatuuf, dhugummaafi qabatamummaa ragaalee amansiisaa taasisa. Haaluma kanaan qorataan taateewwan adda addaa keessatti (Kabaja Ayyaana Irreechaa yeroo adda addaa, yaa'iifi marii Abbootii Gadaa, Sirna Wal harkaa fuudhinsa Baallii Abbootii Gadaa Tuulamaa, Ayyaana Muudaa Oromoo Tuulamaafi kkf) daawwannaa hirmaachisaa taasisuun ilaalcha, falaasama, beekumsa xabboo, duudhaafi safuu hawaasichi hariiroo uumama wajjin qabu ilaalchisee ragaalee barbaachisoo ta'an qaabachiisa yaadannoo hojii aloolaatiin walitti qabachuu danda'eera.

### 3.4.2 Afgaaffii

Fuulaa fuulatti argamuun odeeffataa tokko irraa ragaa barbaaddamu walitti qabachuuf, waan ifa hin taa'es irra deebi'anii gaafachuun qulqulleeffachuuf afgaaffiin baay'ee murteessaa akka ta'e hayyoonni ni dubbatu. Dastaan (2011) akka ibsutti, oddeeffannoo afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirritti ifa godhee ragaalee barbaachisoo ta'an akka argachuu danda'uuf fuulaa fuulatti argamuun odeeffattoota gaafachuu danda'uu isaati. Dabalaan (2024) Kyale (1996) wabeeffachuun akka ibsutti; waan aadaa hawaasaa wajjin walqabatan irratti afgaaffiin meeshaa funaansa ragaa bu'aa qabeessa ta'edha.

Qorataanis mala iddatteessuu qorannoo kanaaf hojiirra oole bu'uura godhachuun Yuubota, hayyoota aadaa argaa dhageettii, Abbootii Gadaa Tuulamaa, qorattoota aadaafi seenaa, Abbaa Muudaafi ayyaantuu, Haadholii Siinqee aadaa hawaasichaa irratti beekumsaafi hubannoo gahaa qabaniif afgaaffii dhiyeessuun ragaalee walitti qabachuu danda'eera. Odeeffattoota ijoo kanneeniif afgaaffiin kan taasifameef karaa afgaaffii caasawaa gamisoo (semi-structured) ta'eeni. Afgaaffiin kunis karaa daangessuutiin osoo hin ta'iin karaa qajeelchuutiin raawwatamee jira. Haaluma kanaan qorataan afgaaffii caasawaa gamisoo 11(kudha tokko) dursee qopheeffachuun odeeffattoota ijoo (key informants) kudha afuriif (14) afgaaffii dhiyeessuun ragaalee walitti qabatee jira. Afgaaffiin gaggeeffame meeshaalee sagalee waraabbiifi mala qaabachiisa yaadannoo dirreetiin (field note) deeggarameera. Machaba (2004) akka ibsutti, faayidaan ragaalee sagalee waraabbiin gargaaramuun galmeessuu, ragaalee qorannichaa mala afgaaffiin odeeffattoota irraa haala salphaa ta'een galmeessuun gara barreeffamaatti jijjiiruu danda'uudha. Ragaalee qaabachiisa yaadannoo hojii aloolaa ykn dirreetiin (field note) galmeessuunis dhugummaa ragaalee mirkaneessuu keessatti faayidaa guddaa akka qabanidha.

### 3.4.3 Marii Garee Xiyyeeffannoo

Qorannoo kana keessatti mariin garee xiyyeeffannoo kan gaggeeffame ragaalee afgaaffii, daawwannaa hirmaachisaafi sakatta'iinsa dokimentiitiin walitti qabaman jabeessuufi mirkaneeffachuufidha. Dabalaan (2014) Daymon & Holloway (2002) wabeeffachuun akka ibsutti; mariin garee xiyyeeffannaa namoota dhimma qoratamu irratti hubannoo bal'aa qaban walitti fiduun yaada, beekumsaafi muuxannoo isaanii mariisisuun ragaalee funaannachuuf mijataa akka ta'edha.

Haaluma kanaan naannoo qorannichi haguuge irraa gareen marii xiyyeeffaanoo lama, kan miseensota torbaafi kudhan (MGX1= Miseensa 7, MGX2 = Miseensa 9) ofkeessaa qaban qorannoo kana keessatti hirmaataniiru. MGX1 keessatti dhiirri 6 (jaha), dubartiin 1(tokko); MGX2 keessatti dhiirri 9 (sagal); walumaagalatti namoonni 16 marii garee xiyyeeffannoo kana keessatti hirmaachuun ragaa akka kennaman taasifameera. Marii garii xiyyeeffannoo kanneeniif afgaaffiin qophaa'e karaa daangessuutiin osoo hin ta'iin karaa qajeelchuutiini. Garee marii xiyyeeffannoo lameeniifuu afgaaffiin qophaa'e gargar yoo ta'u; MGX1f afgaaffiin caasawaa gamisoo 11 (kudha tokko), MGX2 ammoo  afgaaffiin 4 (afur) dursamee akka qophaa'u ta'eera. Tooftaan kunis kallattii adda addaatiin gaaffilee dhiyeessuun yaanni bal'inaafi bilchinaan akka

maddisiifamu taasisuun dhugummaa ragaalee mirkaneeffachuu keessatti gumaacha guddaa taasiseera. Afgaaffiin gaggeeffames meeshaalee sagalee waraabbiifi mala qaabachiisa yaadannoo dirreetiin (field note) deeggarameera. Tokkoo tokkoon garichaa waraqaa qorannoo keessatti lakkaddaan (kooddiidhaan) kaa'uudhaan itti fayyadamuun danda'ameera.

### 3.4.4. Sakatta'insa Dokimentii

Gama biraatiin ragaaleen qorannichaaf barbaachisoo ta'an tooftaa funaansa ragaa sakatta'insa dokimentiitiin madda lammaffaa irraa walitti qabamaniiru. Tooftaan kun ragaalee tooftaa daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannaatiin argaman irratti ragaalee dabalataa ittiin walitti qabachuuf kan dhimma ba'ameedha. Haaluma kanaan dhimmoota qorannoo mata duree kana wajjin walqabatan ilaalchisee dokimentiiwwan manneen kitaabaa, dhaabbilee barnootaafi Biiroo ykn Waajjiraalee Aadaafi Tuurizimii keessatti argaman sakatta'amanii xiinxalamaniiru.

## 3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaalee qorannoo kanaaf walitti qabaman akkaataa akaakuu, akkaataa amalaa, qabiyyeefi bifiyyee isaaniitiin adda baafamanii, akka gurmeeffaman, tartiibeffamaniifi qaacceffaman ta'aniiru. Bruce (2001: 34) yaada kana akkas jechuun cimsa.

> *How qualitative data are organized depends in part upon what the data look like. If they are in textual form, such as field notes, or can be made into textual form, such as a transcription of a tape-recorded interview, they may be organized in one manner. If they are video, photographic, or drawn material, they will require a different form of organization and analysis.*

Qorataanis ragaalee malleen meeshaalee funaansa ragaa adda addaatiin walitti qabe, kaayyoofi gaaffilee qorannichaa irratti hundaa'uun akaakuu ragaalee walitti qabamaniin gurmeessee qaaccesseera. Haaluma kanaan ragaaleen madda lameen irraa walitti qabaman seecca'amanii, akaakuu isaaniitiin tartiibeffamanii erga adeemsaan sarxeeffamanii booda mala akkamtaatiin kan ibsaman, kan qaacceffamaniifi hiikni itti kennamanidha.

## 3.6 Naamusa Qorannoo

Hayyoonni adda addaa maalummaa naamusa qorannoo ilaalchisee karaa adda addaatiin hiika mataa isaanii kennaniiru. Akkaataan hiika itti kennaniifi jechoonni itti fayyadaman gargar ta'us yaadrimeen hiika isaanii baay'inaan wal kan fakkaatudha. Akka hayyoonni Sen, V. and Nagwanshee, K. R. (2016) ibsanitti, naamusni safuu amala qorannoo tokko keessatti fudhatama

qabuufi fudhatama hin qabne ittiin adda baafannudha. Dhimma kanas “The most of social scientists are defining "ethics": norms for conduct that distinguish between acceptable and unacceptable behavior in research” jedhu. Lawrence (2011) “Naamusni qorannoo adeemsa qorannoo keessatti maaltu seera qabeessa ykn ammoo seera qabeessa miti ykn ammoo maaltu naamusadha jechuun akka beeknuuf kan nu gargaarudha” ibseera. Fouka, G. & Mantzorou, M. (2011) gama isaaniitiin; “Naamusni damee saayinsii falaasamaa ta’ee kan sirrummaafi sirrii ta’uu dhabuu dhimma tokkoo itti murteessinudha” jedhu. Hayyuun Bhattacherjee, A (2012) jedhamus dhimma kana yoo cimsu “Naamusni qorannoo garaagarummaa sonaa wanta sirriifi dogoggoraa gidduu jirudha” jedha.

Kunis kan agarsiisu naamusni qorannoo, adeemsa qorannoo tokko keessatti baay’ee barbaachisaa akka ta’eefi mirgaafi dirqama keenya beeknee waan hojjechuu malluufi hojjechuu hin malle addaan baafnee akka hubannuuf kan nu gargaarudha. Hickey, C. (2018) naamusni qorannoo madaala qorannoo kan mirkaneessu ta’uu ibseera. Kana jechuun sirrii ta’uufi ta’uu dhabuu qorannoo keenyaa kan nuuf dhugoomsudha jechuudha. Gama birootiin Iphofen, R. (2015); David, B. and Resnik, J. D. (2015); Sandra, G. Taylor (2005) naamusni qorannoo miidhaafi faayidaa qorannoo tokkoo madaaluun miidhaa akka xiqqeessinuufi faayidaa isaa akka jajjabeessinu kan nu deeggaru ta’uu addeessaniiru. Haaluma walfakkaatuun Orb, A., Eisenhauer, L. & Wynaden, D. (2000) naamusni qorannoo waan gaarii akka hojjennuufi waan yaraa ykn badaa akka maqsuu dandeenyuuf kan nu gargaaru ta’uu ibsu. Barreessitoonni kanneen akka Akaranga, S. I. and Makau, B. K. (2016) naamusni qorannoo jireenya guyyaa guyyaan qorannoo gaggeessinuu keessatti baay’ee barbaachisaafi qorannoo maxxansuu ilaalchisee odeffanoo kennuuf akka gargaaru ibsaniiru.

Hirmaattonni ykn odeeffattoonni qorannoo dhimma qorannoo tokkoo irratti hubannoo ykn beekumsa gahaa kan hin qabne yoo ta’e, qorattoonni saayinsii hawaasaafi fookloorii sonaafi ogummaa naamusaa qabaachuun hirmaattoota hubachiisuun dirqama isaanii ta’uu akka qabu hayyoonni ni eeru. Qorataan tokko karaa guutuu ta’een hubannoo naamusaa kan qabu yoo ta’e, karaa salphaa ta’een adeemsa qorannoo waliigalaa hubachuu akka danda’u Lawrence (2011) ni addeessa.

Ibsa hayyoota armaan oliirraa akka hubannutti; hojiin qorannoo naamusaafi qajeeltoowwan waaltawaa (standard principles) ittiin hogganamuufi raawwatamu qaba. Naamusniifi qajeeltoowwan kunneenis bu’aawwan hojii qorannoo qulqullina, amanamummaafi fudhatama

akka qabaatan kan taasisan waan ta'aniif qorattoonni naamusaafi qajeeltoowwan kanneen beekuufi hojiirra oolchuu qabu. Qorattoonni karaa saayinsaawaafi loojikaalawaa ta'een ragaa qabatamaafi dhugaa ta'e irratti hundaa'uun karaa naamusni qorannoo tokkoo isaan ajajuun qorannoo isaanii gaggeessuu qabu.

Amala, sonaafi naamusa qorannoofi qorataa tokko irraa eeggamuun qorannoo kan gaggeessinu yoo ta'e, argannoon keenya haqa qabeessa ta'a; furmaanni rakkoo tokkoof kennamus bu'a qabeessa ta'a; bu'aan qorannoo keenyas qaama kamiyyuu biratti haqummaafi fudhatamummaa ni qabaata jechuudha. Haata'uutii karaa faallaa kanaa ta'een naamusaafi qajeeltoowwan qorannoon tokko hordofuu malu cabsuun qorannoo kan gaggeessinu yoo ta'e, hojiin qorannoo keenyaa qulqullina dhabuu qofa osoo hin taane bu'aan qorannoo keenyaas hawaasa biratti fudhatama argachuu hin danda'u. Kanaafuu milkaa'inaafi galmaan ga'insa qorannoo tokkootiif naamusni qorannoo bakka olaanaa akka qabudha.

Walumaagalatti qorannoo amanamaa, haqa qabeessa, madaalawaa, kan loogii irraa bilisa ta'eefi hawaasa mara biratti fudhatama qabu tokko gaggeessuuf naamusa qorannoo eeguun baay'ee barbaachisaafi murteessaadha. Qorataan kunis saayinsiifi naamusa qorannoo waliigalaa bu'uura godhachuun: aadaa, duudhaafi safuu Oromoo Tuulamaa kabajuufi eeguun qorannoo kana gaggeessee kan jirudha.

## Boqonnaa Afura: Ibsa Haala Naannoo Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti waa'ee Oromoo waliigalaafi Oromoo Tuulamaa, hidda latinsaa Oromoo Tuulamaa, haala qubsuma Oromoo Tuulamaa, haala teessumma lafaafi qilleensaa, akkasumas haala jiruufi jireenya ummatichaa karaa baay'ee gabaabaa ta'een ibsuuf yaaliin godhameera.

### 4.1 Oromoo Tuulamaa

Oromoo Tuulamaa ibsuun dura waa'ee Oromoo waliigalaa ilaalchisee dhimmoota gurguddoo kaasuun barbaachisaadha. Kuush hortee dhala namaa bebbeekamoo keessaa isa guddaa yoo ta'u, horteen Kuush kun guddina aadaa, seenaa, artii, dhalachuu amantaa gurguddoofi qubee barreeffamaa bocuun addunyaa kanaaf kan gumaachedha. Sabni Oromoos hortee ilmaan Kuush keessaa isa tokko yoo ta'u, ummata aadaa, duudhaa, seenaafi ooltee bultee bara dheeraafi gabbataa qabudha. Keessumaa aadaafi ilaalcha ykn falaasama ummata kanaa gadi fageenyaan yoo ilaalan barnootaafi iccitii jireenyaa lakkaa'amee hin dhumne, kanneen qaroominaafi beekumsa xabboo hawaasichaa ibsan hedduudha. Sabni gudddaan kun durumaa qabee lafa baddaafi badda daree akkasumas, gammoojjiiwwan Itoophiyaa keessa qubatee ummata jiraachaa tureefi qubataa duraa (pioneer) ta'edha (Alamaayyoofi kan biroo; 2012).

Ummanni Oromoo ummata guddaa Baha Afrikaa, Itoophiyaa dabalatee, Sumaaliyaafi Keeniyaa keessa baay'inaan kan jiraatu yoo ta'u, damee maatii Kuush kan ta'e Afaan Oromoo kan dubbatuudha (Mohammed, 1994). Oromoon barnoota ammayyaa qaroomina har'aa addunyaan fiixee beekumsaa ittiin yaabbate osoo hin qabaatiin, Sirna bulchiinsa walxaxaafi qorannoo waggoota hedduu fudhachuu danda'u, kan jiruufi jireenya namaa karaa hedduudhaan gurmeessee hogganu, Sirna Gadaa; dimokraasii dhugaatiin wal bulachaa dhufee jira. Gadaan Oromoo waliin walitti hidhata cimaa ta'e qaba. Jireenya hawaasa Oromoo guyyaa guyyaa keessatti hiika addaa kan qabuufi raawwiin jireenyaa martinuu qajeelfama Sirna Gadaa jalatti kan raawwatudha. Sirna Gadaa isaa keessattis uumama maraaf heeraafi seera kan qabu yoo ta'u, uumama maraafis eegumsaafi kunuunsa gahaa kan taasisudha (Alamaayyoofi kanneen biroo; 1998, Asmarom; 1973).

Alamaayyoofi kan biroo (2012; 141) akka ibsanitti; Oromoon gosoota gurguddoo hidda latinsa hortee Booranaafi Bareentuu ta'an kanneen akka Maccaafi Tuulamaa, Boorana (Sabboofi Goona), Arsii (Sikkoofi Mando), Karrayyuu (Baasoofi Dullacha), Gujii (Kontomaafi Daarimuu), Ituu (Kuraafi Galaan), Humbannaa (Anniyyaafi Arfan Qalloo), Walloo (Raayyaafi Asaboo), Gabra, Wayyuu, Jiillee kan qabudha. Kanneen keessaa tokko Oromoo Tuulamaa yoo ta'u, hortee

damee Baroo-aantuu ta'ee aadaa uumamaa isa ganamaa bu'uura eenyummaa saba Oromoo kan ta'e Sirna Gadaan bulaa kan ture angafootaafi isaan gurguddoo keessaa isa tokkodha.

### 4.2 Hidda Latinsaa Oromoo Tuulamaa

Akka odeeffannoo manguddoota Tuulamaatti, dhaloonni Oromoo jalqaba Horo irraa akka ka'e himu. Hundee dhalootaa lakkaawwatanii isatti galchu (Alamaayyoofi kan biroo; 2015: 154). Kunis haala itti aanuun dhiyaateera.


**Taattoo 1: Maatii Oromoo (Horo-Abbaa Oromoo Hore)**

Horo
Oromoo
Boorana Bareentummaa
Saammalo
Gurraacha
Nagawoo
Odaa
Walaabu
Marrawwa
Raayyaa
Tuulama Macca

Akka afseenaa (oral narration) hawaasichaatti; Horo nama duraan Waaqni uume. Kophaa isaa otoo jiratuu milluu Waaqaatiin nama lama ta'e jedhu. Namni lammataa kunis Hawwaa jedhamti. Ishiinis dubartii duraafi haadha Oromoo deesse jedhanii dubbatu. Manguddoonni kun itti fufuun Horo iddoo Waaqayyo itti uume Walaabu keessatti akka ta'eefi Walaabus biyya supheen nama itti taate jedhanii dubbatu. Kunis Waaqayyo suphee lafaa fuudhee bishaaniin makuun afuura itti baafatee akka Horo nama godhee uume himu. Kanarraa ka'uun Walaabu yaa biyya dhalootaa jedhu. Walaabu kun isa amma Madda Walaabuu jechuun waamnu ta'uufi dhiisuu qorannoo dabalataa kan barbaadudha. Kanaaf qorattootaaf banaa gochuun gaariidha.

Tuulamni damee gurguddoo sadii qaba. Isaanis Daacci, Bachoofi Jiille akka ta'anidha. Latiinsa ilmaan Tuulamaa sadan kanas akkaataa itti aanuun haa ilaallu.

**Taattoo 2: Latiinsa Tuulama Sadanii**




*(Madda: Seenaa Oromoo hanga Jaarraa* $16^{ffaa}$)

## 4.3 Qubsuma Oromoon Tuulamaa

Qabiyyee Tuulamaa kan jedhamu Kibbaan Haroo Dambal, Kaabaan hanga Walloo ga'utti, Kibba Bahaan Arsiifi Karrayyuun, Lixaan hanga gosa ilmaan Liiban Maccaatti (Walisoo, Ammayyaafi Kuttaayee)tti Tuulamatu buufatee jira. Kaabaan qabiyyee isaanii ammaa dabalatee kan yeroo ammaa naannoo Amaaraa keessatti daangeffame dur qabiyyee Tuulamaa akka ture himama. Kunis Darraa dabalatee Boorana Wallo keessa jiruufi hanga Kibba Walloo Arxumaafi Jiillee ga'utti biyya diriiree jirudha. Haaluma kanaan qubsuma gosoota Tuulamaa tokko tokkoon akka kanaa gadiitti ilaaluun ni danda'ama. Gosoota Oromoo Shawaa Kaabaafi yeroo ammaa gara Walloo Kibbaatti jiran kan akka Doobbaa, Waayyuufi Oromoo maqaa biyyaan waamaman Laaloo, Maammaa, Geeraa, Gishee (Gichee) Baasoofi Waraanaa (Boolla Warqee) Lichee,

Alkoo Bar, Majatee, Sanbatee akkasumas biyya akka Qawaati (Shawaa Roobiit) Jiilleefi Dhumuugaa irri guddaan hortee Tuulamaan akka wal qabatan ni dubbatama. (Alamaayyoofi Kanneen biroo 2015:150).

**Galaan**: Qubsumni Galaan Kibbaan Tulluu Cuqqaalaa dabalatee Malkaa Hawaasirraa ka'uun gara Kaabaatti hanga walakkeessa Finfinnee biyya jirurra kan buufatedha. Galaan gara Shawaa Kaabaa jiru ammoo Abbichuu, Jidda, Nya'aafi Warra Jaarsoo, Iggu, Aabbu wajjiin gosa Bachoon walqabatee Darraafi Boorana Walloo qabatee tamsa'uun kan jirudha. Galaan Tuulama keessatti hangafa waan ta'eef eebbaafis ta'e seeraa dabe sirreessuuf isa dura kan bu'u hin jiru. Galaaniin iddoo tokko tokkotti Galaalcha warri jedhanii waamanis jiru.

Oromoon gosa Jiillee, Arxumaa, Karrayyuu, Makkannaa, Gujii keessatti gosa Galaan kanaan Galaalcha jedhu. Galaalchi hangafooma qofa otoo hin ta'iin akka Qaalluu ykn Ayyaantuus ta'ee beekama. Gara biraan ammoo Galaalchaan ni dhaadatama."Galaalcha Noolee!, Galaalcha Heennaa...!" jechuun kan dhaadatan yoo ta'u, kunis, tarii Galaalchi hangafa waan ta'eef gosti Qaalluus Galaalcha keessaa waan bahuuf ta'uu danda'a.

Haala addaatiin garuu, Galaalcha Qaalluu jedhanii kan ibsan ni jiru. Kana malee iddoo adda addaatti yaada kana kan cimsan Oromoo gara Kibbaa jiran keessatti, Abbaa Bokkuu (Faga) gosa Galaalchaa keessaa yoo filatan, Qaalluun Gujiillee kan fuudhu intala warra Galaalchaa akka ta'etu himama.

**Obo**: Galaanitti aanee baal'inaafi tamsa'inaan qomoota Daaccii keessaa beekamaadha. Obo mana torbaafi balbala 27 jedhamee beekama. Manneen Oboo torban kanatti qorattoonni tokko tokkos Muloofi Badiis itti maku. Haata'u malee, jarreen kun mana Oboo keessatti balbala Gumbichuu ta'anii argamu. Torban Oboo keessaa gosti hangafti Gumbichu yoo ta'u, itti aanee Gullalleedha. Qubsuma Gumbichuu yoo fudhanne ammoo Galaaniin wal maddii hiriiruun Waliincitii, Caffee Doonsaa (Ejereen) kaasee kan qubate yoo ta'u, kan biraas iddoo sadii beekamoo ta'an buufatee jira. Kunis Shawaa Kaabaa Caancoo, Wasarbii, Muloofi Jidda hanga ga'utti buufatee jira. Achirras darbee hanga Qarree Gowaa gahutti buufateera. Gumbichu mana torban Oboo keessatti hangafa waan ta'eef abbaa seeraa jedhama.

**Gullallee**: Mana Oboo keessatti balbala hedduu kan qabu Gullallee yoo ta'u, isaanis Gullallee mana Beeroofi Gullallee mana Aabbuu jedhamanii beekamu. Kanaan alatti hangafti mana Gullallee Fittaal kan jedhanis ni jiru. Garuu gosti kun mana Beeroos ta'e mana Aabbuu

keessatti hin mul'atu. Kana malee mana Udee, warra Gaaraa, Gullallee Dannabaa kan jedhaman Gullallee yoo ta'anillee mana Aabbuufi mana Beeroo keessatti galchuu hin dandeenye.

Yaayya Gullalleen walqabatee laga Mogor gara mirgaatti dhiisuun Muloofi Gumbichu keessa kutee Finfinnee keessa buufatee jiraata. Qabiyyee Gullallee kan taatee har'a Finfinneefi magaalli kan irratti hundoofte yoo ta'u, kan biraas magaalli Adaamaas qabiyyee Gullallee kan turedha. Sochii kana itti fufuun Galaan keessa kutanii Karrayyuu ykn Fantaallee hanga ga'utti Obbolaa isaa warra torban Oboo wajjin buufateera. Torban Oboo naannoo kana buufatanii jiranis maqaa Corree jedhamuun waamamu. Haata'u malee Corree kan jedhamu lafa gammoojjii bishaan hin qabne jechuudha malee maqaa gosaa miti.

**Eekka:** Torban Oboo keessaa tokko Eekkaadha. Eekkaan Galaan jiddugalaafi Gullalleedhaa gara Baha Finfinnee Laga Qabbannaa qabee gara Bahaatti hanga Gumbichuufi Jidda ga'utti buufatee argama. Innis mana sadii beekamoo qaba. Sadan kunis Koonnoo, Akaakoofi Madaroo jedhamu. Kanneen kunis mana xixiqqaa kan akka Eekkaa Doddee, Qarsaa, Boolee, Gawwaasaafi kkf. of jalatti qabu. Haata'u malee gosa Eekkaa kana irratti ragaan jiru baay'ee muraasa waan ta'eef, qorannoo gara fuulduraatti adeemsifamuuf banaadha. Torban Oboo keessaa kan maqaan hin dhahamiin Oborii yoo ta'u, irra caalaan buufatanii kan jiran Shawaa Kaabaa keessa ta'ee aanaalee Yaayyaafi Gullallee, Jiddaafi Oborii jedhamanii beekaman keessa. Akkasumas Gaamuufi Diigalu kan jedhamanis gosuma torban Oboo yoo ta'an gosuma hafaniin walitti seenanii waan jiraataniif kophaatti baay'inaan hubachuu hin dandeenye.

**Sooddo:** Daaccii keessatti gosti sadaffaan argamu ammoo Sooddo. Isaanis Oditu, Tum'eefi Liiban kan jedhamanidha. Qubsumni Sooddoo Tuulama gara Kibbaafi Kibba Dhihaa Malkaa Hawaasii gara Kibbaatii, hanga Arsiifi ummattoota Kibbaa ga'uttiifi gara Lixaan Walisoon, gara Kaabaatiin ammoo Bachoofi Galaaniin wal daangessa. Wiirtuun amantiifi siyaasaa Sooddoo Odaa Nabee yoo ta'u, kan seerri gosaaf labsamu Odaa Kallachaa irratti jedhama.

Saboonni biraa Sooddootti makaman irra caalaan ummata Guraagee yoo ta'an darbee darbees sabni biraa ni jiru. Sooddo aanaalee Harbuu Culullee, (Sooddoo sadeen) Tolee, Agamjaa, Qarsaa, Bu'iifi Xiyyaa keessatti tamsa'ee kan qubate yoo ta'u, Galaaniifi Bacho keessas baay'inaan jira. Ragaan hammi tokko akka ibsutti, Sooddo keessatti dhalootaan hangafti Oditu jedhu. Isaan keessaa Siiba hangafa. Namoonni tokko tokko Maallimni hangafa jedhanii haa dubbatan malee ragaa hedduun akka mirkaneessutti Maallimni Ayyaantuu akka ta'etu

dubbatama. Sochii qubsumaafi babal'ina manaafi balbaloota ilmaan Daaccii ilaalchisee walkeessa sosocho'aafi qubataa akka turan hubatama.

**Bacho:** Tuulama keessaa bal'inaan Daacciin kan wal gitu Bacho jedhama. Bacho mana jaha (6) balbala soddomii saddeet (38) qaba. Balballi Bachoo qubsumaan walqabatee iddoo shanitti akka argamu hubatama. Isaanis Bacho Warab, Bacho Ejereefi Meetta, Bacho Salaalee, Bacho Darraa, Bacho Booranaa (Walloo) jedhamu.

**Bacho Warab:** Yeroo ammaas ta'e bara dheeraaf naannoo Caffee Bal'oo, Tajii, Sabbata, Tulluu Boolloofi aanaa Iluu keessa jiraatu. Bacho keessattis warri hangafaa Iluu sadan yoo ta'an, Caffee taa'insiifi Saammalo (hayyuun) hedduminaan naannoo kanatti argama. Bacho Warab Tuulama gara Lixaa jiru ta'ee hanga dhaqee daangaa Maccaa (Waliso, Ammayyaafi Kuttaayee) ga'utti buufatee kan jirudha. Bacho Warab yoo jedhamu gosa tokko yookaan gosa murtaa'e tokko qofa kan hammate jechuu miti.

**Bacho Baddaa Ejereefi Meettaa:** Kutaa Bachoo kana keessa kan qubatan irra caalaan gosoota Bachoo kan akka Meettaa, Garasuufi Waajituudha. Kunis aanaalee Ejeree, Walmaraa, Meettaa Bargaa, Dandii keessa qabatanii jiraatu.

**Bacho Salaalee**: Gosti Bachoo irra caalaan naannoo Salaalee qubatan immoo Uru, Garasuufi Waajitu yoo ta'an, isaanis Kuyyuu, Abooteefi Gohaa keessa kan jiraatanidha. Salaalee maqaan jedhamus maqaa Tulluuti malee maqaa gosaa akka hin taane beekamuu qaba.

**Bacho Darraa**: Gosti Bachoo beekamaan Uruufi Meettaa akkasumas Waajituun Galaaniin walmakanii Darraa keessa kan qubatanidha. Bacho Kaabatti babal'atee, Lixaan gammoojjii Abbayyaafi Bahaan gammoojjii Jamaa ce'ee Goojjamiifi Agawu hanga ga'utti gosa buufatee jirudha.

**Bacho Booranaa:** Bacho Booranaa kan jedhaman ammoo Oromoo gara Kaabaa jiraatan Meettaa, Waajituu, Ada'aafi Warra Jaarsoo Galaaniin walqabatee gara Kaabaatti laga Walaqaa ce'uun hanga laga Bashalootti kan qubatanidha. Bacho Booranaa jedhanii kan of waaman Oromoo Walloofi sabaafi sablammoota biroo irraa ittiin adda of baasuufi. Naannoon Booranaa Walloo kun maqaa Meettaa, Wagaloo, Kalalaa, Caaqataafi wkf. jedhamu of keessaa qaba. Bacho Booranaa jedhamee kan beekamu kun Tuulama (Salaalee) Kaabaan alatti waan buufateef irri caalaan Afaan Oromoo dhiisuun Afaan Amaaraa dubbatu. Fakkeenyaaf Abbaa Waalelliny kan ta'an Obbo Mokonnon Kuraash Jimaa dhaloonni isaanii Boorana Walloo ta'anii gosaan Meettaadha.

**Jiille:** Sadeen Tuulamaa gurguddoo keessaa tokko Oromoo Jiilleeti. Innis Tuulama Kibbaa ta'uun ni beekama. Jiille Oromoo damee Booranaafi Gujiif hundee akka ta'e dubbatama. Jiillee Kibbaa Tuulama aanaalee Dugda Booraa, Adaamii Tulluu, Jiddoo Kombolchaa, Wanjii, Gafarsaafi wkf. keessa buufatanii jiraatu. Jiilleen aadaa gosa Oromoo Tuulamaafi Sirna Gadaa Oromoo akka gaariitti qabatee kan jiraatudha.

**Arxumaafi Jiillee**: Oromoon Shawaa Kaabaa naannoo Amaaraafi Oromiyaa (Walloo) jiran gosoota Jiillee, Karrayyuufi Makkannaa yoo jedhaman jarreen kun Tuulama himatu. Kan hafan Warra Qaalluu, Qoriifi Fuurseen ammoo Baarentummaa himatu. Dhumarratti Oromoon gosa Tuulamaa damee gurguddaa sadii Daacci, Bachoofi Jiille durii qabee naannoo amma qubatan kana jiraachaa akka turan ni dubbatu. Qubsumni Tuulamaas yeroo dheeraaf naannoo jiddugala Itoophiyaa kanarra buufatanii jiraachaa akka turan lakkoofsa Gadaatiin dhugoomsuuf yaaliin godhameera. Kunis biyya Hora ja'an Waaqayyoofi biyya Tulluu saddeettan Waaqayyoo akka jedhamee waamamu manguddoonni Tuulamaa ragaa ta'u (Alamaayyoofi kanneen biroo; 2015).




**Qubsuma Oromoo Tuulamaa-Madda:** ***Seenaa Oromoo Hanga Jaaraa 16ffaa***

Waa'een Oromoo Tuulamaa yoo ka'u kan hafuu hin qabneefi ibsamuu qabu Odaa Nabeeti. Odaan Nabee Odaalee seenaa Oromoo keessatti wiirtuu amantiifi siyaasa Oromoota maraafi boodas teessoo Gadaa Tuulamaa kan turedha. Alamaayyoon (1996) odeeffannoo manguddoota Tuulamaa jila Gadaa Odaa Nabee bara 1993 hirmaatan wabeeffachuun akka Odaa Nabee jalatti Abbootiin Gadaa erga Gumii /yaa'ii/ Gadaa gaggeessuu eegalanii jaarraa dheeraa ta'eera. Manguddoota Galaan keessaa kan marsaa Gadaa fayyadamuun dhaha lakkaa'uu beekan seenaa Odaa Nabee dhaloota hedduu duubatti deemsisanii himu. Akka manguddoonni dubbatanitti, Odaan Nabee erga wiirtuu Gadaa ta'ee Gumiin jala taa'uu qabee marsaa Gadaa dhibba lamaafi digdamii shan (225) ykn umurii waggoota 1800 (225x8) akka qabu oddeeffannoo Abbootii Gadaa isaan duraa irraa akka argatan himuun dubbataniiru. Kun immoo yeroo ammaa irra dhaabbannee yoo duubatti lakkoofne waggaa 1810 (kuma tokkoofi dhibba saddeetiifi kudhan) akka ta'u mul'isa. Yoo lakkoofsi marsaa Gadaa kun sirrii ta'e Odaan Nabee jaarraa 2$^{ffaa}$ ykn dhaloota Kiristoosiin booda naannoo bara 196 tajaajila kennaa turuu isaa nu hubachiisa.

Akkuma daangaa qorannichaa jalatti ibsametti; qe'ee Oromoo Tuulamaa bal'aa keessaa iddoo qorannoon kun irratti xiyyeeffatu iddoo Uumama Ulfoo Hora Finfinnee dabalatee, aanaalee lamaafi (Aanaa Liiban Cuqqaalaafi Ada'aa) caaseffama duriitiin magaalota aanaaleen kun keessatti argaman sadii (Bishooftuu, Duukamiifi Galaan); caaseffama ammaatiin ammoo Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuuti.

Naannoo qorannoon kun itti gaggeeffamu bal'inaan qubatee kan jirus ilmaan Tuulamaa sadanidha. Keessattuu dachee Oromoo ganamaa kan taate Horri Finfinnee ykn Finfinneen qabiyyee gosa Oromoo Tuulamaa (Torban Oboofi ja'an Galaan) irratti kan hundeeffamtedha (Alamaayyoofi ka biroo; 2012: 97). Torban Oboo keessaa ammoo Gullalleen, Eekkaafi Gumbichuun jiraattota durii dachee Finfinneeti. Kan biraa bal'inaan naannoo qorannoon kun haguugu kan jiraatan gosa Galaani. Galaan Kibbaan Tulluu Cuqqaalaa dabalatee Malkaa Hawaas irraa ka'uun gara Kaabaatti hanga walakkeessa Finfinnee biyya jirurra qubateera kan jirudha. Galaan gara Shawaa Kaabaa jirummoo Abbichuu, Jidda, Nya'aafi Warra Jaarsoo, Iggu, Aabbu wajjin gosa Bachoon walqabatee Darraafi Boorana Walloo qabatee tamsa'uun kan jirudha (Alamaayyoofi ka biroo 2012; 185).

Iddoon argama Finfinnee Afrikaa Bahaa digirii sardalgee (latitude) 90K (Kaaba)fi digirii sarolee (longitude) 390 B (Baharratti) argamti. Haalli qilleensa ishees baddaafi badda dareedha. Haalli qilleensaa Aanaalee (Liiban Cuqqaalaafi Ada'aa) qorannoon kun haguuguu baddaa, badda

dareefi gammoojjii yoo ta’u, Finfinnee irraas giddugaleessaa inni xiqqaan Km 27, inni guddaan ammoo KM 84 fagaatanii argamu. Magaalota Kibba Bahaafi Kibba Finfinneetti argamaniifi saffisaan guddachaafi babal’achaa jiran keessaa ammoo magaalonni Galaan, Duukamiifi Bishooftuu isaan tokko yoo ta’u, Finfinnee irraa walduraaduubaan kilomeetira 27, 35fi 47 fagaatanii argamu. Ho’insi qilleensaa magaalota kanneenii gadi aanaan $10^0$c yoo ta’u, olaanaan ammoo $26.9^0$c. Olka’insi lafaa naannoleen qorannoo kunneen galaana irraa qabanis inni guddaan hanga M. 2989 (Tulluu Cuqqaalaafi Erer) akka gahudha (Kaasayee, 2004; Addis 2005). Haalli qilleensaa naannoo qorannoo kanaa oomisha midhaanii akaakuu adda addaatiifis mijataa kan ta’edha.

Ragaaleen jiraalee Aadaafi Tuurizimii Aanaaleefi Magaalotaa irraa argaman akka addeessanitti; naannoo qorannoo kana saboonni, sablammoonniifi ummattoonni adda addaa kan jiraatan yoo ta’u, Waaqefannaa dabalatee amantiiwwan adda addaa (Ortodoksii, Islaamaa, Pirootestaantii) ummanni hordofanis keessa kan jiraatanidha, Iddooleen naannoo qorannoo kunneen Oromoo Tuulamaa wajjin hidhata guddaa kan qabaniifi baay’inaan wiirtuuleen Ardaa Jilaafi amantii Waaqeffannaa ummatichaa kan keessatti argamanidha. Uumama Ulfoo ykn Ardaalee Ulfoo naannoo kanneenitti argaman keessaa isaan gurguddoon Odaa Nabee, Caffee Tumaa, Caffee Abbaa Muudaa/ Caffee Dongoraa, Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaa, Tulluu Cuqqaalaa, Tulluu Erer Kormaafi wkf nidha. Kana malees haroowwan Ulfoo kanneen akka Hora Finfinnee, Hora Harsadii, Hora Kiilolee, Hora Hadhoo, Hora Ereriifi qabeenyaalee uumamaa hedduu kan ofkeessaa qabanidha.

Oromoon Tuulama akkuma Oromoota biroo aadaa walgargarsaa bal’aa qaba. Sabni Oromoo bu’uura dhuudhalee jaarraa dheeraa keessatti waliin ijaarateen aadaa walgargaarsaa boonsaa qabuun qabeenya, humnafi beekumsa walitti qindeessuun jiruuf jireenya baroota dheeraa keessa qaxamuruun hara’a gaheera. Tuulamni duudhalee bu’uura Sirna Gadaa hordofuun akkuma Oromoota biroo qabeenya, humnaafi beekkomsa walitti qindeeffachuun ittiin wal gargaara; ittiin wal utuba ykn wal kaba. Tuulamni jiruufi jireenya gamtaa waliinii keessatti aadaa boonsaa hojii kamiyyuu irratti gamtaan waliin hojjechuu, wal gargaaruu, wal wajjin jiraachuu ni qaba. Gaafa gaddaafi gammachuu, gaafa rakkoofi xiiqii, hammeenyattis ta’ee gaariitti, tolaattis ta’ee badaatti, waliif birmachuun, wal deeggaruun, wal gargaaruun, wal utubuun, wal hirphuun, wal cinaa dhaabbachuun Ummata Tuulamaa biratti baay’ee beekkamaadha. Keessattuu nama humna hin qabneefi rakkataa gargaaruun, hirphuun, gumaata godhuufiin Ummata Oromoo biroo biratti

beekkamu Oromoo Tuulamaa biratti aadaa baay’ee beekkamudha. Aadaa wal gargaarsaa boonsaa Oromoon Tuulamaa qabu keessaa kanneen akka: Gumaataa, Daboo, Jigii, Bahii, Qaboo,  Daadoo, Ganamee, Waanfala, Dabaree, Hiribbii Ykn Ribbii, Hirpha, Handhuuraafi kkf eeruun ni danda’ama.

Jiruufi jireenyi Oromoo Tuulamaa kan hundaa’e qonnaafi horsiisa loonii yoo ta’u, halli qilleensa ishees kanaaf baay’ee mijataa akka ta’edha. Hawaasichi oomisha midhaanii kanneen akka xaafii, qamadii, boqqolloo, garbuufi kkf baay’ee kan beekkamu yoo ta’u, Oromoon Tuulamaa akka naannoo Oromiyaattis ta’ee akka biyyaatti xaafii adii Ada’aatti oomishamuun fakkeenyummaa guddaa kan qabudha. Oomisha kudhuraafi muduraatiinis dacheen Oromoo Tuulamaa dinagdee Oromiyaas ta’ee, biyyattii utubuu keessatti gumaachaa olaanaa akka qabdudha.

## Boqonnaa Shan: Dhiyeessaafi Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen mala funaansa ragaa karaa daawwannaa hirmaachisaa, afgaaffii, marii garee xiyyeeffannaafi sakatta'insa dokimentiitiin madda ragaalee tokkoffaafi lammaffaa irraa walitti qabaman akaakuu isaaniitiin tartiibeffamanii erga adeemsaan sarxeeffamanii booda, qorannoo kana keessatti mala akkamtaatiin ibsamanii kan qaacceffaman, akkaataa armaan gadiitiin hiikni itti kennamaniiru.

### 5.1 Hariiroo Oromoo Tuulamaafi Uumamaa

Akkuma sakatta'insa barruufi iddoo adda addaatti ibsamaa ture; akka ilaalchaafi falaasama Oromootti Oromoofi uumamni hidhata ykn hariiroo cimaa kan qabanidha. Oromoon Tuulamaas uumama wajjin hariiroo inni qabu, hariiroo hundaa oliiti. Hariiroo nama wajjin qabu caalaa hariiroo uumama wajjin qabutu baay'ee olaanaadha (Yuuba Caalaa Soorii, ragaa MGX2). Akka odeeffattoota kanneeniitti; "Oromoon uumama kana keessa jiraata; uumama kanattis fayyadama; uumama kanaanis aadaa isaa gaggeeffata. Uumamni kun hin jiru taanaan, Oromoonis hin jiru; aadaan isaas hin jiru." kan jedhudha. Kun kan agarsiisu, hawaasichi jiruufi jireenya isaa kamiyyuu keessatti, aadaa isaa kamiyyuu keessatti uumama wajjin hariiroo ykn hidhata cimaa qabaachuu isaati. Oromoon Tuulamaa yoomessa kamiyyuu keessatti, sirnaafi raawwii kamirrattuu, jechuunis: kadhannaa, eebba, Waaqeffanna, dalagaa ykn hojii kamiyyuu keessatti, gammachuufi gadda isaa kamiyyuu keessatti uumama wajjin hidhata ykn hariiroo qabu kan ibsatu ta'uu agarsiisa. Akka ragaa qorannoo kanaatti; Oromoon Tuulamaa bakka jiru hundatti, naannoo jiru hundatti uumamaan (uumama qabatee) Uumaa (Waaqa) isaa qunnama; Uumaa isaa kadhata. Bakka jirutti waan Waaqni uume sanatti, uumama sana qabatee Uumaa kadhata; Uumaa wajjin walqunnama.

Akka ragaan qorannoo kanaa mirkaneessutti: Oromoon Tuulamaa bakka Ardaalee Jilaa bahu kamittuu, Odaa Nabee Odaa Nabee, Caffee Abbaa Muudaa ykn Caffee Dogoraa, Caffee Tumaafi Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaa, bakkeewwan ykn iddoowwan Ulfoo bahu kamittuu jechuunis: Tulluu, Malkaa, bakka Waaqeffanaa, Ardaalee Irreechaafi kkf. hundatti hariiroo uumamaafi Uumaa wajjin qabu ni ibsata.

Akka odeeffataa Miidhagsoo Gurmuutti jedhanitti; Tuulamni hariiroon inni uumama waliin qabu duudhadhaan kan dhufedha; hundee qabeessa; kan Waaqaan walitti qabatudha. Kun kan agarsiisu hariiroo hawaasichi uumamaafi Uumaa itti ibsatu abaabileefi akaakilee irraa

duudhaadhaan kan dhufe, yoomiyyuu kan jiru akka ta'e, dhalootaa dhalootatti darbaa akka dhufe, ammas beekumsiifi falaasamichi hawaasicha keessa kan jiru, hawaasichi jiruufi jireenya isaa mara keessatti hariiroo uumaafi Uumamaaf qabu kan ibsatu ta'uu, hariiroon kun bakkaafi yeroon kan hin daageffamne ta'uu isaati.

Gabaabumatti, ilaalchi Oromoon Tuulamaa Uumaafi uumamaaf qabu, yoomessa hawaasichi uumamafi Uumaa ittiin ibsatu durii kaasee waloon qabaachaa kan ture, seenaa jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti bu'uuramee kan guddatee, dagaage ta'uu ragaan qorannichaa sirriitti ifa godha. Akka ragaan qorannoo MGX2 irraa argame mul'isutti; Oromoon uumama wajjin wanti inni qabu hundi, Sirna Gadaatiin kan wal qabatudha. Kunis kan mirkaneessu Sirni Gadaa uumama maraaf kunuunsaafi eegumsa guddaa kan taasisu; Gadaanis uumamaaf bakka guddaa kan kennu ta'uu isaati. Ragaan qorannoo MGX1 irraa argame yaada kana yoo cimsu "Uumamni Uumaa isaa kabajee oolee akka buluuf: bineensa, allaattiif, sinbiraaf, makaafillee, lafaafillee, uumama hundaafillee tumaa tumee, akkaataa Uumaafi uumamaatiin walkabajee bula" jedha. Kun kan agarsiisu hawaasichi uumama mara wajjin hidhata cimaa qabaachuu isaati.

Uumama yoo jennu yaada bal'aafi waan baay'ee kan ofkeessatti qabatudha. Namni mataan isaa uumama Waaqayyo uume keessa isa tokkodha. Akkuma seensa keessatti ibsuuf yaalametti, qorannoon kun hariiroo namaafi uumama gidduu jiru ilaalchisee kan irratti xiyyeeffatu hariiroo ummatichi Uumama Ulfoo *(kanneen akka Tulluu, dachee, Malkaa yk Hora, Ardaalee Jilaafi wkf)* wajjin qabu, hariiroo ummatichi mukkeewwan ykn biqiltootaafi bineeldota (bineensota) wajjin qabu qofa irrattidha. Ragaaleen qorannoo kanaaf walitti qabamanis dhimmoota kanneen qofa bu'uura godhachuun akkaataa itti aanuun xiinxalamanii jiru.

## 5.2 Hariiroo Ummatichaafi Uumama Ulfoo

Akkuma hayyoonni kanneen akka Tasammaa (2012), Malkaamuu (2016), Lammeessaa (2012), Tarrafaafi Waaqtolee (2017), Asafaa (2019), Alamaayyoofi kanneen biroo (1998) sakatta'insa barruu keessatti Oromoon Uumama Ulfoo ykn Bakkeewwaan Ulfoo wajjin hidhataafi hariiroo cimaa akka qabu jabeessanii ibsanitti; ragaaleen karaa tooftaa adda addaatiin maddoota ragaa tokkoffaafi lammaffaa irraa qorannoo kanaaf walitti qabaman akka mirkaneessanitti Oromoon Tuulamaas Uumama Ulfoo naannoo isaatti argaman waliin hidhataafi hariiroo cimaa akka qabudha. Akka ragaalee walitti qabaman mirkaneessutti; iddoowwan kunneen Oromoo

Tuulamaa biratti iddoo olaanaa kan qabanidha; kabaja, akkasumas safuufi safeeffannaa guddaas qabu.

Naannoo qorannoon kun haguugetti: Ardaaleen ykn Uumamni Ulfoo Oromoo Tuulamaa biratti iddoo olaanaafi kabajaa guddaa qaban kanneen akka Odaa Nabee, Caffee Abbaa Muudaa/ Caffee Dongoraa, Caffee Tumaa, Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaa, Tulluu Cuqqaalaafi Tulluu Erer Kormaa, Hora Arsadiifi Finfinnee akka ta'an ragaaleen qorannoo kanaa ni agarsiisa. Hawaasichi iddoowwan Uumama Ulfoo kanneen sagalee Waaqayyootu jira jedhee amana. Iddoowwan kanneenitti Waaqa isaa galateeffata; Waaqa isaas dhugeeffata; safeeffatas. Iddoowwan Uumama Ulfoo kanneenitti bahuun araaraan Waaqa isaatti dhiyaata; araaras kadhata; nageenya labsa; rooba kadhata. Gabaabumatti bakkeewwan Uumama ykn Ardaa Ulfoo Oromoo Tuulamaa akkaataa itti aanuun ragaalee qorannichaa dhiyeessuu, qaaccessuufi hiika itti kennuuf yaalameera. Ragaan MGX1 irraa argames yaada kana akkas jechuun cimsa.

> *Bakki Ulfoon bakka waan gaarii itti argatanidha. Bakka Waaqa itti kadhatanidha. Bakka Waaqaan itti wal arganidhas. Bakki kun bakka Oromoon aadaa isaa, Sirna Gadaa isaa itti gaggeeffatudha. Bakka kanatti wanta gaarii malee, wanta hamaa irratti hin raawwatani. Bakka kana hin xureessani; muka irraa hin murani; irrattis wal hin ajjeessani. Bakka Ulfoo kanatti kan wal ajjeese, horee ulfina hin argatu; jiraatee jireenya hin argatu. Lafa Waaqa itti kadhatanitti cubbuu hin hojjetan waan ta'eef.*

Ragaan qorannoo armaan olii kan mirkaneessu; Oromoon Tuulamaa Iddoo Ulfoo wajjin hariiroo cimaa qabaachuu isaati; kabajaafi kunuunsa guddaas kan kennuufidha. Bakki kun bakka hawaasicha aadaafi Sirna Gadaa isaa itti gaggeeffatu waan ta'ee, cubbuu achitti hojjechuun, bakka Ulfoo kanatti lubbuu baasuun, waan yaraa ykn hamtuu irratti dalaguun kan hin danda'amne ta'uudha.

### 5.2.1Ardaa Jilaa Ulfoo – Odaa Nabee



**Suuraa 2:** Odaa Nabee: Sirna Gadaafi Siyaasa Oromoo Tuulamaa (1996)

Akka afgaaffii Yuuba Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Soorii, Miidhaksoo Gurmuu, Hayyuu seenaafi aadaa kan ta'an Obbo Alamaayyoo Hayilee irraa hubachuun danda'ametti Odaan Nabee Oromoo Tuulamaa biratti kabajaa guddaa kan qabuufi iddoo ***Ulfoo*** jilli Gadaa waggoota saddeet saddeetiin itti gaggeeffamudha. Ardaa Ulfoo Oromoo Tuulamaa isa hangafaa ykn jalqabaa jedhamuunis hawaasicha biratti beekkama. Oromoon Tuulamaas waggaa saddeet saddeetiin itti godaanuun jila Gadaa isaa itti baha.

Akka afgaaffii hayyuu seenaafi aadaa Obbo Alamaayyoo Hayilee irraa hubachuun danda'ametti, Odaa Nabee osoo hin deemne dura ***"Yaa'iin Bantii Ykn Yaa'iin Dhugaa Baasuu"*** kan jedhamu bakkaa bakkatti taa'ama. Akka hayyuun kun jedhanitti Sirna Gadaa Tuulamaa keessatti yaa'ii saditu jira. Yaa'iin jalqabaa ***Yaa'iin Bantii*** **ykn** ***Dhugaa Baasuu*** kan jedhamudha. Kun yaa'ii Gadaa isa jalqabaa yoo ta'u, kan warreen Dooroma keessa jiran sadarkaa isaanii xumuranii, buttaa qaluun Luba ykn Gadooma isaanii qabatanii akkamitti biyya bulchuu akka danda'an, heerriifi seerri Gadaa jiran maal akka fakkaatan, akkamitti deemuu akka qabaniifi kanneen kana

fakkaatu ilaalchisee yeroo gamaaggama ykn qorannaa itti gaggeessanidha. Yaa'ii seera aggaamuu jedhamees beekkama. Akka oddeeffataan kun nuuf dhugoomsutti; seera kan itti qoratan, kan itti baran, kan itti sakatta'anidha. Kan lammaffaa ***Yaa'ii Dagaagaa*** jedhama. Gadooma seenanii (Baallii fudhatanii) waggaa 4ffaa irratti haala hojii turtii Gadooma isaanii itti qoratan ykn gamaaggamanidha. Yaa'ii kanatti hanqinaaleefi ciminaalee jiran kan adda itti baasan, ciminaalee jiran daran cimsaa, hanqinaalee adda bahan yeroo hafe keessatti kan itti sirreessan ta'uu kallattii kan itti kaa'anidha. Yaa'ii sadaffaan ***Yaa'ii Odaa*** jedhama. Yaa'iin kun Gumii Sabaa ykn yaa'ii waliigalaa jedhamee kan beekkamu yoo ta'u, kan heerriifi seerri waliigalaa, kan biyyaafi biyyoo, kan ambaafi firaa itti lallabamudha.

Yaa'ii Bantii ykn Yaa'ii Dhugaa Baasuu kanatti Gogeessi ykn Miseensi Gadaan Shananuu Malkaa Dubbisaa /Laga Awaas/ irratti walgahanii qalanii, ariirratanii, dhibaafatanii, irreeffatanii, waliin nyaatanii, waliin mijuu unatanii, wal eebbisanii dhimmoota hawaasummaa, bulchiinsaa, duudhaa, dhimmoota safuufi safeeffanaa irratti mari'achuun qophiin jila Odaa Nabee haala akkamiin ta'uu akka qabu,  hirmaannaan hawaasaa mal akka ta'uu qabu, akkamittiin akka godaanamuu qabuufi kkf. ilaalchisee haalduree kaawwatanii addaan galu. Guyyaan jila Odaa Nabeetti godaananis dursee murtaa'a. Kan farda hin qabne farda bitata. Abbaan Gadaa kan Gadaa of harkaa qabu dursee luboota ykn hayyoota waliin mari'atee warra waan Waaqaa beekaniin guyyaa godaansa Jilaa murtessa. Gadaan Arfaasaa godaanti. Godaansi Gadaa yeroo baay'ee ji'a Eblaa keessa raawwata.

Akka afgaaffii odeeffattoota ijoo irraa hubachuun danda'amutti, Gadaan yoo godaanuuf jedhu dura Gadaa isa dursee jiru, hangafa harka fuudha. Fakkeenyaaf, Birmajiin yoo godaanuuf jedhu Roobaleedhaan ***"Na ofkalchi"*** jedhee ofkaltii gaafata. Kun kan agarsiisu miseensi Birmajii yoo godaanu; addaafi addanyaa akka argatu, imalli milkii akka taatuuf, gufuufii gufaatuun akka isa hin arganneef, dhortuufi mortuun akka isa hin dandeenyeef miseensa Raabalee tufa ykn eebbaa ykn ofkaltii gaafachuudha. Gaafa Caffee godaanan sana Gogeessi Gadaan Shanan, Foolleefi Dabballeenis waliin gadaanu. Akka afgaaffii Yuuba Caalaa Soorii irraa hubachuun danda'amutti, dur Oromoon Odaa Nabeetti yoo godaanu dursa muka birbirsaa udduun biyyeefi hidda isaa wajjin maaxee (buqqisee) Odaa Nabeettii akka fidu godhama. Birbirsi kun kan argamu yeroo baay'ee Tulluu Cuqqaalaafi Laga Hawaas irraa yoo ta'u, kan achii fidus Foolleedha. Foolleen akaakuu biqiltuu kanaa yeroo fidan iddoo birootti hin goran; hanga Odaa Nabee gahanittis birbirsa kana lafa hin godhan; safuudha waan ta'eef. Akka tasaa rakkatanii karaarra kan bulan

yoo ta'e illee, birbirsa kana jilba isaanii irratti qabatanii hirkatanii bulu malee hanga Odaa Nabee gahanitti lafa hin kaa'an; mana namaattis hin goran. Hanga birbirsi kun dhufuttis Gadaan Odaa Nabeetti walgahe waa tokko dalaguu hin danda'u. Kun kan mul'isu; waan duudhaa, waan jifuu, waan hoodaa bakka Ulfoo ykn uumaa isaa osoo hin gahuun iddoo birootti goruu akka hin qabne, hanga waan jifuu ykn waan duudhaa dhufuttis hojiin Gadaa kamiyyuu akka hin eegalledha. Waan jifuu iddoo Ulfoo osoo hin gahiin bakka biroo qabachuu akka hin qabnes akeeka.

Akka Heera Gadaa Tuulamaatti; Odaa Nabeetti Abbaan Faajjii Tuulamaa dursa faajjii isaa (alaabaa) dhaaba. Itti aansee birbirsa Foolleen fidetu dhaabbata. Sababa mancaatii bosonaatiin garuu birbirsa kana hara'a Tulluu Cuqqaalaatii argachuun rakkoo ta'aa akka jiru odeeffataan kun ni eera. Ulfaan hundinuu bakka faajjiin dhaabbate kana bula. Ulfaan qofaa hin dhufu korma waliin dhufa. Korma sana hangafaaf quxisuudhaan ariirratanii ykn eebbifatanii qalatu. Gogaa kormaa Odaa Nabeetti qalamu waan biraatiif hin olchan; babbaqasanii yaa'iif qoodanii miidhachaafi gaadii godhatu. Kun kan agariisu Warra Jilaa ta'uu isaanii kan itti agarsiisan, waan ariirratan kunis kan milkiifi kan hormaataa akka isaaniif ta'u kan itti ibsatanidha.

Jila Odaa Nabeetti osoo waan biratti hin seeniin dura, ***"Tuulama Sadan dhiyattee?"*** jedhee hayyuun ni gafata. Miseensi hunduu dhiyaachuu isaa yoo mirkaneessanis ***"Eeyyee dhiyaate"*** jedhu. ***"Warri jila kanarraa oole ammaa jalqabee hafaadha, jigaadha"*** jedhee hayyuun ifa godha. Akka hayyuu aadaafi seenaa Obbo Alamaayyoo Hayilee irraa odeeffachuun danda'ametti, warri jila godaansa Odaa Nabee irraa hafan: warra seera irraa hafan, warra seerri itti jige, warra seera Gadaa irraa hafe, warra iddoo Ulfoo irraa oole jedhamuun seerri itti lallabama. Kun aadaa irraa ooluu, bakka Ulfoo irraa ooluu, jifuu guutuu dhiisuu, heera aadaa guutuu dhiisuu, aadmalee ta'uu agarsiisa. Ragaan qorannoo hayyuu kana irraa argame akka agarsiisutti; miseensi Gadaa ykn namni tokko hanga fedhellee yoo rakkate, haga fedhellee hiyyoomus margallee ta'u qabatee ***Odaa Nabeetti, bakka Jila Ulfootti*** godaana malee hafuun seera maleessa akka ta'e, Gadaa irraa mulquunis akka danda'amu, godaansa ***Ardaa Ulfoo – Odaa Nabee*** irraa hafuun aadmalee akka ta'edha. Akka Alamaayyoofi kanneen biroo (1998) jedhanitti namni jila kana irraa hafe ***"Salleettii"*** jedhama. Salleettii jechuun nama aadaafi duudhaa Oromoo irraa cite, eenyummaa isaa laaffise, seera Gadaan buluu dagate jechuudha.

Ardaan ***Ulfoon – Odaan Nabee*** Oromoo Tuulamaatiif Ardaa jaalalaa, nageenyaa, Ardaa mariifi araaraati. Akka ragaaleen qorannichaa ibsanitti; Odaa Nabeetti dhimmi guddaan irratti mari'atan

keessaa “Barri Gadaa darbee akkam ture? Bara itti aanu akkamiin waliin itti fufna” jedhanii bal’inaan walqoratu; walgaafatu; namni nama ajjeese, namni yakka rawwate, kan duudhaafi safuu cabse, namni heeraafi seera cabse addaan bahee qoratama.

Akka afgaaffii Yuuba Caalaa Soorii irraa hubachuun danda’ametti, Odaa Nabeetti seerri Gadaa hin tumamu. Odaan Nabee bakka araarri itti raawwatamudha. Waggaa saddeet saddeetiin Oromoon Odaa Nabee kan taa’uuf wal qulqulleessuufidha. Namni Gadaatti dhufe hunduu Bokkuu, Caaccuu, waan ulfaa qabatee dhufee araara ykn aagii walgaafata. Achitti walgahee ***“Kan waldhabe, kan wal lolte Gumaa baaftee?”*** jedhee walgaafata. ***“Harki kee qulqulluudhaa? Harki kee qulqulluu yoo hin taane Caffee itti aanutti (Caffee Dongoraa/ Abbaa Muudaa, Caffee Tumaafi Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaatti hin dabartu”*** jedhee wal akeekkachiisa. ***“Namaan wal loltee araaramteettaa?”*** jedhees wal gaafata. Kun kan agarsiisu; ***Ardaan Ulfoo – Odaan Nabee*** bakka Oromoon Tuulamaa wal dhabdee isaa mariifi marabbaadhaan itti furatudha; Ardaa nageenyaafi araaraati; Ardaa dhiifamaati. *Ardaan Ulfoon* kun bakka Oromoon Tuulamaa garaa qulqulluun, qalbii qulqulluun, haaloo ykn gadoofi hijaa baafannaa tokko malee nageenyaafi araara itti labsudha. Kan haaloo, jibbaafi wal dhabdee wal irraa qabu osoo hin araaramiin ykn osoo nageenya hin buusiin, kan ajjeese gumaa osoo hin baasiin, kan harki isaa qulqulluu hin ta’iin Ardaa Ulfoo kana hin dhaqu; akka aadaa ummatichaattis dhorkaadha.

Akka duudhaa Oromoo Tuulamaa ganamaatti, Odaa Nabeetti osoo hin godaaniin dura Abbootiin Gadaa Araddaa ykn Caffee isaaniitti, caaseffama sadarkaa sadarkaan jiruun rakkoo jiru hiiku; kan wal dhabe walitti araarsu; kan wal ajjeese gumaa akka baasu godhu. Kanaaf, Odaan Nabee ***Ardaa Ulfoo*** araarri Waaqaa itti bu’u, ***Ardaa Ulfoo*** wal qulqulleessuun itti gaggeeffamudha. Odeeffataan Miidhaksoo Gurmuu dhimma kana yoo cimsu “Odoo Nabee jalatti seeratu qulqullaa’a; namni dhara hojjatte, fafee hojjatte yoo jiraatte dafii dhugaa baasi, jedhanii osoo jilli Gadaa hin gaggeeffamnin lallabu” jedha. Kunis ***Ardaa Ulfoo*** kana Osoo hin dhaqiin dura rakkoo jiru dursanii hiikuu, dursanii qulqullaa’uu agarsiisa. Oromoon dubbii isaa keessatti, “**Yoo namni walitti araarame, Waaqnis namatti araarama”** kan jedhuufis kanumaafi.

Alamaayyoofi kanneen biroos (1998) dhimma kan yoo cimsan ***“Odaan Nabee lafa araaraafi Ardaa Tarreeti”*** jedhu. Bakka mariin dhimmoota siyaasaafi dinagdee ykn jiruufi jireenya ummataa itti gaggeeffamudha. Kan haaloo wal irraa qabu, kan ajjeesee Gumaa hin baasiin, kan

wal dhabee hin araaramiin, kan harki isaa qulqulluu hin ta’iin Odaa Nabee dhufee jila akka taa’uuf hin hayyamamu; jila Caffee itti aanus deemuu hin danda’u jedhu. Caalaan (2015) yaa kana yoo cimsu; “Odaa Nabeetti yakka qulqulleessu. Kan wal dhabe walitti araarsu. Kan Gumaa nyaachuu dideefi kan Gumaa kaffaluu dide ofkeessaa baasu. Nama harki xuraaye wajjin Caffee hin godaanan. Dursanii Odaa Nabeetti qulqulleessu; Odaan Nabee bakka dhugaa waan ta’eef” jedha. Kun kan mirkaneessu Odaan Nabee bakka araaraafi qulqullinaa, bakka namni wal dhabe, wal yakke, wal ajjeesse itti araaramuufi wal qulqulleessu ta’uu isaati. Ragaan qorannoo kanaas kanuma mirkaneessa.

Akka hayyoonni olitti eeraman kunneen jedhanitti; kormi Jilaa Odaa Nabeetti dhyaatu akaakuu lamadha. Tokkoffaan korma kufu yoo ta’u kan lammaffaa korma hin kufnedha. Kormi kufu korma gosaa yoo jedhamu korma gosti hundi qabatee dhufee achitti qalatee, ariirratee, itti dhibaafatee nyaatudha. Korma hin kufne kan jedhamu ammoo korma faloo ykn korma hoodaa jedhamee kan beekamudha. Korma faloo ykn hoodaa kana osoo itti hin bu’iin lubbuu waliin halagaaf kennan. Korma kana marxoo ykn uffata itti hidhanii gadi lakkisu. Kana kan godhaniifis dhibee, cubbuu, waan aadmalee, waan dabduufi hamtuu, gosa irraa ykn Oromoo irraa fudhadhuu deemi jechuudhaafidha. Amma kormi hoodaa sun Odaa Nabee irraa deemee fagaatee arga ijaa jalaa dhokatutti korma gosaa qaluun nyaatan hin kuffisan ykn hin qalan. Kormi hoodaa maallaqa gosti hunduu walitti buusuun bitama malee namni manaa hin fidu. Korma Odaa Nabeefi Caffee Tumaatti qalamu axaaranii, ariirratanii ykn eebbifatanii qalu. Hundumtuu korma Jilaa fudhatee dhufe qalee, waliin nyaatee, wal eebbisee imala isaa gara Caffee Dongoratti/ Caffee Abbaa Muudaatti eegala. Kun kan agarsiisu Odaa Nabeetti jifuu guuttatanii, ariirratanii, eebbifatanii, balleessaafi hamtuu jirtuuf faloo falatanii, wal qulqulleessuun, garaa qulqulluufi harka qulqulluun Ardaa Ulfoo itti aanutti akka adeemanidha.



**Suuraa 3:** Odaa Nabee

Gabaabumatti, akkuma sakatta'insa barruu keessatti ibsame Odaan Oromoo biratti hiika guddaa kan qabudha. Bakka Oromoon jiru hunda Odaan jira; bakka Odaan jiru marattis Oromoon jira. Kun kan agarsiisu Odaafi Oromoon hidhata guddaa kan waliin qaban ta'uudha. Aadaa Oromoo keessatti Odaan muka ulfaataafi eebbifamaadha; iddoo seera itti tumaniifi nageenya itti labsanidha. Odaan Nabee ammoo Oromoo Tuulamaa biratti kabajaa guddaa kan qabuufi iddoo ***Ulfoo*** jilli Gadaa waggoota saddeet saddeetiin itti gaggeeffamudha. Oromoon Tuulamaas waggaa saddeet saddeetiin itti godaanuun jila Gadaa isaa itti baha. Odaa Nabeetti seerri Gadaa hin tumamu. Odaan Nabee bakka araarri itti raawwatamudha. Waggaa saddeet saddeetiin Oromoon Tuulamaa Odaa Nabee kan taa'uuf wal qulqulleessuufidha. Kanaaf Ardaan ***Ulfoon – Odaan Nabee*** Oromoo Tuulamaatiif Ardaa jaalalaa, nageenyaa, Ardaa mariifi araaraati. Ardaa araarri Waaqaa itti bu'u, ***Ardaa Ulfoo*** wal qulqulleessuuti. Ragaan qorannoo kanaas dhimma kana sirriitti mirkaneessee kan jirudha.

### 5.2.2 Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa



**Suuraa 4:** Madda- Kitaaba Duudhaalee Gadaa Tuulamaa (2015)

Iddoowwan ykn Ardoota Ulfoo Sirna Gadaa Tuulamaa waliin hidhata guddaa qaban keessaa Ardaan Caffee Galaan Dongoraa/ Caffeen Abbaa Muudaa isa tokkodha. Iddoon Ulfoo kun Odaa Nabee irraa kallattii Kaaba Bahaa Bulchiinsa Magaalaa Galaan, ganda Caffee Muudaa keessatti kan argamudha. Akka afgaaffii hayyuu seenaafi aadaa Obbo Alamaayyoo Hayilee irraa hubachuun danda'amutti Galaan Dongoraa/ Caffeen Abbaa Muudaa dur Ardaa ykn teessoo Qaalluu Odituu kan Warra Marii Galaan (Galaalchaa) turte. Qaalluun Warra Marii Galaan ykn Qaalluun Daaccii kan gosa Odituu kun jaarraa 12 ffaa keessa akka ajjeefametu dubbatama. Maatiin Warra Qaalluu hammeenya alagaan irra geessisaa tureen Ardaa isaa gadi dhiisee dura Tulluu Cuqqaalatti akka socho'an, boodarras dhiibbaan kun hammaannaan gara Odaa Roobaatti akka socho'anitu himama.

Akka manguddoonni Tuulamaa dubbatanitti bakki kun bakka caffee ykn tirtira ykn dhadhaqii yoo taatu, si'a tokko gadi fageenya isaa safaruuf muka dheeraan dongoranii ilaalanii turan. Isumarraan maqaan Dongoraa jedhu moggaafameef jedhu manguddoonni Oromoo Tuulamaa. Caffee Abbaa Muudaa kan jedhameef ammoo iddoo Qaalluun Odituu Abbootii Gadaa itti muudee eebbise ta'uu isaa wajjin walqabatee kan ittiin waamame ta'uusaa manguddoonni ni eeru. Akka Alamaayyoofi kanneen biroo (1998) jedhanitti ammoo Ardaan ykn iddoon Ulfoo kun

wiirtuuwwan kanneen akka Odaa Roobaafi Madda Walaabuu isaan Baale keessatti argaman akka dursudha.

Caalaa (2015) akka jedhanitti; Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa nama muraasan dhaqu. Garuu ana dabareen geesse, anis dhaquun qaba nama ykn abbaa jedhu dhorkuun hin danda'amu. Haata'uutii Caffee Dongoraa/Caffee Abbaa Muudaa irraa kan hafuu hin dandeenye: Abbootii Seeraa, Abbaa Sadeen Tuulamaa, Abbaa Ja'an Galaan, Abbaa Shanan Jiddaafi Warra Bokkuuti. Kun kan agarsiisu Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa namni hundi dhaquun dirqama akka hin taanedha. Namni ykn qaamni dhaqu barbaadu garuu akka hin dhorkamneefi dhaquufis mirga guutuu akka qabudha. Haata'uutii, Abbootiin seeraa, hayyoonni aadaa, Abbaan Sadan Tuulamaa, Abbaan Jahan Galaan, Abbaan Shanan Jiddaafi Warri Bokkuu iddoo Ardaa Ulfoo kana dhaquun dirqama akka ta'e, irraa ooluun ykn hafuunis aadmalee akka ta'edha ragaan qorannichaa kan ibsu.

Akka afgaaffii odeeffattoota ijoo Yuuba Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Soorii, Naggasaa Nagawoo, Obbo Alamaayyoo Hayileefi Sabbooqaa Gadaa irraa hubachuun damda'amutti ***"Heerri Jahan Waaqayyoo"*** kan tumamu Ardaa Ulfoo kanatti. Ragaa qorannoo kanaaf walitti qabame irraa akka hubanuttis ***"Seerri Ikkee"*** Caffee Dongoraa/ Abbaa Muudaa kanatti akka tumamudha.

Akka afgaaffii odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Sooriifi Alamaayyoo Hayilee) irraa hubachuun danda'amutti ***"Heeronni Ulfoo Jaha Waaqayyoo"*** kunneen kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

1. *Heera Waaqaa*
2. *Heera Lafaa Ykn Dahee*
3. *Heera Tulluu*
4. *Heera Malkaa*
5. *Heera Abbaafi*
6. *Heera Haadhaati.*

Akka afgaaffii odeeffattota ijoo kanneen irraa hubachuun danda'ametti ***"Heeronni Ulfoon Jahan Waaqayyoo"*** kunneen yoomiyyuu kan hin jijjiiramnedha. Dhaloota dhufaa darbaa kamiyyuu keessatti heeronni kunneen hin jijjiiramani; yoomiyyuu Ulfoodhas. Gadaan dhufaa

darbu kamuu dhimmoota kanneeniif xiyyeeffannaa guddaa kan kennudha. Heerota kanneen jalatti seeronni hundi kan tumaman, kan fooyya'aniifi lallabaman ta'u. Heerota Ulfoo Jahan Waaqayyoofi afoolawwan kanneeniin wal qabatan boqonnaa jaha keessatti bal'inaan kan ilaallu ta'a.

Akka odeeffataan Sabbooqaa Gadaa jedhanitti; Heerri Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa kun ***"Heera Guyyaa Caffee Dongoraa"*** jedhamuun akka beekamudha. Bakki kun ***"Bakka Heera Guyyaa Caffee Dongoraa Galaani"*** jedhu. "Heera Waaqaa lafaa, Heera Ja'an Waaqayyoo sanatu asitti tumama" jedhu. Akka odeeffataa kanaatti heera guyyaa kan jedhameef, *"Heerri Ulfoon Jahan Waaqayyoo"* san kan tumamu guyyaa waan ta'eefidha. Heerichi guyyaa tumamee, osoo achi hin bulamiin galgaluma sana gara Caffee Tumaa ykn Handoodee Tumaatti waan galamee bulamuuf akka ta'edha. Gama birootiin, ***Seerri Ikkees*** kan tumamu Ardaa Ulfoo kanattidha. Seera Ikkee jechuun Seera Gumaa namaatiif tumamu jechuudha. Waan lubbuu namaatiin wal qabatu ilaalchisee seera tumamu akka ta'edha ragaaleen qorannichaa kan agarsiisu.

Akka afgaaffii Jamaal Baatii irraa hubachuun danda'amutti Ardaan Dongoraa/ Abbaa Muudaa bakka namni waldhabe itti araaramudha. Kan dhala dhabe kadhatee dhala kan itti argatudha. Hongeen yoo dhufu kadhatanii bakka rooba itti argatanidha. Alamaayyoofi kanneen biroo (1998) dhimma kana yoo mirkaneessan akkana jedhu "Dubartiin bakka kanatti buna dhaabbatti. Kan dhala dhabdeef horooroofi alangee itti aggaamanii Waaqa kadhatuuf. Waaqni sitti haa araaramu jedhanii yoo kadhataniif waggaatti ni deessi. Bakki kun bakka ulfina qabeessadha. Burqaa Dongoraa gara oliin dhiirota ykn hayyoota heera tumantu boqota. Gara gadiin dubartootatu boqota. Hayyoonni heera tuman kun warra bara gadoomaa isaanii fixanidha. Warri hayyoota jedhaman kun '***Mata Qaboo'*** jedhamaniis beekamu.

Gabaabumatti, **Caffeen** Dongoraa/ Caffeen Abbaa Muudaa bakka "***Heerri Ulfoon Jahan Waaqayyoo isaanis: Heerri Waaqaa, Heerri Lafaa Ykn Dahee, Heerri Tulluu, Heerri Malkaa, Heerri Abbaafi Heera Haadhaa"*** itti tumamudha. ***"Heeronni Ulfoon Jahan Waaqayyoo"*** kunneen yoomiyyuu kan hin jijjiiramnedha. Dhaloota dhufaa darbaa kamiyyuu keessatti heeronni kunneen hin jijjiiramani; hin cabanis; yoomiyyuu Ulfoo ta'uusaa bu'aan qorannichaa ni agarsiisa. Ardaan Jilaa Ulfoon kun Oromoo Tuulamaa waliin hariiroofi hidhata guddaa kan

qabudha. Ardaa Ulfoo jedhamuun hawaasicha birattis beekkamas. Ragaaleen qorannoo kanaas dhimma kan sirriitti kan mirkaneessanidha.

### 5.2.3 Caffee Tumaa

Alamaayyoofi kanneen biroo (1998; 2012) akka jedhanitti Caffeen lafa diriirtuu, nagaafi tasgabbii qabdu, kan seera tumuuf toltu, sagaleen nama jeequ kan itti hin dhaga'amne, iddoo seerri itti tumamuufi fooyya'udha. Bakki kun bakka huummoon itti hin korrisne, simbirri halkanii itti hin iyyine, sardiinni itti hin dunne jedhamuun filatamee labsiin itti godhamudha. Caffeen lafa bal'aa diriiraa margaafi bishaan gahaa qabuufi namoota hedduu kan keessummeessu, akkasumas bakka itti namoonni kallattii maraan loon isaanii itti bobbaafatanidha.

Caffeen bakka mijaa'aa Oromoon waltajjii siyaasaa ykn gumii itti taa'udha ykn gaggeessudha. Caffeen bakka Oromoon rakkina ummata isaa mudateef fala argachuuf waliin ta'anii kan irratti mariif taa'an waltajjii ummataati. Fala kennuu malees tooftaan ykn malli jireenyaa gara fuulduraa maal akka ta'uu qabu irratti dubbachuun seera ittiin bulmaataa tumatu. Kanaaf Caffee jechuun Gumii ykn Yaa'ii Oromoo isa guddaa ykn yaa'ii olaanaa jechuudha. Ragaan qorannoo kanaas dhimma kana sirriitti dhugoomsee kan jirudha.

Heeronni Caffee Dongoraatti/ Caffee Abbaa Muudaatti afaan itti saaqatan tokko tokkoon Caffee Tumaatti mariifi falmii cimaan ibsi itti kennamuun hawaasni hundi sirriitti akka beekuuf ifatti lallabu. Caffeen Tumaa bakka ***Heera Ulfoo Jahan Waaqayyoo*** irraa seeronni hunduu itti tumamaniifi itti fooyya'anidha. Seera fooya'uufi kan akkuma jirutti itti fufu hayyoonni dhiyeessuun akka irratti mari'atamu godhu. Ummanni gosa gosa irraa walitti dhufes yaada itti kenna. Hundumtuu dubbachuuf mirga qaba.

Akka Caalaa (2015) jedhutti; Heeronni Caffee Dongoraatti/ Caffee Abbaa Muudaatti afaan saaqame, Caffee Tumaatti irra deebi'amee ibsa waliin himama. Caffee Dongoraatti/ Caffee Abbaa Muudaatti gaaffiin hin keessummeefamu. Caffee Tumaatti gaaffii dhiyaatuuf ibsi bal'inaan kan itti kennamu ta'a.



**Suuraa 5:** Caffee Tumaa- Maddi Kitaaba Duudhaa Sirna Gadaa Tuulamaa (2015)

Seeronni Caffee Tumaatti tumaman ykn fooyya’an tokko tokkoon yoo ilaalaman: seera Waaqaa, seera lubbuu namaa (seera gumaa), seera horii manaa, seera bineensaa, seera bosonaa, seera lafaa, seera bishaaniifi wkf.nidha. Seeronni Caffee Tumaatti tumaman kun seerota isaan dhumaa miti. Seerota wixinee duraati. Wixinee seeraa kana bakka buutonni gosaa hundumtuu fudhatanii gara gosa isaanii deemu. Kunis seeraa waraabbachuu jedhamaa. Seera waraabbatanii galan sana waggaa tokkoof erga gosa isaanii waliin irratti mari’atanii booda Caffee Tumaatti walitti deebi’anii marii guyyaa tokkoo irratti taasisanii hanqina inni qabu guutanii, waan itti dabaluu qaban itti dabalanii, waan fooyya’uu qabu fooyyessanii, seera hundaa godhatanii, kan Gadaan baalli fudhatu waggoota saddeet itti aanuuf ittiin gaggeessu godhanii tumatu. Kun kan mirkaneessu seerri Caffee Tumaatti tumamu kamiyyuu hojiirra osoo hin ooliin dura hawaasni ilaafi ilaameen, mariifi marabbaan bal’inaan akka irratti mari’atu, irratti mari’achuu qofa osoo hin taane irrattis waliigaluu akka qabu, karaa baay’ee dimokraatawaafi bilisa ta’een waliigalteefi wal hubannaa guutuun irratti erga waliigalamee boodas hojiirra kan oolu ta’uusaati.

Akka afgaaffii odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Sooriifi Sabbooqaa Gadaa) irraa hubachuun danda'amutti Caffeen Tumaa bakka fincaan Tuulamaa Sadeen waggaa saddeet fuula duraatiif (warri baallii fudhatan bara bulchiinsa isaanii ittiin bulchan jechuudha) seera itti tumataniifi itti fooyyeffatanidha. Akka odeeffattoota kanneeniitti;

> *Seerri Caffee Tumaas kan tumamu halkanidha. Sababni isaas ijiifi qalbiin bakka biraa akka hin deemneefidha. Namni illee akka waan biraa keessa hin galleefidha. Seera tumamu sana qofaa akka caqasaniifidha. Seerri kun kan tumamu erga horiin galee, erga simbirri galtee, erga kotteen namaa dhaabbatee, namni hunduu manatti galee boodadha. Seerichas kan tumu miseensa Gadaa Baalli fudhatu qofaadha. Seera tumame kanas bultoo bulfatanii, waggaa tokkoof erga irratti mari'atamee booda miseensa ykn gogeessa Gadaa hundaaf Caffee Tumaatti deebi'anii ibsuun kan keessaa baasan baasuun, kan itti dabalan itti dabaluun, kan fooyyessuu qaban fooyyessuun irratti waliigaluun Dhakaa Koraatti ykn Caffee Handoodeetti deemanii lallabuun, beeksisuun waggaa saddeet dhufuuf ittiin gaggeeffamu.*

Ragaan armaan olii kun akka dhugoomsutti; seerri tumamu wacaafi sagalee akka hin barbaanne, bakka tasgabbiin jirutti akka ta'edha. Seerri Caffee Tumaa kan tumamu halkan ta'uunis qalbiifi iji namaa iddoo biraa akka hin deemneef, yaadiifi qalbiin abbootii seera tumanii akka hin facaaneefidha. Hayyoonni aadaa seera tumanis seera tuman sana qofa qalbiifi miira guutuun akka hordofaniifidha. Seerri tumamuufi fooyya'us ilaafi ilaameen, mariifi marabbaan irratti waliigalamee waggaa tokkoon booda Dhakaa Koraa ykn Caffee Handoodeetti lallabamuun, iddoo hundatti beeksifamee waggaa saddeetiif (Marsaa Gadaa tokkoof) kan ittiin bulamu ta'uu isaati.

Alamaayyoofi kanneen biroo (1998; 2012) yaada odeeffattoota armaan olii kanneen yoo cimsan; Caffeen Tumaa Tuulama biratti Ulfoodha. Seerri Caffee Ulfoo kanatti tumamus halkanidha. Seera Caffee Tumaa kana dhaggeeffachuufi sammuutti qabachuu malee waraabuun dhorkaadha jedhu. Caalaa Sooriis (2015) yaada kana sirriitti yoo cimsu; Seerri Caffee Tumaa halkan himama ykn tumama waan ta'eef gurra itti qabanii dhaggeeffatan malee barreessuunis, waraabuunis dhorkaadha. Hayyoonni yeroo seericha tuman "Barreessuunis, waraabuunis dhorkaadha" jedhu. Seera kana namni hundi sammuutti qabachuu hin danda'u; nama Waaqni irra bulchetu qabata.

Hayyuufi Yuubni Gadaa kun akka jedhanitti, adeemsa haala akkasiitiin seera tumuun kun rakkisaa akka ta'e himu.  Haalli akkasii kun seerriifi duudhaan Sirna Gadaa Tuulamaa akka dadhabuufi laafu kan godhu ta'uus cimsanii kaasu. Hayyuun kun Gadaan Tuulamaa muuxannoo

Gumii Me’ee Bokkoo (Gujii)fi Gumii Gaayoo (Boorana) irraa fudhachuu akka qabus ni kaasu. Alamaayyoofi kanneen biroos (1998) dhimma kan yoo cimsan; sirni Nafxanyaa Oromoon yaa’ii Odaa akka hin gaggeessine dhorkaa akka ture kaasuun, Oromoon Tuulamaa garuu otuma dhiibbaan irratti godhamuu dhokatee halkan lallabachuun Gadaafi seera Gadaa isaa dhaloota kanarraan akka gahan himu. Dhalootni ammaa kun garuu adeemsa tumaa seeraa kana (halkan tumamuu seeraa) fooyyessuu akka qabu dubbatu.

Ragaan afgaaffii Caalaa Sooriifi ragaan madda jalqabaafi lammaffaa irraa walitti qabame akka agarsiisutti; seerri Caffee Tumaa waan hedduu ofkeessaa kan qabudha. Seerri uumaafi uumama hundi achitti kan tumamudha; seerri lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii hundi achitti kan tumamudha. Seerri namaa, seerri qabeenya uumamaa, seerri bineeldotaa (beelladoota manaafi bineensota bosonaa), seerri margaafi bidhaanii, seerri mukkeen bosonaa, seerri horaa, manaa, seerr bitimaa, seerri utubaa, seerr golaa, seerri malkaa, seerr abdaarii, seerri eelaafi kan kana fakkaatu hundi achittidha kan tumamu. Kanaaf warra seera baasuufi baallii fudhatu qofa osoo hin ta’iin qaama hundaafuu osoo banaa ta’ee baay’ee gaariidha. Akka yaada qorataa kanaatti akkuma hayyoonni armaan olii jedhanitti; adeemsi haala akkasiin seera tumuu kun rakkisaa akka ta’edha. Seerri tumamu kunis halkan irraa gara guyyaatti osoo jijjiiramee gaarii ta’a. Hayyoonniifi dhaloonni seera tumamu kana irratti bilisaan hirmaachuun barreessuufi waraabbachuun bifa barreeffamaatiin qabiyyeefi bifiyyee isaa eegsisuun osoo labata itti aanuuf dabarsanii kan jedhun qaba. Kanaafuu, seera Caffee Tumaa hawaasni bal’aan akka irratti hirmaatuuf banaa gochuun gaarii ta’a. Tuulamni dur waan rakkate qabaayii, halkan seera tumata ta’a. Yeroo ammaa kana garuu haalli akkasii sun waan hin jirreef, dhalootaafi hayyootaaf banaa gochuun gara guyyaatti osoo deebisee seerri uumaafi uumama maraaf tumamu kun hawaasa hunda biratti beekkamee, dhaloonnis sirriitti jabeeffatanii labata itti aanutti dabarfatu amantaa jedhun qaba.

Akka afgaaffii Jamaal Baatii irraa hubatamutti Caffee Tumaatti Abbootiin Gadaa torban tokkoo oliif turanii waggaa saddeet saddeetiin seera isaanii kan itti tumaniifi fooyyessanidha. Araarri Waaqaafi lafaas kan itti kadhatamu bakka kanattidha. Walumaagalatti, Caffeen Tumaa Oromoo Tuulamaa biratti Caffee Ulfoo olaanaadha. Iddoon kun bakka seeronni itti tumamaniifi fooyya’anidha. Ragaan qorannichaas dhimma kana sirriitti dhugoomsee jira.

### 5.2.4 Dhakaa Koraa/ Handoodee Tumaa

Akkuma armaan olitti ibsametti seerri Caffee Tumaatti tumamuufi fooyya’uun Abbootii Gadaa Baallii fudhatanii waggaa saddeet dhufuuf (Marsaa Gadaa tokkoof) ittiin gaggeeffamu kan lallabamuufi beeksifamu Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaattidha.

Caalaa Soorii (2015) akka ibsutti; seera Caffee Tumaatti lallabamee ture biyya biyyattiin galan waggaa tokkoof iddoo adda addaatti labsanii biyya ykn hawaasa irratti mari’achiisanii, bultoo erga bulchanii, waan fooyya’u fooyyessanii, waan itti dabalan itti dabaluun, erga irratti waliigalanii booda dhuma irratti Dhaka Koraatti ykn Handoodee Tumaatti ifatti labsu. Kun kan agarsiisu ammam seerri Dhakaa Koraatti labsamu adeemsa dimokraatawaa ta’e keessa darbee akka dhufudha. Adeemsa dimokraatawaa keessa darbuu qofa osoo hin taa’e, hawaasni hunduu waggaa tokkoof bultoo bulfatee erga irratti mari’atee, waliigalee booda seera hundaa ta’ee bakka Ulfoo kanatti labsamuu danda’uu isaati. Ragaan qorannoo kanaaf walitti qabames kanuma nuuf dhugoomsa.

Gama birootiin akka Alamaayyoofi kanneen biroo (1998) jedhanitti; seerri yeroo dheeraa fudhatanii tuman hojiitti hiikamuun dura, bakka ummanni hedduun argamutti ifatti lallabama. Seerri lallabamu seera biyyaafi biyyoof tolu, nageenya kan fidu, kan dhugaafi haqa kabachiisu ta’uu qaba. Seerri kun erga lallabameen booda Abbaan Gadaa filatame seerota sana qabatee ifatti aangoo fudhatee bulchuu jalqaba. Akka afgaaffii odeeffataa ijoo (Caalaa Soorii) irraa hubachuun danda’ametti; seera Dhakaa Koraatti dhangalaasan (lallaban) kana miseensota Gadaa waggaa saddeetiif (8) aangoorra turutu lallaba. Seerri Caffee Tumaa irratti walfalmanii tuman sun Dhakaa Koraa irratti lallabamee seera ta’ee mirkanaa’a. Isaan booda hanga waggaa saddeetiitti ittiin bulama.



**Suuraa 6:** Dhakaa Koraa/ Handoodee Tumaa: Madda- Kitaaba Duudhaalee Gadaa Tuulamaa (2015)

Gabaabumaatti, seerri Caffee Tumaatti tumameefi fooyya'e bultoo bulfamee, waggaa tokkoof irratti mari'atamee, hunda biratti fudhatama erga argatee booda Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaatti seera ta'ee labsamuun waggaa saddeet itti aanuuf kan ittiin gaggeeffamu ta'uus ragaan qorannichaa ni agarsiisa. Odeeffataa Yuuba Caalaa Soorii yaada kana yoo sirriitti cimsan;

> *Caffee Dongoraatti/ Caffee Abbaa Muudaatti Heeratu tume (Heera Ulfoo Jahan Waaqayyoo jechuudha). Caffee Tumaatti seeratu tumame (Seera uumaafi uumamaa hundaa). Dhakaa Koraatti seera hawaasni irratti waliigaletu labsama. Abbaan Tuulamaa sadan ykn Abbaan Seeraa Tuulama sadeenii Dhakaa Koraa sana koree faajjii mirmirsee seerri kun hojiirra oole jedhee labsinaan, dhumate seerri sun hojiirra oola; biyya biyyaatti jedhu.*

Kun kan agarsiisu seera Dhakaa Koraatti labsame hawaasni hunduu fudhatee, bakka hundatti hojiirra oolchuuf dirqama akka qabudha. Oromoon Tuulamaas Ardaa Jilaa Ulfoo – Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaa waliin hariiroofi hidhata guddaa kan qabu ta'uusaati. Kanaaf Ardaa kun hawaasicha biratti Ardaa Ulfoo jedhamee beekkama.

## 5. 3 Tulluufi Oromoo Tuulamaa


Akka afgaaffii odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Sooriifi Alamaayyoo Hayilee) irraa hubachuun danda'ametti Oromoo Tuulamaa biratti Tulluuwwan Ulfoon iddoo Waaqeffannaa ta'anii tajaajilaniifi hawaasicha biratti kabajaafi ulfina guddaa qaban saddeeti ni jiru. Tulluuwwan kunis ***"Tulluuwwan Saddeettan Waaqayyoo"*** jedhamuun beekamu. Isaanis: Tulluu Cuqqaalaa, Tulluu Eerer, Tulluu Furii, Tulluu Galaan (Muxxee Galaan), Tulluu Waatoo Daalachaa, Tulluu Fooyataa, Tulluu Hococaafi Tulluu Eegduu jedhamu. Tulluuwwan Ulfoo Oromoo Tuulamaa biratti iddoo olaanaa qaban keessaa ammoo Tulluun Cuqqaalaa isa hangafaati.

### 5.3.1 Tulluu Cuqqaalaa

Akka afgaaffi odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Sooriifi Alamaayyoo Hayilee) irraa hubachuun danda'ametti; Oromoo Tuulamaa biratti Tulluun hundi ulfaadha; irra caalaa ammoo Tulluun Cuqqaalaa ulfaadha. Tulluun kun aanaa Liiban Cuqqaalaa keessatti kan argamu yoo ta'u, magaalaan guddoon aanichaas Adulaalaa jedhama. Kunis kan agarsiisu Aanaan Liibanis maqaa Tulluu Ulfoo kanaa of keessatti qabattee akka moggaatedha. Tulluun kun karaa Kibba Baha Finfinneetti kan argamu yoo ta'u, Finfinnee irraas Km 84 fagaatee argama. Bishooftuu irraa ammoo fageenya Km 40 ta'uun karaa Kibba Lixaatiin kan argamudha. Olka'insi lafaa galaanaa irraa qabus hanga M. 2989 akka gahudha. Akka afgaaffii Obbo Alamaayyoo Hayilee irraa hubachuun danda'amutti Tulluun kun maqaa kana kan argate dur boolli guddaan tulluu sanarra kan ture yoo ta'u, yeroo booda boolli sun bishaaniin guuttamee waan cuqqaalameef Tulluu Cuqqaalaa akka jedhamedha. Akka afgaaffii odeeffataa ijoo (Bayyanaa Sanbatoo) irraa hubachuun danda'amutti ammoo dur burqituu bishaanii tokkotu tulluu san gubbaa ture. Gaafa tokko namni tulluu sanirra jiraachaa ture tokko burqituu kana mooyyeedhaadhaan cuqqaale jedhama. Sana booda nama saniin Cuqqaalaa jedhanii waamuu eegalan. Guyyaa gaafasii kaasanii Tulluu kanaanis Tulluu Cuqqaalaa jechuudhaan waamuu akka eegalanitu himama. Namni Cuqqaalaa jedhamu kun ilma Diidooti. Diidoon kun mootii naannoo san bulachaa turanidha jedhama.

Akkuma afgaaffii odeeffattota ijoo kanneen irraa hubatametti Oromoo Tuulamaa biratti Tulluun Cuqqaalaa Arda Irreechaa isa guddaadha. Tulluu kana irratti Oromoon Tuulamaa durii kaasee waggaa waggaan Muuda Siidaa Waaqayyoof kan itti godaanuun ulfeeffatudha. Kunis ***'Siidaa***

***Arjoomaa’*** jedhama. Oromoon Tuulamaa Baatii Arfaasaa keessa akka wayyoomaafi rooba argachuuf Tulluu kana yaabee Arjooma Waaqayyoo kan itti kadhatudha. Akka Alamaayyoo Hayilee irraa hubachuun danda’ametti; keessattuu Tulluun kun Oromoota Tuulamaa Jiddaa, Ada’aafi Liiban biratti Ardaa baay’ee Ulfoo ta’edha. Oromoonni kun waggaa waggaan Irreessa Tulluu itti bahuun Waaqa isaanii kan galateeffataniifi dhugeeffatanidha. Kanaaf giddugala Waqtii Arfaasaa gosni Oromoo Tuulamaa kun gara lafa qabbanaafi jiidha qabu kanatti bahee rooba Arfaasaa argachuuf Waaqa itti kadhachaa kan turedha. Tulluun Cuqqaalaas Ardaa Irreecha Arfaasaa isa guddaadha jedhu manguddoonni.




Qilleensa Irraa Gadi Qorataa Kanaan Suuraa Ka’ame

**Suuraa 7:** Tulluu Cuqqaalaa

Akka ragaaleen qorannichaa agarsiisanitti; Tulluun Cuqqaalaa ***“Dirra Ulfoo, Ujuba ykn Siidaa Nabii, Siidaa Muuda Oromtichaati”*** jedhamuun ummata naannichaa biratti beekkama. Siidaan Nabii Ujuba yaadannoo abbaa Odaa Nabeeti jedhamee amanama. Akka manguddoonni jedhanitti Siidaa Tulluu Cuqqaalaarra jirutti Waggaatti yeroo lama Birraafi Arfaasaa Sirni Muudaa itti gaggeeffama. Tulluun kun Mootii Tulluu hundaati jedhamees hawaasicha biratti ilaalama. Ayyaantuu Nabii jedhamtu Tulluu kanarra jiraachaa ture jedhama. Bara dheeraaf achirra jiraachaa turee booda gaafa du’us achumatti awwaalame. Maqaan Odaa Nabee jedhu maqaa

Ayyaantuu kanaa irraa mogga'e jedhama. Tulluu Cuqqaalaa kana keessa burqaa Nadhii jedhamutu ture. Bakki burqaan kun keessaa maddu saala dubartii kan fakkaatutu ture (Bayyanaa, Caalaa, Alamaayyoo, Sabbooksaa, Miidhaksoo).




**Suuraa 8:** Tulluu Cuqqaalaa

Akka Addis (2005) Yuuba Naggasaa Nagawoo wabeeffachuun qorannoo ishee keessatti ibsitutti bantii mataa Tulluu Cuqqaalaa irra Horri kan jiru yoo ta'u, Oromoonni amantii Waaqeffannaa hordofan durii kaasanii achitti bahuun Waaqa isaanii akka galateeffachaa turanidha. Bal'inniifi gadi fageenyi Hora kanaas erga warreen amantii Ortodoksiitiin qabamee baay'ee xiqqaachaa akka dhufe, baroota 1980 moota keessa ammoo gara badinsaa irra illee gahee akka ture Addis (2005) manguddoota wabeeffachuun qorannoo ishee keessatti ibsitee jirti. Shirri diinaa naannoo Tulluu Ulfoo Oromoo kanaatti aggaamuu kan eegale jaarraa $6^{ffaa}$ keessa yoo ta'u, Yaareed Qulqulluuniifi(Kiddus Yaareed) Astee Gabra Masqal gara Tulluu kanaatti dhufuun haala taa'umsa lafichaa dinqisiifachuu akka eegalaniif afuurri Taabota Waaqayyoo naannicha akka jiru raajuu akka eegalanitu himama. Yaareed Qulqulluunis (Kiddus Yaareed) bakkicha eebbisuun Kawaala (Gadaamii) beekkamoo akka ta'u raaje jedhama. Biyya Misiraa irraa gara Itoophiyaa kan dhufan Qulqulluu Abbaa Gabramanfas (Aabboo) jaarraa 12 (bara 1129) keessa bakkicha

yeroo jalqabaatiif iddoo kadhannaa taasisuun itti fayyadamaa akka turetu himama. Bara 1414 Astee Indiriyaas maqaa Qulqulluu Abbaa Gabramanfas moggaasuun Kawaala jedhame sana akka hundeessanitu dubbatama. Bara 1527 yeroo weerera Giraany Mahammadiin hordoftoota Ortodoksii irratti gaggeeffametti Kawaalli kuniifi manneen Ortodoksii hedduun naannoo sanii akka mancaafametu himama. Kawaalli ykn Gadaamiin kun bara mooticha Saahila Sillaasee (1805-1840) irra deebi’iin haaromsi kan taasifame yoo ta’u, bara 1894 ammoo Atsee Minilik Mana Amantichaa sirriitti cimsuun citaadhaan akka ijaaredha kan himamu. Bara 1915 yeroo mootummaa Xaayituu ammoo manichi gara qorqorrootti akka jijjiiramu ta’e. Akka Addis (2005) namoota adda addaa wabeeffachuun ibsitutti manni amantii Orotodoksii kun bara 1993 qabiyyee isaa kan amma irra jiruun kan haaromedha.



**Suuraa 9:** Mana Amantii Zuqqaalaa Aabboo (Addis;2005)

Akka afgaaffii Alamaayyoo Hayilee irraa hubachuun danda’amutti ammoo jechi “Zuqqaalaa” jedhu Afaan Gi’iizii bakka kan bu’u yoo ta’u, maqaafi Taabonni Aabboo Zuqqaalaa jedhus dur Ardaa Irreechaa Cuqqaalaa akka hin turredha. Maqaafi Taabonni kun naannoo Gondo jechuunis Magaalaa Gondor irraa Km 5 kan fagaaturraa fudhatamee Nafxanyootaan as Tulluu Cuqqaalaa akka dhufedha kan himamu. Odeeffataan Katamaa Hordofaa dhimma kana yoo ibsu “Egaa duudhaa keenya wanti balleechu baay’umatu jira. Zuqqaalaa hin jedhamu; maqaanillee


Cuqqaalaadha malee. Gaara Cuqqaalaa jedhama. Aabboo Zuqqaalaa jedhanii jijjiiran. Dubbiin akkasii miti. Siidaatu jira. Muuda qaba. Sun immoo bakkee sanatti malkaan akkatti dhoote qabdi. Deebisaniituma amantaadhaanis haa ta'uu, mootummaadhaan dhiibbaadha jechuun ni danda'ama" jedhu. Kun kan agarsiisu maqaan ganamaa iddoo Ulfoo kanaa Cuqqaalaa kan jedhamudha; Aabboo Zuqqaalaan maqaa Nafxanyaan dhiibbaa amantiitiin itti moggaase ta'uusaati.

### 5.3.2 Tulluu Erer Kormaa

Tulluun kunis Tulluu Cuqqaalaatti aanee Oromoo Tuulamaa biratti, keessaayyuu Oromoo Ada'aa biratti iddoo Ulfoo olaanaa akka ta'e ragaan odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Soorii, Alamaayyoo Hayilee) irraa argame ni mirkaneessa. Tulluun kun Baha Finfinneetti kan argamu yoo ta'u, Finfinnee irraa Km 40 fagaatee kan argamudha. Bishooftuu irraa ammoo gara Kibbaatiin fageenya Km 14 irratti argama. Tulluun kun aanaa Ada'aa keessatti kan argamu yoo ta'u, olka'insi galaanaa irraa qabus hanga M. 2989 akka gahudha. Akka afgaaffii ijoo (Bayyanaa Sanbatoo) irraa hubachuun danda'amutti;Tulluun kun Oromoo Tuulamaa biratti ***"Tulluu Erer Kormaa"*** jedhamuun kan beekamu yoo ta'u, maqaa kanas kan argate seenaa korma Walaabuu badee gara Tullichaa dhufeen akka walqabatudha. Akka Bayyanaa Sanbatoo jedhanitti dubbichis akkas ture "Dur kormi tokko Walaabuu baduun gara biyya Ada'aa yeroo gahu Tulluu guddaa kana argee itti gore. Tulluu kana bira yeroo gahus dhaqee jala ciise jedhama. Kormi kun bakka ciise burqaan ***"Makkaanaa"*** jedhamu lafa keessaa ol burqe. Sana booda raadonnis dhufanii itti makamanii achitti wal horan jedhama. Afgaaffiin Yuuba Caalaa Soorii irraa argames yaada kana yoo cimsu; "Burqaan Makkanaa jedhamu Gaara Erer jalaa burqa. Bakki kun bakka Ulfoodha. Bakka aadaa durii korma itti qalanii Waaqa kadhatanidha" jedha.

Akka odeeffannoo Yuuba Naggasaa Nagawoo irraa argameen ammoo Tulluun Erer Kormaa seenaa goromsa ariisaa fuutee Madda Walaabuu irraa ka'uun gara biyya Tuulamaa dhufteen kan walqabatudha. Seenichi akkasi; goromsi ariisaa kaaftee Madda Walaabuutii dhufte kun Ardoota Jilaa kanneen akka Hora Dambal, Malkaa Dubbisaa,Tulluu Ilmoo,Tulluu Cuqqaalaa,Odaa Amdee,Qilxuu Gachii, Malkaa Saddeeqaa, Odaa Nabee (bakka manyee Mul'iste), Dongoraa (bakka oota dhangalaaste), Caffee Tumaa (bakka dhalte), Dhakaa Koraa (bakka dilluu buuste ykn ofkalte) keessa darbuun Hora Finfinnee dhaquun hora kana arraabanii deebi'anii ofirra garagalanii karaadhuma dhufaniin Madda Walaabuutti deebi'an jedhama.

Yeroo ofirra garagalanii gara Madda Walaabuutti deebi'an Kormi goromsa kana wajjin dhufe Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa yeroo gahu goromsa kana biraa maquun gara Tulluu Ereritti deebi'uun achi jala bule. Tulluun Erer Kormaas maqaa kanaan moggaafame jedhama. Sana booda Tulluun kun iddoo Ulfoo ta'uusaa amananii itti Waaqeffachuu akka eegalantu himama. Gama biraatiin akka afgaaffii Alamaayyoo Hayilee irraa hubachuun danda'amutti; Tulluun kun durii kaasee Oromoo Tuulamaa, keessattuu ammoo Oromoo Ada'aa biratti Tulluu Ulfoo akka ta'edha. Tulluu Kormaa kan jedhameefis Oromoon Waggaatti al tokko Irreecha Arfaasaa irratti bahuun korma itti qaluun Waaqa isaa itti galateeffachaa waan tureefidha jedhu.





**Suuraa 10:** Tulluu Erer Kormaa

### 5.3.3 Tulluu Daloo

Tulluun Daloo Oromoo Tuulamaa mara biratti akka Tulluuwwan Cuqqaalaafi Erer Kormaa beekamuu baatus gosa Oromoo Ada'aa biratti Tulluu Ulfoofi bakka Irreechaafi Haamachiisaati. Tulluun kun Bishooftuu irraa kallattii Bahaatiin tilmaamaan Km 3 irratti kan argamudha. Ragaan qorannoo Waajjira Aadaafi Tuurizimii Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuutii argame tokko akka dhugoomsutti gosti Oromoo Ada'aa yeroo roobni dhabamu Tulluu kanatti ol bahuun dullacha qaluun Waaqa isaanii kadhatanii rooba kan itti argatanidha. Dullachi Tulluu Daloo irratti qalamus ***"Dullacha Roobaa"*** jedhamuun beekama.

Gama biraatiin ammoo yeroo hongeen hammaatee, roobni roobuu didu bifa addaattiin Tulluu kana irratti bahanii korma sadii qalanii, guyyaa sadii achirra bulanii Waaqa kadhachaa akka turanitu himama. Kana malees Tulluu kanarratti yeroo roobni didu korbeessa re'eefi goromtii re'ee dirree irraa ari'aa tullichatti ol baasaa, wal ari'aa, walsaamaa ro'oota qalachaa nyaachaa, Waaqa isaanii Tullicha irratti bahuun akka kadhatanitu himama. Ro'oonni kunis ***"Ari'aa"*** jedhamuun beekamu. Tullichi maqaa ***"Daloo"*** jedhamu kan argate gosa Ada'aa keessaa nama ***"Daloo"*** jedhamuun akka ta'e Bayyanaa Sambatoo afgaaffii isaaniif taasifame keessatti ibsanii jiru. Yeroo weerera Xaaliyaaniis Oromoon naannoo sanaa holqa Tulluun Daloo qabu dahoo gochachuun Xaaliyaaniin waraanaa akka turanitu himama. Keessoo Tullichaa keessas bishaan akka jiru manguddoota wabeeffachuun qorannoon waajjirichaa ni ibsa.




**Suuraa 11:** Tulluu Daloo

### 5.3.4 Tulluu Diimtuu

Tulluun kun kallattii Baha Finfinneetiin seensa daandii saffisaa gara Adaamaatti nama geessu, daangaa bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Bulchiinsa Magaalaa Galaanitti kan argamudha. Maqicha kan argates diimina biyyee Tullichaafi naannicha jiru irraayi. Lafa qonnaan bulaa Oromoo Tuulamaa gosa Galaan seeraan ala saamamanii humnaan Magaalaa Finfinnee jalatti galan keessaas Tulluun kun isa tokkodha. Ragaa qorannichaan walitti qabame akka ibsutti

Tulluun Diimtuu iddoo Irreeffannaa ykn Waaqeffannaa Oromoo Tuulamaa ta'uu baatus akkuma Tulluuwwan Oromoo kamiiyyuu Tulluu Ulfoodha. Ilaalcha Oromootiin Tulluun kamiyyuu Ulfoodha kan jedhu waan bakka bu'uuf. Tulluun Oromoo biratti kabajaafi ulfina akkasii qabu kunis yeroo ammaa diigamuun haala yaadessaa irra akka jiru ragaan qorannichaa ni agarsiisa. Babal'ifannaan ijaarsa amantii Ortodoksiis rakkoo guddaa isa biraati. Fageenya muraasa irratti yeroo ammaa Taabonni lama ijaarramee kan jirudha. Duubni Tullichaa gara Magaalaa Galaaniin jiru ammoo bakka awwaalaa ta'ee kan jirudha. Fakkiin armaan gadiis kanuma mirkaneessa.



**Suuraa 12:** TulluuDiimtuu

Walumaagalatti, tulluun Oromoo Tuulamaa biratti kabajaafi ulfina guddaa qaba. Waaqni tulluu yoo uumu ayyaana gurguddoo waliin uumee lafa biroo irraa ol kaasee adda taasise uume jedhama. Akka ilaalcha hawaasichaatti tulluun olaantummaa uumaati; guddina uumaafi sabaa ibsa. Iddoo ol jedhaa Waaqatti siqudha; Waaqatu Ayyaana guddaa wajjin isa uume waan ta'eef. Tulluun bakka Waaqeffannaafi Waaqni itti nama dhagahu, lafa ulfinaa, lafa jaarsummaa, bakka dhugaafi sobni itti adda ba'u, lafa murtiin itti kennamu, bakka araarri ykn nageenyi itti labsamu, lafa uumaatti nama dhiyeessu, lafa safeeffannaati. Lafa eebbifamaa, qulqullinaafi milkiiti. Tulluun lafa Ulfoo Irreessi Arfaasaa itti raawwatamudha. Qorannoo kana keessatti ragaalee madda jalqabaafi lammataa irraa argamanis dhimma kana sirriitti kan mirkaneessanidha. Oromoo Tuulamaa biratti Tulluun hundi ulfaadha; irra caalaa ammoo Tulluun Cuqqaalaa ulfaadha. Oromoo Tuulamaa biratti Tulluun Cuqqaalaa Arda Irreechaa isa guddaadha. Tulluu kana irratti Oromoon Tuulamaa durii kaasee waggaa waggaan Muuda Siidaa Waaqayyoof kan

itti godaanuun ulfeeffatudha. Kunis ***'Siidaa Arjoomaa'*** jedhama. Oromoon Tuulamaa Baatii Arfaasaa keessa akka wayyoomaafi rooba argachuuf Tulluu kana yaabee Arjooma Waaqayyoo kan itti kadhatudha. Kanaaf, Tulluun Cuqqaalaa Ardaa Irreecha Arfaasaa isa guddaadha jedhu manguddoonni.

## 5.4 Uumama Ulfoo – Malkaa Ykn Hora

Akkuma sakatta'insa barruu keessatti ibsuuf yaalametti; Oromoo biratti Malkaan ykn Horri Uumama Ulfoodha. Malkaan safuudha; kabajaa guddaa qabas. Malkaan ykn Horri gurguddoon ayyaana guddaa kan qabanidha; iddoo Oromoon Waaqa isaa itti kadhatu, itti galateeffatudha. Kanaaf Oromoon ***"Malkaan ykn Horri Ulfoodha"*** jedha. Malkaan madda jireenya hundaa waan ta'eef jechuudha (Dirribii 2016; Sisaay 2018; Biqilaa; 2016; Alamuu 2012). Ragaan madda jalqabaafi lammaffaa irraa qorannoo kanaaf walitti qabame akka mirkaneessuutti; malkaan madda bishaanii, madda jireenya lubbuu qabeeyyii hundaa, bakka hormaataa, bakka galateeffannaafi dhugeeffannaa Oromoo akka ta'edha.

Ragaan qorannoo odeeffataa Bulbulaa Wagii irraa argames dhimmoota armaan olitti ibsaman kana daran kan cimsudha. Akka odeeffataa kanaatti; "Malkaan madda bishaanitti; sa'atu dhuga; namatu dhugaa; malkaa irratti waan dabaa hin raawwatani; safuu waan ta'eef. Bonni, waraanni, dhukkubniifi kkf; yeroo hammaatu ykn yeroo mudatu Malkaatti bahabii araara Waaqaa gaafatu; Ulfinni Malkaa kanaafi" jedhu. Ragaan afgaaffii Yuuba Caalaa Soorii iraa argame yaada kana akka itti aanutti ibsa.

> *Malkaa irraa muka hin murtu; Malkaan sun bakka hoodati; bakka safuuti; bakka Waaqa itti kadhatani; bakka Ulfoodha. Bakka Ulfoo sana dhaabbattee namaan wal hin loltu; nama hin rukuttu; dhiiga namaa lafa hin buuftu; nama hin sobdu; namatti hin dallantu. Araara malee wanti lolaa bakka sana hin jiru. Waaqni kana eegii jiraadhu jedhe. Hariiroon Oromoon uumama wajjin qabu seera isaa eegee ittiin jiraata. Itti hin darbu; kan ofiis eegee jiraata. Malkaa illee yoo ce'an yaa Waaqa Malkaa kana uumte na ofkalchi; nagaan bobbaasii na galchi jedhu. Gabaa illee yoo b'an Malkaa sanatti marga ciranii itti irreefatu. Ilmi illee yoo fuudhaa deemu Malkaa yoo ce'u yaa Waaqi na ofkalchi jedhee Malkaa sana irratti irreefatee deema.*

Ragaan qorannoo armaan olii kun akka mirkaneessutti; Malkaan bakka safuuti; bakka hoodaati; bakka galateeffannaafi Irreechaati. Kanaaf, Malkaan Ulfoodha; bakka hoofkaltii, bakka milkiiti.

Bakka Ulfoo kanatti ammoo yakka hin hojjetani. Malkaa irratti waan hamtuu, waan dabduu, waan aadmalee hin dalagani.

Gama birootii ragaan odeeffataa Sabbooqaa Gadaa irraa argame ilaalcha Oromoon Tuulamaa Malkaaf qabu akka armaan gadiitti ibsa.

> *Malkaan waan Ulfoo ta'eef madda; bishaantu yaa'a. Itti irreeffatu; iddoo kabajamaadha. Oromoon Tuulamaa namni qabeenya isaa jalaa fudhatee yookiin nama isaallee ajjeesee ari'ee Malkaatti yoo qaqqabe hin ajjeesu; safuu qaba. Akka tasaa yoo ajjeesan illee otoo nama sana keessaa lubbuun hin ba'iin Malkaa saniif korma qalanii faloo falatan malee Abbaan Gadaa namaaf hinmarxifatu; faloo qaba. Malkaa irratti adamoo hin baatu; irratti hin ajjeeftu; kan itti dheeche hin baha.*

Kun kan agarsiisu Malkaan madda bishaanii lubbuu qabeeyyii hundaa akka ta'eefi kabajaa guddaa hawaasa biratti kan qabu ta'uudha. Malkaa irrattis waan dabaa ykn yaraa hojjechuun, namaan wal loluun, sobuun, lubbuu baasuun ooda; safuu ykn aadmalee akka ta'e argarsiisa. Oromoonis uumama Waaqayyo uume wajjin hariiroo gaariin seera eegee kan jiraatu ta'uu mul'isa. Ragaa kun kan hayyoonni sakatta'insa barruu keessatti;

> *Oromoo biratti Malkaan safuu qaba. Muummee burqaa bishaanii irratti hin dhiqatamu. Muummee bishaanii irratti loonis ta'ee horii itti naqanii hin booressan. Muummee bishaanii gubbaas hin qotan. Malkaan ykn lageen, horri gurguddoonis ayyaana guddaa kan qabanidha. Bonaafi Ganna bishaan osoo hin dhabiin madduun uumama hunda kan jiraachisan waan ta'aniif, lubbuu qabeeyyii hundaa kan jiraachisan waan ta'aniif Oromoo biratti kabajaafi ulfina guddaa kan qabanidha. Uumaa isaa uume kana galateeffachuun itti irreeffatu. Gama birootiin malkaan iddoo namniifi uumamni biroo irraa bishaan dhugu; kan jedhu waliin sirriitti kan wal simudha.*

Gama biraatiin ragaan odeeffattoota ijoo Yuuba Caalaa Soorii, Alamaayyoo Hayilee, Yuuba Bayyanaa Sanbatoo, Sabbooqaa Gadaa irraa argame akka agarsiistutti; Oromoo Tuulamaa biratti **"Hora Jahan Waaqayyoo"** jedhamuun kan beekaman: Hora Finfinnee, Hora Harsadii, Hora Kiilolee, Hora Hadhoo, Hora Warxoofi Hora Ereri. Horri hunduu Ulfoodha; Horawwan kanneen keessaa ammoo Oromoo Tuulamaa biratti Ardaan Irreeffannaa inni guddaaniifi hangafti dur Hora Finfinnee akka turedha. Akkuma sakatta'insa barruu keessatti ibsametti Horri Finfinnee araddaa muudaa, bakka yaa'ii Gullaallee, araddaa Irreecha Oromoo Tuulamaa isa angafaafi ganamaa akka taatedha. Horri Finfinnee kun weerara Nafxanyaan dura bakka Irreecha Malkaa

beekamaa ture. Bakka kanatti Oromoon marga jiidhaa qabatee kan darbeef galata galchaa yeroo fuula isaa dura jiruuf Waaqa kadhata ture. Hora bebbeekamoo Oromoon Tuulamaa irratti irreeffatu keessaa Finfnneen ishee tokko turte.

Horri kun Oromoo Tuulamaa biratti ulfina guddaafi kabajaa olaanaa akka qabdudha; bakka safuutis. Bakka Oromoon Tuulamaa loon isaa bobbaasee hora obaasu, bakka hormaataa akka taatedha. Horri kun Oromoo naannichaaf faayidaafi hiika hedduu kan qabu yoo ta'u, isaan keessaa muraasa yoo ilaalle hiika **hormaataa (fertility)** qaba. Kana jechuun horiin hora dhugu dafee wal hora jechuudha. Qorichi ammayyaa *(biological medicine)* osoo hin baramiin dura Horri Finfinnee qoricha namaafi beelladaa ta'ee tajaajilaa ture. Ragaan odeeffataa Bulbulaa Wagii irraa argame dhimma kana yoo cimsu: "Malkaan Hora qabdi; Hora kana sa'atu arraaba. Sa'i yeroo marga quufu Hora sana arraaba. Horichi kuukkii garaa keessaa naqee, albaasee dhibee garaa keessaa baasa. Kanaaf Horri UIlfoo" jedha. Kun kan mirkaneessu Horri Oromoo Tuulamaa biratti dawaa beelladaafi Malkaa Ulfoo akka ta'edha. Akka manguddoonni jedhanitti Horri kun hiika akka horoomsuu, horata, hormaata, horooroofi horsiisuu qaba. Kanafis "Horaafi beellada Waaqatu Oromoof kenne" jedhamee amanama. Kun kan mul'isu Horri kennaa Waaqaa Oromoof kenname; kennaa kanaan ammoo Waaqni qabeenya beelladaa Oromoodhaaf akka kennedha. Ragaan qorannoo kanaaf madda jalqabaafi lammafaa irraa walitti qabames kanuma mirkaneessa.

Akka ragaan madda lammaffaa irraa argame mul'isutti; akka barsiifata hawaasichaatti yoo xiqqaate horiin waggaa keessatti ala lama Hora Finfinnee dhuguu qaba. Kunis yeroo Birraafi Arfaasaa ture.  Hora obaasuun fayidaan inni Oromoo Tuulamaaf qabaachaa ture keessaa inni biroon horiin kallattii shananiin gara Hora Finfinnee dhufan keessaa carraan korma filatamaa argachuu bal'aa ture. Korma filatamaa kan jedhamu kun korma sanyii horii filatamaa, kan hormaataa, kan fooniifi aannaniif filatamoo ta'an, sanyii loon gurguddaa, kan dhaabbii tolan jechuudha.

Bakki Hora Finfinnee dirree hawaasni Tuulamaa wal argee dhimma siyaasaafi bulchiinsa isaa, dhimma jiruufi jireenyaa isaa irratti yaada itti waljijjiiran ture. Kunis tokkummaafi ijaarsa hawaasichaa cimsuu keessatti gahee inni taphachaa ture daran olaanaa akka ta'edha kan agarsiisu. Oromoon Tuulamaa dur yeroo Birraa bakka Hora obaasutti wal arguun afoola isaa kan akka faaruu looniifi kan biroo waliin dhandhamee bashannana. Oromoon naannichaa ji'a Fulbaanaa Abbaa Malkaatiin Horicha saaquun itti Irreeffata. Safuufi safeeffannaa aadaa eeganii

bokkuu, okolee, kallacha, Callee, mijuu guuttatanii Hora kana eebbaan saaqu. Kunis kabaja ummatichi Hora Finfinneetiif qabu agarsiisa. Horichi Hora Ulfoo waan ta'eef jechuudha. Guyyaa saaqinsa Horaa Abbaan Horaa korma qaluun aarsaa dhiyeessee eebbaan eegalchiisa. Eebbaan booda hangafoonni dabaree dabareen obaafatu; gaafa Irreechaas yoo ta'e Abbaan Malkaa Malkicha erga saaqee booda hangafaafi quxusuun dabaree dabareedhaan wal eeganii akka Irreeffatan godhama. Odeeffataan ijoo Lubni Naggasaa Nagawoo yaada kana yoo cimsu; "Abbaan Malkaa, Malkaa eebbisa; Malkaa eega" jedha. Daawwannaa hirmaachisaa qorataa kanaan kabaja Ayyaana Irreechaa Hora Harsadiifi Finfinneetti taasifameen ragaan qorannichaa argames kanuma kan dhugoomsudha.

Dur Hora Finfinnee obaafachuuf namoonni fagoo irraa dhufan torbanii ol bulanii dabareen obaafatanii wal eebbisanii mana ofiitti gammachuun galu ture. Yeroo turtii isaanii keessatti jiruufi jireenya isaanii irratti yaada waljijjiiru, dhimmaa oomishaa, dhimma nageenyaa irrattis yaada waliif qoodu ture. Nyaataafi dhugaatii qabatanii bakka Irreechaa dhufan waliin qooddatu waliin gammadu. Birraan bari'u ilaalchisanii "Bacaqii Gannaatii baatanii, baga booqaa Birraa geessan!'jedhanii hawwii gaarii waliif qaban ibsatu turan.

Dhiibbaa sirna gita bittootaa irraa kan ka'e Oromoon Horaafi iddoo Irreeffannaa isaa ganamaafi hangafaa sarbamuun Finfinnee irraa bahaa yeroo adeemu Horri Harsadii iddoo Irreeffannaa Oromoo isa guddaa ta'aa dhufe ragaan qorannoo kanaa ni mul'isa. Ragaan madda lammaffaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Magaalaa Bishooftuu irraa argame akka ibsutti; Bishooftuun Haroowwan uumamaa saddeetiifi (8) Haree nam-tolchee tokko (1) kan qabdudha. Horri saddeettaan uumamaa kunneenis: Hora Harsadii, Hora Magariisaa, Hora Kiilolee, Haroo Bishooftuu, Haroo Baabbogaayyaa, Haroo Kurriiftuufi Haroo Calalaqaa yoo ta'an Horri namtochee ammoo Hora Jiloo jedhamuun kan beekamudha. Horri Harsadii "Hora Jahan Waaqayyoo" Oromoo Tuulamaa keessaa isa tokko yoo ta'u, Hora Finfinneetti aanee Ardaa Jilaa Ulfoo Oromoo Tuulamaa isa guddaadha. Horri kun giddugala Magaalaa Bishooftuu irraa KM 1.1 fagaatee kan argamudha. Horri Harsadii bal'inni isaa $KM^2$ 1.1 yoo ta'u, gadi fageenyi isaa ammoo giddugaleessaan meetira 67 kan fagaatudha.



**Suuraa 13:** Hora Harsadii. Madda - OBN

Akkuma sakatta'insa barruu keessatti ibsametti; dhorkamuu Hora Finfinnee booda Horri Harsadii iddoo Oromoonni Tuulamaa jaarraa dheeraaf itti irreeffachaa turanidha. Harsadi maqaa namaa yoo ta'u, gosa Liiban keessaa, Abbaa Malkaa nama turedha. Yeroo boodas Oromoonni marti ***"Hora Harsadii"*** akka wiirtuu Irreeffannaa "Thanksgiving" godhanii itti Irreeffachaa akka turaniifi ammas akka guutuu Oromootti bakka Irreeffannaa isa guddaa ta'uun tajaajilaa akka jiru ragaan qorannoo kanaa ni mirkaneessa.

Ragaan Yuuba Caalaa Soorii irraa argame dhimma kana yoo cimsu; "Horri Harsadii Irreecha Malkaa isa guddaa Magaalaa Bishooftuu keessatti argmu yoo ta'u, Irreecha Oromoo hunda tokko taasise, waggaa waggaadhan ji'a Fulbaana keessa Irreefatamudha" jedha. Kun kan agarsiisu Horri Harsadiifi Irreecha Hora Harsadii tokkummaa Oromoo cimsuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaati. Malkaan kun ***"Malkaa milkii, Malkaa Faajjii tokkummaan Oromoo"*** jedhamuunis Oromoo mara biratti beekama.

Ragaan qorataan kun meeshaalee funaansa ragaa karaa daawwannaa hirmaachisaatiin mala qaabachiisa yaadannoo hojii aloolaatiin walitti qabate akka agarsiisutti; Ayyaanni Irreechaa, ayyaana gammachuu kan maatiin Oromoo koorniyaa, umurii, amantii, ilaalchaafi sadarkaa

hawaasaan osoo wal hin qoodiin jamaan ba'ee kabajatudha. Kanaaf, Irreechi waltajjii Oromoon tokkummaa, Oromummaa, sabboonummaa, obbolummaa, jaalala, seenaafi aadaa isaa itti ibsatuufi itti haaromsatudha. Heddumminni aadaafi amantii Oromoof bareedinaafi bu'uura tokkummaa ta'uu isaa Irreechi ragaa guddaa ta'aa dhufeera.

Akka waliigalaatti, Oromoon Tuulamaa bakka ***Ardaalee Uumamaa Ulfoo*** kanneenitti kan Irreeffatu ***Uumama Ulfoo –Malkaa ykn Hora*** kanatu gochaafi humna Waaqaa ibsa jedheeti. Humna guddaa Waaqayyo qabu ilaalee, Waaqa uumama kana raajii addaatiin dogoggora tokko malee uume kana galateeffata. Akka falaasamaafi ilaalcha Oromootti Waaqni tokkichi, gurraachi garaa garbaa Ulfoodha. Dachee, malkaa, tulluu, samii, lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii hunda kan uume isa waan ta'eef. Oromoonis Waaqa isaa, dacheefi waan dacheerra jiraatu, akkasumas waan garaa dachee keessa jiru maraaf jiruufi jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti iddoo guddaafi olaanaa kennee hawaasa jiraatudha. Sodaafi safuun Oromoon Waaqaaf qabus kanuma irraa madda. Ummanni Oromoo kabajaafi ulfina Waaqayyoof qabu kana Malkaa ykn Hora Ulfootti bahuun waan argate, waan itti milkaa'e hundaaf, oolmaa Waaqayyo godhe hundaaf uumama qabatee uumaa isaa galateeffata; waan fuula dura barbaaduuf ykn hawwuuf ammoo ni kadhata.

Akka waliigalaatti, ***Bakkeewwan Uumama Ulfoo ykn Ardaalee Jilaa Ulfoo*** kanneen sagalee Waaqayyootu jira jedhee amana hawaasichi. Iddoowwan kanneenitti Waaqa isaa galateeffata; Waaqa isaas dhugeeffata; safeeffatas. Iddoowwan kanneenitti bahuun araaraan Waaqa isaatti dhiyaata. Araara kadhata; nageenya labsa; rooba kadhata. Uumama Ulfoo kana irratti bahee kadhatee ammoo Oromoon dhabee hin beeku.

## 5.5 Oromoo Tuulamaafi Dachee

Akka afgaaffii odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Soorii, Sabbooqaa Gadaa Bulbulaa Wagiifi Alamaayyoo Hayilee), mala qaabachiisa yaadannoo hojii aloolaafi sakatta'insa dokumentii irraa hubachuun danda'amutti ***"Heeronni Ulfoo Jaha Waaqayyoo"*** keessaa ***Dachee ykn Lafti Ulfoodha***. Oromoon Tuulamaa akkuma Oromoo biroo dachee waliin hariiroo ykn hidhata cimaa qaba. Oromoon Tuulamaa Waaqa akka abbaatti, dachee ammoo akka haadhaatti ilaala. Kanaaf, hawaasichi dacheen qananiidha jedha. Seera malee mancaasuun, balfuun aadmaleedha; safuu guddaadhas jedhee amana. Ragaan odeeffataa Sabbooqaa Gadaa irraa argame yaada kana sirriitti yoo cimsu:

> *Waaqni akka abbaatti dacheen akka haadhatti ilaallamu. Sirna Gadaa keessatti Oromoon waan hundaaf seera tume. Oromoon dachee tana qanceen hin garafu. Namni qanceen garafe* ***'waan seer'*** *ta'a jedha. Dacheen seerri ishii guddoodha. Kan magarsitee nuuf laattee, irra yaanu, irratti aduu duune illee irratti awwaalamnudha. Ati iyyeecha namaan hin jettu. Kan waan feene goonu dachee kana. Kanaaf, namni dachee garafe waan seer ta'a. ni adabamaaf lafaaf. Lafa qotatanii irraa nyaatan malee eeboon hin waraanan; itti ejjatanii hin garafu. Dacheedhuma tana keessayyuu dacheen Ulfoo kan abdaariif (qooloof) kenname hin qotamu; mukti irraa hin muramu. Dacheen uumama Rabbi waan ta'eef irraa qotatanii nyaatu malee dacheen ati harkaan hin tuqnetu jira; jedha.*

Kun kan mirkaneessuu ammam Oromoo Tuulamaa biratti ***Dacheen ykn Lafti Ulfoo*** akka taateefi kabajaa guddoo hawaasicha biratti qabdudha. Dachee akka malee miidhuun, mancaasuun, seera malee itti fayyadamuun akka Sirna Gadaatti "***'Waan seer"*** akka ta'e, kana jechuun kan nama adabsiisu ykn seera aadaatiin kan nama gaafachiisu ta'uu ragaan qorannoo armaan olii kun ni dhugoomsa. Sabbooqaa Gadaa itti dabaluun akka jedhanitti; "Lafti ykn Dacheen midhaan magarsiti; namaaf dabarsitii. Marga magarsitii sa'aaf dabrsiti. Yoo lubbuun jiran dugdatti, yoo lubbuun darbanis garaatti nama baatti. Kun iyyeessa, kun dureessa hin jettu. Natti ajoofte otoo hin jedhiin garaatti nama baatti" jedhu. Kun kan mul'isu daheen kan midhaan irratti magarfannu, kan irraa oomishnee qabeenya horannee jireenya qananii ittiin jiraannu, soorata namaafi sa'aa kan taate, jiraattis du'aattis kan nama baattu, ajaa'aafi urgaa'aa, sooressaafi hiyyeessa kan hin jenne, walqixxeessituu waan hundaa akka taatedha.

Odeeffataan Lubni Naggasaa Nagawoo yaada armaan olii kan deeggaru akka itti aanutti ibsu.

> *Lafti Ulfoodhaa, Waaqaa gaditti haadha manaa Waaqati jechuun ni danda'ama. Waaqaa gaditti ishii irraa uumamnee, ishii irratti uumamne. Ilma nama dabalatee uumamni marti dachee kana irratti uumamee, ishumarra bobba'ee gala. Isumarra taphannee, isumarra qotannee, isumarraa muka murree mana ijaarrannee, qe'ee qabannee, abbaa manaa taanee, dhalchinee irratti walhorre. Lafti nu baatti; hunda dandeessi. Dadhabe hin jettu; kanaaf Lafti Ulfoodha. Lafti yoo jirru nu baatti, yoo duune nu nyaatti. Lafti haadha; garaadhuma haadha keenyatti deebina jetti Caffeen. Lafti akka haadhatti kan ilaalamtuufis, haati ilmoo hin dadhabdu; aduu Ulfooftee jalqabdee ji'a sagal garaatti baattee, dugdatti baattee, furrii irraa dhiqxee, harma hoosiftee, waliin rakkattee ilmoo sana guddifti. Natti ajoofte, na rakkifte jettee ilmoo hin gattu; ofitti qabdi malee. Hundumaa baatti. Bineensa akka fedheellee ta'u, tulluu hagamillee guddatu, dhagaallee baatti. Haatiifi lafti tokkodha.*

Waraabbii ragaa qorannoo odeeffataa kana keessatti “Jetti Caffeen” kan jedhu kun tumaa Caffeen Tuulamaa ***“Dacheen ykn Lafti Ulfoodha”*** jedhee tumedha. Lafti haadha waan hundaa; baattoo waan hundaa, kan lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii, hunda dandeessuu, ajaa’aafi urgaa’aa kan hin jenne; sooressaafi hiyyeessa kan hin jenne ta’uu ishee ragaan odeeffataa kanaa dhugaa baha.

Akka afgaaffi Caalaa Soorii irraa hubachuun danda’amutti ***“Daheen Ulfoodha yoo jedhu Oromoon”*** malkaan lafa kanarra jira; tulluun lafa kanarra jira; bishaan lafa kanarra jira; namni lafa kanarra jira; horiin illee lafa kanarra jira; lafa ykn dachee Waaqni uume kanarrattis Oromoon jila isaa gaggeeffata. Kanaaf daheen Oromoo biratti kabaja guddaa kan qabduufi akka haadhaatti kan ilaallamtudha. Kun kan agarsiisu dacheen haadhadha; yoo jiraannu nu baatti; yoo duunus gadameessa ishee keessatti nu qabtti. Kanaaf dacheen qananiidha; dachee mancaasuun, karaa aadmalee ta’eenis qabeenya isheetti fayyadamuun safuudha.

Ragaan qorannoo kun; akkuma hayyoonni kanneen akka Dirribii (2012), Asafaa (2015), Badhaasaan (2016), Garramuufi Hundumaan (2018), Malkaamuun (2016), Mulgeetaa (2017)fi Bonayyaa (2023)  sakatta’insa barruu keessatti; “Oromoo biratti Waaqni akka abbaatti, dacheen ykn lafti ammoo akka haadhaatti kan ilaallamanidha. Dacheen yeroo hunda nu wajjin jiraatti; irraa qonnee nyaanna; irraa horree yaafna; irraa dhugna; irratti safuu uumaa safeeffanna; waan hunda kan biqilchitu, kan magarsitu, jiraattis du’aattis kan nu baattu, dawoo lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyiiti” jedhanii ibsan wajjin sirriitti kan wal simatuufi yaada tokko akka ta’e ibsa olitti kenname irraa hubachuun ni danda’ama.

## 5.6 Oromoo Tuulamaafi Mukkeen Ykn Biqiltoota

Sakatta’insa barruu keessatti akkuma ibsuuf yaaletti Oromoon qabeenya uumamaatiif, keessattuu mukkeen bosonaatiif kabajaafi iddoo olaanaa kan qabudha. Mukkeen bosonaa ykn biqiltoota wajjin hariiroofi hidhata cimaa kan qabudha. Akka aadaa Oromootti uumamni naannoo jiru ulfinaafi kabaja guddaa qaba. Mukkecn gurguddoo naannoo jiran akka gaaddisaafi dhaadachaa ykn waltajjiitti lakkaa'amu. Ulfinni Odaan argates kan kanaan wal qabatu. Mukkeen akkanaa muruu ni oodatu; ni safeeffatu. Seerri Gadaa “Ol adeemaan muka hin muru” jedha. Kun kan agarsiisu Oromoon muka ol adeemaa akka ilma ol adeemaa boru biyyaaf ta’utti ilaala. Gama biraatiin, lubbuu Waaqni uume hanga baatee ishee arganitti safeeffachuus agarsiisa. Keessattuu mukkeen akka odaa, qilxuu, hoomii, harbuu, somboofi wkf Oromoo biratti iddoo guddaa kan

qabanidha. Ummanni Oromoo aadmalee ykn seermalee bosona mancaasuun akka lubbuu namaa mancaasuutti lakkaa'a. Mukkeewwan kunneen akka hin muramneefi hin mancaanes aadaadhaan eegumsi guddaan ni taasifamaaf. Ummaticha biratti mukni safuufi ulfina qabus hin muramu (Warqineen 2010; Bonayyaa 2023; Garramuufi Hundumaan 2018; Malkaamuun 2016; Lammeessaan 2012). Ragaan qorannnoo kanaaf madda jalqabaafi lammaffaa irraa walitti qabamanis yaadota hayyootaa kanneen waliin sirriitti kan wal simatuufi tokko ta'edha. Karaa adda ta'een ammoo Oromoon Tuulamaa uumama Waaqayyoo uume, mukkeen bosonaa waliin hariiroofi hidhata cimaa akka qabu hubachuun danda'ameera. Ragaan qorannoo odeeffataa ijoo Yuuba Naggasaa Nagawoo irraa argame dhimmoota armaan olitti ka'an kanneen yoo cimsu akkas jedha:

> *Ilmi Oromoo dhalatee amma rakoo morma buusutti, abbaa manaa ta'ee amma mana ijaarratutti muka sirrii (sorooroo) hin muru. Muka muruunuu safuudha. Oromoon biqiltuudhaaf safuu guddaa qaba. Muknis safuu baay'ee ummataaf qaba. Ejersa yoo fudhatte jabaadha. Baalli isaa foolii gaarii qaba; mukti isaatiis cimaadhaa, Ejersi Bokkuullee ta'a. Gindiin isaatuu waggaa kudhan, waggaa digdama, waggaa soddoma ittiin qotatta. Ejersi muka keessaa isa cimaadha. Kanammoo akka cimina sabaatti ilaala. Birbirsis akkuma ejersaati. Gadaan ennaa caffee godaantu birbirsa malee hin godaantu. Foolletu dhaqee birbirsi Laga Awwaas keessaa fidu. Cuqqaala keechallee birbirsi ni jira. Birbirsi sun dhufee yoo dhaabbate malee kormi hin qalamu. Biyyeedhuma waliin dhufee dhaabbama. Birbisi erga dhaabbatee Gadaan isaa ni deemti. Birbirsi Gadaa dhufaa darbaa hundaan dhaabbama. Birbirsi akka Gadaatti ilaalama. Waggaa saddeet saddeetiin daraara.*

Kun kan agarsiisu, namni ol adeemaan ykn ijoolleen ykn namni gaa'ila ykn bultii hin ijaaratiin muka oladeemaa ykn sorooroo akka hin murredha. Oromoon muka ol adeemaa ykn sorooruu akka daa'ima isaatti ilaala waan ta'eef. Muka ta'eefis waan hunda akka hin murredha. Mukni dabaan ykn jallaan osoo jiruu Oromoon muka sorooroo hin muru; sufuufi duudhaa muka ittiin muru qaba waan ta'eef. Mukni akka ejersaa guddinaafi cimina Oromoo wajjin kan walqabatudha. Birbirsi ammoo muka Jilaa, muka hoodaa, Ardaa Jilaa Sirna Gadaa wajjin kan wal qabatu ta'uu isaa ragaan odeeffataa armaan olii ni dhugoomsa. ***"Birbirsi akka Gadaatti ilaalama; waggaa saddeet saddeetiin daraara"*** ragaan jedhus kanuma mirkaneessa. Kunis birbisi Oromoo Tuulamaa biratti baay'ee kabajamaafi jaalatamaa akka ta'e, birbisi iddoo Ulfoo hundee isaatiin buqqa'ee Laga Awaas ykn Tulluu Cuqqaalaa irraa osoo hin dhufiin jilli Gadaa

illee Odaa Nabeetti akka hin gaggeeffamne afeen odeeffataa armaan olii ni mul’isa. Ragaan MGX1fi MGX2 irraa argames dhimma kana sirriitti kan cimsudha.

Hariiroo Odaa, mukkeen gurguddoo, mukkeen qorichaaf oolaniifi Oromoo Tuulamaa ilaalchisee, ragaan Yuuba Naggasaa Nagawoo irraa argame akka mul’isutti:

> *Odaan gaaddisa galma Gadaati. Galma Oromooti. Odaan midhaanis ni qaba. Midhaan isaatis waan irraa nyaatan qaba. Gaaddisni isaas gololeedha. Bakka Oromoon itti mari’atu, bakka Oromoon jala qubatudha. Odaan gaaddisa, galma, mana, bakka jila itti jilattu, bakka seera itti tumattudha. Mukeen kanneen faayidaa adda addaa qabu. Akka qorichaatti illee ni tajaajilu. Heexoon illee waa garaadhaa namaaf baasa. Waddeechi Kallacha ta’a. Oromoon waddeecha hin muru. Waddeechi Kallacha ta’a. Kallacha jechuun kan ittiin dhalchan, kan ittiin guddifatan, ilma guddifachaa kan ittiin guddifatanis kallachaani. Hunda hin muru; ni kabaja.*

Ragaa kun Odaa ilaalchisee sakatta’insa barruu keessatti kan hayyoonni “Odaan fakkeenya muka milkii, galma Oromoo, mallattoo haqaa, araaraafi dimokraasii caayaa Sirni Gadaa Oromoo jalatti lallabamu, gaaddisa ulfinaa, mallattoo dagaaginaa, asxaa ykn faajjii Ummata Oromoo isa jalqabaati” kan jedhan wajjin kan wal simudha. Mukkeenis Oromoo Tuulamaa biratti faayidaa adda addaatiif: kanneen akka qorichaa, jila jilachuu, jifuu guuttachuufi kkf; akka oolanidha.

Gama birootiin, odeeffataan Miidhagsoo Gurmuu hariiroo Odaafi Oromoo gidduu jiru akka itti aanutti ibsa.

> *Odaan muka seeraati. Hundeen isaa bal’aadha. Wanti fafeen jalatti hin galu. Osoo hin daraariin firii godhata. Dameen isaattillee ni dagaaga. Bal’inni damee isaa hormaata Oromootiin fakkeeffama. Gadi fageenyi hidda isaa falaasama Oromoon bakka bu’a. Simbirri illee guyyaa firii isaa irraa nyaatti malee irra hin bultu. Kanaaf Odaan muka gabbataafi qulqulluu waan ta’eef iddoo dhugaan itti lallabamuufi muka Ulfaa ykn muka Seer ta’ee kabajama.*

Ragaan qorannoo odeeffataa kanarraa argame ilaalchaafi falaasama Oromoo gadi fagoo kan of keessaa qabudha. Odaafi Oromoon hariiroofi hidhata cimaa waliin akka qabu cimsee kaasa. ***“Odaan hundeen isaa bal’aadha; dameen isaa dagaagaadha. Bal’inni damee isaa hormaata Oromoo waliin fakkooma qaba. Hiddi isaa gadi fagoodha kan jedhu”*** ergaa cimaa kan of keessaa qabuuf falaasama Oromoo wajjin hidhata guddaa akka qabudha. Kunis Hidda guddaa, damee guddaa Oromoo, bal’ina Oromoo, hormaataafi sanyii bal’aa Oromoo wajjin hidhata guddaa kan qabu ta’uu isaati. Caalaa Soorii (2015) yaada ragaa qorannoo kanaa yoo cimsu;

"Odaa bofni, buutiin, bineensi nama miidhu jalatti hin galu. Allaattiinis mana irratti hin ijaarrattu. Bakka qulqulluudha. Bal'inni damee isaafi baal'in hidda isaa Oromoof hiika guddaa qaba. Kanaaf Gaaddisa Araaraa godhate" jedha.

Hariiroo Oromoon Tuulamaa Odaa wajjin qabu ilaalchisee ragaan afgaaffii marii garee xiyyeeffannaa- 2 (MGX2) irraa argames yaaduma armaan olii kan cimsudha. Dhimma kana ilaalchisee ragaan MGX2 irraa argame akkas jedha:

> *Odaan muka aadaati. Muka guddaadha. Damee isaa bal'aadha; hiddi isaas gadi fagoodha. Gaaddisa aadaa guddaadha. Namallee yoo eebbisan 'akka damee Odaa babal'adhu, akka hidda Odaa gadi fagaadhu jedhu.' Kanaaf Odaa Oromoon gaaddisa Gadaa godhate. Odaa hin tuqan; hin muran. Odaa bineessillee itti hin galu; allaattiin irratti hin galu; bofti itti hin galu. Oromoon kanaaf filate.*

Ragaan armaan olii kun kan agarsiisu; Odaan gaaddisa aadaa Oromoo Tuulamaa isa guddaadha. Galma aadaa isaati. Hawaasichis Odaa akka mallattoo dagaaginaatti; akka mallattoo ciminaatti, akka mallattoo qulqullinaatti kan ilaalu ta'uu isaati. Kanaaf, Odaan hin muramu hin tuqamu. Muka aadaa, muka safuuti waan ta'eef. Ragaan kunis Odaa ilaalchisee sakatta;insa barruu keessatti yaadota ka'an wajjin sirriitti kan wal simatudha.

Miidhagsoo Gurmuu ittti dabaluun hariiroo mukkeeniifi Oromoo Tuulamaa yoo ibsu:

> *Oromoon Tuulamaa Mukkeeniif safuu tume qaba. Muka muree itti fayyadamuufi itti hin fayyadamnetu jira. Mukni seeraaf itti fayyadamu jira. Fakkeenyaaf Foolleen horooroo yoo murtu horooroon mukuma ta'eef miti. Ulaagaatu qabatama. Bokkuunis isarraa tolfama. Bokkuun Gaaddisa Oromooti jedhee waan dhugeeffatuuf muka kanarraa tolfama. Fuudhas yoo dhaqan muka mi'eechaafi urgeechaa jedhamu qabatanii dhaqu. Akka duudhaa Oromoo Tuulamaatti intala Urgeechaafi mi'eechaa didde namuu hin fuudhu; safuudha. Mukni kun lamaan fakkoommii mataa isaa danda'e qaba. Urgeechaan 'urgaa'uu' bakka bu'a waan ta'eef urgaa'uu didde; mi'eechaan 'miyaa'uu' bakka bu'a waan ta'eef miyaa'uu didde jedhu. Kanaaf namni urgaa'uufi miyaa'uu dide dhandhama jiruu hin qabdu waan ta'eef hin fuudhan; jedha.*

Ragaan armaan olii kun kan agarsiisu; Oromoon Tuulamaa muka ta'eef, muka hunda hin muru. Muka muramuufi hin muramnetu jira. Mukni yoo murruufi itti fayyadamnu ammoo seeraafi duudhaa ummatichaa eeguufi kabajuun akka ta'edha. Muka seeraaf ykn jifuuf itti fayyadamnutu jira jechuudha. Fakkeenyaaf, muka horooroo Bokkuu irraa tolfanna. Bokkuun Ulfoo Oromooti;

meeshaa Jilaa Ulfoo Oromooti. Kanaaf kabajaafi ulfina guddaa qaba. Mukni horooroon muka seeraa waan ta'eef ijuma Bokkuutiin akka ilaallamudha ragaan qorannichaa kan mul'isu. Mukti me'eechaafi urgeessaan ammoo bultii ykn gaa'ila hawaasichaa waliin hidhata akka qabu, walitti urgaa'uu gaa'ilaa, walitti mi'aawuu bultii ykn gaa'ilaa wajjin fakkoommii akka qabudha ragaan qorannichaa kan agarsiisu.

Gama birootii dhimmoota armaan olitti ka'an kana kan cimsu ragaa odeeffataa Bulbulaa Wagii irraa argamedha. Innis:

> *Muka bineensi itti galuufi itti wal horu hin murtu; ni kunuunsita. Odaa Gadaan jalatti baatu hin tuqani. Ejersi illee Bokkuu ta'a hin tuqan. Haroorechi illee seera qaba hin tuqan. Waddeessi kan Abbaa Gadaati hin tuqan. Doqonuun illee hin xuqamtu. Maal jedha Oromoon doqonuun garaa keessa dhoota; Oromoonis arrabni ooda. Kadhatus ni argata; abaaru illee ni balleessa.*

Kunis kan agarsiisu Oromoon Tuulamaa mukkeen hunda wajjin hariiroofi hidha guddaa akka qabudha. Fakkeenyaaf dhoqonuu haa fudhannu. Mukni kun quncee qaba. Qunceen isaa baay'ee dhoqonaawa. Ijaarsa manaatiif baay'ee mijatoo kan ta'edha. Dhoqonaa'uun qucnee muka kanaa hidhaa ijaarsa manaatiif humna guddaa ta'aaf. Umurii dheeraa akka qabaatus godha. Sirriitti quncee kanaan mana hiinaan akka salphaatti hin gadhiisu. Akka hapheetti qabata. Gochaafi amala quncee muka kanaa ammoo arraba Oromoo wajjin wal qabsiisan. Kanaaf "Doqonuun illee hin xuqamtu. Doqonuun garaa keessa dhoota; Oromoonis arrabni ooda" jedhani. Oromoon arraba jiidha; arraba tola; arrabni isaas hapheedha. Yoo garaan eebbise, eebbi isaa nama qabata. Yoo abaare ammoo, abaarsi isaa nama balleessa. Ragaa odeeffataa kanaas kanuma nuuf dhugoomsa.

Walumaagalatti, akkuma Oromoo biroo Oromoon Tuulamaas mukkeen ykn biqiltoota wajjin hariiroofi hidhata cimaa akka qabu ragaaleen madda jalqabaafi lammafaa irraa qorannoo kanaaf walitti qabaman ni agarsiisa. Muka seera malee hin muru; hin mancaasu; Karaa aadaa hin taaneen, mukkeen bosonaa badiif saaxilamanii yoo argaman, seera Gadaatiin badii irraa oolcha; seera Gadaatiinis eegumsaafi kunuunsa guddaa taasisaaf.

## 5.7 Oromoo Tuulamaafi Bineeldota

Oromoo biratti bineeldonni manaafi bosonaa akkuma uumama biraa mirga lubbuun jiraachuufi naannoo bareedaa keessa jirachuu akka qaban seera Gadaa keessatti tumamee akka jiru

manguddoonni argaa dhageettii ni himu. Keessattuu bineeldota bosonaa yoommuu bishaan dhugan irraa ari'uufi ajjeesuun yakka cimaa akka ta'e jabeessanii ni ibsu. Kanaaf Bineeldonni (wild animals) ummata Oromoo biratti iddoo olaanaa kan qabanidha. Oromoon yeroo beelaa ykn yeroo rakkoo bineelda kan ajjeesu yoo ta'ellee seera uumaa eeguun kan ajjeesudha. Keessattuu bineeldota ol guddatoo ta'an kan hormaata isaanii haalaan hin fixatiin akka arganitti ajjeesuun Oromoo biratti aadmalee akka ta'e manguddoon argaa dhageettii ni himu. Ragaan qorannoo kanaaf madda jalqabaafi lammaffaa irraa walitti qabamanis dhimma kana sirriitti kan deeggaranidha. Ragaan odeeffataa Yuuba Caalaa Soorii argame akka ibsutti;

> *Bineensonni hundi seera qabu; eegumsa qabu. Bineensa ilmoo ofirraa qabu hin ajjeestu; maaf ni hoosifti. Bineensa bishaan dhugaa jiru bishaan irratti hin ajjeestu; maaliif waan Waaqni kenneef sana fudhachaa jira; isa hin hanqistu jechuudha. Waraabessa horii si jalaa nyaate kan ilmoo hoosisu yoo of jalaa qabaate haadha irraa hin ajjeestu; cubbuudha. Seeratti dhorkaadha. Oromoon seera kana hunda eegee jiraata. Kana cabsinaan ilmoo isaatiin itti dhufa. Ilmoo bineensaa sana haadha irraa ajjeese ilmoo kiyyaan natti dhufe jedha. Cubbuu lagata; ni sodaata; ni eega. Waaqatu uumeef, haadha irraa hin ajjeestu. Waan akkasii qaba seerri.*

Ashannaafiin (2014) sakatta'insa barruu keessatti beekumsa xabboo ummanni Gujii uumamaaf qabu eeruun akka ibsutti "Bineensa tokko ajjeesuu osoo barbaannee, isaa bishaan dhugu hin ajjeefnu; lubbuudha waan ta'eef" jedha. Ragaan qorannoo kanaas yaada kana wajjin sirriitti kan wal simudha. Kun kan agarsiisu Oromoo biroos ta'ee Oromoon Tuulamaa ammam bineeldotaaf (bineensotaaf) iddoo olaanaa akka kennanidha. Hawaasni kun waan Waaqayyo uume, waan lubbuu qabu hundaaf iddoo guddaa kan kennuuf, lubbuu kamiyyuu seera malee ykn aadmalee baasuu ykn balleessuu akka hin qabne ragaan qorannichaa ni mirkaneessa. Bineeldonni hundi seera isaan eeguufi kunuunsu hawaasicha keessatti qabu; ajjeeftullee seeraan ajjeefta; ammoo akka ilaalchaafi falaasama hawaasichaatti amma kamiyyuu ta'u haadha ilmoo irraa hin ajjeeftu; ajjeefnaan cubbuudha. Cubbuu ammoo ofiifis dhala isaafis hin kaa'u Oromoon. Cubbuu dalaguun dhala ofiitti darba jedhee waan amanuuf jechuudha. Kanaaf haadha ilmoo irraa ajjeesuun cubbuudha jedha. "Ilmoon haadha malee guddachuu hin dandeessu; ilmoon haadha malee hin bareeddu" jedha mitiiree Oromoon yoo dubbatu. Ammamillee bineensi tokko hamaa ta'us haadha ilmoo irraa hin ajjeeftu. Oromoon adamoodhaaf baheellee akka tasaa bineensa bishaan dhugu yoo arge hin ajjeessu. Ajjeefnaan aadmaleedha; yakka guddaadhas; bifa akkasiitiin namni bineensa ajjeesee yoo argame adabbiin isaa cimaadha.

Yuubni Naggasaa Nagawoo waa'ee bineensa adamoo ilaalchisee ilaalchaafi falaasama hawaasichi qabu yoo cimsu: "Bineensa adamoodhaaf otoo ari'anii mana koo yoo seene hin ajjeesan. Natti dheeche ykn natti baqate waan ta'eef hin ajjeesan. Anuu nama bineensa mooraa koo keessatti ajjeese korma qalchiiseera. Kanammoo seera Gadaatu kallattii kaa'a" jedhu.

Akka ragaa qorannoo armaan oliitti; akka ilaalchaafi falaasama Oromootti bineensas ta'ee nama qe'ee namaatti baqatu tokko ajjeesuun aadmaleedha; safuu Oromoon qabu cabsuudha. Oromoon bineensi hamaan kamillee qe'ee isaatti kan baqatu yoo ta'e hin ajjeessu; dahoo kennaaf. Kun hundi kan mul'isu Oromoon uumama Waaqayyoo uume maraaf iddoo guddaa kan kennu ta'uudha. Lubbuu Waaqayyo uume seera malee, akka malee hin ajjeessu jechuudha. Ragaan qorannoo olitti ibsames kanuma dhugoomsa.

Odeeffataan Sabbooqaa Gadaa dabalataan dhimma kana yoo cimsu:

> *Guyyaa adamoos taatu lafa safuufi tumaa qabdu,* ***Iddoo Ulfoo*** *irratti bineensa hin ajjeesan. Faloollee qaba. Qe'ee kee amma darbannaa hiddii lamaatti bineensa waa balleessee dhufellee, nama illee nyaatee yoo dhufe, namni duuba kaatee dhufee ajjeese, abbaa qe'ee sanatu gumaa gaafateefii gumaa baasisa. Lafti qe'ee keeti. Bineensichi lubbuuf sitti baqate. Eega sitti baqatee Caffeen tumteefii jirti. Waan Seer siif qajeela; ni adabda jechuudha akka Sirna Gadaatti. Uumaan Waaqayyoo kana qabdi; jedha.*

Kun kan agarsiisu gama tokkoon iddoo Ulfoo ykn bakka safuufi safeeffannaa ykn lafa Jilaa irratti bineensa ajjeessuun hawaasicha biratti faloo guddaadha. Bakka Ulfoo akkasiitti bineensa ajjeesuun, lubbuu baasuun waan dabaafi dabdooti waan ta'eef qaamni ykn namni gocha akkasii godhu falachuu qaba. Falachuu jechuun waan balleesseef gumaa baasuu, dhiifama gaafachuu, gatii ykn beenyaa kanfaluu jechuudha. Badii badeef falachuu baannaan qe'ee isaatu bada; jiruufi jireenyatu jeeqqama. Cubbuutu ykn gumaatu qe'eetti isa gala jechuudha. Kan biroo akka ilaalchaafi falaasama hawaasichaatti waan lubbuuf namatti baqate, lubbuu baasuun aadmaleedha; safuu cabsuudha. Akka seera Gadaatti uumama Waaqayyo uume kan lubbuuf namatti baqate ajjeesuun adabbii qaba; ***"Waan Caffeen tumte, waan Seer bineeldotaaf qajeelche"*** cabasanii lubbuu baasuun nama adabsiisa jechuudha. Ragaan qorannichaas kanuma mirkaneessa.

Yuubni Caalaa Soorii Afgaaffii isaaf godhame keessatti ilaalchaafi falaasama Oromoon Tuulama Bineeldota bosonaafi manaaf qabu itti dabaluun akkaataa armaan gadiin ibsu.

*Akka aadaa Oromootti kan waraabessa ajjeeses gumaa baasa. Osoo waraabessi gara bosonaatti kaatuu fuuldura goree, osoo inni horii isaa hin tuqiin, ariitee kan ajjeestu taanaan yakka hojjettee jirta. Kanaaf bineensa Waaqni uume, osoo homaa si hin godhiin fuuldura gortee ajjeefte. Kanaaf isaaf 'gumaa baafta' jedha Gadaan. Bineensi sun boru horii keefi maatii keetti waan gamuuf. Kanaaf harree dullacha daandii isaa irratti (daandii horaa irratti) hiitaaf jechuudha; gumaa isaa baasuudhaaf. Kana booda qe'ee keetti hin dhufu innis. Akka tasaa loon rukuttee kan sirratti du'e yoo ta'e gumaa baafta; loon Waaqayyo uume, kan si tajaajilu, kan aannan siif kennu ajjeefte. Kan qotu, kan rakkoo si oolchu ajjeefte 'gumaa baasi' jedha Gadaan. Akkatti Gumaa baasanis harka kee duubatti hidhanii yeroo murtaa'eef afaan keetiin foon horii akka nyaattu godhu. Sababni isaas harki kee yakka hojjetee waan jiruuf gumaa baaftu malee harkaan hin nyaattu jechuudha. Safuudha waan ta'eef.*

Afeen odeeffataa armaan olii kun kan agarsiisu akka aadaa hawaasichaatti, akka ilaalchaafi falaasama hawaasichaatti: bineensi hagam illee hamaa ta'u, bineensa daandii isaa adeemu, bineensa qe'ee isaatti adeemu, kan qabeenya ykn horii kee hin tuqne ajjeessuun gumaa akka qabudha. Bineensa seera malee, aadaa malee ajjeeste gumaa hin baastu yoo ta'e, akka amantaa hawaasichaatti bineensi haaloo namatti qabata; qe'ee namaatti gama. Namas ta'ee horiin dallaa jiru nagaa hin argatu; gumaa baasuufii qabda jechuudha. Kanaaf daandii horaatti ykn daandii guddaa bineensi hundi argee soorachuu danda'utti dullacha harree baaftee, hiiteefiiti gumaa baasta. Gama birootiin hawaasni naannichaa horii ykn beellada manaatiifis marartee guddoo akka qabudha ragaan qorannichaa kan agarsiiu. Beellada hariiroo cimaafi marartee guddoo qabu kanaaf ammoo akka tasaa ta'ee lubbuun isaa harkatti kan darbu yoo ta'e, akkaataa seerri Gadaa jedhuun gumaa kan baasu ta'a. Lubbuu Waaqayyo uume, ammoo kan harka isaatti badeef gumaa baasuun harka isaa qulqulleessa. Hanga harki isaa hin qulqulloofnetti garuu harkaan hin nyaatu. Harki isaa isaa xurii ykn yakkamaa waan ta'eef jechuudha. Ragaan qorannichaas kanuma agarsiisa.

Ummanni Oromoo beellada ykn horii isaa bishaan ykn hora yoo obaasu illee bineensaaf qooda kaa'u qaba. Beellada ykn horii isaa bishaan ykn hora obaasee yoo xumuru bidiruu ykn naanniga keessatti bishaan ykn hora guutee bineensa bosonaaf qooda dhiisee deema. Kun kan agarsiisu hawaasichi bineensa bosonaatiif ammam eegumsaafi kunuunsa guddaa akka godhuufidha. Keessattuu yeroo hongee ykn goginsaa dirqama akkasii bahuun hawaasicha irraa kan eeggamudha. Yaada kana ragaan qorannoo odeeffataa Miidhagsoo Gurmuu irraa argame yoo cimsu:

*Oromoon waan isa barbaachisu, bineenesafis ni kenna. Bona yoo ta'e gongaatti ykn gandaa horiidhaan obaasu kana galgala bishaan itti guutee bineensi yoo dhufe haa dhugu jedhee bineensaa teechisa. Bineensi dhufee bishaan sana dhuga. Bonni yoo dheerate, lafa gammoojjii ta'e, bakka bishaan hin jirre, bineensaaf illee waan nyaatu, waan dhugu qopheessa. Bineensa san ni tiksa; jedha.*

Kun kan mirkaneessu hawaasicha bineeldota Waaqayyo uumeef, lubbuu Waaqayyoo uumeef ammam eegumsa guddaa akka taasisuufi hariiroo cimaas akka waliin qabudha.

Karaa birootiin qorannoo kana keessatti ragaan madda jalqabaafi lammaffaa irraa argame akka ibsutti; Oromoon farda waliin hariiroofi hidhata guddaa qabaachuu isaati. Fardi Boorana jedha Oromoon. Boorana jechaan nama; hangafa. Kanaaf, Oromoon farda gita namaatti ilaala. Qixa ilmi namaa mirga qabu fardaafis kennama. Fardi Oromoodhaaf safuu isaati; mallattoo isaati; kabaja isaatis. Oromoofi fardi seenaa bara dheeraa waliin qabu. Gaafa rakkoo, gaafa deemsa fagoo, gaafa du'aa, gaafa gammachuu, gaafa lolaas fardi Oromoodhaaf obboleessa dhugaati; kan irraa kufes, kan irraa du'es, gatee hin deemu. Oromoonis fardaaf akkasuma. Farda isaa ilmoo isaa caalaa jaalata. Oromoon jiruufi jireenya isaa yeroo gaggeeffatu, dhimma isaa mara keessatti farda hirmaachisa. Kun ammoo, fardi beellada akkamii akka ta'eefi Oromoo waliin hariiroo cimaa akka qabu kan ibsudha. Ragaan MGX2 irraa argames yaada kana akkaataa itti aanuun cimsa.

*Oromoo biratti kotte duudaa keessaa fardi gahee guddaa qaba. Fardi colleedha. Waaqaan nama araarsa. Fardi birmaduudha; akka amma dagatame miti. Oromoon farda akka waan guddaatti ilaala. Fardi yoo si kuffise illee si biraa hin deemu. Fardaan waraanee diina ofirraa deebisa. Dur Oromoon eenyummaa isaas fardaan kabachiisa. Oromoo Tuulamaa biratti ammoo fardi beekamaadha. Tuulamni fardaan walitti dhiyaata. Oromoon illee afaan fardaa beeka.*

Afee kana irraa kan hubannu; fardi Oromoof, Oromoonis fardaaf kabajaa guddaa kan qabu ta'uudha. Fardis Oromoof michuu gaafa rakkooti. ***"Fardi yoo si kuffise illee, si biraa hin deemu"*** kan jedhus kanuma nuuf dhugoomsa. Oromoon gaafa hamtuun dhufte, gaafa rakkoon akka hongeefi dhibee isa qunnamtu meeshaalee Ulfoo baasee, farda isaa luugamee, garaa qulqulluun Waaqa yoo kadhate ni argatta; hir'uun isaas ni guutaaf; Waaqnis ni araaramaaf. Oromoo Tuulamaa biratti ammoo kun iddoo guddaa qabaachuu isaati.

Kana malees, fardi akka dhala namaatti kan ilaalamu ta'uun cinaatti ofuma isaatiinis akkuma dhala namaa kan namaaf yaadudha. Oromoo biratti fardi dhiyaana qaba.

Oromoon yeroo farda yaabbatu irreessa kutee, kooraarra kaa'ee, oofkaltii kadhata malee akkuma arge kooraa irratti hin ba'u. Yeroo farda bitatee galullee irreessaan eebbifata. Irreessaan eebbifachuun kun na nageessi! Kooraarra na bulchi! jedhee Waaqa kadhachuu isaati. Fardi Oromoo biratti baay'ee waan jaalatamuuf, kabajaafi kunuunsi addaa ni taasifamaaf. Gombisa fardaa keessatti nama malee farda waraanuun aadmaleedha. Farda sangaa ykn collee ykn farda yaabbii Oromoon horii wajjin dallaatti galchee dhoqqee keessa hin dhaabu; roobas hin rukuchiisu. Bakka dhoqqeefi roobni hin tuqnetti bakka bultii mijeessaaf. Ilmi namaa akkuma seeraan tikfamu fardis seeraan eeggama.

Kanaaf, fardi Oromoo biratti safuufi mararfattee guddaa qaba. Ragaan qorannoo odeeffataa Miidhagsoo Gurmuu irraa argame yaada kana akkas jechuun cimsa.

> *Fardi safuu qaba; seera qaba. Fardi waan guddaadha. Oromoon farda qabatee, Waaqa ittiin kadhata. Farda qabatee, Waaqa araarfata; waan amanamuuf kabaja guddaa qaba. Ulfina, seera safuu guddaa qaba. Farda qabattee Waaqa yoo kadhatte irraa argatta.*

Kun kan agarsiisu Oromoo biratti fardi safuufi kabajaa guddaa kan qabu ta'uu isaati. Oromoon farda luugamee, meeshaa Ulfoo qabatee Waaqa isaa kan kadhatu yoo ta'e, Waaqni illee kan isa dhaga'u, innis waan kadhate sanitti kan milkaa'u ta'uu isaa ragaan qorannoo kanaa ni dhugoomsa. Fardi Oromoo biratti akka ayyaantuutti ilaallama waan ta'eef jechuudha.

Gabaabumatti, Oromoon Tuulamaa bineeldota waliin hariiroo ykn hidhata cimaa kan qabudha. Hawaasichis bineeldotaaf eegumsaafi kunuunsa guddaa godhaaf. Bineeldonnis akkuma uumama biraa mirga lubbuun jiraachuufi naannoo bareedaa keessa jirachuu akka qaban seera Gadaa keessatti tumameefii akka jirudha ragaan qorannichaa kan dhugoomsu.

## Boqonnaa Jaha

Akkuma sakatta'insa barruu keessatti ibsametti; afoolli ilaalcha waliigalaa ummatichi uumamaafi addunyaa keessa jiraatuuf qabu ibsuu keessatti gaheefi humna guddaa kan qabudha. Keessattuu bakka ogbarruun barreeffamaa hin jirreefi ummata ogbarruu mataa isaa hin qabne biratti afoolli falaasama, beekumsa xabboo, ilaalcha ummatichi uumaafi uumamaaf qabu, aadaa, seenaa, duudhaafi safuu ummatichaa ibsuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuu keessatti gahee olaanaa kan qabudha. Asafaa (2022) akka jedhanitti; Oromoon afoolli isaa uumama hammata. Afoolli uumama waliin wal hammachuun kun ammoo miira miidhaginaa (aesthetic perception) hawaasichaa calaqqisa. Miidhagichis (aesthetic beauty) fedhiisaa, gochasaa, hawwiisaa, waliin jireenya isaafi kkf. keessatti mul'ata. Akka hayyuun kun jedhutti Oromoon akkuma uumama kaanii jiruufi jireenya isaa keessatti uumama waliin wallaansoo wal qaba. Wallaansoo jireenyaa kana keessatti gammachuufi gadda, hawwiifi fedhii, jaalalaafi jibba, akkasumas bu'aa bahii jireenya isaa keessatti isa qunnamu mara afoolaan ibsata; afoola isaatiinis waan jibbeefi itti mufate qeeqa. Fuula dura isaas waan jiru afoola isaatiin raaga. Boqonnaa kan jalattis kaayyoofi daangaa qorannichaa bu'uura godhachuun Oromoon Tuulamaa afoola isaatiin uumama akkamiin akka ibsatu ykn hariiroo uumama wajjin qabu afoola isaatiin akkamiin akka ibsatu kan ilaallu ta'a.

### 6.1 Afoola Tuulamaafi Uumama

Akka ragaan qorannichaa agarsiisutti; Uumamni ykn Ardaaleen Ulfoo Oromoo Tuulamaa kanneen akka: Odaa Nabee, Caffee Dongoraa/ Abbaa Muudaa, Caffee Tumaafi Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaa, Hora Finfinnee, Tulluu Cuqqaalaa, Tulluu Ereriifi kkf. afoola hawaasichaa wajjin hidhata guddaa kan qabanidha (Yuuba Naggasaa Nagawoofi Sabbooqaa Gadaa, Alamaayyoofi Girmaan 2011). Ardoonni Ulfoon kanneen Oromoo Tuulamaa biratti ***'Iddoo Ulfoofi Jilaa'*** ta'anii kabajaafi ulfina guddaa kan argataniif seenaa goromsaafi abbaa goromsaa tokko waliin walqabata. Akka afoola argaa dhageettii manguddootaatti, dur jaarsa Saammaloo jedhamutu horii hedduu qaba ture. Saammalo Madda Walaabuu jiraata ture. Guyyaa tokko horii isaa keessaa goromsi tokko gaana fuutee korommiin otuu ari'anii, ari'anii Madda Walaabuu kaatee korma wajjin osoo adeemtuu ji'a salgaffaa isheetti dhuftee naannoo Laga Hawaas ykn Awaash geesse. Akkaataa adeemsa ishee yoo tartiibaan ilaallu akka kanaa gadii fakkaata:

**Afee 14.** *Hora Dambal*

*Malkaa Dubbisaa*

*Tulluu Ilmoo*

*Tulluu Cuqqaalaa*

*Odaa Amdee*

*Qilxuu Gachii*

*Malkaa Saddeeqaa*

*Odaa Nabee- Manyee Mul'iste.*

*Dongoraatti - Oota Dhangalaaste.*

*Caffee Tumaatti – Dhalte.*

*Dhakaa Koraatti - Dilluu buuste ykn ofkalte.*

*Hora Finfinnee – Finfinnee gahanii hora kana arraabanii deebi'anii ofirra garagalanii karaadhuma dhufaniin Madda Walaabuutti deebi'an jedhama.*

Yeroo ofirra garagalanii gara Madda Walaabuutti deebi'an kormi goromsa kana wajjin dhufe Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa yeroo gahu goromsa kana biraa maquun gara Tulluu Ereritti deebi'uun achi jala bule. Tulluun Erer Kormaas maqaa kanaan moggaafame jedhu. Bariisaa isaa ofirra deebi'ee Tulluu Nadhii Siidee bule. Tulluu Nadhii Siidee irraa ka'uun ammoo Tulluu Boosat jala bule jedhama. Sana booda Odaa Roobaatti ce'ee achis bulee, Madda Walaabuutti gale jedhama. Waan kana ta'eef jaarsi ***Iddoowwan Ulfoo Ardoota Jilaa Tuulamaa*** kanneen akka armaan gaditti eebbise jedhama.

Odaa Nabeetiin ***"Jalqaba waan hundaa ta'i"*** jedhee eebbise. Kanarraa ka'uun Odaan Nabee Oromoo Tuulamaa biratti Ardaa Jilaa Sirna Gadaa isa jalqabaafi hangafaa ta'e jedhama. Ardaalee Ulfoo Oromoo Tuulamaa biratti beekkama keessaa yaa'iin ykn jilli Sirna Gadaa jalqabaa kan gaggeeffamuufi kan taa'amu Odaa Nabeettidha. Kanaafis Odaan Nabee jalqaba waan hundaa ta'e jedhama. Caffee Tumaatiin ***"Waa hundi sirratti haa dhalatu"*** jedhee eebbise. Kanaaf seerri hundi (kan lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hundi) achitti tumama. Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaatiin ***"Waa hundi sirratti haa xumuramu"*** jedhee eebbise jedhama. Kanaaf seerri Caffee Tumaatti tumame achitti lallabamee xumurama. Akka argaa dhageettii manguddoota kanneeniitti ardoonni kun akka wiirtuuwwan Waaqeffannaafi siyaasaatti fudhatamuu kan eegalan kana booda akka ta'e seenaa kanaan akka walqabatu bal'inaan

dubbatama. Kanarraa ka'uun Oromoon Tuulamaa Ardoota Ulfoo ta'an, Malkaafi Tulluu seenaafi tajaajila isaanii irraa kan ka'e isaan irratti akka kabaja argatan Gumii irratti lallabanii ummata beeksisan jedhama. Kun kan mirkaneessu Ardaaleen Ulfoo Oromoo Tuulamaa afseenaa (Oral narration) hawaasichaa waliin hidhata guddaa akka qabuufi Ardaaleen jilaa hawaasichaas afoola hawaasichaa waliin hariiroo cimaa akka qabudha.

Oromoon Tuulamaas kadhaa isaa keessatti, eebba isaa keessatti iddoo Ulfoofi qananii kanneen afoola isaatiin makaa dhahuun, safeeffachuun baratamaadha. Fakkeenyaaf eebba Oromoo Tuulamaa itti aanu kana haa ilaallu.

**Afee 15.** *Hayyee! Hayyee! Hayyee!*

*Waaqa uumaa*
*Waaqa uumamaa*
*Waaqa jechuun kan hundaa*
*Lafa jechuun kan hundaa*
*Waaqa Saglan Booranaa*
*Waaqa Sagaltama Gabraa*
*Waaqa Torban Baarentummaa*
*Waaqa Ciicoo Gurraattii*
*Waaqa Bokkuu Gurraachaa*
*Gurracha garaa garbaa*
*Gumgumaa garaa cabbii*
*Leemmoo garaa taliilaa*
*Tokkicha maqaa dhibbaa*
*Waaqa Shanan Gadaa Oromoo*
*Waaqa Shanan Odaa Oromoo*
*Waaqa Fincaan Tuulama Sadeenii*
*Waaqa Jahan Galaan*
*Waaqa Sadan Daacii*
*Waaqa Jahan Bachoo*
*Waaqa Jahan Jiillee*

*Waaqa Torban Oboo*

*Waaqa Sadan Sooddoo*

*Waaqa Shanan Kuraa Jiddaa*

*Waaqa Sadan Ada'aa*

*Waaqa Lamaan Liiban*

*Waaqa Sadeen Aabbuu*

*Waaqa Odaa Nabee*

*Waaqa Caffee Dongoraa*

*Waaqa Caffee Tumaa*

*Waaqa Dhakaa Koraa*

*Waaqa Hora Finfinnee*

*Waaqa Hora Harsadii*

*Waaqa Tulluu Cuqqaalaa*

*Waaqa Erer Kormaa*

*Waaqa Birbirsa Fooqaa*

*Waaqa Malkaa Hawaas*

*Kan nagaan nu bulchite*

*Nagaan nu oolchi*

*Hamaa nurraa qabi*

*Tolaa nutti qabi*

*Daafii galtee nu oolchi*

*Irraa gora nu oolchi*

*Kan dabaan nutti deemu dhiibdoo keen nurraa dhiibi*

*Korma cirrii godhi*

*Rimaa haphee godhi*

*Tulluu ijaaba godhi*

*Malkaa fitissa godhi*

*Xiqqaa nuuf guddisi*

*Guddaa nuuf bulchi*

*Beekaa nuuf bulchi*

*Tiksee xeenxara godhi*

*Qilxuu ijaabaa godhi*

*Darbataa eeboo qajeelchi*

*Barataa qubee qajeelchi*

*Hayyuu murtii qajeelchi*

*Biyya biyya nagaa nuuf godhi*

*Jaalala kee nuuf kenni*

*Safuu keen nu bulchi*

*Rooba nagaa nuuf roobi*

*Qilleensa hamaa nurraa qabi*

*Waan barri deemuun jalaa nu baasi.*

*Gadaan Rooba Nagaa!*

*Barri Quufaa Gabbina*

*Gabbisi Waaq! (Madda: Barruu Sagalee Gadaafi Gaazexaa Bariisaa)*

Afoolli Oromoo Tuulamaa armaan olii kun kan agarsiisu hawaasichi eebba isaa keessatti ammam Bakkeewwan Uumama Ulfoo ykn Ardaalee Jilaa Ulfoo naannoo isaa jiru wajjin hariiroo cimaa akka qabu kan mul'isudha. Gama birootiin afee armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti; Waaqni uumaadha; uumaa waan hundaa, uumaa uumama (lubbuu qabeeyyiifi lubbuu dhabeeyyii hunda) hundaati. ***“Waaqa jechuun kan hundaa”*** kan jedhus kanuma nuuf dhugoomsa. ***“Lafa jechuunis kan hundaa”*** kan jedhus dacheen ykn lafti kan lubbuu qabeeyyiifi lubbuu dhabbeeyyii hundaa, dahoo waan hundaa, baattoo waan hundaa ta'uu agarsiisa. Gabaabumatti, hawaasichi uumaafi uumama mara wajjin hariiroo cimaa qabaachuu isaa afeen armaan olii nuuf mirkaneessa.

Qorannoo kana keessatti iddoo adda addaatti akkuma ibsametti; Odaan Nabee Ardaa Jilaa Oromoo Tuulamaa isa jalqabaafi hangafaati. Bakka Oromoon Tuulamaa rakkoo, waldhabdeefi diddaa isaa ilaafi ilaameen, mariifi marabbaadhaan itti furatudha. Ardaa araaraafi qulqullinaa kanatti Oromoon Tuulamaa jalqaba waan biraatti osoo hin ce'iin afoola isaatiin akkas jedha:

**Afee 16**. *Tuulama walbari*

*Waljaalladhu*

*Waliin mari'adhu*

*Dhugaaf dhaabbadhu*

*Rakkoo kee furadhu.*

Afeen kunis kan agarsiisu; bakka Jila Ulfoo kanatti Oromoon Tuulamaa akka wal baratu, akka wal mararfatu, dhimma biyyaafi biyyoo, dhimma hawaasummaa, bulchiinsaa, dinagdee, jiruufi jireenyaa mara irratti akka mari'atu, bakka Ardaa Ulfoo kanatti dhugaa dubbachuu, dhugaadhaafis dhaabbachuu akka qabu, rakkoofi wal dhabdee qabus mariifi marrabbaan furachuu ykn hiikkachuu akka qabudha. Kanaaf Ardaan ***Ulfoon – Odaan Nabee*** Oromoo Tuulamaatiif Ardaa jaalalaa, nageenyaa, Ardaa mariifi araaraa akka ta'edha afeen qorannoo armaan olii kan mirkaneessu.

Ragaan odeeffataa ijoo Yuuba Caalaa Soorii irraa argame akka mul'isutti; Oromoo Tuulamaa biratti Odaan Nabee Ardaa Ulfoo akka ta'e afaan kan saaqqames Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaatti. Maaliif Ulfoo akka ta'e ammoo ibsi bal'aan kan itti kenname Caffee Tumaattidha. Ragaan armaan gadiis kanuma mirkaneessa:

**Afee 17.**

| **Hayyuu Heera tumu** | **Hayyuu jalaa qabu** |
|---|---|
| *Odaan Nabee Ulfoodha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Odaan Nabee akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Seera qabaa beekkadhu* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafa araaraati* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafa itti waliigalani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafa yakka itti qulqulleessani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Ardaa jilaa qulqullinaati* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Kan bokkuun Gadaa Shananii irra qubatu* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Kan bokkuun Tuulama sadeenii itti godaanu* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafa Ulfooti irratti hin ajjeesani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Irratti wal hin lolani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Irratti daba hin raawwatani beekkadhu* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafa Ulfoo du'aa irratti hin gatani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Bineensa irratti hin ajjeesan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Muka irraa hin muran* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Balleessitu si balleessa* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Dhugaa waaqaa of keessaa qaba jedha.* | *Sii galeefan jedhe* |

Ragaan afoolaa olitti dhiyaate kunis Odaa Nabee ilaalchisee yaadota armaan olitti, akkasumas boqonnaa shan jalatti ibsaman wajjin siriitti kan wal simatudha. Kunis Odaan Nabee Ardaa

Ulfoo, ardaa araaraafi qulqullinaa Oromoo Tuulamaa ta'uu isaati. Ardaa Ulfoo kanattis yakka dalaguun, lubbuu balleessuun aadmalee akka ta'edha ragaan qorannichaa kan mirkaneessu.

Ardaa Ulfoon afoola ummatichaa waliin hariiroo qabu kan biroo Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaati. Akkuma boqonnaa shan jalatti ibsuuf yaalametti ***"Heeronni Ulfoon Jahan Waaqayyoo"*** kan tumaman Ardaa Ulfoo kanattidha. ***"Heeronni Ulfoo Jaha Waaqayyoo"*** kunneen kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

**Afee 18.**

*1. Heera Waaqaa*

*2. Heera Lafaa Ykn Dahee*

*3. Heera Tulluu*

*4. Heera Malkaa*

*5. Heera Abbaafi*

*6. Heera Haadhaati.*

Akka odeeffattoota ijoo Alamaayyoo Hayilee, Yuuba Naggasaa Nagawoofi Caalaa Soorii jedhanitti; Heera Ulfoo Jahan Waaqayyoo kana yeroo tuman lama ta'anii fuula walitti deebi'anii, waljalaa qabaniiti. Tokko heericha lallaba; tokko ammoo akkaataa armaan gadiitiin 'Sii galeefan jedhe' jedhee jalaa qabuuni. Adeemsichis haala armaan gadiin dabaree waljalaa qabaa, Heera Ulfoo Jahan Waaqayyoo kan tumanidha.

**Afee 19.**

| **Hayyuu Heericha tumu** | **Hayyuu jalaa qabu** |
|---|---|
| *Heerri Caffee Dongoraa akkana jedha* | *Sii galaafan jedhe* |
| *Heerri dhalte jedha* | *Heera maaltu dhalate?' jedha* |
| *Heera Ja'an Waaqayyoo Lafaatu dhalate* | *Heerri Ja'an Waaqayyoo Lafaa maali?* |
| *'Waaqni Ulfaadha' jette Caffeen* | *Sii galeefan jedhe* |
| *'Lafti Ulfoodha' jette Caffeen* | *Sii galeefan jedhe* |
| *'Tulluun Ulfoodha' jette Caffeen* | *Sii galeefan jedhe* |
| *'Malkaan Ulfoodha' jette Caffeen* | *Sii galeefan jedhe* |
| *'Abbaan Ulfoodha' jette Caffeen* | *Sii galeefan jedhe* |
| *'Haati Ulfoodha' jette Caffeen* | *Sii galeefan jedhe.* |

jechuun dabareen wal jalaa qabee ***Heera Ulfoo Jahan Waaqayyoo*** tuma.

Akka Caalaa Soorii (2015) jedhanitti; Heeronni Caffee Dongoraatti/Caffee Abbaa Muudaatti afaan saaqqame, Caffee Tumaatti irra deebi'amee ibsa waliin himama. Caffee Dongoraatti/ Caffee Abbaa Muudaatti gaaffiin hin keessummeefamu. Caffee kanatti "Waaqni, Lafti, Tulluun, Malkaan, Abbaafi Haati maaliif Ulfoodha? jedhanii hin gaafatamani. Kanaafis hayyuun jalaa qabu "Sii galeefan" jedhe jecha jedhu qofa dubbatee kan dhiisu. Caffee Tumaatti gaaffii dhiyaatuuf ibsi bal'inaan kan itti kennamu ta'a.

Hojii guddaan Caffee Dongoraa/Caffee Abbaa Muudaatti hojjetamu kan biroo Ardaalee Ulfoo Oromoo Tuulamaatiif Heerota Ulfoo tumamanidha. Ragaan MGX2fi afgaaffii Yuuba Caalaa Soorii irraa argames kanuma mirkaneessa. Akka ragaa odeeffattoota kanaatti Ardaalee Ulfoo akka waliigalaatti Oromoo Tuulamaa biratti beekkamaniif Heeronni Ulfoon afaan kan saaqqamaniif Caffee kanattidha. Heerota Ulfoo afaan itti saaqqaman kunis Caffee kanatti ibsi itti hin kennamu. Ardaaleen Ulfoo kunneen maaliif Ulfoo akka ta'an ibsi bal'aan kan itti kennamu Caffee Tumaattidha. Adeemsichis:

**Afee 20.**

| <u>**Hayyuu Heericha kan tumu**</u> | <u>**Hayyuu jalaa qabu**</u> |
|---|---|
| *Odaan Nabee Ulfaadha* | *Sii galaafan jedhe* |
| *Ulfaa Gadaa Shanantu Irra qubata* | *Sii galaafan jedhe* |
| *Lafa araaraati* | *Sii galaafan jedhe* |
| *Lafa faajjii birbirsi irraa dhaabbatu* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafa Bokkuun itti godaanu* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Caffeen Dongoraa/Abbaa Muudaa Ulfaadha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *'Lafa Heeronni Ulfoon itti tumamanidha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Caffeen Tumaa Ulfaadha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Bakka seerri waan hundaa itti tumamu* | *Sii galeefan jedhe.* |
| *Dhakaa Koraa/Andoodee Tumaa Ulfaadha* | *Sii galaafan jedhe* |
| *Tulluun Cuqqaalaa Ulfaadha* | *Sii galaafan jedhe* |
| *Ardaa Irreechaa Ulfoodha* | *Sii galaafan jedhe* |
| *Erer Kormaa* | *Sii galaafan jedhe Ulfaadha* |

*Horri Jahan Waaqayyoo Ulfaadha* *Sii galaafan jedhe*
*Tulluun Saddeettan Waaqayyoo Ulfaadha* *Sii galaafan jedhe*

Afee armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti; akkuma ***"Heera Jahan Waaqayyoo"*** Ardaaleen Ulfoon Oromoo Tuulamaas hawaasicha biratti kabajaafi ulfina guddaa qabu. Ardaalee Ulfoon kunneen Gadaa dhufaa darbaatti hin tuqamani; itti hin bu'amani; yoomiyyuu Ulfoodhas. Ardaaleen kanneen Sirna Gadaafi Waaqeffannaa Oromoo Tuulamaa wajjinis hidhata guddaa kan qabanidha. Kanaaf Ardaaleen Ulfoon kanneen kabajamuu, eeggamuufi kunuunfamuu akka qaban Heerota Ulfoo tumaman kanneeniin cimsee akeekkachiisa.

Kan biraa Ardaa Ulfoo Caffee Dongoraa/Caffee Abbaa Muudaa kanatti kan raawwatamu sirna irbuu ykn waadaa galuuti. Ibruu galuu kana keessatti ammoo afoolli hawaasichaa iddoo olaanaa kan qabudha. Akka ragaan qorannichaa agarsiisutti; iddoo Ulfoo kanatti Abbaan Gadaa haaraan akkaataa duudhaafi safuu hawaasichaatiin irbuu galuun eebbaafi alangee Abbaa Muudaa irraa fudhata. Irbuu galuun kunis kan raawwatamu **qumbii** liqimsuun ta'a. Wanti liqimfamu kun hadhaawaadha. Sababni hadhaawaa liqimsaniifis:

**Afee 21.** *Dhugaan hangam yoo hadhaawe illee nan kabaja;*
*Nan raawwadha;*
*Waadaan hin cabu; hin dabu;*
*Heera hin cabsu; hin dabsu; hin jal'isu;*
*Seeras hin cabsu' hin dabsu; hin jal'isu;*
*Nama hunda, gosa hunda, akkaataa Heera Caffee tumaanan bulcha;*
*Gosa hin qoodu; nama hin qoodu;*
*Wal hin caalsisu; wal qixan bulcha; jedhanii waadaa seenuudha*.

Afee kana irraa kan hubannu; hanga fedhe haqni cabus, haqni dabus dhugaan sobaan bakka bu'uu akka hin dandeenyedha. Dhugaan hangam hadhooftu illee akkaataa heera Caffeetiin loogii tokko malee hojiirra oolchuun dirqama akka ta'edha. Heeraafi seera Caffee kabajuun loogii tokko malee haqa hojiirra oolchuuf ammoo irbuu seenuun mirkaneessu. Irbuunis hawaasicha biratti iddoo olaanaa kan qabudha; irbuun hin cabu; hin dabus. Loogii tokko malees hojiirra oola. Afoolli hawaasaa armaan oliis kanuma nuuf mirkaneessa.

Akkumma armaan olitti ibsametti; ***"Heeronni Ulfoon Jaha Waaqayyoo"*** Caffee Dongoraatti/Caffee Abbaa Muudaatti afaan itti saaqqame, ummanni hundi sirriitti akka hubatuuf Caffee Tumaatti irra deebi'amee ibsa bal'aa waliin himama. Caffee kanatti "Waaqni, Lafti, Tulluun, Malkaan, Abbaafi Haati" maaliif Ulfoo akka ta'an tokko tokkoon ibsi itti kennamee

akka hubatamu ta'a. Dhimma kanas qorannoo kana keessatti akkaataa armaan gadiitiin dhiyeessuuf yaaliin godhameera.

Hayyuun "***Waaqni Ulfaadha"*** jedha. Hayyuun jalaa qabus ***"Maaliif Ulfaadha?"*** jedhee gaafata. Hayyuunis akkas jedhee deebisa:

**Afee 22**. *Waaqni lafa ykn dachee uume,*
*Nama irratti uume,*
*Uumama dachee kanarra jiraatan mara uume,*
*Samiifi urjii mara uume,*
*Uumama mara uume,*
*Uumamni hundi fedhii isaan waan ta'eef ulfaadha.*
*Waaqayyo Ulfaadha;*
*Ajjeesee gumaa hin baasu;*
*Balleessee hin gaafatamu;*
*Waaqni uumaa waan hundaati;*
*Ganna namaaf rooba;*
*Bona namaaf caama,*
*Waaqni kanaaf Ulfaadha.*

Kun kan agarsiisu seerri Waaqaa seera seeraa oliiti. Waaqayyo kan dachiifi samii, nama, bineeldotaafi biqiltoota mara uume, walumaagalatti kan lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii hunda uumedha; kan hunda caaludha. Waaqni kennuu kan danda'u, fudhachuus kan danda'u, uumuu kan danda'u, ajjeesuus kan danda'u, ajjeessuf kan hin gaafatamneefi hin komatamnedha. Kanaaf ulfinniifi safuunis isaaf kennama. Afeen qorannoo armaan oliis kanuma nuuf dhugoomsa.

Hayyuun ***"Lafti ykn Daheen Ulfoodha"*** jedha. Hayyuun jalaa qabus ***"Maaliif Ulfaadha?"*** jedhee gaafata. Hayyuunis akkana jedhee deebisa:

**Afee 23.** *Lafti haadha;*
*Namaafi lubbu qabeeyyii hunda dandeessee baatti;*
*Jiraatti nama baatti;*
*Du'aattis nama baatti;*
*Ishee irra jiranna;*
*Ishee irratti guddannee irratti wal horre;*
*Bishaan nuu maddisiifti;*
*Midhaan nuu biqilchiti;*
*Looniif marga biqilchiti;*
*Waan isaan barbaadan hunda gumaachiti;*

*Dawoo lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii hundaati;*
*Kanaafuu dacheen ykn lafti Ulfoodha.*

Afee kanarraa kan hubannu dacheen haadha; haadha waan maraati. Haadha ykn dahoo lubbuu qabeeyyiifi lubbuu dhbeeyyii hundaati. Fayyaattis nu baatti; du'aattis nu baatti. Kanaaf hawaasichi ***"Heera Ulfoo Jahan Waaqayyoo"*** keessatti ***"Dacheen Ulfoodha"*** jedha afoola isaa keessatti.

Hayyuun ***"Tulluun Ulfaadha"*** jedha. Hayyuun jalaa qabus ***"Maaliif Ulfaadha?"*** jedhee gaafata. Hayyuunis:

**Afee 24.** *Tulluun lafa irraa olka'ee kan argamudha;*
*Qilleensa madaalawaa kan fidudha;*
*Rooba kan harkisudha;*
*Bosona kan qabudha;*
*Jiidha ofkeessatti kan qabatudha;*
*Burqaa kan maddisiisudha;*
*Dawoo ilma namaaf bineensa maraati;*
*Tulluun ilaala waan taateef gaddas ta'e gammachuuf achirra ba'an waliif lallabu;*
*Arfaasaa irratti bahanii irreeffatanii gaarummaa Waaqayyoo kan itti dhugaa bahanidha;*
*Waaqayyos kadhatanii waan dhaban kan itti argatanidha;*
*Tulluun lafa qulqulluudha;*
*Kanaaf lafti Waaqni lafa hundumaa irraa adda taasisee olkaasee uume kun Ulfoodha.*

Oromoon Tuulamaa Tulluu akka olka'insaatti, guddummaatti, madaala qilleensaafi bishaaniitti, akka rooba harkisutti, akka dahoo bineensaafi lubbuu qabeeyyii birootti ilaala. Hawaasichi gaafa rakkoofi hamtuun dhufte, hongeefi goginsi hamtuun gaafa dhufte, Arfaasaa tulluu irratti garaa qulqulluudhaan ol bahee, eebbifatee, ariirratee qalatee, ***"Yaa Waaqi nuu roobi, nu uumtee nu hin hubiin, nuu kennitee nurraa hin fudhatiin, sa'aafi namaan nu eegi"*** jedhee kadhata. Hawaasichi tulluutti bahee, qalatee, ariirratee Waaqa isaa kadhatee, roobas ta'ee waan gaafatu dhabee hin beeku. Kun amantaafi falaasama isaati. Ragaan qorannoo armaan oliis kanuma mirkaneessa.

Gabaabumatti akkuma sakatta'insa barruu keessatti ibsametti Oromoon Tuulamaa tulluu akka olaantummaa uumaati; guddina uumaafi sabaatti ilaala. Tulluun bakka Waaqeffanaafi Waaqayyo itti nama dhagahu, bakka dhugaan, araarri ykn nageenyi itti labsamu, lafa ulfinaafu ulfooti jedhee

amana. Lafa uumaatti nama dhiyeessu, lafa safeeffannaafi hoodaa, lafa eebbifamaa, qulqullinaafi milkiitis jedha. Afoolli armaan gadiis kanuma nuuf dhugoomsu.

**Fkn. 1.** ***Tulluu ta'i; ta'uu baannaan tulluutti makami.*** Tulluu ta'iin guddadhuu mul'adhuudha. Humna godhadhuudha. Dhiibbaa ykn rakkoo kamiyyuu dandamachuudha. Humna xiqqoodhaan raafamuu ykn socho'uu dhabuu agarsiisa. Cimina qabaachuu agarsiisa. Humna ykn cimina hin qabdu taanaan garuu kana gochuu hin dandeessu. Ni xiqqaatta; roorroo ofirraa dhoowwachuu hin dandeessu. Ta'uu baannaan tulluutti makamiinis kanuma agarsiisa. Humna qabaachuu, roorroo ofirraa dhorkachuu, ta'uu baannaan kan humna qabutti maxxanuu agarsiisa afoolichi.

**Fkn. 2:** ***Tulluu ta'i; dhiibaan si hin kuffisiin.*** Humna guddaa godhachuu, cimina qabaachuu agarsiisa. Yoo kana ta'e, dhiibaan, goomataan, mortuufi dhortuun nama hin miitu; nama hin dhiibdu ergaa jedhu of keessaa qaba. Oromoon ***"Ammam cimu illee, qilleensi Tulluu hin raasu"*** jedha mitiiree yoo mammaaku. Humna qabaannaan, cimina qabaannaan rakkoo kamiyyuu dandamachuun ykn qolachuun akka danda'amu agarsiisa.

**Fkn**. **3.** ***Tulluu abbaan itti sagadu, ormi jala qotata.*** Tulluun bakka irreeffannaa, bakka Waaqeffannaa, bakka uumaa itti galateeffatan ta'uu agarsiisa. Bakka Ulfoo, bakka kabajaa ta'uu mul'isa. Kun abbaa tullichaaf ykn abbaa tullichatti Waaqeffatuuf (sagaduuf) dhugaadha. Oromi, alagaan ykn warri tulluun Ulfoo ta'uu hin beekne ammoo yeroo tulluu jala qotu, yeroo bakka Ulfoo kana mancaasu argita. Ammoo akka ilaalcha ummatichaatti tulluu jala qotuun, tulluu diiguun, tulluu kabaja dhorkuun aadmalee akka ta'e akeekkachiisa. Ulfoo ofii kabajachuu eera. Ta'uu baannaan akkuma ***"Sa'a abbaan gaafa cabse, ormi ija jaamsaa"*** ta'a jechuus akeeka afoolichi.

**Fkn. 4**. ***Dhugaan Tulluu haa taatu, iddoo hundatti haa mul'attu.*** Oromoon eebba isaa keessatti **"*Dhugaan tulluu haa taatu, sobni sulula haa taatu*"** kan jedhuufillee kanumaaf fakkaata. Tulluu dhoksuun hin danda'amu; akka aadaa Oromootti dhugaan ykn haqnis hin dhokatu. Dhoksuuf yaalan illee guyyaa tokko tulluu taatee mul'chuu hin ooltu waan ta'eef. ***"Mandarri ykn manni tulluu gubbaatti ijaarame dhokachuu hin danda'uunis"*** dhugaadhuma kana cimsa. Tulluun waan dhokachuu hin dandeenye, uumaa iddoo hundatti mul'atu ykn argamu ta'uusaa cimsee kan ibsudha afoolichi.

Gabaabumatti waan dhoksuun ykn awwaaluun hin danda'amne, waan fagootti mul'atu, waan hundi beeku, haqa ykn dhugaa dabsuun ykn dhoksuun hin danda'amne, bakka hundatti kan

beekkamu ykn mul’atu, waan sirrii ykn qajeelaa, ammoo dhoksuufi dabsuun kan hin danda’amne ibsuu akeeka afoolichi. “***Gafuu ta'anii wal kuffisuurra, Tulluu ta'anii wal mul'isuutu wayya, Tulluu ta'aa, bakka hundatti mul'adhaa ykn ibidda tulluu yaabe ta'aa, bakka hundatti ifaa ykn mul'adhaa”*** afeen jedhus dhimmuma kana kan nuuf cimsudha.

***Fkn. 5. Tulluun dalluu lafaati.*** Dalluun guuba; guddina; olka’insa, guddatanii mul’achuu agarsiisa. Guddummaa, olaantummaa, iddoo hundatti mul’achuu kan agarsiisudha afoolichi.

Gabaabumatti boqonnaa shana jalatti akkuma ibsametti; Oromoo Tuulamaa biratti Tulluun hundi Ulfoodha. Irra caalaa ammoo Tulluun Cuqqaalaa Ulfoodha. Caffee Tumaatti Heerota Ulfoo tumaman keessa inni tokko kan Tulluu Cuqqaalaati. Ragaan odeeffataa ijoo Yuuba Caalaa Soorii irraa argames kanuma dhugoomsa.

**Afee 25.**

| **Hayyuu Heericha tumu** | **Hayyuu jalaa qabu** |
|---|---|
| *Tulluun Cuqqaalaa akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Tulluun Cuqqaalaa lafa Ulfooti* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafa Siidaa Odaa Nabeeti akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Muka irraa hin murani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Adamoo irratti hin bahani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Bineensa irratti hin ajjeesan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Nama irratti hin ajjeesan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Irratti wal hin lolan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafa Ulfooti* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafa Muuda Gadaati* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Seerri kan Waaqaa lafaatii hojiirra oolchi jedha.* | *Sii galeefan jedhe* |


Ragaan qorannoo olitti dhiyaate kun Tulluu Cuqqaalaa ilaalchisee boqonnaa shan jalatti yaadota ibsaman wajjin sirriitti kan wal simudha. Kunis Tulluun Cuqqaalaa Oromoo Tuulamaa biratti ardaa Irreechaa Ulfoodha; Siidaa Arjoomaati. Bakka Ulfoo kanatti lubbuu balleessuun, yakka dalaguun aadmaleedha; akka seeris. Seeraan nama adabsiisa; seeraanis nama gaafachiisa.

Bantii Tulluu Cuqqaalaa gubbaa Horatu jira. Tulluu Cuqqaalaa kana gubbaa burqaa Nadhii jedhamutu ture. Ummannis afoola isaa keessatti akkas jedha ture “Cuqqaalaa nadhiin burqitee, Hawaasii birbirsi late.” (Bayyanaa, Caalaa, Almaayyoo, Sabbooksaa, Miidhaksoo). Odeeffataa Sabbooqaa Gadaa dhimmicha yoo cimsu:

**Afee 26.** *Cuqqaalaa nadhiin burqitee hoo,*
*Awaashii birbirsi magree hoo,*
*Hayyee roobee, haroo dinbiliksee hoo! jedha.*

Akka amantii hawaasaatti bakka Nabiin jiru qabbana jedhanii dubbatu. Ciminaafi barbaachisummaa Nabii innaa ibsan ***"Nabii yaa nagayaa, isin barbaacha bishaan gaaraa bahaa"*** jedhu.

**Haroo Tulluu Cuqqalaa**



**Suuraa 14:** Haroo Tulluu Cuqqaalaa

Hayyuun **"Malkaan Ulfoodha"** jedha. Hayyuun jalaa qabus ***"Maaliif Ulfoodha?"*** jedhee gaafata. Hayyuunis:

**Afee 27.** *Malkaan madda bishaaniiti;*
*Bishaan immoo lubbuu qabeeyyii kamiifuu barbaachisaadha;*
*Namaafis horiidhaafis bineensaafis,*
*Walumaagalatti lubbuu qabeeyyii maraaf jechuudha.*
*Malkaan madda jireenyaati;*
*Oromoon itti bahee irreeffata;*
*Waaqa isaa bakka itti galateeffatuufi dhugeeffatudha;*
*Malkaan bakka hormaataati;*
*Bakka Waaqayyo raajii itti uumedha.*
*Kanaaf Malkaan Ulfoodha; jedhee deebisa.*

Afeen armaan olii kun Malkaa ilaalchisee yaadota sakatta'insa barruu keessatti ka'an wajjin sirriitti kan wal simatudha. Kunis Malkaan madda bishaanii, madda lubbuu qabiiyyee hundaa, madda jereenyaa akka ta'edha.

Gama biraatiin Oromoon Tuulamaa Birraa, walakkeessa Fulbaanaa akkaataa duudhaa isaatiin, akkaataa hangafummaafi quxusuutiin, kabaja walii kennee, hiriira qabatee, uffata aadaa uffachuun, faaya aadaa adda addaatiin miidhaguun, margaafi abaaboo qabatee:

**Afee 28.** *Mareehoo, mareehoo, mareehoo,*
*Alaa mana nuuf toli yaa ayyoleehoo,*
*Mareehoo, mareehoo, mareehoo,*
*Mee nutti araarami yaa ayyoleehoo…*

jechuudhaan, Malkaa bu'ee, Malkaatti gadi jedhee, margaafi abaaboo qabate bishaaniin cuubaa Waaqa dukkana Gannaa keessaa isa baasee booqaa Birraatiin isa gahe galateeffachaa irreeffata. Waaqa waan hundaa uume kanas, Waaqa waan hundaa isaaniif oole kanas garaa qulqulluudhaan araaraafi wagii (blessing) gaafata. Oolmaa Waaqayyoos leellisa; himas.

Kanaaf, Oromoon Malkaatti bahee marga jiidhaafi abaaboo qabatee, bishaaniin cuubee irreeffatee, uumama qabatee uumaa isaa ykn Waaqa isaa galateeffata. Uumaa isa uume kana galateeffachuun itti irreeffata. Waaqa bishaan uumee lubbuun akka jiraatu taasise, bakka jiidhaa kanatti gamtaan walga'ee, tokko ta'ee, garaa qulqulluudhaan yoo kadhate uumaan ykn Waaqni isa dhagaha. Ragaan qorannoo afgaaffiifi daawwannaa hirmaachisaan walitti qabames kanuma nuuf dhugoomsa.

Gama birootiin boqonnaa shan keessatti akkuma ibsametti; ***"Hora Jahan Waaqayyoo"*** keessaa Horri Finfinnee Oromoo Tuulamaa wajjin hariiroo cimaa kan qabudha. Hawaasichi hariiroo cimaa Hora kana wajjin qabu karaa adda addaatiin akka ibsatu ragaan qorannichaa ni mirkaneessa. Akka ragaan madda lammaffaa irra argame agarsiisutti; Horri Finfinnee dur Oromoota maraaf araddaa Muudaa yoo taatu kanas hawaasichi faaruu jilaa Oromoo Booranaa keessatti yoo ibsan akkana jedhu:

**Afee 29.** *Muudni keenya Finfinnee*
*Finni Waaqa jaallee*
*Malkaa jabduun bullee*
*Jaalalaan ofkallee*; jedhu (Alamaayyoofi ka biroo; 2012:79).

Afeen (text) armaan olii kun kan agarsiisu Finfinneen Ardaa jabduu, bakka finna Waaqaa, Ardaa Muudaa Oromoo isa ganamaa akka ta'edha. Faaruun kunis ummanni Oromoo hariiroo cimaa Hora Finfinnee waliin qaban kan mul'isudha.

Akka manguddoonni argaa dhageettii ibsanitti; balbala Gullallee keessaa Hora Finfinnee kan dura argatee daggala saaqee itti abboomee ***Warra Fittaal*** kan jedhamanidha. Fittaal hangafa isaa Aabbuu yaamee Hora kana akka eebbisuuf gaafate. Innis akkas jedhee eebbiseef:

**Afee 30.** *Finfinneen Meedhicha kee yaa taatu!*
*Namaafi sa'a itti hori!*
*Kan dhaloonni kee itti horu siif yaa ta'u!*
*Gostiifi hambi yaa dhugu!*
*Loon itti yaa horan!*
*Qorsa ykn qoricha yaa ta'u!*
*Namni itti yaa fayyu!*
*Loon itti yaa gabbatu!*
*Kan dhukkubsate sitti yaa fayyu! jedhee eebbise jedhama.*

Eebbi afoolaa armaan olii kun kan agarsiisu; Horri Finfinnee Oromoo Tuulamaatiif bakka kabajaa, bakka Ulfoo akka taatedha. Oromoon keessummaan ykn namni kabajamaan ykn jaalatamaan tokko yoo isatti dhufu qaleefiiti Meedhacha harkatti godhaaf. Kun keessummaa ykn nama saniif kabaja ykn ulfina kennuu mul'isa. Afee armaan olii keessatti ***"Finfinneen Meedhacha kee haa taatu"*** kan jedhu kana dhugoomsa. Bakki Ulfoon kunis bakka namaafi sa'i itti wal horu, bakka hormaataa, Ardaa Ulfoo namaafi horiif dawaa ykn qoricha taate, bakka loon hora dhugee itti gabbatu, bakka fayyinaa akka taatedha; ragaan afoolaa armaan olii kan nuuf mirkaneessu.

Gama biraatiin hundhuura Oromoofi qe'ee Oromoo Tuulamaa ganaamaa kan taate Finfinneen, gaafa humna Nafxanyaatiin qabamtu, gaafa duudhaafi safuun Oromoo ganamaa dachii Finfinneefi naannoo isheetti sarbamu hawaasichi miidhaa dachiifi qe'ee isaa ganamaa irra gahe akkaataa itti aanuun afoola isaatiin ibsachaa tureera.

**Afee 31.** *Inxooxxoo irra bahanii*

*Caffee ilaaluun hafee*

*Finfinnee loon geessanii*

*Hora obaasuun hafee*

*Oddoo Daalattiirratti*

*Yaa'iin Gullallee hafee*
*Kooraa Dhakaa Araaraa*
*Jaarsummaa taahuun hafee*
*Hurufa Boombiirratti*
*Jabbilee yaasuun hafee*
*Gafarsatti darbanii*
*Qoraan cabsachuun hafee*
*Bara jarri dhufanii*
*Loon keenyas ni dhumanii*
*Eega Mashashaan dhufee*
*Birmadummaan ni hafee (Asafaa 2017; 8)*

Kun kan agarsiisu dhiibbaa nafxanyootaan qe'ee Oromoorra gaheen Oromoon Caffeefi Hora isaarraa buqqa'eera. Bakka araaraafi jila isaa kan ta'e Tulluu Daalattiifi Yaa'ii Gullallee irraas dhorkameera. Gafarsaa qoraan cabsuun, Horufa Boombiitti jabbilee yaasuunis hafeera. Loon duraan qabanis har'a hin jirani. Ilma obboleessa Minilik kan ta'e erga jeneraal Mashashaa Seefuutiin Gullalleen bara 1878 qabamtee boodas Oromoon naannoo Finfinnee birmadummaa isaa dhabeera. Afeen walaloo armaan oliis kanama nuuf mirkaneessa.

Gama birootiin Taabor Waamii (2013) wabeeffachuun akkuma sakatta'insa barruu keessatti kaafnetti Oromoon Tuulamaa maqaa Finfinneefi Shaggar jedhu wal jala jijjiiruun yoo waamu ni agarra. Ragaan qorannoo kanaas dhimma kana sirriitti kan mirkaneessudha. Hawaasichi afoola isaa keessatti jecha ***"Shaggar"*** jedha kana maqaa dhahuun yoo faarsu, yoo sirbu, yoo weeddisu arguun baratamaadha. Kanaafis afoolli armaan gadii ragaa guddaadha.

**Afee 32.** *Shaggar lafa Horaa,*
*Shaggar lafa tolaa!*

Dhugaadha Shaggar lafa Horaati; lafa hormaataatis. Lafa Oromoon loon isaa Hora itti obaasu; dachee Oromoonis loon isaa irratti horsiifatudha. Kanaaf Shaggar lafa toltuudha; lafa bareedduu, miidhaagduufi jaalatamtuudha. Afoolli hawaasichaas kanuma nuuf dhugoomsa.

**Afee 33.** *Shaggar yaa hangafa Fiichee,*
*Osoon boondii qabaadhee,*
*mormatee shittoodhaan miiccee! jedha Tuulamni yoo jaalallee isaaf weeddisu*.

Shaggar hangafuma Fiicheeti; Fiichee dura kan hundooftedha. Ammoo dubbiin isa miti. Waloon walaloo isaa miidhagfatee, yeedaloo itti uumee, yaa'a bo'oo walaloo isaa uka ykn rukuttaan miidhagsee jaalallee isaatiif jaalala qabu yoo ibsatu agarra. Jaalallee isaa miidhagfachuu, jaalalleen isaa urgaa ykn foolii gaarii akka qabaattu barbaada; ammoo maallaqa qabaachuu isa feesisa. Harke waan isa qallattemoo fakkaata. Kanaaf ***"Osoon boondii qabaadhee, mormaatee shottoodhaan miiccee"*** jedhee yaaddoo maallaqaa ibsata.

**Afee 34.** *Shaggarii kutaan halaadaa,*
*Yoo kutaa naa foote maali?,*
*Halkaniif guyyaan si yaadaa,*
*Yoo dhugaa naaf goote maali?*

jedhee dargaggeessi Tuulamaa yoo weellisu arguunis ni jira. Akka afee waloo kanaatti Shaggaritti kutaan rakkasa fakkaata; maallaqa xiqqoon bitama; alaada ykn shilingii tokkoon jechuudha. Dubbii guddaan garuu, jaalallee isaa halkaniifi guyyaa akka yaadu, yaaduun isaa kun ammoo akka dhugaa ta'uuf, jaalalleen isaas akka dhugaa gootuuf gaaffii gaafachuudha.

**Afee 35.** *Silaa Shaggarin bahaa,*
*Shaggaritti kooraa fannisanii,*
*Silaa si jalan rafaa,*
*Si jala ijoollee raffisanii,*
*Ijoolleen haa guddattuu,*
*Shurrubbaa lash gootee na hin dhungattuu?*

***"Shaggaritti kooraa fannisanii"*** kan jedhu kun tarii Shaggar dur bakka garmaama ykn gugsii fardaa akka turte, Oromoonis dirree bareedduufi miidhagduu kanatti wal argaa akka ture, boodarra garuu, Shaggar gaafa harka alagaa galtu waan kun akka hafe kan agarsiisu fakkaata. Fardiifi dirreen Shaggar wal hanqachuu, Oromoon Shaggar, dirree garmaama fardaa irraa dhorkamuu akeeka. Waloon afee kanaas fardiifi kooraan wal hanqachuun, kanaaf kooraan fannifamuu komata. Ammoo Shaggar kanattis nama jaalate kan qabu fakkaata. Jaalala isaa kanas fiixaan baafachuuf waan rakkate qaba. Bilisa ta'ee jaalallee isaa waliin wal qunnamuu dhabuu, gidduseentummaan jiraachuu akeeka. Kanaaf fakkaata ***"Silaa si jalan rafaa, si jala ijoollee rafisanii"*** jedhee kan weeddiseef. Ammoo akka fedhes ta'u, akka barbaades ta'u, jaalalleen isaa isa argachuu akka qabdu, isa dhungachuu akka qabdu gaafata.

**Afee 36.** *Shaggarirraan Shaggarii,*
*Yaa Katamaa Zabdituu,*
*Halkan rafuu dadhabee,*
*Gayyaa hojii dadhabee,*
*Yaa makaraa shaggituu,*
*Yaa Rabbi naa hin argituu;*

jedhee jaalalaan halkaniifi guyyaa rakkachuu ibsa dargaggeessi Tuulamaa. Shaggar gaafa magaalaa Xaayituu taatu waan weellifame fakkaata. Kanaaf ***"Shaggarirraan Shaggarii, Yaa Katamaa Zabdituu"*** kan jedhu kun kanuma mirkaneessa. Jechi ***"Zabdituu"*** jedhu kun Xaayituu ta'uu agarsiisa.

**Afee 37.** *Yaa Shaggar yaa Shaggarii, yaa katamaa Iyyaasuu,*
*Haa jedhan waan fedhanii, jechi biyyaa nu hin baasu.*

Afeen ***"Yaa Shaggar yaa Shaggarii, yaa katamaa Iyyaasuu"*** jedhu kun bara Iyyaasuun Mootii ta'ee biyyas, Magaalaa Shaggaris bulchaa jiru san kan weeddifame ta'uu nu hubachiisa. Waloon kun ***"Haa jedhan waan fedhanii, jechi biyyaa nu hin baasu"*** kan jedhu garuu, ofiin jechaan tuttuqamuu ykn dhiibbamuu kan agarsiisu hin fakkaata. Ololaan, jette-jetteen, haasawaa jibbisaa adda addaatiin dhiibbamuu Iyyaasuu kan ibsu fakkaata. Qorataan kunis kanumatti amana.

Gabaabumatti, afoolawwan armaan olii kunneen kan agarsiisan; ammam Oromoon Tuulamaa Finfinnee/ Shaggar, akkasumas Hora Finfinnee waliin hariiroo cimaa akka qabudha. Hariiroo lafa Ulfoofi seenaa qabeettii kana wajjin qabus afoola isaatti fayyadamee kallattii adda addaatiin ibsachaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufuu isaati.

Hayyuun ***"Abbaan Ulfaadha"*** jedha. Hayyuun jalaa qabus ***"Maaliif Ulfaadha?"*** jedhee gaafata. Hayyuunis:

**Afee 38.** *Abbaan Waaqaa gaditti baay'ee kabajamaadha;*
*Dhalchee kunuunsee,*
*Gateettiitti baatee,*
*Qomatti qabatee,*
*Guddisee gaa'ilaan kan nama gahudha.*
*Gaachana maatiiti;*
*Utubaa maatiiti;*
*Qotee midhaan nyaachisa;*

*Kan qaccee ykn dhaloota kee ittiin himattudha.*
*Abbaan kabaja qaba; hin dhaanamu;*
*Hin tuffatamu; kana beeki; jedhee lallabuun deebii itti kenna.*

Afee kanarraa kan hubannu; abbaan Waaqaa gaditti kabajamaadha; dhalchee, kunuunsee, guddiseeti ilmaan isaa gaa'ilaan gaha; bultii itti ijaara. Abbaan ofii qaccee dhaloota ofii ittiin lakkaawatan ykn himatanidha. Kanaaf hin tuffatamu; hin tuqamu; hin sarbamu; hin nyaaramu; kabajaafi ulfina qaba.

Hayyuun ***"Haati Ulfoodha"*** jedha. Hayyuun jalaa qabus ***"Maaliif Ulfaadha?"*** jedhee gaafata. Hayyuunis:

**Afee 39.** *Haati ji'a sagal ilmoo ishee gadameessatti baattee,*
*Waggaa sadi dugdatti baattee, kunuunsitee,*
*Fincaaniifi xurii ilmoo ishee osoo hin hifatiin ykn nuffiin qulqulleessitee,*
*Harma ishee hoosiftee, guddistee gaa'ilaan kan geessiftudha.*
*Haati mana barumsaa ishee jalqabaati;*
*Ilmoo ishee waan hunda barsiiftee,*
*Afaan akka hiikkattu/tu gootee, qajeelchitee guddisti.*
*Kanaaf haati ofii hin rukutamtu; hin hifatamtu; hin arrabsamtu;*
*Haati waan hundaa obsitee nu kunuunsitee,*
*Waan nu guddiftuuf kabaja guddaafi jaalalaan eeggamti.*
*Kanaafuu haati Ulfoodha; jedhee deebisaaf.*

Ragaa qorannoo afee armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti; haati ofii deesseedha; deessee nuffiifi dadhabbii tokko malee heera uumaafi uumamaa eegdee gadameessaafi dugdatti nama baattee, kunuunsitee, nyaachiftee, obaaftee guddistee, gaa'ilaan ykn bultiidhaan ilmoo ishee geessiftudha. Haati barsiiftii jalqabaati. Ilmoon yaraafi gaarii, badaafi toltuu, afaan, duudhaafi safuu jalqaba kan barattu/tu haadha ishee irraayi. Haati qananiidha; hin tuqamtu; hin sarbamtu; hin nyaaramtu. Kabajaafi ulfinatu malaaf. Kanaaf, Oromoon Tuulamaa ***"Heera Ulfoo Jahan Waaqayyoo"*** keessatti ***"Haati Ulfoodha"*** jedhee Ardaa Jilaa Ulfoo Caffee Dongoraatti/Caffee Abbaa Muudaatti afaan saaqe.

Akkuma iddoo baay'eetti ibsametti seerri Caffee Tumaa waan hedduu ofkeessaa kan qabudha. Seerri uumaafi uumama hundi achitti kan tumamudha; seerri lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii hundi achitti kan tumamudha. Tumaan Heera Ulfoofi seera waa hundaas kan raawwatu Caffee kanattidha.

Ragaan odeeffataa ijoo Yuuba Caalaa Soorii irraa argame akka mul'isutti: Caffee Tumaatti seerri tumamu mana irraa ka'a. Ragaan afoolaa armaan gadiis kanuma nuuf dhugoomsa.

**Afee 40.**

| **Hayyuu Heera tumu** | **Hayyuu jalaa qabu** |
|---|---|
| *Seerri mana keessaa ka'a* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Bitimaan akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Utubaan akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Utubaan qooxii manaati* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Mana baataa waan hunda baataa akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Isatti hin bu'anii, hin cabsani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Isa bira hin darbani akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Baaxiin akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Qooxii manaati* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Ro'oon akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Kallachi akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Caaccuun akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Bokkuun akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Siinqeen akka seeri* | *Sii galeefan jedhe;* |

jechuun seera manaa, seera boroofi gorroo/bitimaa/, seera utubaafi baaxii, seera meeshaalee Ulfoo mana keessaatiif dursanii tumaa tumu. Afee kana keessatti ***"Akka Seeri"*** jechuun seera qaba; nama adabsiisa; nama gaafachiisa jechuudha. Boroon, gorroodhaa ykn bitimaadhaa olitti abbaa warraafi haadha warraa iraa kan hafe, maatii dhiyoo irraa kan hafe, namni biroo (alagaan ykn keessummaan) oldarbuu hin danda'u; kun akka seeri. Seera kana cabsuun, seera kana darbuun nama adabsiisa nama gaafachiisa jechuudha. Meeshaan Ulfoo mana keessas hin tuqamu; kabajaafi ulfina qaba. Kanaaf akka seeri. Seera kana darbuunis nama adabsiisa.

***"Heerota Ulfoo Jaha Waaqayyoo"*** keessaa seerri Caffee Tumaatti tumamu kanmiyyuu (kan lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hundaa) Abbootii Gadaa Baallii fudhataniin waggaa saddeet dhufuuf ittiin gaggeeffamu kan lallabamuufi beeksifamu Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaattidha. Lallaba seeraa kana keessatti ammoo afoolli hawaasichaa humna guddaa kan qabudha. Hayyuun dhakaa koree seera lallabu sun **"Seeran dhalcha"** jedha. Hayyoonni jalaa qaban ammoo **"Ilma dhalchi"** jedhu. Hayyoonni seera lallabanis:

**Afee 41.** *Seerri kun hin jigu;*
*Hin dabu;*
*Itti hin dabalamu;*
*Irraas hin hir'ifamu; jedhanii jinfuu lafatti aggaamuun labsu.*

Hayyoonni dhaggeeffatu dabaree isaanii ***“Seera akkamii lallabda?”***jedhee gaafata. Hayyuun seera lallabus:

**Afee 42.** *Heera Waaqaa,*
*Heera Lafaa ykn Dachee,*
*Heera Tulluu,*
*Heera Malkaa ykn Horaa,*
*Heera Abbaa,*
*Heera Haadhaa,*
*Seera namaa,*
*Seera qabeenya uumamaa,*
*Seera bineensotaafi beelladootaa,*
*Seera margaafi bishaanii,*
*Seera mukkeen bosonaa,*
*Seera manaa,*
*Seera  bitimaa,*
*Seera utubaa,*
*Seera golaa,*
*Seera malkaa,*
*Seera abdaarii,*
*Seera eelaa,*
*Seera lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii hundaa; jedhee deebisa.*

Akka afeewwan armaan oliirraa hubachuun danda’amutti; seeronni Caffee Tumaatti tumamanii, waggaa tokkoof bultoo bulfachuun, kan fooyyessan fooyyessanii, kan itti dabalan itti dabalanii, kan keessaa baasan keessaa baasanii irratti waliigaluun Dhakaa Koraatti lallabuun marsaa Gadaa itti aanuuf (Waggaa saddeettiif) ittiin bulan kun seerota waan hunda ofkeessatti qabatudha. Seerota uumaafi uumama maraa, kan lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hundaati. Seeronni tumaman kun hunda biratti fudhatama kan qabanidha; hin caban; hin dabanis.

Akka afgaaffii odeeffataa ijoo Yuuba Caalaa Soorii irraa hubachuun danda’ametti; seerri Dhakaa Koraatti labsamu kunis ***“Seera Jibicha Gurraachaa”*** jedhama. Seerri tumamu halkan gurraacha waan ta’eef, dukkana waan ta’eef, namni hunduu hin argu; hin dhagahus. Seera Jibicha Gurraachaa kan jedhus achirraa dhufe jedhama. Hayyuun seera kana labsullee ***“Seerri Kun Seera Jibicha Gurraachaati”*** jedhee labsa jedhu. Seerri kun yeroo labsamu jifuu ykn irreecha qaba. Hayyuu seera labsu saniin ***“Seera kana cooma ittiin nyaadhu; daadhii ittiin dhugi”*** jette Caffeenis jedhu odeeffataan kun. Afoolli hawaasichaa kun kan mul’isu seerri labsamu afaan gogaan akka hin taane, jifuu ykn irreecha kan qabu ta’uu isaati. Hawaasichis jifuu ykn irreecha

seerichaaf barbaachisu dhiyeessuun seera lallabamu akk dhaggeeffatu, akka waraabbatu ragaan qorannoo kanaa ni agarsiisa.

Ragaan odeeffataa ijoo Yuuba Caalaa Soorii irraa argame mul'isutti; dhuma irratti Heeronni Ulfoofi seeronni Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaatti labsamanii waggaa saddeetiif (marsaa Gadaa tokkoof) ittiin bulamu hojiirra akka ooluuf, akka hin cabneef, akka hin dabneef Abbootii Gadaafi hawaasa waadaa ykn irbuu galchisiisuun goolabu.

**Afee 43.**

| **Hayyuu Heericha labsu** | **Hayyuu jalaa qabu** |
|---|---|
| *Seerri irratti mari'achaa turre* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Kan baannattanii fooyyessine* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Har'aa kaasee hojiirra oola* | *Sii galeefan jedhe era* |
| *Heeronni Ulfoon hin cabani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Irraas hin hir'ifamani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Ittis hin dabalamani* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Seeronni duraan Gadaan ittiin bulche* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Har'aa kaase asirratti dhaabbatu* | *Sii galeefan jedhe* |
| Lubni amma Gadaatti dhufe | *Sii galeefan jedhe* |
| *Seera kanaan biyya bulcha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Waggaa saddeet bulcha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Tuulamni sadeen dacheesaatti galcha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Bacho Bachottiin galata* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Jiille Jiillettiin galata* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Ummata ittiin bulcha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Gadaan seera kana sitti kenne* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Seera kanaan ala hin bahiin* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Seera kana kan cabse* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Dabsitee sitti dabdii beekkadhu jedha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Seerri kun mirkanaa'ee jiraa* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Biyya biyyatti galchii hojiirra oolchi* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Seerri tumame hojiirra oola jedha* | *Sii galeefan jedhe* |

Afee armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti; Heerri Ulfoon yoomiyyuu hin jijjiiramu. Gadaan dhufaa darbu kamiyyuu isuma fudhata. Heerota Ulfoo Jaha Waaqayyoo itti dabaluunis, irraa hir'isuunis, fooyyessuunis hin danda'amu. Namni kamiyyuu akkuma jirutti fudhatee hojiirra oolchuu qabu. Gama birootiin seeronni Caffee Tumaatti tumamanii, waggaa tokkoof bultoo bulfachuun irratti mari'atamee, irrattis waliigalamee Dhakaa Koraatti/Handoodee

Tumaatti tumaman osoo hin cabsiin, osoo hin dabsiin hojiirra oolchuun dirqama Abbootii Gadaa, Tuulama sadaniifi hawaasa maraati.

Kan biroo ragaan afgaaffiidhaan odeeffataa ijoo Yuuba Caalaa Soorii irra argame akka agarsiisutti; Oromoon Tuulamaa mukkeen bosonaa ykn biqiltoota wajjin hariiroofi hidhata cimaa kan qabudha. Caffee Tumaattis seeronni mukkeen ykn biqiltootaaf tumames kanaaf fakkeenya guddaadha. Afoolli tumaa seeraa mukkeen bosonaa armaan gadiis kanuma nuuf dhugoomsu.

**Afee 44.**

| **Hayyuu Heericha tumu** | **Hayyuu jalaa qabu** |
|---|---|
| *Odaan akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Odaan Nabee akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Birbirsi akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Ejersi akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Urgeessaan akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Mukkeen kun muka aadaati hin tuqan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Mukni aadaa qaba* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Muka aadaa hin tuqan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Lafaa ka’anii hin muran* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Muran muka biraa bakka buusan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Muka guddaa hin muran* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Gaafa muka guddaa muran* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Sanyiin namatti dhufa* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Mukni sun araara qaba* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Imimmaan isaa Waaqa bira gaha* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Siif hin tolu,sanyiif hin tolu* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Hin muriini beekkadhu* | *Sii galeefan jedhe* |

Afee armaan oliirra waan baay’ee hubanna. Inni jalqabaa, mukkeen Oromoo Tuulamaa biratti seera cimaa kan qaban ta’uu isaati. Mukkeen Ulfoon, mukkeen aadaa kanneen akka: Odaa (keessattuu Odaan Nabee) birbirsaa, ejersaa, urgeessaafi kkf. mukkeen jilaa ykn aadaa ta’uu isaaniiti. Mukkeen aadaa kun hin muraman; hin tuqamanis. Mukkeen kunneen mukkeen akka seeri, muran adabbii cimaa kan qabu ta’uu isaati. Kan biroo, muka guddaa, muka aadaa muruun aadmalee ta’uudha; mukkeen kunneen imimmaan Waaqa qabu. Muran sanyiin nama bada; hamtuunis nama qunnamti. Kanaaf, mukkeen kunneen akka hin muramne akeekkachiisu. Muka aadaa ilaalchisee ragaan MGX2 irraa argame tokko akka ibsutti; ***“Muka aadaa muruun Oromoo biratti safuu cabsuudha. Namni muka jilaa nama jalaa mure nama nama ajjeese; nama gosa***

***namaa ajjeese”*** jedha. Kun kan mirkaneessu hawaasichi mukkeen aadaatiif seera cimaa qabaachuu isaati; mukkeen aadaafis iddoo olaanaa kenna.

Gama birootiin Oromoon Tuulamaa hariiroo mukkeen bosonaa wajjin qabu kana afoola isaatiin kallattii adda addaatiin akka ibsatu ragaan qorannoo kanaa ni mul'isa. Oromoon Tuulamaa akkuma Oromoo biroo, ***“Biqiltuun lubbuudha; lubbuu hin balleessan ykn hin muran”*** jedha. Kun kan agarsiisu biqiltuun ykn mukni akka lubbuu namaatti hawaasicha biratti ilaallamuu isaati. Bosona ykn biqiltuu balleessuun, miidhuun lubbuu miidhuu akka ta'e akeekkachiisu. Akka falaasama saayinsiittis biqiltuun hin jiru taanaan lubbuun namaa hin jiru; namni qilleessa qulqulluu (Oksijinii) kan argatu biqiltoota irraa waan ta'eef.

Keessattuu Oromoo Tuulamaa biratti mukkeen akka Odaa, birbirsaaf ejersaa ***“Mukkeen wayyuu”*** jedhamu. “***Mukkeen wayyuu”*** jechuun mukkeen ulfoo, kabajaafi ulfina guddaa hawaasicha biratti qaban jechuudha. Mukkeewwan kanneeniif eegumsaafi kunuunsa guddaatu godhamaaf. Hawaasichi eebba isaa keessatti:

**Afee 45.** *Ejersa ta'i; jabaadhu; cabsi malee hin cabin;*
*Birbirsa ta'i; dheeradhu;*
*Waleensuu ta'i; yaabbiifi bu'a doowwadhu;*
*Odaa ta'i; bal'adhu! Dagaagi; jedhee wal eebbisa.*

Afee armaan oliirraa akka hubannutti; akka ilaalchaafi falaasama Oromootti; ***“Ejersa ta'i; jabaadhu”*** kan jedhuufi ***“Waleensuu ta'i; yaabbiifi bu'a doowwadhu”*** kan jedhu ciminaafi jabina Oromoo kan mul'isudha. ***“Birbirsa ta'i; dheeradhu”*** kan jedhu ammoo guddina Oromoo wajjin kan wal qabatudha. Odaan ammoo hormaata Oromoo, baay'inaafi bal'ina, guddummaa hawaasichaa waliin kan wal qabatu ta'uusaati. Ragaan MGX2 irraa argames akka ibsuttis, birbisi Oromoo Tuulamaa biratti iddoo guddaa akka qabu, fakkoommii guddummaa akka qabu, muka qajeelaafi humna qabu, muka aadaati; jechuun addeessa.

Kan biroo bineeldota wajjin walqabatee afoola jirudha. Akka odeeffataa Yuuba Caalaa Soorii irraa qorataan kun odeeffatettii; seerota Caffee Tumaatti tumaman keessaa seerri bineeldotaa isa tokkodha. Bineeldota kan jennu horii manaafi bineensa bosonaa (mana galoofi ala galoo) kan dabalatudha. Oromoon Tuulamaa biratti seera manaatti (seera golaa ykn mana keessaa) aansee seerri tumamu, seera looniifi tikseeti. Kanas akkas jechuun ibsu:

**Afee 46.**

| **Hayyuu Heericha tumu** | **Hayyuu jalaa qabu** |
|---|---|
| *Ciibsaan loonii akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Saani dhaltiin akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Kormi loonii akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Tikseen akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Saani loonii akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Kormi gaanaa akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Fardi sangaan akka seeri* | *Sii galeefan jedhe* |

Odeeffataa Caalaa Soorii itti dabaluun afee armaan oliitiif ibsa yoo kennu; ciibsaan loonii seera qaba; qulqullinni isaa eeggamuu qaba; iddoon loon ciisanis kabajamuu qaba. Kanaaf ***"Ciibsaan loonii akka seeri"*** jedhu. Akka ragaa odeeffataa kanaatti saani dhaltiin hawaasicha biratti kabajaa guddaa qaba. dhaltiin mar'achaa deemu yoo midhaan namaa keessa bahee nyaachaa deeme illee hin tuqamu. Jabbii ykn waatii isaatti deema; kanaaf dhaltii waatii ofjalaa qabu tuquun, hatuun, qaluun, ajjeesuun akka seeri. Nama adabsiisa jechuudha. Kormi gaanaas hawaasicha biratti kabajaa guddaa kan qabudha. Akka ragaan odeeffataa ijoo kanaa mirkaneessutti; kormi gaanaa deemu midhaan abbaa fedhee, kaloo abbaa fedhee, nyaatee yoo darbe hin gaafatamu. Hormaata dabaluuf deema waan ta'eef jechuudha.

Kan biroo bineensota bosonaa wajjin wal qabatee seerota tumamanidha. Bineensota ala galoodhaafis hawaasichi tumaa seeraa cimaa qaba. Bineensonni kamiyyuu hawaasicha biratti seera qabu; seera malee hin ajjeefamani; seera malees hin tuqani. Bineensi hamaan illee hawaasicha biratti seera qaba; karaa aadmaleen hin ajjeeffamani; hin tuqamanis. Fakkeenyaaf, Caffee Tumaatti seera bineensotaaf tuman haala itti aanuun haa ilaallu.

**Afee 47.**

| **Hayyuu Heericha tumu** | **Hayyuu jalaa qabu** |
|---|---|
| *Waraabessa halkan deemu hin ajjeesan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Waraabessa galaaf deemu hin ajjeesan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Ajjeesan gumaa qaba* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Bineensa ilmoo qabu hin ajjeesan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Ajjeesan gumaa qaba* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Bineensa bishaan dhugu hin ajjeesan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Ajjeesan gumaa qaba* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Bofa hin ajjeesan* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Ajjeesan gumaa qaba* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Seera kana guggummiin hin jiksu* | *Sii galeefan jedhe* |
| *Kenni hin warraaqsu* | *Sii galeefan jedhe* |

*Tumee seera* *Sii galeefan jedhe*
*Jifuu oli* *Sii galeefan jedhe*
*Dharaa gadi* *Sii galeefan jedhe*
*Hin jigu hin dhangala'u* *Sii galeefan jedhe*
*Tumaa seera Gadaati* *Sii galeefan jedhe*
*Dhugaan kan waaqaati* *Sii galeefan jedhe*
*Dhugaa waaqaa galche* *Sii galeefan jedhe*
*Dhugaan kan waaqaafi lafaa haa taatu!* *Sii galeefan jedhe*

Afeen armaan olii ,kan afgaaffii odeeffattaa ijoo Yuuba Caalaa Soorii irraa argame kun kan agarsiisu; hawaasichi tumaa seeraa keessatti ammam bineensa bosonaaf illee iddoo guddaa akka kennudha. Seerichis ammam cimaa akka ta'eefi seera guggummiin ykn dubbiin kamillee jegsuu hin adandeenye, seera kennaan ykn gubboon kamiyyuu sochoosuu hin dandeenye, seera dhara ofkeessaa hin qabne, seera dhugaa, kan Waaqaa lafaa, tumaa seeraa Sirna Gadaa isa olaanaa akka ta'e afoolichi kan mirkaneessu.

Walumaagalatti, afoolli falaasamaafi ilaalcha Oromoon Tuulamaa uumama maraaf qabu, hariiroo ykn hidhata ummatichi uumama mara wajjin qabu, akkasumas eegumsaafi kunuunsa uumama maraaf godhamuu malu ibsuu keessatti gaheefi humna guddaa qaba. Afoolli hawaasichaas uumama mara hammata. Hawaasichi afoola isaatti fayyadamee uumaafi uumama dinqisiifata; uumama maraafis eegumsiifi kunuunsi akka godhamu wal barsiisa; wal yaaddachiisa; seenaa darbe xiinxaluun waan amma jiru wal hubachiisa; waan boru ta'uu malus akeeka ykn raaga. Gabaabumatti, afoolli hawaasichaa hariiroo Oromoon Tuulamaa Uumama ykn Ardaalee Ulfoo, tulluu, malkaa ykn hora, dachee ykn lafa, mukkeen ykn biqiltoota, bineeldota, lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hunda wajjin qabu ibsuu keessatti iddoo olaanaa kan qabudha. Ummatichis safuu uumaafi uumamaa eeguun hariiroo gaariin uumama mara wajjin nagaan akka jiraatu afoolli hawaasichaa cimsee ni barsiisa.

## Boqonnaa Torba

Boqonnaa kana jalatti hariiroo Oromoon Tuulamaa uumama waliin qabu, akkasumas ummatichi afoolaan akkamitti uumama akka ibsu ilaalchisee jijjiirramniifi itti fufinsi (change and continuity) gama kanneeniin jiran kan xiixalaman ta'u.

### 7.1 Jijjiirramaafi Itti Fufinsa (Change and Continuity)

Akka ragaan qorannichaa bakka baay'etti agarsiisutti: hariiroon, ilaalchi ykn falaasamni, beekumsi xabboo, duudhaafi safuun Oromoon Tuulamaa uumama maraaf qabu dhiibbaa namtolcheefi uumamaatiin iddoo tokko tokkotti miidhamaa ykn badaa akka jirudha. Keessattuu iddoowwan Uumama Ulfoo (sacred places) ummatichaa kanneen ta'an tulluuwwan, haroowwaniifi Ardaaleen Jilaa yeroo ammaa sababoota namtolcheefi uumamaatiin daran badaafi manca'aa yeroo jiran arguun baratamaa ta'aa dhufeera. Haalli kun ammoo hawaasichi uumama uumaan uumee wajjin dugda akka walitti galchu taasisuun duudhaafi safuun cabee, ummannis hariiroo uumama wajjin qabu dagatee, falaasamaafi beekumsa xabboo gama kanaan qabus dagatee dhalootaaf waan dabarsu dhabaa jira. Sababa kanaan walqabatees yeroo ammaa iddoo hedduuti qeeyyaafi xiinqeeyyaan (ecology) Oromoo jeeqamaa jira. Lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii hedduun uumama kanneen keessatti argamanis yeroo ammaa akka malee badaafi miidhamaa jiru. Kanaafuu, hariiroo ummatichi uumama waliin qabu ilaalchisee ilaalcha ykn falaasama, akkasums duudhaafi safuu hawaasichi gama kanaan qabu laafaafi cabaa dhufeera jechuun ni danda'ama.

Akka odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Sooriifi Alamaayyoo Hayilee) irraa habachuun danda'amutti; rakkoo guddaan Ardaa Jilaa gurguddaa kanneen akka: Odaa Nabee, Caffee Abbaa Muudaa/ Caffee Dongoraa, Caffee Tumaa, Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaafi kkf;tti mul'atu Ardaalee Jilaa kunneen seeraan daangeffamuu dhabuu irraa kan ka'e ijaarsiifi qonni seeraan alaa babal'achuudha.

Rakkoo guddaan kan biroo amantii Ortodoksiitiin saamicha lafaa raawwatamudha. Kaleessa, bara Oromoon Tuulamaa duudhaa isaa ganamaa sirriitti jabeeffatee sirna isaa gaggeeffachaa turetti, gaafa Oromoon Tuulamaa sirna Waaqeffanaafi safuu isaa ganamaatti bulaa turetti; Ardaalee Ulfoon kabajaafi safeeffannaa guddaa qabanidha. Ardaalee qananii, jaalalaafi gammachuu, araaraafi wal qulqulleessuu, ardaalee Heerri Ulfoo, seeronni uumaafi uumamaa marti itti tumamaniif labsaman ture. Kanaaf, hawaasicha biratti ulfinaafi kabaja guddaa qabu; hariiroo ykn hidha cimaas waliin qabu. Kaleessa gaafa duudhaafi safuun Oromoo Tuulamaa

bakka isaa jiru san, iddooleen kunneen safuu guddaa qabu; kunuunsaafi eegumsa guddaas qabu. Gaafas Ardaalee Ulfoo kanneenitti yakka hojjechuun, lubbuu baasuun, iddoolee Ulfoo kanneen harka xuriitiin dhaquun, daangaafi qabiyyee Ardaalee Ulfoo kanneen seeraan ala qotuun, mancaasuun, ijaarsa ykn kaayyoo birootiif oolchuun aadmaleedha; safuu cabsuudha. Seera Gadaatiinis nama gaafachiisa. Falaasamni, ilaalchi, duudhaafi safuun hawaasichaa Ardaalee Jilaa Ulfoo kanaaf kaleessa qabu kun har'a bakka isaa waan jiru hin fakkaatu. Bakka adda addaatti cabee, laafee, dadhabee akka jiru ragaan qorannichaa sirriitti kan dhugoomsudha.

Fakkeenyaaf: Oromoo Tuulamaa biratti ardaa hangafaafi jalqabaa kan ta'e Odaan Nabee sababa babal'ifannaa qonnaatiin haalaan miidhamee akka jiru ragaan qorannichaa ni agarsiisa. Qabiyyee Ardaa Ulfoo kanaa seeraan daangessuu dhabuu irraa kan ka'e  jalli hudduu Odaa osoo hin hafiin qonnii seeraan alaa gaggeeffamaa akka jiru qorannoo kanaan hubachuun danda'ameera. Suuraan armaan gadiis kanuma nuuf mirkaneessa.



**Suuraa 15:** Odaa Nabee. Maddi Kitaaba Duudhaa Sirna Gadaa Tuulamaa (2015)



**Suuraa 16:** Odaa Nabee

Akka afgaaffii odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Sooriifi Jamaal Baatii) irraa hubachuun danda'amutti; rakkoo guddaan Ardaa Ulfoo Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaattis mul'atu kan Odaa Nabee wajjin kan walfakkaatudha. Kunis Ardaa Jilaa kana seeraan daangessuu dhabuu, lafa Ardaa Jilaa qonnaan qabachuu, sababa amantii Ortodoksiitiin saamicha lafaa raawwachuudha.

Ragaan odeeffataa Miidhagsoo Gurmuu irraa argames yaaduma kana yoo cimsu:

> *Caffee Dongoraa yeroo ammaa dhiibbaan irra ga'aa jira. Yeroo darbe, yeroo godaannu Bataskaana xiqqishuu tokko irratti ijaaranii jennaan qeerroo itti gadi lakkisnee diigsisne; achii ariine. Misoomaaf jedhanii dhiphisanii jiru. Garanaan fuudhanii gurguran; garasiin fuudhanii gurguran. Harkuma mootummaatu keessa jira. Wanta akkasii kanatu dhiibbaa geessisaa jira. Rakkisaadha; jedha.*

Kun kan agarsiisu iddoo Ulfoo kana sababa amantiifi kanneen birootiin seeraan ala qabachuun, misoomaaf jedhanii qabiyyee Ulfoo kanaa dhiphisaa adeemuun, seeraan ala lafa iddoo Ulfoo kanaa gurguraa kan jiran ta'uudha. Rakkoo kanaaf ammoo harki mootummaas keessa akka jirudha; ragaan qorannichaa kan mul'isu.

Haata’uutii yeroo ammaa qindoomina Waajjira Aadaafi tuurizimiifi Bulchiinsa Magaalaa Galaan duraatiin, yeroo ammaa ammoo Magaalaa Bishooftuutiin iddoo Jilaa kana daangessuuf tattaaffiin taasifamaa akka jiru odeeffannoon afgaaffii Jamaal Baatii irraa argame ni ibsa. Haaluma kanaan yeroo ammaa gara heektaara shanii (5) kan ta’u daangeffamee kan jiru ta’us, beenyaan waan hin kanfalamiiniif haalli daangeffama isaa hojiirra akka hin ooletu dubbatama.



**Suuraa 17:** Caffee Dongoraa, lafa Tabalaati jedhanii itti dalla’ame

Dura dur gaafa Oromoon Tuulamaa duudhaafi Sirna Waaqeffanaa isaa ganamaatiin bulaa turetti; Ardaan Ulfoon Caffee Tumaa bakka seeronni uumamaa (kan lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hundaa) itti tumamaniifi fooyya’anidha. Akka afgaaffii Jamaal Baatii irraa hubatamutti; yeroo ammaa kana garuu Caffee Tumaatti araarri Waaqaafi lafaas kan itti kadhatamudha. Waggaa darbe (Bara 2011) irraa kaasees ummanni bakka kanatti bahee Irreessa gaggeessaa akka jirudha. Yeroo ammaa kana Caffee Tumaatti torban torbaniin Abbootiin Gadaa aanaalee 42 ol irraa walitti bahuun dhaddacha kan itti taa’anidha. Kan waldhabe kan itti araarsan; kan balleesse kan itti adabanidha; dhugaa hawaasaas bakka itti barbaadanidha. Kan haqa dhabe bakka kanatti dhaddacha heeraa ykn aadaa kanaan haqa isaa argachaa jira. Dhaddachi kun rakkoolee aanaalee qabaniif illee furmaata kennaa kan jirudha. Dhaddachi kun bara 2007 irraa eegalee idileen kan

gaggeeffamu yoo ta'u, duraan garuu bifa ciccitaa ta'een gaggeeffamaa akka turedha kan hubatamu.

Akka odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Caalaa Sooriifi Alamaayyoo Hayilee) irraa habachuun danda'amutti; rakkoo guddaan Ardaa Jilaa kanatti (Caffee Tumaa) mul'atu Ardaan Jilaa kun seeraan daangeffamuu dhabuu irraa kan ka'e ijaarsiifi qonni seeraan alaa babal'achuudha. Suuraan armaan gadiis kanuma nuuf mirkaneessa.



**Suuraa 18:** Caffee Tumaa.  Duriifi amma -Qonna seeraan alaan marfamtee kan jirtu ta'uu

Rakkoo guddaan naannoo Caffee Tumaatti mul'atu kan biroo; manni sirreessaa Mootummaa Federaalaa iddoo Ulfoo kanatti ijaaramuun safuu Oromoo cabsuudha. Akka ilaacha Oromootti lafa Jilaatti, iddoo Ulfootti namni hin dararamu; hin hidhamu; cubbuun irratti hin hojjetamu; namni hin arrabsamu; irrattis wal hin miidhu; hamaanis irratti hin dalagamu. Haata'uutii, manni sirreessaa kun naannoo kanatti ijaaramuun sufuufi duudhaa Oromoo ganamaa kana kan cabsedha. Gama birootiin ragaan odeeffataa Miidhagsoo Gurmuu irraa argame rakkoo naannoo kanatti mul'atu akkaataa armaan gadiitiin ibsa.

> *Dheengadduma dhiyoo kana bakka Ulfoo seerri itti tumamu kana, bakka Oromoon seera itti tumatu Taabonni ijaaramuu qaba jedhanii 'Kunoo abaluun abjuudhaan argee jira; bakka kanatti Bataskaanni ijaarramu malee hin ba'u' jdhanii jennaan achii ummanni iyyee hari'e.*

Kun kan mirkaneessu bakka Ulfoo Oromoo kana sababa babal'ifannaa iddoo amantiitiin aggaammiin adda addaa irratti raawwatamaa akka jirudha. Qorataan kun illee dhimma kana daawwannaa hirmachisaa naannoo sanitti godheen mirkaneeffachuu danda'eera. Akka afgaaffii Jamaal Baatii irraa hubachuun danda'amutti ammoo, ardaa kana gara heektaara 56 kan ta'u daangessuun saayitiin isaa hojjetamee, beenyaan itti kanfalamee, waardiyaan lama itti miindeffamee eegamaa kan jirudha. Odeeffataan kun Ardaan kun sadarkaa barbaadamutti daangeffamee akka hin jirres ni ibsu.



**Suuraa 19: Caffee Tumaa**



***Mana Sirreessaa Caffee Tumaa bira jiru***

Kan biroo rakkoo Ardaa Ulfoo Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaa wajjin walqabatudha. Ardaan kun dur Oromoo Tuulamaa biratti kabajaafi ulfina guddaa kan qabudha. Kunuunsaafi eegumsa guddaatu godhaamaafis. Ardaa Ulfoo seeronni hawaasaan irratti waliigalaman yeroo xumuraatiif itti labsamuun marsaa Gadaa tokkoof (Waggaa saddeettiif) ittiin bulamu waan ta'eef. Yeroo ammaa kana garuu sababbii saamicha lafaafi babal'ifannaa qonnaatiin qabiyyeen Ardaa Ulfoo kanaa haalaan miidhamaafi manca'aa jira. Kan biroo rakkoo guddoon;***"Mul'ata Waaqayyootu nutti mul'ate ykn sagalee Waaqayyootti nutti dhaga'ame"*** jechuun Mana Amantii Ortodoksiitiin aggaammii saamicha lafaa naannoo kanatti gaggeeffamaa jirudha. Waggaa darbe (2015) ***"Bakka kanatti Taabonni Waaqarraa bu'eera jechuun"*** jechuun aggaammiin saamicha

lafaa naannoo kanatti raawwatame kanaafis fakkeenya guddaadha. Haata’uutii, tarkaanfii bulchiisni Magaalaa Galaan fudhateen aggaammiin saamicha lafaa sun fashalaa’ee akka jiru ragaan qorannichaa ni agarsiisa.



**Suuraa 20:** Dhakaa Koraa Ykn Handoodee Tumaa

Akkuma boqonnaa shan jaltti ibsametti; Oromoo Tuulamaa biratti Tulluu hundi Ulfoodha; irra caalaa ammoo Tulluun cuqqaalaa Ulfoodha. Haata’uutii, ragaan qorannoo kanaa akka agarsiisutti falaasamaafi ilaalchi Oromoon Tuulamaa Tulluudhaaf qabu yeroo ammaa iddoo baay’eetti laafaafi dadhabaa akka jirudha. Tulluuwwan Ulfoo hawaasichaa hedduun sababa namtocheetiin akka malee miidhamaafi manca’aa jiru.

Akka afgaaffii odeeffattoota ijoo (Bayyanaa Sanbatoo, Sabbooqaa Gadaa, Caalaa Sooriifi Alamaayyoo Hayilee) irraa hubachuun danda’ametti; iddoo Ulfoo guddoo Oromoo Tuulamaa ganamaa kan ta’e Tulluun Cuqqaalaa yeroo ammaa kana simboofi ulfina isaa ganamaa kan dhabe fakkaata; dhabee jiras jechuun ni danda’ama. Ardaan Irreechaa Ulfoon ***“Siidaan Waaqayyoo ykn Siidaa Arjoomaa”*** jedhamuun Oromoo Tuulamaa biratti kabajaa guddaa kan qabu kun bara 2002 irraa eegalee Moloksoota Tullicha irra jiraniin manca’ee jira. Sababa kana irraa kan ka’es walitti bu’insi guddaan hordoftoota Waaqeffannaafi Ortodoksii gidduutti kan uumame yoo ta’u, yeroo ammaas Oromoon bakka kanatti Waaqeffachaa akka hin jirredha kan hubatame. Moloksoonni badii kana raawwatan araara Abbootii Gadaafi jaarsoliin biyyaa taasisaniin Gumaa Siidichaa qarshii 8,000 kan kanfalan ta’us, duudhaan Oromoo ganamaa sun hanga ammaatti bakka isaatti

waan hin deebineef, walitti bu'insis darbee darbee waan jiruuf Tulluu Cuqqaalaa irratti Waaqeffachuun yeroo ammaa akka dhaabbatedha kan himamu.

Tullicha irratti mukkeen Ulfooniifi ummata Oromoo Tuulamaa biratti kabajaafi marartee guddoo qaban, kanneen akka: birbirsaa, ejersaa, waddeessaa, qilxuu, xaddachaa, gaatiraafi wkf. yeroo ammaa ciramanii akka dhumanidha kan himamu. Oromoonis Waaqeffannaaf jedhee Tulluu Cuqqaalaa akka ol hin baane dhorkamaa akka jiru hubachuun danda'ameera. Naannoo sanitti qeeyyaan Oromoo inni ganamaa manca'aa akka jiru, sababa babal'ifannaa qonnaatiinis qabeenyi uumamaa hedduu manca'aa akka jiru, safuun Oromoos cabee akka jirudha ragaaleen qorannichaa kan agarsiisan.

Odeeffataa Miidhaksoo Gurmuu hammeenyummaa rakkoo kanaa yoo cimsu akkas jedha:

> *Tulluu Cuqqaalaa Siidaa Oromoon umurii meeqa seera isaa itti geggeeffachaa ture, Waaqa isaa itti Waaqeffatu, siida sana caccabsanii boombii (damaamitii) itti naqanii abiddaan gubanii, caccabsanii iyyinee bakka meeqatti himannee yeroodhaaf, qeesota nama shan qabanii hidhanii, barii sana gad lakkisan. Achi gubbaa kan jiru isaani. Yeroo ammaa kana meeshaa waraanaa kan ummata Oromoo fixuuf qopha'e. Ajaayiba yoo qorannee ilaalle; kan akkasii kanatu jira. Kana mootummaatti himnee lallabnee abbaa kanaa kan nuun jedhu hin jiru.*

Afee armaan oliirraa akka hubannutti; ***'Siidaa Arjoomaa'*** jedhamuun ummaticha biratti kabajaa guddaa qabu Tulluun Cuqqaalaa, kan Oromoon Tuulamaa waggoota hedduuf sirna Waaqeffannaa isaa itti gaggeeffachaa ture, har'a Moloksoota Ardaa Irrechaa Ulfoo kanarra seeraan ala qubatanii jiraniin manca'ee jira. Hawaasichi gocha kana balaaleffatus, qaama dhimmi ilaalutti iyyatus furmaata argachaa akka hin jirre, namni abbaa kanaa isaaniin jedhe illee akka hin jiredha.

***"Tulluu Cuqqaalaa warri fagoo itti irreefatu, warri jalaa (kan bira jiru) jala qota"*** afoolli jedhus rakkoo amma mul'achaa jiru kana kan agarsiisu fakkaata malee, isa Oromoon kaleessa *"**Tulluu abbaan itti sagadu, ormi jala qotata, "Sa'a abbaan gaafa cabse, ormi ija jaamsaa"*** kan jedhu kan agarsiisu natti hin fakkaatu. Yeroo ammaa kana bakki Ulfoo Oromoo kun amantii biraatiin kan liqimsame fakkaata. Qe'een Ulfoo Oromoo durii kun har'a kabajaa dhabuu, amantii biraatiin (Ortodoksiin) liqimfamuu, sabni biraa achitti humna argachuun bakka Irreechaafi Ulfoo Oromoo durii kana laaffisuu kan agarsiisu fakkaata. Yeroo ammaa Tulluun Ulfoo kun kabaja dhabuu, karaa aadmaleen manca'uu akeeka. Ardaan Ulfoon kun Ardaa Irreechaa Oromoo

Tuulamaa isa ganamaa ta'uu hafee, bakka amantiin Ortodoksii itti leellefamu qofa ta'eera. Ragaan qorannoo argames kanuma mirkaneessa.



**Suuraa 21:** Mana Amantii Zuqqaalaa Aabboo (Addis;2005)

Ragaan qorannichaa akka mul'isutti; Tulluun Erer Kormaas Tulluu Cuqqaalaa wajjin seenaa walfakkaatu kan qabudha. Dhiibbaa sirni Nafxanyaafi amantiin Ortodoksii irratti raawwachaa tureen iddoon Ulfoo ganamaa isaa kun irraa mulqamee jira. Sababa babal'ifannaa amantii Ortodoksiitiin jaarraa dheeraan dura manni amantii Ortodoksii Sillaasee jedhamu, waggaa kudha lama dura ammoo manni amantii Ortodoksii Lidataa Maariyaam jedhamu fageenya meetira dhibba shan (M 500) hin caalletti walmaddiitti ijaaramanii bakka Ulfoo Oromoo ganamaa sana dhuunfatanii jiru.



**Suuraa 22:** Mana Amantii Sillaasee



**Suuraa 23:** Mana Amantii Lidataa Maariyaam

Akka afgaaffii ijoo Yuuba Bayyanaa Sanbatoo irraa hubachuun danda’ametti; iddoo Ulfoo kana dabarsanii alagaadhaaf kennuu keessatti Oromoonis gahee akka qabudha. Fakkeenyaaf Tulluu Erer Kormaa gubbaatti Taabonni Sillaasee akka ijaaramuuf gahee olaanaa kan gumaachan Warra Shaambuu Bulee akka turanitu himama. Yeroo sanatti Warri Shaambuu Bulee kun, Warra Hundaa (Ilma Ada’aa) yoo ta’an, jarri kun yeroo sanatti warra biyya Ada’aa kana bulchaa turan tu’uusaatu himama.

Rakkoon biroo naannoo kanatti mul’atu babal’ifannaa qonna wajjin kan walqabatudha. Sababa kana irraa kan ka’e, mukkeewwan ummaticha biratti kabajaafi ulfina guddaa qaban kanneen akka: ejersaa, birbirsaa, xaddachaafi wkf. Tulluu kana irraa daran manca’aa akka jiranidha ragaan qorannichaa kan mirkaneessu. Fakkiin armaan gadiis kanuma nuuf dhugoomsa.



**Suuraa 24:** Tulluu Erer Kormaa


Gama birootiin ragaan qorannichaa akka mul’isutti; Tulluun Daloon siimboofi kabaja kaleessa hawaasicha biratti qabu waan qabu hin fakkaatu.  Yeroo dhiyoodhaa asitti Bulchiinsi Magaalichaa dargaggoota gurmeessuun biyyee cirracha diimaa akka baasan taasisuu irraa kan ka’e hawaasicha biratti komii guddaa kaasee jira. Tulluun Ulfoon kun daran akka miidhamu ta’uusaa ragaan daawwannaa hirmaachisaa qorannichaatiin argame ni mirkaneessa. Kanaafis fakkiin armaan gadii ragaa guddaadha.



**Suuraa 25:** Mancaatii Tulluu Daloo irratti raawwatamaa jiru

Kan biraa rakkoo guddaan iddoo Ulfoo kana qunnamaa jiru babli’fannaa ijaarsa mana amantii Ortodoksiiti. Bifuma walfakkaatuun akkuma Tulluuwwan iddoo biroo irratti taasifamaa jiru Tulluu Daloo irrattis Taabonni Gabri’eelii jedhamu ijaarramee kan jirudha. Rakkoon inni biroo bantii ykn sammuu Tullichaa kan ta’eefi bakka qalmi itti raawwatamu irratti humna qilleensaa Bishooftuutiin ijaarsa qubannoo Helekoftariif ta’u ijaaramuudha.





**Suuraa 26:** Ijaarsa bantii Tullichaa iddoo qalmaa irratti raawwatamaa jiru

Babal’ifannaa mana amanttii Tullicha irratti raawwatamee jiru


Falmii cimaa hawaasni naannichaa taasisaa tureen bara 2006 irraa eegalee xalayaa ajajaa Bulchiinsi Magaalaa Bishooftuu barreesseen biyyee Tulluu Ulfoo kanarraa baasuuniifi ijaarsi humna qilleensaatiin taasifamee jiru akka dhaabsifamu ta’eera.

Akka ragaa qorannoo kanaatti yeroo ammaa Tulluun Diimtuus ulfinaafi kabaja kaleessa hawaasicha biratti qabu kan qabu miti. Tulluun kun yeroo ammaa haala yaadessaarra kan jiruufi yeroo gabaabaa keessattis guutummaa guutuutti baduu akka danda’u ragaan qorannichaa sirriitti kan agarsiisudha. Qorataan kunis daawwannaa hirmaachisaatiin kan mirkaneeffate kanumadha. Kanaaf ammoo sababni guddaan, guyyaa guyyaatti konkolaataa hedduu cirracha ykn biyyoo diimaa tullicha diiguun fe’amaa jirudha.



**Suuraa 27:** Mancaatii Tulluu Diimtuurra gahaa jiru

Babal'ifannaan ijaarsa amantii Ortodoksiis rakkoo guddaa isa biraati. Fageenya muraasa irratti yeroo ammaa Taabonni lama ijaarramee kan jirudha. Duubni Tullichaa gara Magaalaa Galaaniin jiru ammoo bakka awwaalaa ta'ee kan jirudha. Fakkiin armaan gadiis kanuma mirkaneessa.



***Babal'ifannaa ijaarsa amantii Tullicha irratti raawwatamaa jiru(Mikaa'ela)***

***Iddoo awwaalaa duuba Tulluu Diimtuu irratti argamu(Mikaa'ela)***

Gabaabumatti, Tulluuwwan Ulfoo Oromoo Tuulamaa ulfinaafi kabaja kaleessa hawaasicha biratti qaban yeroo ammaa kana kan qaban hin fakkaatan. Sababa saamicha lafaa amantii Ortoksiitiin raawwatamaa jiruun, sababa babal'ifannaa qonnaatiinis qeeyyaan (ecology) Oromoo Tuulamaa

inni ganamaa naannoo Tulluuwwan kanneenii jiran har'a manca'aa akka jiru, qabeenyi uumamaa hedduun manca'aa akka jiran, safuun Oromoos cabee akka jirudha ragaaleen qorannichaa kan agarsiisan. Cirrachaafi biyyee diimaa baasuuf jecha Tulluuwwan Oromoo naannichaa biratti Ulfoo ta'an akka malee mancaasuufi diiguun ni mul'ata. Mukkeewwan gurguddoofi ummata Oromoo biratti ulfina guddaa qabaniifi qananii ta'anis kanneen akka birbirsaa, ejersaa, waddeessaa, qilxuu, xaddachaa, gaatiraafi wkf yeroo ammaa irraa ciramanii mancaafamaa jiru; baay'een isaaniis badaniiru. Bantiin Uumama Ulfoo Tulluuwwaniis qullaa hafanii akka jiran ragaan qorannoo kanaa sirriitti kan ibsu ta'uu isaati. Iddoowwan Uumama Ulfoo Oromoo qorannoo kana keessatti haguuggaman hedduu irratti Bataskaana dhaabuun, lafa Horaa lafa Tsabalaafi Ximqataa jedhanii qabeenyaafi lafa Oromoo irratti saamicha raawwachuun bal'inaan kan mul'atu ta'uusaa ragaaleen qorannichaa ni agarsiisu. Bantiifi hudduu Tulluuwwanii itti marsanii qotuun, ijaarsa seeraan alaa irratti gaggeessuun, kan mul'atu ta'uusaa ragaaleen qorannichaa ni mirkaneessu. Beekamtii Abbootii Gadaafi ummatichaatiin alatti iddoowwan Uumama Ulfoo kanneen ijaarsa biroofi invastimentiif oolchuun kan mul'atu ta'uusaa qorannichi ni mul'isa.

Ragaaleen armaan olii kunneen kan nu hubachiisan; hariiroon uumama jidduu jiru yemmuu dabu madaallii uumamaatu daba; boca isaa gadhiisee miidhagina ganamaa dhaba. Uumama wal madaalee jiraatu irrattis miidhaatu qaqqaba. Uumama hunda keessaa aangoon uumama kaan bulchuu, seeraan itti fayyadamuufi kunuunsuu dhala namaa qofaaf kenname. Dhalli namaa kaleessa jireenya isaa fooyyeffachuuf jecha qabeenya uumamaa irraan miidhaa qaqqabsiisaa turee jira; ammas akka durii yoo ta'uu baate rakkoon kun iddoo hedduutti ni mul'ata. Kunis deebi'ee dhaluma namaa irratti miidhaa fide.

Dabalaa dhufuun lakkoofsa ummataa: fedhiin midhaan nyaataa, anniisaafi mana jireenyaa akka dabalu taasisuun mancaatii bosonaa hammaataa qaqqabsiise. Kunis jijjiirama qilleensaafi dhiqama biyyee fiduun hongeefi gogiinsi akka babal'atu, ho'i addunyaa akka dabalu, oomishaafi oomishtummaan akka hir'atu taasisuun dhala namaafi lubbu qabeeyyii biroo irratti miidhaa fide; fidaas jira. Haalli kun, beelaafi hongee qaqqabsiisuun godaansiifi walitti bu'insi akka uumamuuf karaa saaqa; saaqaas jira. Miidhaan jijjiirama qilleensaan dhufu rakkoo addunyaa guutuu ta'us, biyyoota akka keenyaa guddachaa jiran irratti ammoo ni hammaata. Kunis dhimmi jijjiirama qilleensaa ajandaa biyyootaafi dhaabbilee idila addunyaa akkasumas hayyootaafi rogeeyyii eegumsa naannoo isa guddaa akka ta'u godheera; godhaas jira.

Mancaatii qabeenya uumaa irraa kan ka’e iddoo baay’eetti uwwisni bosonaa kun gadi bu'eera. Haalli kun jijjiirama qilleensaafi dhiqama biyyee qaqqabsiisuun oomishaafi oomishtummaan akka hir’atuufi miidhaan garaagaraa akka muudatuuf sababa ta’uu danda’eera. Miidhaan qaqqabes eegumsaafi kunuunsa qabeenya uumamaatiif xiyyeeffannoo kennuun akka barbaachisu kan akeeke yoo ta’u, biyyi keenyas, keessattuu naannoon Oromiyaa qabeenya uumamaaf xiyyeeffannoo guddaa kennuun yeroo ammaa kana hojii jajjabeessaa ta’e hojjechaa akka jiru hubachuun danda’ameera. Keessattuu waggoota arfan darban dhaabbii biqiltuufi misooma sululaan hojiiwwan bu’aa qabatamaa fidan hedduun hojjetamaniiru. Kunis, bosona manca’e bakka buusuun faalama qilleensaa hir’isuu, dhiqama biyyee ittisuufi gabbina biyyee dabaluu, burqaa gabbisuufi kan kana fakkaatan of keessatti haammata.

Ummanni Oromoo naannoo waliin hariiroo addaa qaba. Bineensaafi biqiltuuf kabaja malu kenna. Uumamaan uumaa isaa kadhata. Uumama irraan miidhaa ga’uun madaala uumaa jallisuudha jedheetu amana. Kunis, Oromoon jaarraa hedduuf qabeenya uumamaa eeguufi kunuunsuun madaala uumamaa eegee akka jiraatu isa dandeessise. Haata’u malee, adeemsa keessa sababoota garaagaraan seerri kun laafaa dhufuun qabeenya uumamaa naannoo keenyaa irratti miidhaa fide; bosona mancaasee dhiqama biyyee qaqqabsiise. Ragaan qorannoo kanaaf madda jalqabaafi lammaffaa irraa walitti qabame kanuma nuuf dhugoomsa.

Dhumma irratti, boqonnaa kana jalatti ragaan xiinxaluuf yaallame ragaalee Ardaa Irreechaa Ulfoo Hora Finfinneefi Harsadii wajjin walqabatanidha. Akkuma sakatta’insa barruu keessatti ibsametti; dhorkamuu Hora Finfinnee booda Horri Harsadii iddoo Oromoonni Tuulamaa jaarraa dheeraaf itti irreeffachaa turanidha. Harsadi maqaa namaa yoo ta’u, gosa Liiban keessaa, Abbaa Malkaa nama turedha. Yeroo boodas Oromoonni marti ***“Hora Harsadii”*** akka wiirtuu Irreeffannaa (Waaqeffannaa) godhanii itti Irreeffachaa akka turaniifi ammas akka guutuu Oromootti bakka Irreeffannaa isa guddaa ta’uun tajaajilaa akka jiru ragaan qorannoo kanaa ni mirkaneessa. Ragaan Yuuba Caalaa Soorii irraa argame dhimma kana yoo cimsu; “Horri Harsadii Irreecha Malkaa isa guddaa Magaalaa Bishooftuu keessatti argmu yoo ta’u, Irreecha Oromoo hunda tokko taasise, waggaa waggaadhan ji’a Fulbaana keessa Irreefatamudha” jedha. Kun kan agarsiisu Horri Harsadiifi Irreecha Hora Harsadii tokkummaa Oromoo cimsuu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaati. Malkaan kun “Malkaa milkii, Malkaa Faajjii tokkummaan Oromoo” jedhamuunis Oromoo mara biratti beekama.

Ragaaleen qorataan kun meeshaa funaansa ragaa daawwannaa hirmaachisaatiin mala qaabachiisa yaadannoo hojii aloolaatiin walitti qabate akka agarsiisanitti; qabsoo hundagaleessa Oromoon taasisaa tureen Horri Finfinneefi Arsadii dhiibbaa sirnaa durii dandamachuun yeroo ammaa Ardaa Ulfoo Irreeffannaa Oromoo isa guddaa ta’anii jiru. Irreechis waltajjii tokkummaa Oromoo isa guddaa ta’aa akka dhufedha. Irreechi iddoo dur itti kabajamuufi akkaataa dur itti kabajamuu olitti baay’inni hirmaattotaa miliyoonaan dabalaa dhufeera.

Aadaan Oromoo bakka waggaa 150 kufee irraa ka’uun waggoottan 30 darban kana warraaqsa qabatamaafi lakkaa’amuu danda’u galmeessisaa dhufeera. Kanaaf immoo Irreechi Hora Arsadii bara 1980[moota] keessa akka haaraatti jalqabamee, waggaa waggaan cimee itti fufuun isaa Irreecha Oromiyaa keessatti bakka adda addaatti kabajamaniif galtee guddaa ta’eera. Keessumaa, Irreechi Finfinnee bara 2010 xiiqiidhaan bakka ganamaatti deebi’uunsaa warraaqsa aadaa duraan jalqabamee jiru daran cimsuufi babal’isuun itti fufsiisee jira. Haaluma kanaan, huccuun aadaafi faayaan Oromoo ammayyaa’aa dhufuun, dhaabbileen huccuu aadaafi faayaa gara industiriitti ce’aa deemuun, ummata ollaa Oromoo ofitti hawwachaa dhufuun warraaqsa aadaa Oromoo daran jabeessaa dhufeera.



**Suuraa 28:** Irreecha Hora Finfinnee. Madda- OBN



**Suuraa 29:** Irreecha Hora Harsadii. Madda- BATO (2008)

Oromoon Tuulamaas ta’ee, kana biroo bakka duudhaa isaa ganamaatti deebi’uun seenaafi aadaa bade, laafe, eenyummaa dhokatee ture, safuufi safeeffannaa isaa dhokatee ture, duudhaa Waaqeffannaafi Irreeffannaa isaa Ardaalee Ulfoo kanneenitti laafee ture jabeefachuun, deebisee damdamachiisuun, beekumsa xabboofi ilaalcha iddoowwan uumama Ulfoo kanneeniif qabu cimsachaafi gabbifachaan dhaloota itti guddifachaa akka jirudha ragaaleen qorannichaa kan mirkaneessan. Kun ammoo yaaxxinna qorannichaa seenawa irra deebi’anii ijaaruufi yaaxinna ijaarsaa (Historical- reconstruction & theory of constructionism) waliin kan wal simudha. Akka yaaxxinna seenawa irra deebiin ijaaruutti; waantota ammaaf kan bu`uura ta`e waan durii ta’uu isaati. Kanaaf qorannoo duudhaafi safuu ykn afoola kan ammaas ta`e kan durii qorachuuf waantota durii duubatti deebi`uun ilaaluun barbaachisaa ta`uu isaati. Gama biraan ragaalee aadaafi seenaan walqabatee dur ture balaa baduu jalaa baraaruufi deebisuuf gahee guddaa qabaachuu isaati. Yaaxxina ijaarsaatti ammoo dhugaan hawaasa keessa jiraannu irraa ijaarama ykn burqa malee, ofumaa qophaa’ee kan jiru miti kan jedhu yoo ta’u, dhugaa hawaasaa (social

reality) baroota adda addaa keessa jiru xiinxaluudhaan haqa jiru bira gahuuf iddoo olaanaa qabaachuu isaati. Dhaloonni haaraan hiikkaa kennamu mara hawaasa irraa baratu kan jedhu jabeessa. Kanaaf, ragaan qorannoo kanaa yaaxxinna qorannoo kanaaf filataman wajjin kan wal simatudha jechuun ni danda'ama.

Akka waliigalaatti yaadonni boqonnaa kana jala jiran yoo cuunfaman; kaleessa, bara Oromoon Tuulamaa duudhaa isaa ganamaa sirriitti jabeeffatee sirna isaa gaggeeffachaa turetti, gaafa Oromoon Tuulamaa sirna Waaqeffanaafi safuu isaa ganamaatti bulaa turetti; Ardaalee Ulfoon kabajaafi safeeffannaa guddaa kan qabanidha. Kanaaf, hawaasicha biratti ulfinaafi kabaja guddaa qabu; hariiroo ykn hidhata cimaas waliin qabu. Kaleessa gaafa duudhaafi safuun Oromoo Tuulamaa bakka isaa jiru san, iddooleen kunneen safuu guddaa qabu; kunuunsaafi eegumsa guddaas qabu. Gaafas bakka Ardaalee Ulfoo kanneenitti yakka hojjechuun, lubbuu baasuun, iddoolee Ulfoo kanneen harka xuriitiin dhaquun, daangaafi qabiyyee Ardaalee Ulfoo kanneen seeraan ala qotuun, mancaasuun, ijaarsa ykn kaayyoo birootiif oolchuun aadmaleedha; safuu cabsuudha. Seera Gadaatiinis nama gaafachiisa. Falaasamni, ilaalchi, duudhaafi safuun hawaasichaa Ardaalee Jilaa Ulfoo kanaaf kaleessa qabu kun har'a bakka isaa waan jiru hin fakkaatu. Bakka adda addaatti cabee, laafee, dadhabee akka jiru ragaan qorannichaa sirriitti kan dhugoomsudha. Ragaan MGX2 irraa argame yaada armaan olii kana akkaataa itti aanuun cimsa.

> *Aadaan keenyi kun har'as ni jira. Garuu hamma kaleechaa sana miti. Nu harkaa laaffatee jira. Sababni inni laafeef dhaloota keenya hin barsiifanne. Dhaloonni keenyas nurraa hin baranne. Kaleessa yoo bu'anii Malkaatti dullacha qalan, kaleessa yoo Malkaatti bu'anii korma qalan, ilmi abbaa wajjin laga bu'a; gaangee qabaaf. Faantoo qabee yaabbachiisa abbaa. Abbaa jala bu'ee waan abbaan hojjatu ilaalaa dhaggeeffata. Har'a sun hin jiru. Xiqqoo nu harkatti laafee jira. Garuu, akka jiruun kan nu harkaa bu'ee miti.*

Akka afee armaan olii kanaatti; hariiroo namaafi uumama gidduu jiru ilaalchisee aadaa, falaasama, ilaalcha, beekumsa xabboo, duudhaafi safuu hawaasichi kaleessa qabu xiqqaatus, harkatti laafus yeroo ammaa kanas kan jiru ta'uu isaati. Rakkoo guddaan gama kanaan jiru dhaloonni, ilmaan abbootii isaaniifi manguddoo argaa dhageettii jala bu'anii duudhaafu safuu abaabileefi akaakileen isaanii uumamaaf qaban barachuu dhabuudha. Akka qorataa kanaatti kanaaf furmaanni dhaloota barsiisuun duudhaa abaabileefi akaakileen isaanii uumama wajjin qaban dhaalchisuudha. Dhalootas aadaa ganamaatiin guddisuudha.

Tulluuwwan Ulfoo Oromoo Tuulamaa ulfinaafi kabaja kaleessa hawaasicha biratti qaban yeroo ammaa kana kan qaban hin fakkaatan. Babal'ifannaa qonnaa iraan kan ka'e bantii ykn guddaa tulluu akka malee qotuun, jala tulluu diiguun rakkoo guddaa ta'ee jira. Ragaan MGX2 irraa argame rakkoo gama kanaan jiru akkas jechuun ibsa.

> *Bakka kanatti (tulluu) aadaan keenya nu jalaa bade. Tulluu gubbaan (baddaan tulluu) hin qotamu. Amma qotamaa jira. Erer haa ta'uu Tulluun Cuqqaalaa dur hin qotamu. Bakka Irreechaati. Tulluun Cuqqaalaa har'a ni qotama. Tulluun Erer ni qotama. Kun nu jalaa badee jira.*

Kun kan agarsiisu; bakki Ulfoo kaleessaa, iddoon ardaa Irreechaa Ulfoo, Tulluun Caqqaalafi Erer har'a simboo kaleessaa san dhabuudha. Safuun cabee tulluun safuufi safeeffannaa qotamuu, diiggamuu mul'isa.

Kan biroo sababa saamicha lafaa amantii Ortodoksiitiin raawwatamaa jiruun, sababa babal'ifannaa qonnaafi kanneen birootiin qeeyyaan (ecology) Oromoo Tuulamaa inni ganamaa naannoo Tulluuwwan kanneenii jiran har'a manca'aa akka jiru, qabeenyi uumamaa hedduun manca'aa akka jiru, safuun Oromoos cabee akka jirudha ragaaleen qorannichaa kan agarsiisan. Mukkeewwan gurguddoofi ummata Oromoo biratti ulfina guddaa qabaniifi qananii ta'anis kanneen akka birbirsaa, ejersaa, waddeessaa, qilxuu, xaddachaa, gaatiraafi wkf yeroo ammaa irraa ciramanii mancaafamaa jiru; baay'een isaaniis badaniiru. Bantiin Uumama Ulfoo Tulluuwwaniis qullaa hafanii akka jiran ragaan qorannoo kanaa sirriitti kan ibsu ta'uu isaati.

Gama birootiin Horri Finfinneefi Arsadii dhiibbaa sirnaa durii dandamachuun yeroo ammaa Ardaa Ulfoo Irreeffannaa Oromoo isa guddaa ta'anii jiru. Irreechis waltajjii tokkummaa Oromoo isa guddaa ta'aa akka dhufedha. Oromoon Tuulamaas ta'ee, kana biroo bakka duudhaa isaa ganamaatti deebi'uun seenaafi aadaa bade, laafe, eenyummaa dhokatee ture, safuufi safeeffannaa isaa dhokatee ture, duudhaa Waaqeffannaafi Irreeffannaa isaa Ardaalee Ulfoo kanneenitti laafee ture jabeefachuun, deebisee damdamachiisuun, falaasama, ilaalchaafi beekumsa xabboo iddoowwan uumama Ulfoo kanneeniif qabu cimsachaa dhalootaaf dabarsaa akka jirudha ragaan qorannichaa kan mirkaneessu. Akka ragaan MGX2 irraa argame agarsiisutti; rakkoon kan biroo erga aadaan Warra Kaabaa (kan isaan warra ollaa keenyaa jedhanii waaman) gara naannnoo Oromiyaatti (akka isaan jedhanitti ammoo naannoo Tuulamaatti) babal'achaa dhufee, aadaafi duudhaa hawaasichi uumama wajjin qabu laafaa akka dhufedha.

## Boqonnaa Saddeet: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti cuunfaan, argannoofi yaboon qorannichaa karaa gabaabaa ta'een kan ibsamanidha.

### 8.1 Cuunfaa

Oromoon Gadaan bula. Gadaan Waaqaan qajeela. Uumama maraaf Waaqni heeraafi seera qaba. Seerichis kan qajeelloon deemu ni jajjabeessa; kan karaa irraa dabe ammoo sirreessuun karaa qajeelaatti deebisa. Oromoonis kallattiin seera Waaqa uumaan bulee wal bulcha; uumamas kunuunfatee itti dhimma baha. Kun kan agarsiisu Oromoon Sirna Gadaa isaa keessatti uumama maraaf heeraafi seera qabaachuu isaati. Gama biraatiin jireenyi Gadaafi Oromoo mataan isaa uumama wajjin hidhata guddaa kan qabudha. Gadaan uumamaaf iddoo guddaa kan kennu waan ta'eef hawaasichi kabajaafi ulfina guddaa isaaniif qaba.

Akka ilaalchaafi falaasama Oromootti Oromoofi uumamni hidhata ykn hariiroo cimaa kan qabanidha. Bakkeewwan ykn Uumamni Ulfoon, Ardaaleen Jilaa Ulfoon, Tulluun, Malkaan ykn Horri, burqaan, haroon, mukkeewwan, bineeldonniifi lubbuu qabeeyyiin hunduu Oromoo biratti iddoo guddaa kan qabanidha; kabajaafi safeeffannaa guddaas kan qabanidha. Akka ilaalcha Oromootti iddoowwan kanneen Waaqni eebbisee Oromoo kan badhaase waan ta'eef safuufi safeeffannaa ykn kabajaa guddaa kan qabanidha. Oromoon seera uumamaa qabuun hariiroo namaa, uumama biroofi Waaqa gidduu jiru eeggatee kan jiraatudha. Akka ilaalchaafi falaasama Oromootti uumama Waaqni kennaadhaan namaaf kenne safuu uumaafi uumamaa eeguun hariiroo gaariin waliin jiraachuun dirqama ta'a. Oromoon ilaalcha isaa keessatti uumama waliin jiraata malee uumama nyaatee ykn itti fayyadamee hin mancaasu. Akka ilaalchaafi falaasama Oromootti lafti qullaa hin uumamne. Tulluu, Bosona, laga, lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hunda qabdi. Kanaaf, Oromoon Ilaalcha isaa keessatti uumama hundaaf, uumama Waaqayyo uume hundaafis kabajaa guddaa qaba. Oromoon uumaa Waaqayyo uume kanneen seera malee itti fayyadamee akka isaan manca'an hin taasisu; hin hayyamus. Kanaaf uumama hunda waliin kabajaafi jaalalaan jiraata.

Iccitiin kanaa ammoo tokkoofi tokko qofadha. Innis ummatichi ummata aadaa, duudhaa, seenaafi ooltee bultee bara dheeraafi gabbataa qabu waan ta'eefidha. Sirni Gadaa ummatichaas mataan isaa uumama maraaf iddoo olaanaa kenna waan ta'eef. Ilaalchi Oromoon uumaafi uumamaaf qabu kun ammoo kan ummanni Oromoo durii kaasee waloon qabaachaa turedha. Seenaa jiruufi

jireenya Oromoo keessatti bu'uuramee kan guddateefi dagaagedha. Kanaaf egaa kan Oromoon ***"Waaqa tokkicha, Waaqa gurraacha, Waaqa uumee, Waaqa uumamaa, kan namaafi nama hin ta'iin hunda uumte, kan lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii dachee kanarra jiran mara uumte!"*** jedhee durii kaasee ittiin bulaa tureef.

Oromoon Tuulamaas akkuma Oromoo kamiiyyuu uumama Waaqayyo dacheefi lafa kana irratti uume hundaaf safuu qaba. Oromoon Tuulamaa uumama wajjin hariiroo inni qabu, hariiroo hundaa oliiti. Hariiroo nama wajjin qabu caalaa hariiroo uumama wajjin qabutu baay'ee olaanaadha Kabajaafi ulfinna guddaas kan kennuufidha. Aadaa isaa keessatti: Uumama Ulfoo, Ardaalee Jilaa Ulfoo, walumaagalatti uumama Waaqayyo uume wajjin hariiroo cimaafi hidhata guddaa waan waliin qabuuf jechuudha. Kanaaf ammoo, "Heeronni Ulfoo Jahan Waaqayyoo;" jechuunis Heera Waaqaa, Heera Lafaa (Dachee), Heera Tulluu, Heera Malkaa, Heera Abbaafi Heera Haadhaa kan ummatichi baafatee ittiin wal bulchaa har'a gahe ragaa guddaadha. Gadaan dhufaa darbu kamuu dhimmoota kanneeniif xiyyeeffannaa guddaa kan kennudha. Heerota kanneen jalatti seeronni hundi kan tumaman, kan fooyya'aniifi labsaman ta'u. Seeronni tumamaniifi fooyya'an, seera lubbuu namaa (seera gumaa), seera beelladaa ykn horii manaa, seera bineensaa, seera bosonaa, seera dachee ykn lafaa, seera haroowwanii ykn malkaa ykn bishaaniifi wkf.nidha. Seerri Gadaa uumama seera malee hin balleessiinaa jedha. Kana jechuun mukkeen akka malee ciruun ykn mancaasuun, bineensa seera malee ajjeesuun, dacheefi uumama dachee keessa jiru akka malee itti fayyadamuufi akka malee mancaasuun, hora ykn malkaa ykn bishaan akka malee itti fayyadamuun, walumaagalatti uumama mara akka malee mancaasuufi itti fayyadamuun aadmaleedha jechuudha. Seeraanis nama gaafachiisa; ragaalee qorannoo kana keessatti xiinxalamanis dhimmoota kanneen sirriitti kan cimsanidha.

Afoolli hawaasichaas falaasamaafi ilaalcha Oromoon Tuulamaa uumama maraaf qabu, hariiroo ykn hidhata ummatichi uumama mara wajjin qabu, akkasumas eegumsaafi kunuunsa uumama maraaf godhamuu malu ibsuu keessatti gaheefi humna guddaa qaba.  Afoolli hawaasichaas uumama mara hammata. Hawaasichi afoola isaatti fayyadamee uumaafi uumama dinqisiifata; uumama maraafis eegumsiifi kunuunsi akka godhamu wal barsiisa; wal yaaddachiisa; seenaa darbe xiinxaluun waan amma jiru wal hubachiisa; waan boru ta'uu malus akeeka ykn raaga.

Gabaabumatti, afoolli hawaasichaa hariiroo Oromoon Tuulamaa Uumama ykn Ardaalee Ulfoo, tulluu, malkaa ykn hora, dachee ykn lafa, mukkeen ykn biqiltoota, bineeldota, lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hunda wajjin qabu ibsuu keessatti iddoo olaanaa kan qabudha. Ummatichis safuu uumaafi uumamaa eeguun hariiroo gaariin uumama mara wajjin nagaan akka jiraatu afoolli hawaasichaa cimsee ni barsiisa.

Haata'uutii, akka ragaan qorannichaa bakka baay'etti agarsiisutti: hariiroon, ilaalchi ykn falaasamni, beekumsi xabboo, duudhaafi safuun Oromoo Tuulamaa uumama maraaf qabu dhiibbaa namtolcheefi uumamaatiin iddoo hedduutti miidhamaa ykn badaa akka jirudha. Keessattuu iddoowwan Uumama Ulfoo (sacred places) ummatichaa kanneen ta'an tulluuwwan, haroowwaniifi Ardaaleen Jilaa yeroo ammaa sababoota namtolcheefi uumamaatiin daran badaafi manca'aa yeroo jiran arguun baratamaa ta'aa dhufeera. Haalli kun ammoo hawaasichi uumama uumaan uumee wajjin dugda akka walitti galchu taasisuun duudhaafi safuun cabee, ummannis hariiroo uumama wajjin qabu dagatee, falaasamaafi beekumsa xabboo gama kanaan qabus dagatee dhalootaaf waan dabarsu dhabaa jira. Sababa kanaan walqabatees yeroo ammaa iddoo hedduuti qeeyyaafi xiinqeeyyaan (ecology) Oromoo jeeqamaa jira. Lubbu qabeeyyiifi dhabeeyyii hedduun uumama kanneen keessatti argamanis yeroo ammaa akka malee badaafi miidhamaa jiru.

Kaleessa, bara Oromoon Tuulamaa duudhaa isaa ganamaa sirriitti jabeeffatee sirna isaa gaggeeffachaa turetti, gaafa Oromoon Tuulamaa sirna Waaqeffanaafi safuu isaa ganamaatti bulaa turetti, Ardaalee Ulfoon kabajaafi safeeffannaa guddaa kan qabanidha. Kanaaf, hawaasicha biratti ulfinaafi kabaja guddaa qabu; hariiroo ykn hidhata cimaas waliin qabu. Kaleessa gaafa duudhaafi safuun Oromoo Tuulamaa bakka isaa jiru san, iddooleen kunneen safuu guddaa qabu; kunuunsaafi eegumsa guddaas qabu. Gaafas bakka Ardaalee Ulfoo kanneenitti yakka hojjechuun, lubbuu baasuun, iddoolee Ulfoo kanneen harka xuriitiin dhaquun, daangaafi qabiyyee Ardaalee Ulfoo kanneen seeraan ala qotuun, mancaasuun, ijaarsa ykn kaayyoo birootiif oolchuun aadmaleedha; safuu cabsuudha. Seera Gadaatiinis nama gaafachiisa. Falaasamni, ilaalchi, duudhaafi safuun hawaasichaa Ardaalee Jilaa Ulfoo kanaaf kaleessa qabu kun har'a bakka isaa waan jiru hin fakkaatu. Bakka adda addaatti cabee, laafee, dadhabee akka jiru ragaan qorannichaa sirriitti kan dhugoomsudha.

Tulluuwwan Ulfoo Oromoo Tuulamaa ulfinaafi kabaja kaleessa hawaasicha biratti qaban yeroo ammaa kana kan qaban hin fakkaatan. Sababa saamicha lafaa amantii Ortodoksiitiin

raawwatamaa jiruun, sababa babal'ifannaa qonnaafi kanneen birootiin qeeyyaan (ecology) Oromoo Tuulamaa inni ganamaa naannoo Tulluuwwan kanneenii jiran har'a manca'aa akka jiru, qabeenyi uumamaa hedduun manca'aa akka jiru, safuun Oromoos cabee akka jirudha ragaaleen qorannichaa kan agarsiisan. Mukkeewwan gurguddoofi ummata Oromoo biratti ulfina guddaa qabaniifi qananii ta'anis kanneen akka birbirsaa, ejersaa, waddeessaa, qilxuu, xaddachaa, gaatiraafi wkf yeroo ammaa irraa ciramanii mancaafamaa jiru; baay'een isaaniis badaniiru. Bantiin Uumama Ulfoo Tulluuwwaniis qullaa hafanii akka jiran ragaan qorannoo kanaa sirriitti kan ibsu ta'uu isaati.

Gama birootiin Horri Finfinneefi Arsadii dhiibbaa sirnaa durii dandamachuun yeroo ammaa Ardaa Ulfoo Irreeffannaa Oromoo isa guddaa ta'anii jiru. Irreechis waltajjii tokkummaa Oromoo isa guddaa ta'aa akka dhufedha. Oromoon Tuulamaas ta'ee, kana biroo bakka duudhaa isaa ganamaatti deebi'uun seenaafi aadaa bade, laafe, eenyummaa dhokatee ture, safuufi safeeffannaa isaa dhokatee ture, duudhaa Waaqeffannaafi Irreeffannaa isaa Ardaalee Ulfoo kanneenitti laafee ture jabeefachuun, deebisee damdamachiisuun, falaasama, ilaalchaafi beekumsa xabboo iddoowwan uumama Ulfoo kanneeniif qabu cimsachaa dhalootaaf dabarsaa akka jirudha ragaan qorannichaa kan mirkaneessu. Ragaan qorannoo kanaaf madda jalqabaafi lammaffaa irraa walitti qabames dhimmoota kanneen sirriitti kan dhugoomsu yoo ta'u, argannoowwan qorannichaas haala itti aanuun kan ibsamanidha.

## 8.2 Argannoo

Mala qorannoo hojiirra ooleeniifi ragaaleen mala funaansa ragaa karaa daawwannaa hirmaachisaa, afgaaffii, marii garee xiyyeeffannaafi sakatta'insa dokimentiitiin madda ragaalee tokkoffaafi lammaffaa irraa walitti qabaman akaakuu isaaniitiin tartiibeffamanii mala akkamtaatiin ibsamaniin argannoon qorannichaa kan agarsiisu:

- ❖ Kaleessa, bara Oromoon Tuulamaa duudhaa isaa ganamaa sirriitti jabeeffatee sirna isaa gaggeeffachaa turetti, gaafa Oromoon Tuulamaa sirna Waaqeffanaafi safuu isaa ganamaatti bulaa turetti; hawasichi uumama Waaqayyo uume mara wajjin hidhata ykn hariiroo cimaa kan qabudha. Tulluun, Malkaan ykn Horri, burqaan, haroon, mukeewwan bineeldonniifi lubbuu qabeeyyiin hunduu Oromoo Tuulamaa biratti iddoo guddaa kan qabanidha; kabajaafi safeeffannaa guddaas kan qabanidha. Akka ilaalcha Oromoo Tuulamaatti lubbuu Waaqayyo uume, uumaa Waaqayyo uume balleessuun, mancaasuun,

seeraan ala itti fayyadamuun dhorkaadha; aadmalee ta'uusaas bu'aan qorannoo kanaa ni mirkaneessa.

- Ardaaleen ykn Uumamni Ulfoon Oromoo Tuulamaa biratti iddoo olaanaafi kabajaa guddaa qaban kanneen akka: Odaa Nabee, Caffee Abbaa Muudaa/ Caffee Dongoraa, Caffee Tumaa, Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaa, Tulluu Cuqqaalaafi Tulluu Erer Kormaa, Hora Arsadiifi Finfinnee akka ta'an ragaaleen qorannoo kanaa ni agarsiisu. Oromoon Tuulamaa Iddoowwan Uumama Ulfoo kanneen sagalee Waaqayyootu jira jedhee amanas. Iddoowwan kanneenitti Waaqa isaa galateeffata; Waaqa isaas dhugeeffata; safeeffatas. Iddoowwan Uumama Ulfoo kanneenitti bahuun araaraan Waaqa isaatti dhiyaata; araaras kadhata; nageenya labsa; rooba kadhata.
- ***Ardaa Ulfoo - Odaan Nabee*** Oromoo Tuulamaa naannicha jiraatan biratti ulfinaafi kabaja guddaa kan qabudha; Odaa Nabeetti seerri Gadaa hin tumamu. Odaan Nabee bakka araarri itti raawwatamuufi bakka wal qulqulleessuun itti gaggeeffamu ta'uusaa bu'aan qorannoo kanaa ni mirkaneessa.
- Caffeen Dongoraa/ Caffeen Abbaa Muudaa bakka "***Heerri Ulfoon Jahan Waaqayyoo isaanis: Heerri Waaqaa, Heerri Lafaa Ykn Dachee, Heerri Tulluu, Heerri Malkaa, Heerri Abbaafi Heerri Haadhaa"*** afaan itti saaqqamanidha. ***"Heeronni Ulfoon Jahan Waaqayyoo"*** kunneen yoomiyyuu kan hin jijjiiramnedha. Dhaloota dhufaa darbaa kamiyyuu keessatti heeronni kunneen hin jijjiiramani; hin cabanis; yoomiyyuu Ulfoo ta'uusaa bu'aan qorannichaa ni agarsiisa.
- Caffeen Tumaa Oromoo Tuulamaa biratti Caffee Ulfoo olaanaadha. Heeronni Ulfoon Caffee Dongoraatti afaan itti saaqqaman, Caffee Tumaatti irra deebi'amee ibsa waliin himama. Iddoon kun bakka seeronni lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii hundaa itti tumamaniifi fooyya'anidha. Seerri Caffee Tumaatti tumameefi fooyya'e bultoo bulfamee, waggaa tokkoof irratti mari'atamee, hunda biratti fudhatama erga argatee booda Dhakaa Koraa ykn Handoodee Tumaatti seera ta'ee labsamuun waggaa saddeet itti aanuuf kan ittiin gaggeeffamu ta'uus bu'aan qorannichaa ni dhugoomsa.
- Oromoo Tuulamaa biratti ***"Tulluuwwan Saddeettan Waaqayyoo"*** jedhamuun kanneen beekaman: Tulluu Cuqqaalaa, Tulluu Eerer, Tulluu Furii, Tulluu Galaan (Muxxee Galaan), Tulluu Waatoo Daalachaa, Tulluu Fooyataa, Tulluu Hococaafi Tulluu Eegduu

akka ta'an ragaan qorannichaa ni agarsiisa. Oromoo Tuulamaa biratti Tulluun hundi ulfaadha; irra caalaa ammoo Tulluun Cuqqaalaa ulfaadha. Tulluuwwan hunduu Oromoo Tuulamaa biratti iddoo guddaa kan qabanidha; kabajaafi safeeffannaa guddaas qabu. Ragaaleen qorannicha keessatti dhiyaatanis dhimma kana sirriitti dhugoomsaniiru.

- Iddoo Ulfoo guddoo Oromoo Tuulamaa ganamaa kan ta'e Tulluun Cuqqaalaa yeroo ammaa kana simboofi ulfina isaa ganamaa kan dhabe fakkaata; dhabee jiras jechuunis ni danda'ama. ***"Siidaan Waaqayyoo ykn Siidaa Arjoomaa"*** jedhamuun Oromoo Tuulamaa biratti kabajaa guddaa kan qabuufi kan Oromoonni waggaa waggaan muuda itti adeemuun Waaqa isaanii itti galateeffatan kun bara 2002 irraa eegalee Moloksoota Tullicha irra jiraniin manca'ee jira. Yeroo ammaas Oromoon bakka kanatti Waaqeffachaa akka hin jirre qorannoo kanaan hubachuun danda'ameera. Naannoo sanitti qeeyyaan Oronnoo inni ganamaa manca'aa akka jiru, safuun Oromoos cabee akka jirudha ragaaleen qorannichaa ni agarsiisu.

- Oromoo Tuulamaa biratti **"Hora Jahan Waaqayyoo"** jedhamuun kan beekaman: Hora Finfinnee, Hora Harsadii, Hora Kiilolee, Hora Hadhoo, Hora Warxoofi Hora Ereri. Horri hunduu Ulfoodha; irraa caalaa ammoo Horri Finfinnee Oromoo Tuulamaa biratti Ulfoodha. Oromoo Tuulamaa biratti ardaan Irreeffannaa inni guddaaniifi hangafti dur Hora Finfinnee akka turedha; boodarra dhiibbaa sirna Nafxanyaa irraa kan ka'e Horri Harsadii iddoo Ulfoo Ardaa Irreechaa Oromoo Tuulamaa akka ta'aa dhufedha. Qabsoo hundagaleessa Oromoon taasiseen Horri Finfinneefi Harsadii dhibbaa sirnoota durii dandamachuun yeroo ammaa Ardaa Ulfoo Oromoo maraa ta'aa akka dhufanidha ragaan qorannichaa kan agarsiisu.

- Oromoo Tuulamaa biratti dacheen ykn lafti Ulfoodha. Kabajaa guddoos qabdi. Oromoo Tuulamaa biratti Waaqni akka abbaatti, dacheen ykn lafti akka haadhaatti ilaallamti. Dachee akka malee miidhuun, mancaasuun, seera malee itti fayyadamuun akka Sirna Gadaa "***Waan seer"*** akka ta'e, kana jechuun kan nama adabsiisu ykn seera aadaatiin kan nama gaafachiisu ta'uu ragaan qorannichaa ni dhugoomsa.

- Oromoon Tuulamaa mukkeen ykn biqiltoota wajjin hariiroofi hidhata cimaa akka qabu ragaaleen qorannichaa ni agarsiisa. Muka seera malee hin muru; hin mancaasu; karaa

aadaa hin taaneen, mukkeen bosonaa badiif saaxilamanii yoo argaman, seera Gadaatiin badii irraa oolcha; seera Gadaatiinis eegumsaafi kunuunsa guddaa taasisaaf.

- Akkuma Oromoo kamiiyyuu Oromoon Tuulamaas bineeldotaaf iddoo olaanaa akka kennudha. Akka ragaa qorannichaatti bineeldonni hundi seera isaan eeguufi kunuunsu hawaasicha keessatti qabu; ajjeeftullee seeraan ajjeefta; ammoo akka ilaalchaafi falaasama hawaasichaatti amma kamiyyuu ta'u haadha ilmoo irraa hin ajjeeftu; bineelda bishaan dhugaa jiru hin ajjeeftu; ajjeefnaan cubbuudha.
- Ragaan qorannichaa akka mirkaneessutti; afoolli hawaasichaa uumama mara hammata. Hawaasichi afoola isaatti fayyadamee uumaafi uumama dinqisiifata; uumama maraafis eegumsiifi kunuunsi akka godhamu wal barsiisa; wal yaaddachiisa; seenaa darbe xiinxaluun waan amma jiru wal hubachiisa; waan boru ta'uu malus akeeka ykn raaga. Afoolli hawaasichaas hariiroo hawaasichi uumama mara wajjin qabu ibsuu keessatti humna guddaa qaba.
- Akka ragaan qorannichaa bakka baay'etti agarsiisutti: hariiroon, ilaalchi ykn falaasamni, beekumsi xabboo, duudhaafi safuun Oromoo Tuulamaa uumama maraaf qabu yeroo ammaa dhiibbaa namtolcheefi uumamaatiin iddoo hedduutti miidhamaa, laafaa, cabaafi badaa akka jirudha. Haata'uutii, hariiroo namaafi uumama gidduu jiru ilaalchisee aadaa, falaasama, ilaalcha, beekumsa xabboo, duudhaafi safuu hawaasichi kaleessa qabu xiqqaatus, harkatti laafus yeroo ammaa kanas kan jiru ta'uu ragaan qorannichaa ni mul'isa.
- Iddoowwan Uumama Ulfoo Oromoo qorannoo kana keessatti haguuggaman hedduu irratti Bataskaana dhaabuun, lafa Horaa lafa Tsabalaafi Ximqataa jedhanii qabeenyaafi lafa Oromoo irratti saamicha raawwachuun bal'inaan kan mul'atudha. Gama birootiin bantii, muummeefi hudduuwwan Ardaalee Jilaafi Tulluuwwanii itti marsanii qotuun, ijaarsa seeraan alaa irratti gaggeessuun, kan mul'atu ta'uusaa bu'aan qorannoo kanaa ni agarsiisa.

## 8.3 Yaboo

Argannoowwan gurguddoo qorannichaa irratti hundaa'uun hariiroo namaafi uumamaa wantoota miidhan (dhiibbaawwan namtocheefi kan biroo) ilaalchisee yaboon armaan gadii dhiyaatee jira.

- Heerota Ulfoo Jahan Waaqayyoo kabajuun, duudhaafi safuu Oromticha ganamaa eeguun hariiroo namaafi uumama gidduu jiru cimsuun, uumama Ulfoo kabajuufi kunuunsuun dhaloota dhufuuf tursuun dirqama Oromoo maraa ta'a.
- Qaamni dhimmi ilaallatu hundi iddoowwan Uumama Ulfoo kanneeniif xiyyeeffannaa guddaa kennuun badiiwwan jiran dhaabuufi dhaabsisuu qabu. Keessattuu Abbootiin Gadaafi hordoftoonni Waaqeffanaa, akkasumas qeerroofi qarreen iddoowwan Uumama Ulfoo kanneen kabajuufi kabachiisuu keessatti gahee isaanii bahachuu qabu.
- Manguddoonni argaa dhageettii, Abbootiin Gadaa, hayyoonni, qaamni ilaallatu hundi hariiroo hawaasicha uumama mara wajjin qabu dhaloota sirriitti barsiisuufi beeksisuun ilaalcha, falaasamaafi beekumsa xabboo hawaasicha gama kanaan qabu dhaloota itti aanuuf tursiisuu qabu.
- Hayyoonni Oromoo mancaatii qeeyyaafi xiinqeeyyaa Oromoo irra gahaa jiru kana qorannoofi qo'annoon adda baasuun yaada furmaataa dhiyeessuun eegumsaafi kunuunsa isaa irratti dhiibbaa beekumsa irratti hundaa'e fiduu qabu.
- Iddoowwan Uumama Ulfoo ykn Ardaalee Jilaa Ulfoo kanneen seeraan daangessuu, tuttuqaa irraa bilisa taasisuufi ijaarsa seeraan alaa irraa walaba taasisuudha.
- Mootummaa dabalatee, qaamni dhimmi ilaallatu hundi eegumsaafi kunuunsa qabeenya uumamaatiif xiyyeeffannoo kennuun madda bishaanii ykn burqaawwan gabbisuun, biqiltuuwwan ykn bosona manca'an bakka buusuun faalama qilleensaafi dhiqama biyyee xiqqeessuu qabu.
- Mootummaan beekamtii Abbootii Gadaafi ummatichaatiin alatti iddoowwan Uumama Ulfoo kanneen ijaarsa biroofi invastimentiif oolchuu irraa of qusachuu qaba. Labsii ykn dambii cimaa ta'e baasuunis iddoowwan Uumama Ulfoo kanneeniif eegumsaafi kunuunsa cimaa ta'e taasisuu qaba.
- Miidiyaaleen naannoo keenyaa badiifi mancaatii iddoowwan Uumama Ulfoo kanneen irra gama namtocheefi uumamaatiin gahaa jiran saaxiluun beeksisuu qabu; hubannoo hawaasichi gama kanneeniin qabus cimsuu keessatti gahee isaanii bahachuu qabu.
- Iddoowwan uumama Ulfoo kanneen misoomsuun hawwata tuurizimii biyya keessaafi alaatiif oolchuudha.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). AKKAMTAA. Yaadrimee Qorannoo Hujoo: Finfinnee

____________________ (2014). Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.Far East Trading Plc.Fnfinne.

Akaranga, S. I. and Makau, B. K. (2016). Ethical Considerations and their Applications to Research: A Case of the University of Nairobi; Journal of Educational Policy and Entrepreneurial Research.

Alamaayyoo Hayilee (1996). Sirna Gadaafi Siyaasa Oromoo Tuulamaa. BATO.

Alamaayyoo Hayileefi ka biroo (1998). Seenaa Ummata Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa. Finfinnee: Biraaniinna Salaam.

Alamaayyoofi Girmaa Namarraa (2011). Seenaa Ardaalee Jilaa Oromoo Tuulamaafi Caffee Tumaa. Giddugala Aadaa Oromoo; Dhaabbata Maxxansaa Biraannaa. Finfinnee.

Alamaayyoo Hayileefi ka biroo (2012). Seenaa Ummata Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa Finfinnee: Maxxansa Arfaffaa, Mana Maxxansaa Boolee.

_________(2012). Seenaa Oromoofi Hundeeffama Magaalaa Finfinnee. Mana Maxxansaa Meeggaa.

Alamaayyoo Hayileefi ka biroo (2015). Seenaa Ummata Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa Finfinnee: Maxxansa Shanaffaa, Mana Maxxansaa Birhaannaa.

Andrews, T. (2012). The grounded theory review. University College Cork.

Assefa Tefera Dibaba (2015). Ethnography of Resistance Poetics Power and Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance Culture Ethiopia, Northeast Africa. Submitted to the Faculty of the Graduate School in Partial Fulfillment of the Requirements of the Degree Doctor of Philosophy in the Department of Folklore and Ethnomusicology Indiana University.

________(2017). Ecopoetics of Place: Reclaiming Finfinne, Past and Present (Oromia, Ethiopia). https://eecopoetics.blogspot.com

_______(2019). Reclaiming "Broken Places". Mountains & Mountain Ecosystems in Danger (Ambo & Gudar Areas in Focus). https://eecopoetics.blogspot.com

________ (2022). Anaan'yaa. Maxxansa Sadaffaa. Mana Manxansaa Daystar. Finfinnee

Ashenafi Belay(2014). Exploring Environmental Discourses in Oral Literature: Ecocritical Analysis of Oromo Proverbs. Journal of Language anda Culture; Vol-5(2).pp24-35)

Asmerom Legesse (1973). Gadaa: Three Approaches to the Study of African Society. London: Collier-Macmillan Publishing Comp. C. Inc.

Austin, Buknya, etal. (1994). Understanding Oral literature. Nairobi: Nairobi Univarsity press

Bedassa Gebissa (2016). Oromo Indigenous Religion: Waaqeffannaa. IJRSI, Volume III, Issue IV. www.rsisinternational.org

Ben - Amos, Dan (1971). "Towards a New Perspective in Folklore". The Journal of American Folklore, Vol. 84, No.331, American Folklore Society.

Berger, P. &Luckmann, T. (1991). The social constructionist of reality. London: Penguin Books.

_________ (1996). The social construction of reality: A treatise in the sociology of knowledge. Hamondsworth, Middlesex: Penguin Education.

Berkes, F. (2012). Sacred ecology (3rd edition). New York, NY: Routledge. Retrieved from http://dx.doi.org/10.4324/9780203123843

Bhattacherjee, A. (2012). Social Science Research: Principles, Methods, and Practices; University of South Florida, abhatt@usf.edu

Biqilaa Tufaa (2016). Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeffannaa Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo. Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa (MA) Gamisaan Guuttachuuf Qophaa'ee Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklooriitiif Dhiyaate. Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Bonayyaan (2023). Gumii Gaayoo; Seeraafi Tumaa Seera Aadaa Oromoo Booranaa. Mana Maxxansaa Isaayyaas

Bukenya (1994). African Oral Literature. Nairobi. Nairobi University Press.

Burr, V. (1995). An introduction to social constructionism. London: Routledge.

Bruce.L.B. (2001). Qualitive Research Methods for The Social Sciences. California State University, Long Beach.

Caalaa Soorii (2015). Duudhaalee Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa. Mana Maxxansaa. Mana Maxxansaa Subii

Corsiglia, J., & Snively, G. (1997). Knowing home: NisGa'a traditional knowledge and wisdom improve environmental decision making. Alternatives Journal: Canada's Environmental Voice, 23(3), 22-27.

Dabalaa Tamasgeen (2024). Xiinxala Maqaafi Maqbaasa Nama Dhuunfaa Oromoo Booranaa: Yaaxxinaalee Xiinmaqeessuufi Xiinlatawaa Jechootaatiin. Waraqaa Qorannoo Digirii Sadaffaa (Phd) Guuttannaa Digirii Doktorummaa Falaasama Afaaniifi Ogbarruu Oromootiin Muummee Afaaniifi Oguma Oromootiif Kan Dhiyaate. Yuunivarsiitii Wallaggaa.

Dastaa Dassaleny. (2011). Bu'uura Qorannoo. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Far East.

Dasta Alamayo (2015). Safuu: The Indigenous Oromo Moral System. A Thesis Submitted to the Graduate School of Social Sciences in Partial Fulfillment of the Requirements for the Master of Arts Degree in Philosophy. Addis Ababa University, School Of Graduate Studies.

David E.(2004). Doing research in the real world. London: SAGE. Publishing Ltd.

Dereje Hinaw (2005). "Historical Significance of some major Gada centers in Oromiya" Addis Ababa, Department of History.

_________(2012). Historical Significances of Odaa with Special Reference to Walaabuu Department of History and Heritage Management, Faculty of Social Science, Wollega University.

David, B. and Resnik, J. D. (2015). What is Ethics in Research & Why is it Important? NIH.

Dirribii Damisee (2012). Ilaalcha Oromoo. Finfinnee: Mana Maxansaa Finfinnee.

____________(2014). Seenaa Eenyummaa Oromoo: Finfinnee: Mana Maxansaa Finfinnee.

____________(2016). Ilaalcha Oromoo; Gulaallii 4ffaa. Finfinnee: Mana Maxansaa Ilsabaa.

____________(2019). Barroo Amantii Waaqeffannaa. Finfinnee: Mana Manxansaa Adp (Adp printing Plc).

Dorson, R. (1972). Folklore and Foklife: an Introduction. Chicago: The University of

Dundes, Alan (1980). “Who are the Folk?”In Interpreting Folklore. Bloomington: Indiana University Press.

Dundes, A., & Bronner, S. J. (2007). The meaning of folklore: The analytical essays of Alan Dundes. Logan: Utah State University Press

Fekade Azeze (1998). Yasinaqal Mamriyaa. Addis Ababa: Alfa Printers.

Filee Jaalataa (2021). Beekumtaa Oromoo: Kutaa Tokko. Keyline printing

Fitsum Abate (2013). The Salivation Of Endangered Language: Documantation And Description Of The Gunjule Oral Lite.PhD

Fouka, G. & Mantzorou, M. (2011). What are the Major Ethical Issues in Conducting Research? Is there a Conflict between the Research Ethics and the Nature of Nursing? Health Science Journal ® Volume 5, Issue 1

Gaaddisee Amsaaluufi Fiqaaduu Bayyissaa (2021). Xiinxala Dhiibbaa Ammayyummaan Safuu Oromoon Kabaja Namaafi Uffannaaf Qabu Irratti Geessisu: Magaalaa Amboorratti Kan Xiyyeeffate. Gadaa Journal/Barruulee Gadaa Volume 4, No.2

Gemechu Megerssa.(1994). Knowledge, Identity and the colonizing Struteture; The Case Of Oromo Ineast Africa. University Of Orienta And African Studies.

____________( 2005). “The Oromo World View.” Journal of Oromo Studies. Vol. 12, Nos. 1&2.

Gemeda Odo Roba (2014). Indigenous mechanisms of preserving sacred natural sites in Guji Oromo, Adoola Reedde and Anna Sorra Districts, Southern Ethiopia.

Georges, R. A and Jones, M. O. (1995). Folkloristics: An Introduction. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press

Geremew Chala and Hunduma Dagim (2018). Oromo Oral Literature for Environmental Conservation: A Study of Selected Folksongs in East and West Hararghe Zones. www.mdpi.com/journal/humanities.

Girmaa Namarraa (2016). Seenaa Oromoo Harargee. Inistitiyuutii Qorannoofi Qo'annoo Oromoo, Mana Maxxansaa Meelbaa. Galaan

Glassie, Henry(1995). "Tradition". The Journal of American Folklore, Vol. 108, No. 430, Common Ground: Keywords for the Study of Expressive Culture. American Folklore Society.

Green, Thomas (1997). Encyclopedia of Beliefs, Customs, Tales, music and Art. California, Denver, ABC- CLIO, Inc, Santa Barbara, 1997.

Hickey, C. (2018). Research Ethics in Social Research. Teaching Council Webinar; © Centre for Effective Services.

Hiikaa Faqqadaafi Alamituu Olii (2010). Seensa Afoolaa; Sagantaa Barnoota Fagoo Yuunvarsitii Jimmaatti Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Horner, Alice E. (1990). "The Assumption of Tradition: Creating, Collecting, and Conserving Cultural Artifacts in the Cameroon Grass Fields (West Africa)". Ph.D. Dissertation in Anthropology, University of California, Berkeley.

Ibsa Gutama (1997). Odaa Nabee in Oromo Oral Taradition. The Oromo Commentary, Vol. II, No.2

Iphofen, R. (2015). Research Ethics in Ethnography/Anthropology. Published by the European Commission.

Joseph Maria Mallarel. (2007). Sacred sites and Protected areas. Gonzalo Oviedo aeas. https://www. Research Gate.

Kahsay Berhe (2004). Land Use and Land Cover Changes in the Central Highlands of Ethiopia: The Case of Yerer Mountain and Its Surroundings. A Thesis Submitted to the School of Graduate Studies, Addis Ababa University; In Partial Fulfilment of the Requirement for the Degree of Master of Science in Environmental Science

Korsgaard, S. (2007). Social constructionism: and why it should feature in entrepreneurship theory. Denmark: Centre for Organization Renewal and Evolution. McIleen,

Leeniin Quuxoo (2010). Qaaccessa Laguu Foon Beeyladootaafi Bineensotaan Walqabatu: Xiyyeeffannoon Oromoo Arsii Waayyuu. Wiirtuu Jildii 10. Giddugala Aadaa Oromoo. Mana Maxxansaa Boolee.

Lemessa Mergo (2012). “The Scene Does Not Speak”: The Demise of the Odaa Bulluq Sacred Forest in Horro Guduru, Northwestern Oromia, Ethiopia. The Journal of Oromo Studies Volume 19, Number 1 & 2.

Machaba. A.M. (2004). Naming, Identity and The African Renaisance in a South African Context. PhD Dissertation. University of Natal. Faculty of Human and Management.

Melaku Getahun (2016). Oromo Indigenous Knowledge and Practices in Natural Resources Management: Land, Forest, and Water in Focus. Journal of Ecosystem & Ecography.

Mulugeta Jaleta (2017). Oromo Indigenous Religion: Anthropological Understanding Of Waaqeffannaa-Nature Link, With Highlight on Livelihood in Guji Zone, Adola Redde and Girja Districts. A Thesis Submitted to the Department of Social Anthropology, College of Social Science Addis Ababa University. In Partial Fulfillment for Reqirementes of the Degree of Masters of Arts in Social Anthropolgy. Addis Ababa University Addis Ababa University.

Mulugeta Nagassa. (2014). “Documentaion and Analysis of Ritual Performances of "Seera Gada” among the Karrayyu Oromo”. PHD. Dissertation Addis Ababa University.

Neuman, W. Lawrence (2011). Basics of Social Research (3nd edition). Qualitative and Quantitative Approaches.

Nugusee Iddeessaa (2017). Qaaccessa Sirna Waaqeffannaafi Fayyadama Afaanii Warra Kallachaallee: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Daannoo.Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qoannoo Afaanii, Joornaalizimiifiqunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii.

Okpewho. I (1992). African Oral literature: Background, character, and continuity. Bloomington and Indiana polis. Indiana University Press.

Oxford Advanced Learner‟s Dictionary (2000) 6th edition. Oxford English.

Orb, A., Eisenhauer, L. & Wynaden, D. (2000). Ethics in Qualitative Research. Journal of Nursing Scholarship.

Robert W. fi kanneen biroo. (2010). Conclusions: Sustaining Sacred Natural Sites to Conserve Nature and Culture.

Ruth Finnegan, (1970). Oral Literature in Africa Nairobi: Oxford University Press.

Sandra, G. Taylor (2005). Studying People. Guidelines on the Ethical Conduct of Research in the Humanities and Social Sciences

Sanyii Baay'isaa (2012). Sakatta'a Duudhaalee amantii Waaqeffannaa. Qu'annoo Itti Guutinsa Ulaagaalee Digrii Tokkoffaa Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu. Yunivarsitii Amboo.

Sen, V. and Nagwanshee, K. R. (2016). Ethical Issues in Social Science Research. Research Journal of Management Sciences Vol. 5(10)

Shibbiruu Abdoofi Shimallis Wandimuu (2015). Wixinee Lallaba Sirna Gadaa Qabeenya Uumamaa Sikkoo – Mandoo. Murtee Labsii Sirna Gadaa Paarkii Biyyoolessaa Gaarreen Baaleetiif Qophaa'e. Paarkii Biyyoolessa Gaarreen Baaleefi Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Baalee. Kan Hin Maxxanfamiin.

Sims, Martha.C. and Stephens, M, (2005). Living Folklore: An Introduction to Study of People and their Traditions. Utah State University Press, USA,

Sisaay Kabbadaa (2018). Afseenaa Namoota Bebbeekamoo Aanaa Midaa Qanyii. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuufgamisaanguuttachuuf Dhiyaate. Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Quunnamtii. Yuunivarsiitii Finfinnee.

Taaddasaa Hoomaa. (2016). Xiinxala Gosoota Fookloorii Gombisa Fardaa Hwaasa Oromoo Aanaa Dandiirratti. Kan hin maxxanfamne. Yunivarsiitii Finfinnee Waraqaa Qorannoo (MA)

Takesure Mahohoma. (2020). Experiencing the Sacred. Church History Society of South Africa and Unisa Press. vol. 46.

Tarruu Unguree (2015). Waaqefannaa; Amantaa Duudhaa Ganamaa: Finfinnee.

Terefe Mitiku and Waktole Hailu (2017). The Role of Oromo Indigenous Knowledge in Disaster Management and Protection: the Case of Kuttaayee in Ambo District. International Journal of Multicultural And Multireligious Understanding.Volume 4, Issue 5. P.16-28

Tesema Ta'a (2012). Religious Beliefs among the Oromo: Waaqeffannaa, Christianity and Islam in the Context of Ethnic Identity, Citizenship and Integration: EJOSSAH Vol. VIII, No.1

Toelken, Barre (1996). Dynamics of Folklore. Logan: Utah State University Press,.

Tumaa Seera Gadaa Maccaa Odaa Bisil; (2017). Barruu hin maxxanfamiin.

Turnbull, J. (2010) Oxford Advanced Learner's Dictionary Of Current English, 8th Edition. Oxford New York: Oxford Univarsity Press.

Waldaa Waaqeffattoota Oromoo Noorway (6411). Yaayya. Noorway

Wandimmuu Nagaashiifi Booniin Tasfaayee (2015;114). Seenaafi Sirna Gadaa Maccaa; Maxxansa Lammafaa. Inistitiyuutii Qorannoofi Qo'annoo Oromoo. Mana Maxxansaa Dhaabbata Biraannaa. Finfinnee

Wiirtuu Jil. -10 (2010). Giddugala Aadaa Oromoo. Barruu Qormaata Afaanii Mana Maxxansaa Boolee.

Workineh Kelbessa (2005). "The Utility Ethical Dialogue for marginalized Voices of Africa." Institute for invironment and developmenta, Addis Ababa University.

_______ (2010). Indigenous and Modern Environmental Ethics: A Study of the Indigenous Oromo Environmental Ethic and Modern Issues of Environment and Development Ethiopian Philosophical Studies, I

________ (2014). Traditional Oromo Attitudes towards the Environment. Social Science Research Report Series, no. 19.

Zerihun Doda Doffana. (2019). Sacred sites and ancestor veneration in Sidama, southwest Ethiopia: A socio-ecological perspective. Cogent Social Sciences.

አዲስ ይትባረክ (2005). የቃል ግጥም ክዋኔ እና የእምነት ዉህደት በዝቋላ አቦ ክብረ በዓል። አዲስ አበባ ዩንቨርሲቲ የድህረ ምረቃ ት/ቤት የሂዩማ ኒቲስ፤ የቋንቋዎች ጥናት፤ የጆርናሊዝም ና የኮሚ ኒኬሽን ከሌጅ፤ የአማ ርኛ ቋንቋ፤ ሥነ-ፅሁፍና ፎክሎ ር ት/ት ክፍል፤ የድህረ ምረቃ መርሐ ግብር።

ተቦር ዋሚ (2013 ዓ.ም.). የኦሮሞ ታሪክና ማንነቱ፤ ሮቦት ማተሚያ ድርጅት፤ አድስ

**Odeeffattoota Ijoo Afgaaffiin Ragaa Kennan**

| Lak. | Maqaa | Iddoo Jireenyaa | Koornayaa | Umurii | Tooftaa Ragaan Ittiin Fudhatame |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Alamaayyoo Hayilee | Finfinnee, Askoo | Dhi | 55 | Afgaaffiin |
| 2 | Bayyanaa Sanbatoo | Bishooftuu | Dhi | 58 | Afgaaffiin |
| 3 | Caalaa Soorii | Duukam | Dhi | 61 | Afgaaffiin |
| 4 | Naggasaa Nagawoo | Liiban Cuqqaalaa | Dhi | 69 | Bilbilaan |
| 5 | Sabbooqaa Gadaa | Liiban Cuqqaalaa | Dhi | 54 | Afgaaffii |
| 6 | Katamaa Hordofaa | Duukam | Dhi | 58 | Afgaaffii |
| 7 | Miidhaksoo Gurmuu | Aanaa Loomee | Dhi | 65 | Afgaaffii |
| 8 | Bulbulaa Wagii | Aanaa Booraa | Dhi | 71 | Afgaaffii |
| 9 | Jamaal Baatii | Galaan | Dhi | 35 | Afgaaffii |
| 10 | Naanaatii Yaamii | Aanaa Boosat | Dub | | Afgaaffii |
| 11 | Haadha Siinqee Dureetti Bakkoo | Dugdaa | Dub | 69 | Afgaaffii |
| 12 | Haadha Siinqee Magartuu Boreessa | L/Cuqqaalaa | Dub | 72 | Afgaaffii |
| 13 | Haadha Siinqee Waaritee Didoo | Faantallee | Dub | 66 | Afgaaffii |
| 14 | Haadha Siinqee Guyyee Boosee | Faantallee | Dub | 73 | Afgaaffii |

**Odeeffattoota MGX1 Ragaa Kennan**

| Lak. | Maqaa | Iddoo Jireenyaa | Koornayaa | Umurii | Tooftaa Ragaan Ittiin Fudhatame |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Caalaa Soorii | Duukam | Dhi | 61 | MGX |
| 2 | Naggasaa Nagawoo | Liiban Cuqqaalaa | Dhi | 69 | MGX |
| 3 | Sabbooqaa Gadaa | Liiban Cuqqaalaa | Dhi | 54 | MGX |
| 4 | Katamaa Hordofaa | Duukam | Dhi | 58 | MGX |
| 5 | Miidhaksoo Gurmuu | Aanaa Loomee | Dhi | 65 | MGX |
| 6 | Bulbulaa Wagii | Aanaa Booraa | Dhi | 71 | MGX |
| 7 | Naanaatii Yaamii | Aanaa Boosat | Dub | 35 | MGX |

**Odeeffattoota MGX2 Ragaa Kennan**

| Lak. | Maqaa | Iddoo Jireenyaa | Koornayaa | Umurii | Tooftaa Ragaan Ittiin Fudhatame |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Yuuba Caalaa Soorii | Duukam | Dhi | 61 | MGX |
| 2 | Naggasaa Nagawoo | Liiban Cuqqaalaa | Dhi | 70 | MGX |
| 3 | Girmaa Tasammaa | Aanaa Loomee | Dhi | 65 | MGX |
| 4 | Sabbooqaa Lataa | Finfinnee | Dhi | 70 | MGX |
| 5 | Abbaa Gadaa Goobana Hoolaa | Bishooftuu | Dhi | 62 | MGX |
| 6 | Abbaa Gadaa Lataa Birraa | Liiban Cuqqaalaa | Dhi | 70 | MGX |
| 7 | Hordofaa Dammisee | Finfinnee | Dhi | 58 | MGX |
| 8 | Rattaa Yaa’ii | Adaamaa | Dhi | 51 | MGX |
| 9 | Abbaa Duulaa Tolii Eegduu | Buraayyuu | Dhi | 60 | MGX |

# Miiltoo: Ragaa Qorannoo Aloolaa

## Miiltoo A: Ilaalcha Oromoon Uumamaaf Qabu

Oromoon uumama wajjin hariiroo inni qabu hariiroo hundaa oliiti. Hariiroo nama wajjin qabu caalaa hariiroon uumama wajjin qabu baay’ee olaanaadha. Sababni isaas uumama kana keessa jiraata; uumama kanattis fayyadama; uumama kanaanis aadaa isaa gaggeeffata. Uumamni kun hin jiru taanaan Oromoonis hin jiru; aadaan isaas hin jiru.

Uumama kanaaf ammoo Oromoon dursa Seera/Heera/ lallaba. Heerri kun yeroo hunda kan hin jijjiiramnedha. Seeratu jijjiirama malee heerri hin jijjiiramu. Akka Oromoo Tuulamaatti Caffee Tumaatti heerri dursee tumamu heera ulfoo jedhanidha; Dhakaa Koraattis heerri dursee lallabamu heera ulfaa jedhanidha. Heerri kunis heera ulfaa jahan Waaqayyoo jedhama.

Gadaa dhufanii darban hundi heera jahan Waaqayyoo kanaan heera saaqu. Heerri ulfoon jahan Waaqayyoo kunis:

1. Waaqni ulfoodha
2. Lafti ulfoodha
3. Tulluun ulfoodha
4. Malkaan ulfoodha
5. Abbaan ulfoodha
6. Haati ulfoodha; kan jedhudha.

Heerri ulfoon Waaqayyoo kunneen yoomiyyuu kan hin jijjiiramnedha. Dhaloota kamiyyuu dhufaa darban keessatti heerri jahan Waaqayyoo kunneen ulfoodha. Gadaan dhufus kanuma lallaba. Heera kana jalattidha seeronni hundis kan lallabamu. Kanaaf heerri uumaa kanarratti hin jijjiramu. Oromoon Waaqni ulfaadha kan jedhuuf; Waaqni waan hunda uume, dachee kana ni uume; muka nuu uume; nama nuu uume; waan ittiin jiraannu hunda nuu uume; kanaaf Waaqni ulfaadha jedha Oromoon.

“Lafti ulfoodha jette, maaliif ulfaadhaa?” jedhee walgaafata Oromoon. Lafti tun irratti jiraanna, yoo jiraannu nu jiraachiftee, nuuf laattee, irraa itti fayyadamnee, gaafa duunullee, ofitti nu fudhattii; natti ajaa’e jettee hin jibbituu; kanaaf lafti (dacheen) ulfoodha jedha Oromoon. Marga

nuuf magarsiti; midhaan nuuf biqilchitii; horiif marga lagatti; horii jila keenya ittiin raawwannu, aadaa keenya ittiin gaggeeffannu hundayyuu lafa kana irraa arganna. Kanaaf lafti ulfoodha. Alangee Gadaas taanaan lafa kanarraa arganna; Bokkuun Gadaa uumama kana irraa argamti; qoricha aadaa waan ittiin fayyanillee lafa kanarraa argama. Kanaaf lafti ulfoodha jedha Oromoon. Midhaanillee Oromoon yoo dhibaafatu, jila irrattillee Oromoon yoo dhibaafatu; dursa lafaaf daddarbata; dachee kanaaf mataa irraa darbata; kan isheeti waan ta'eef; seera dachee guutaaf waan ta'eef yoo buna dhaabanillee akaayii lafatti kan daddarbuuf Oromoon waan biraaf miti. Uumama kanatu nuuf kenne; kanaaf waan uumamni kun nuuf kennite mataa isaa irraa deebifnaaf jedha. (Caalaa Soorii)

Oromoon seera Gadaatiin bula. Oromoo beekuudhaaf dursinee Gadaa beekuudha qabna. Nama Gadaa beeketu aadaa Oromoo, duudhaa Oromoo eenyummaa Oromoo, maalummaa Oromoo, safuu Oromoon uumaafi uumamaaf qabu hundumaa beekuu danda'a jechuudha. Namni Gadaa hin beekne garuu dogoggora irratti kufuu danda'a; Oromoo beekuu hin danda'u. Sirni Gadaa kun kan Oromoo kunuunsee ittiin guddisuufi dinagdee isaa ittiin tiksu akkasumas qabeenya isaa ittiin kunuunsu waan ta'eef Gadaa beekuu jechuun Oromoo beekuudha.

Durdur akaakileen keenya Mormor irratti heeraan bulaa turan. Dhawaataan gara Odaa Nabee dhufe. Keessattuu Oromoon gara Odaa Nabee yeroo dhufe, heeraafi seera walitti makee hojjechuu qabe. Jaarraa 7$^{ffaa}$ irraa hanga13$^{ffaa}$tti jechuudha. Isaan dura irra caalaa heeraan bulaa ture. Mormoritti jechuudha. Odaa Nabeetti seera irratti argamuu eegale. Heera jechuun kan ajjeese gumaa baasa jedha. Gumaan kun ammamii jedhee kan gaafatu yoo ta'e ammoo seeradha jechuudha. Gumaan ilma namaa loon soddoma ykn dhibba jedha; kun seera murtiidha; muramte seera jechuun murtiidha jechuudha. Kanaaf, heera ykn aadaa irratti ejjetteet seera himata jechuudha.

Kan waraabessa ajjeeses gumaa baasa akka aadaa Oromootti; osoo waraabessi gara bosonaatti kaatuu fuuldura goree, osoo inni horii isaa hin tuqiin, ariitee kan ajjeestu taanaan yakka hojjettee jirta. Kanaaf bineensa Waaqni uume, osoo homaa si hin godhiin fuuldura gortee ajjeefte, kanaaf isaaf gumaa baafta jedha Gadaan. Bineensi sun boru horii keefi maatii keetti waan gamuuf. Kanaaf harree dullacha daandii isaarratti (daandii horaa irratti) hiitaaf jechuudha; gumaa isaa baasuudhaaf. Kana booda qe'ee kee, sittuu hin dhufu innis.

Akka tasaa loon rukuttee kan sirratti du'e yoo ta'e Gumaa baafta; loon Waaqayyo uume; kan si tajaajilu, kan aannan siif kennu ajjeefte, kan qotu; kan rakkoo si oolchu ajjeefte Gumaa baasi jedha Gadaan. Akkatti Gumaa baasanis harka kee duubatti hidhanii yeroo murtaa'eef afaan keetiin foon horii akka nyaattu godhu. Sababni isaas harki kee yakka hojjetee waan jiruuf Gumaa baaftu malee harkaan hin nyaattu jechuudha. Safuudha waan ta'eef. Yakka hojjechuun kee heera yakkaa hojjette ammoo keessaa kan baatu seeraani jechuudha.

Yoo gara seera kanaatti deebinu seera ulfaafi akka seer kan jedhamutu jira. Seerota (heerota) ulfaa ta'antu jira. Heerri ulfaa jahan hin tuqamnetu jira. Seeronni gara dhibba shaniitu (500) Gadaa keessa jira. Hanga odaa quxisuu Odaa Bultumitti kanneen tumaman jechuudha. Isa dura hanga Odaa Roobaatti Gadaan seera gara 400 qaba. Heerri 6 (jahan) kun sammuu jedhamu. Heeronni 6 kun ulfaadha. Yoomiyyuu itti hin bu'amu. Seeronni (heeronni) kunniin:

1. Heera Waaqaati
2. Heera (seera) Lafaati
3. Seera (heera) Malkaa
4. Heera Tulluu
5. Heera Abbaa
6. Heera Haadhaati.

Isaan kun heerota ulfoo jahan (6) gurguddoodha. Heeronni kunneen yeroo hundaa kan jiraatanidha.

Heera kana yeroo dubbatan; Waaqayyo ulfaadha jedhu; maaf ulfaadha jette; waliin jedhu. Waaqayyo nama uume; namaan dura lafa uume, samii uume, urjii uume, aduu uume, addeessa uume, duumessa uume, malkaa uume, tulluu uume, Waaqayyo uumaa hunda caalu waan ta'eef kanaaf ulfaadha jedhu. (**Obbo Alamaayyoo Hayilee)**

***Oromoon Tuulamaa Uumama waliin hariiroo ykn hidhata akkamii qaba? Akkamiin uumama ilaala?***

Oromoon Tuulamaa uumama waliin hariiroo guddaa qaba. Sirna Gadaas kana kan boce Oromoo Tuulamaati. Akka Gadaa Oromootti, akka Gadaa shananiitti taa'ee hayyoonni mari'atee daggala keessatti bakka sabni tokko hin argine, bakka namni tokko hin arginetti walii qoodee aangoo

walii kenna. Gadaa dura Gadaa bakka shanitti addaan qoode. Waan kennaa Waaqayyoo shanan duratti yaada sanaan walqabate shanan sanaan wal qabsiisuudhaan ofuma isaaniitii hayyoonni taa'anii mari'atanii Gadaa shan uuman. Gadaan saddeet turee saddeet uumee wantoota garaa garaan ilaalee gamaggamee wanta gamaggama jedhamu waan tureef, Gadaa kana shanitti deeffate. Shanan uumaa Waaqaa waliin wal qabsiisee jechuudha. Uumaan Waaqaa shan waan ta'eef shanan kanaan teechise. Gadaa kana teechise uumama lafarra jiruuf tume, uumaa Waaqaafillee tumee, lafaaf tumee, namaaf tumee, bineensa bosonaatiif tume. Achi keessatti seera ittiin bulmaataa baafate jechuudha. Uumama hunda keessa oolchee lafaaf, Waaqaaf, namaaf, bineensaaf, allaattiif seera tume. Tumaa tumee walitti dhufeenya kana, afoola kana uummate ykn keessa galfate jechuudha. Adeemsa keessa bittinnaa'aa dhufe malee.

Bakki Oromoon itti seera tumatu, naannoo Galaan Caffee Tumaati. Eechaa ka'a? handhuurri isaa kan ittiin walbulchu oggaa seera kana baafatu ykn tumaa kana tumatu achuma bakka itti tumaa kana tumatetti kan ittiin walbulchu abbaa caaccuuf kallachaa uummata. Uumaa wajjin ennaa seera kana kaawwatu caaccuufi kallacha uummatee abbaa shananii, abbaa arfanii, abbaa sadeenii, abbaa lamaanii jechuun kan ittiin walbulchu, kan ittiin seera eegu aangoo waliif kenne. Kan uumaa Waaqayyoo gidduutti walitti dhufeenya kana ittiin kabaju seera baasee ka'e. Yoggaa godaanu eechaa ka'ee eechatti Odaa Nabee kana akka godaanus kaawwate. Seera kana baasee jalqaba ennaa godaanu Jiddaa ka'a. Naanna'ee naanna'ee ilmi Tuulamaa, ilmi Daaccii hangafni Jidda. Kanaaf, Oromoon Tuulamaa gaafa Gadaa godaanuudhaaf kaa'u ja'an Galaan Aanaa Liiban Jidda Malkaa Dubbisaatii ka'a. Gadaa kana godaanudhaaf Oromoon Tuulamaa achii ka'a. Achii ka'ee Odaa Hamdee bulee, gachii bulee, Odaa Nabee dhufee qabata.Torban lama achitti wal araarsee korma qalee, foolleen dhufee birbirsa dhaabee, seera tumachuuf guyyaa salaata Caffee Dongoraa dhaqa. Caffee Dongoraa kanatti seera jahan Waaqaa lafaa tumata.

Seerri jalqaba hoggaa Gadaan godaantu tumte seera Waaqaa lafaati. Caffee Dongoraattis abbaan seeraa Waaqni ulfaadha, lafti ulfaadha, gaarri ulfaadha, malkaan ulfaadha, abbaan ulfaadhaa, haati ulfaadha, jechuun seera ja'an Waaqayyoo jettee seerri Gadaan jalqaba tumte seera kana.

Abbaan wanti ulfaateef Waaqaa gaditti uumaadha, kan uumutu isa, fincaan isaatus nama ta'e. Fincaan isaa kan itichu Waaqa haata'u malee fincaan isaatu ititee nama ta'e. Abbaan uumaadha. Amma haati deessutti ni dhiphata, ni rakkata. Gaafa haati deesses waliin rakkata. Mataatti nama baatee nama guddisa. Kophee namatti godha. Guduruu namaa tolcha. Xiyyoo namaa qara. Farda

namatti bita. Niitii namatti fuudha. Karra namatti foo'a(bultii namaaf tolcha). Karra namatti foo'ee adda namatti baasa. Abbaa biyyaa abbaa manaa nama taasisa. Abbaa duulaa nama godha. Abbaa duulat nama godha. Abbaa malee ilmi hin ulfaatu. Abbaan kanaaf ulfaadha.

Haati ulfoodhaa jedhee seera tumeef. Haati wanti ulfaattuuf, haati ofii nama deessee natti ajoofte otoo hin jedhiin waggaa sadiif abbaan ofillee nama baqatee, ishiillee amma xireeffatutti nama guddifti. Amma abbaa manaa ishiitiin adda baatee kophaa nama waliin rakkattutti nama guddifti. Inni ilmaa amma fuudhutti, ishiin intalaas amma heerumtutti waliin rakkattee guddifti. Haati kanaaf ulfoo taate. (Obbo Sobbooqaa Gadaa Badhaadhaa)

***Oromoon Tuulamaa uumama waliin hariiroo ykn hidhata akkamii qaba? Akkamiin uumama ilaala?***

Tuulamni hariiroon inni uumama waliin qabu duudhaadhaan kan dhufe, hunde qabeessa, kan Waaqaan walqabatudha. Kunis tokko yeruma Waaqa kadhatu safuudhaan Waaqa kadhataa waan badaa narraa dhoowwi! kan tolu natti qabi jedhee dhugaa Waaqaa lallabee uumamaan uumaa kadhata. Kadhaa isaa saniin Waaqarraallee ni argata jedha. Kanaaf, Oromoon ilma Rabbiiti jedhu. Yoo Waaqni caamellee Tulluutti bahee uumama qabatee uumaa ykn Waaqa kadhata. Afoolanillee ni dhaammata. Fakkeenyaaf:

*Uumayyoo hoo*

*Uumaa keettan bulaa*

*Yaa Waaqi na hin dagatinii*

*Gadaan yaanaa hoo*

*Yaa Gadaa hiddattii Waaqaa*

*Hayee roobee leensaan daraaree*

Jechuun uumaa isaa afoolaan ibsuun Waaqa kadhata. Kanaaf Gadaan isaattillee hidda Waaqaan kan walqabate ta'uu isaa afoola kanaan ibsa.Wanti Waaqa duuba inni raawwatu tokkollee hin jiru. Kanaaf, hariiroo uumaafi uumama waliin qabu akkasitti ibsata. Dabalataanis afoola isaatiin akkasitti ibsa:

*Waaqa urjii tuutaa*

*Tolli Waaqaa suutaa*

*Ariitii hin qabuu*

*Waaqa urjii reeraa*

*Yoo tole namaaf heeraa*

*Fidaloon biyyaa*

*Leenci xaddee nyaataa*

*Garaatti namaaf yaadaa*

*Yaa tolaa kiyyaa*

*Waaqa malee hin taatuu*

*Yaa waaqi simaalee hin taatuu*

*Si duuba hin dubbannu.*

Hariiroon Oromoon uumama waliin qabu, malkaadhaaf, Tulluufillee ulfina kenna; barbadaa kan saaqu abbaa malkaati. Malkaa abbaan malkaa osoo dura hin dhaqin namuu malkaa hin seenu kabaja qaba. Malkaa kan kabajuuf lafa Waaqni itti dhibaafatee bishaan taliila yaasee lubbu qabeeyyii hundi irraa bishaan dhugu waan ta'eef, kabajamaadha. Akkasumas iddoo ulfoo kana Oromoon itti kadhatee irraa argata waan ta'eef ulfoodha. Tulluu kan kabajuuf lafa Waaqni lafa keessaa olkaasee uume waan ta'ee kabaja qaba. Lafa diriirtee jirtu keessaa Waaqni ofitti dhiyeessee uume waan ta'ee iddoo itti kadhatanii argatanidha. Kanaaf tulluun ulfoodha. Maqaafillee kabaja qaba. Bineensafillee seera tumee kabaja qaba. Daraaraafi marga qabatee Waaqa kadhata. (Miidhaksoo Gurmuu Mojoo)

***Torban uumaa kan jedhaman maal fa'a?***

Ja'an gaafataa manni ja'a keessatti jaatama, ogiliyaa manni torba keessatti torbaatama. Ateetee manni saddeet keessatti saddeettama. Booranticha manni sagal keessatti sagaltama. Kun hundi uumama Waaqayyooti. Dacheen jirti, samiin jira, namni jira, horiin jira uumamni kana. "Birbirsi lachuu boo'ee" kan jedhan birbirsi kan safuu qabu, kan seera qabu, Madda Walaabuu kan jiru; burqaa kudha tokko qabdi Maddi Walaabuu.  Achitti kan seerri tumamu. Birbirsi lachuu boo'ee Waaqatti himatee dhugaadha. Oromoofi Oromticha jechuudha. Kan Booranaafi Baareentuuti. Birbirsa Booranaafi birbirsa Baareentuuti. Isaan kana isaan bo'ee Waaqatti himatee yaa torban uumaa Waaqni hin dabsine kan jedheef kanaafi. (Miidhaksoo Gurmuu Mojoo)

## Miiltoo B: Hariiroo Namaafi Uumamaa

Abbaan ulfaadha jedha; maaf ulfaadha? Jedha. Abbaan Waaqaa gadi kan si uume isa; Abbaan si guddise, qaama isaatii; fincaan isaati. Abbaan kee kan nama si godhe, kan si kunuunse; kan si barsiise, kan si eege, kan sii laate, kan si jaalatu waan ta'eef ulfaadha jedhama. Kanaaf Abbaan hin tuqamu; hin gaarreffatamu. Abbaan ija hamaadhaan hin ilaallamu. Kanaaf abbaan ulfaadha jedhama.

Haati ulfaadha jedhu; kan hin galleef maaf ulfaadha taati haati jedhu. Haati akka lafaati. Waan hunda dandeessi; yakka kee dandeessi; gadameessa ishee keessatti ji'a sagal (9) si baatti; isa booda deessee, hoosifteefi guddisti. Xurii kee osoo hin hifatiin dhiqxee, sitti ufiftee, ergaramtee si guddisti. Si jaalatti; haati kee akka nama taatu si goote. Kanaaf, haati ulfaadha; rakkoo kee dandeessi; hanga feete yakka hojjettus haati si hin gattu; goota; kan deessu; nama kan si gootu; kan si qajeelchitu haadha keeti. Kanaaf haati ulfoodha; mana barumsaa ishee jalqabaa; kan waan hundaa si barsiiftu haadha. Harma hodhuu, akkaataa dubbii, akkaataa afaan itti hiikkattu, gargaarsa duraa kan siif gootu haadha. Kanaaf Haati ulfoodha jedha. Kanaaf heerota kanneenitti hin bu'amu; Gadaa keessatti seera ulfoo jahan kan ta'aniif kanaafidha. Kuun seeronni jiran akka seer jedhamu.

Seera ulfaafi seera akka seer jedhamutu jira. Bokkuun akka seer; kallachi akka seeri; caaccuun akka seer jedha Oromoon. Bokkuu kanaan kan biyya bulchinu; kan jila gaggeessinu; kan Gadaan ittiin gaggeessinu yoo ta'e Bokkuun kun seera; ta'uu baannaan garuu akka seer. Muka ta'u jechuudha. Caaccuufi kallachaanis biyyaaf falta yoo ta'e, furmaata kennita yoo ta'e ulfaadha. Ta'uu baannaan akka seer ta'u jechuudha. (Obbo Alamaayyoo Hayilee)

Oboofi coorris waliif ulfoodha; safuudha. Wal hin fuudhan. Oboon abbaadha; Coorri ammoo ilmoo waan ta'ee jechuudha. Kanaaf oboon oboodhuma fuudha; coorris cooruma fuudha, waliif ulfoo ykn safuu waan ta'aniif.

Namnis seera qaba; namnis seera malee ajjeefamuu hin qabu. Dogoggortee nama kan ajjeeftullee yoo ta'e Gumaa baasi jedha Gadaan. Waraana irrattillee namicha waraana gatee dhaabbatu gonkumaa ajjeesuu hin qabdu. Nama waraana keessatti boojitellee, boojitee ilma godhatta malee hin ajjeeftu. Kan booji'ame tokko warra saniif (warra isaatiif) hangafa yoo ta'ellee, warraaf deebifta; sanyiin baduu waan hin qabneef. Hangafa namaa hin tuqan. Seera uumamaa kabajuudha waan ta'eef jechuudha. (Obbo Alamaayyoo Hayilee)

Jireenyumti Gadaa mataan isaa uumaa wajjinidha; Gadaan uumamaaf iddoo guddaa kan kennudha; umama hundaa seera kan qabudha. Gadaan immoo namaan tolfama.

***Uumamni ulfoo (tulluu, malkaa ykn hora, ardaalee jilaa, qoolloofi kkf ta'uu danda'a) naannoo kanatti argamuu danda'an maal fa'i?***

Ulfoowwan Oromoo Tuulamaa kana biratti argaman Odaa Nabee, Caffee Tumaa, Caffee Dongoraa, handoodee tumaa (Dhakaa Kora). Hundumaa ol kun sirna isaatiin wal qabata waan ta'ee isaan kun iddoowwan ulfoo sirna Gadaa Tuulamaati. Itti aansee Tulluufi Malkaadha. Tulluu irraa ka'anii gara dirreetti deebi'u: Dirree irraa ka'anii gara Abdaarii (Qoollootti) achii gara Borootti dhufa. Wanti ulfoo ta'eef fkn Odoo Nabee jalatti seeratu qulqullaa'a. Kana yoo jedhan Gadaa ulfaa baasuuf jedhaa namni dhara hojjatte fafee hojjatte yoo jiraatte dafii dhugaa baasi jedhanii osoo jilli Gadaa hin gaggeeffamiin lallabu. Kana keessatti Gadaa ulfaa akka kallachaafi caaccuu baasanii miseensi Gadaa shananii achitti walga'u. Wanti Odaan muka seeraa ta'ee tokko hundeen isaa bal'aadha, wanti fafeen jalatti hin galu, osoo hin daraariin firii godhata; dameen isaattillee ni dagaaga, bal'inni damee isaa hormaata Oromootti fakkeeffama. Gadi fageenyi hidda isaa falaasama Oromoon qabu bakka bu'a. Simbirrillee guyyaa firii isaa irraa nyaatti malee irra hin bultu. Kanaaf Odaan muka gabbataafi qulqulluu waan ta'eef iddoo dhugaan itti lallabamuufi Muka ulfaa (muka seer) ta'ee kabajama jedhan. (Miidhaksoo Gurmuu Mojoo)

Iddoowwan ulfoo kan biroo immoo Tulluudha. Akka Oromoo Tuulamaatti Tulluun saddeeti. Isaanis:

1. Tulluu Cuqqaalaa
2. Tulluu Erer
3. Tulluu Hococaa
4. Tulluu Booset
5. Tulluu Eegduu
6. Tulluu Furii
7. Tulluu Waatoo
8. Tulluu Muxxee

***Hariiroo ummatichi uumama ulfoo kanneen wajjin qabu ilaalchisee beekumsi xabboon, falaasamni ykn ilaalchi hawaasichaa maal fakkaata? Uumama ulfoo kanas afoola isaatiin akkamiin ibsa?***

Hariiroon inni qabu, iddoowwan ulfoon kun waan uumaan isaaf kenne waan ta'eef, ittan dhugeeffadha jedheet kunuunfata; ni tikfata. Sagantaa itti baasee iddoo sanatti Waaqa waliin dubbata, kadhata, lallabata.  Kanaaf, waan isaati waan ta'eef Oromoon Tuulamaa iddoowwan ulfoo kana waliin hariiroon inni qabu baay'ee cimaadha. Fakkeenyaaf, Abbaan Malkaa, malkaa tiksa. Malkaatti akka wanti fafeen hin raawwatamne kan tiksu, abbaa malkaati. Abbaan Tulluus, qulqullina iddoo sanaa kan tiksuufi muknillee akka naannoo sanarraa hin muramne kan kunuunsu, namuma sana. Akka duudhaa Oromootti namni Tulluu sana irratti badii dalage jireenya hawaasummaa keessaa ni baasu; ni adabu. Kanaaf hariiroo guddaa uumama waliin qaba. Oromoon Tuulamaa hariiroo uumaafi uumama waliin qabu afoolatti fayyadamuun  yemmuu ibsatu:

*Gabbisayyoo hoo, hoo*

*Roobee lafa gabbisee*

*Odaa Nabee yaa kurfaa koo*

*Hayyuu Gullee, Oboo, Tuulamaa*

*Yaa ulfaa koo si kadhannaa jedha.*

***Tuulama hunda waamee hayyuu faarsuun kun maal agarsiisa?***

Balbala Tuulamaa hunda waamee kan faarsuuf hayyoonni Gaaddisa kana jala jiran hunduu kabajamaa ta'uu isaa ibsuuf faarsina jedhan. Kana jechuun warri Hayyuu Kura, Jidda, Ada'a jala jiran hundi  kan itti waaqeffatu, itti dhugeeffatu Tulluun, Malkaan ulfaa ta'uu weedduu kanaan ibsachuu isaa himan. (Miidhaksoo Gurmuu Mojoo)

***Oromoon Tuulamaa afoola isaatti fayyadamee hariiroo namaa, uumamaafi Waaqa akkamiin ibsa? Falaasamni hawaasichi gama kanaan qabu maal fakkaata?***

Oromoon Tuulamaa uumaafi uumama afoolatti fayyadamuun ni ibsa. Fakkeenya:

*Uumayyoo hoo hoo*

*Uumaa wal irraa qabnaa*

*Yaa Waaq na hin dagatiin* jedha.

Uumaa walirraa qabna uumayyoo jedha. Uumaa walirraa qabnaa yaa Waaq na hin dagatiin jechuun situ uume jechuudha siif uumamee, miila kee jalan jiraa jechuudha.

*Utubaan Rabbii sibiilaa*

*Gurraacha garaa taliilaa*

*Saanqaan dhimmisee*

*Yaa Rabbii murtii ta'ee*

*Yoomaan hir'isee*

*Miile miile yoo yaa miilee*

*Miilli Waaqaaf lafaa nuuf nagayaa jedha.*

Yoo Waaqa galateeffatu. Waaqni isa waliin jiraachisuuf. Miilli Waaqaaf lafaa Waaqas lafas, miilli Waaqas lafaas nuu nagayaa. Akkasitti galateeffata; akkasitti faarfata. Kana yoo jedhu, "uumayyoo" yoo jedhu uumama dacheerra jiru hundaaf afoolaan akkasitti walitti qaba.

***Safuu Uumama Waaqni uumee kana dhalootaa dhalootatti dabarsuuf hawwasichi maal hojjete?***

Safuu isaa waliin walqabsiisee itti hima. Safuu qabaachuu, mukni safuu qabaachuu, Irreechi safuu qabaachuu, seerri jiraachuu. Tulluun safuu qabaachuu, malkaan safuu qabaachuu, Abdaariin safuu qabaachuu, Faatiin safuu qabaachuu, Dirreen safuu qabaachuu tokko tokkoon itti hima. Maaliifii kana hojiidhaan itti agarsiisa. Tulluu korma fuutee yoo baate, irreecha qabatteet abbaan Tulluu kolbaa isaa qabatee irreecha marga qabatee yoo danboofatu, marga sana qaaruu(boquu) gamaafi gamnaatti qabateet "gurraan haaga na dhageessisi" jedhaan korma sanitti gamaa gamanaan qabee haaga na dhageessisii" jedhaan. Ija isaatti qabee "ijaan haaga na agarsiisi" jedhaan. Naa danboobi moora guchimaa dhiigaa naa toli" jedha. Waaqa narraa araarsi jedhee damboobsata. Waan qabatamaan waan hojiin agarsiisudha kun. Isas seera san ta'uu, safuu sun jiraachuu ni arga. Hawaasicha sana irraa ni arga. Akka itti barsiisu falaasama isaa; malkaa yoo bu'u akkuma kanatti, dirreellee yoo bu'ee akkuma kanatti. Abdaariillee yoo ba'e, Faatiillee yoo dhaqee akkuma kanatti barsiisa. Kuni "hooda, safuu qaba" jedhaan. Waan akkasii kana akkanatti raawwatta, akkana goota jedhaan. Mana ofiittillee yoo gale, wadaaja quuffatu. Buna

qalaa amma jedhamu kana naannoo kanatti Wadaaja jennaan “Tooba” jennaan. Isallee yoo godhatu akkamitti tartiibaan akka godhatu, maal akka godhachuu qabu, hawaayii mana keessa jirullee akkamitti akka kadhatu, bitimaan ulfaa ta’uu, dikeen ulfaa ta’uu, balballi manaa ulfaa ta’uu, fardi ulfaa ta’uu, boroon ulfaa ta’uu, tokko lamaan itti himna. Mannillee ulfaadha. Manni keessa gallu safuu qaba. Seera qaba. Waan baay’ee qaba waan ta’eef, kana hunda safuu barsiisa. Uumama Waaqayyoo waliin walqabsiisee akkasitti barsiisa. (Miidhaksoo Gurmuu Mojoo)

***Sababa maaliin hariiroon namaafi uumamaa jidduu jiru yeroo ammaa laafe?***

Kan amantii waaqeffannaa kana fudhanneef bu’uurri isa waan ta’eefidha. Fkn dur manni qaalluu gaara jala. Yeroo Oromoon Gadaan qaalluu ijaartee qaalluudhaan ati kana bobbaasi ati seera kanaan buli jettee Gadaan ijaartu sana galmi qaalluu gaara jala. Warri qaalluu alloo qaba. Hogganaa jechuudha. Qaalluudhaa gaditti kan hogganu qe’ee sana kan to’aatu hogganaa qaba. Warri qaalluu salgan qaba. Warri qaalluu hashkaree garadee dalagaa kan dhaqee itti bulu qaba. Oromoon birraa Irreecha malkaatti ba’a. Warri amantii kana hunda gachisiisuun kan isaanii itti fe’an. (Miidhaksoo Gurmuu Mojoo)

***Oromoo Tuulamaa Biratti Maal Fakkaata?***

Oromoon Tuulamaa hariiroo inni uumama waliin qabu seera Waaqni uume kabajee, waaqni waan namni ittiin jiraatu waa lama wal bira kaa’ee uume.  Innis waliif faalladha.  Fkn dhiiraafi dubara yoo uumu faallaa waliiti halkaniifi guyyaan halkan dukkana, guyyaan ifa; ammeenyaafi waan gaarii walbira qabee uumee jira. Tulluufi malkaan jira. Namaafi uumama sana jidduu hariiroon jiru seera isaa sana eegee jiraachuudha. Oromoon kaa hariiroo inni uumama wajjin qabu, seera malkaan qabdu, seera Tulluun qabu, seera abbaafi ilma jidduu jiru hariiroo kana eegee kan jiraatudha. Egaa kana jechuun maalii waan Waaqni daangaa godhee siif uume kana itti hin dabartu. Maaliif yoo jette fakkeenyaaf malkaa haa fudhannu malkaa sana irraa muka hin murtu siin jedha. Malkaan sun bakka oodati; bakka safuuti; bakka Waaqa itti kadhatani; bakka ulfoodha jedha. Bakka ulfoo sana dhaabbattee namaan hin loltuu, nama hin rukuttuu, dhiiga namaa lafa hin buuftu, nama hin sobdu, namatti hin dallantu. Araara malee wanti lolaa bakka sana hin jiru. Waaqni kana eegii jiraadhu jedhe. Hariiroon Oromoon uumama wajjin qabu seera isaa eegee jidduu galumsa godhee ittiin jiraata. Itti hin darbu kan ofiis eegee jiraata.

Uumama waliinis akkasuma. Malkaa yoo irreechaaf dhaqu seera malkaa sanaa ni eega. Waan Waaqni hin eyyamneef hin godhu. Ni araarama dura, Waaqa itti kadhata. Waaqaan bula waan

gaarii malee waan dabaa hin raawwatu bakka sanatti. Safuufi hariiroon uumama waliin qabu kana. Fakkeenyaaf afoola isaa kana malkaaf faaruu ‘maree hoo’ jedhutu jira ‘maree hoo,  ‘maree hoo’ yaa Waaqa malkaa uumtee maree hoo jedha.

Yoo namni hariiroo uumaafi uumamaa sana dabse ykn seer sana cabse Waaqni ni dheekkama jedha. Dheekkamsa qaba, balaatu dhufa. bubbeetu dhufa, beelatu dhufa, sanyiin namaa ni bada waaqni dheekkame jedhan. Waan dheekkamsa akkasii kana dheekkamsi waa lamaan namatti dhufa. Tokko ni hikkata hiikkannaan sun kan maatiiti. Falannaadha; falannaan sun kan gosaati. Waan balaa ummata irraan balaa dhufe sana ni kadhata, ni falata. Faloon sun horii qaluu danda’a. Horii gamtaan ba’a. Faloon mana keessaa Waaqa ofii bulfachuu seera mana keessaa kan ofii beeku sana ofii bulfachuudha. Akkasitti kan alaatis kan manaatis hariiroo isaa eegee bulfata.

Hariiroon Oromoon uumama wajjin qabu kamiyyuu caalaa cimaadha. Mukuma guddaa Waaqni uume jala taa’ee Waaqa kadhatee argata. Karaa Waaqa argate. Bakka hundaayyuu ni qaba kan Waaqni uumeef ni jira. Waan ta’eef lafti sun wayyuudha. Mukni guddaan wayyuudha jedha. Muka guddaa murtee hin gogsini! Mukni guddaan wayyuudha. Bakka teessu hundattuu waaqni si wajjin jira waan ta’eef bakka Waaqa kadhattu barbaada hin deemtu bakka jiru maratti waan sana ni argatta; uumamni ni jira waan ta’eef Waaqni ni jira, iddoo hunda jira. Lagallee yoo ce’u yaa Waaqa malkaa kana uumtee na ofkalchi jedha. Nagaan bobbaasii na galchi.

Malkaanis madda bishaan kanaan madda jedhu sa’atu dhuga, namatu dhuga, malkaan sun qabdoo irratti hin qabduu sarbaan irratti hin qaltuu jedhama. Tumaa qaba jechuudha. Sarbaa kan jedhamu amma fakkeenyaaf lubni yeroo Gadooma fudhate lubni ni ka’a qalmaataaf ka’u, Qalmaata yeroo ka’an kana malkaa sana irratti hin qalan. Safuu waan ta’eef. *Dhukkuba ariifataa nu bira dabarsi, danbaara nu hanqisi* jedhanii malkaatti kadhatu.

Hora immoo sa’atu harraaba akkuma nuti amma kunoo waan nyaataa tokko ashaboo itti naqnee mimmi’eessinu saani yeroo marga quufe hora sana arraabee kukkii garaa keessa jiru sana alba’ee baafata. Kanaafi horri ulfoo kan ta’eef jedha.

***Oromoon uumama faana hariiroo guddaa qaba gama kanaan immoo Oromoon Tuulamaa namaafi uumama gidduu hariiroo jiru akkamitti ilaala? Afoola isaatiin, ija fooklooriin yookiin ija falaasama Oromootiin akkamitti ilaala?***

Akka abbootiin keenya seenaa, aadaa, duudhaa keessatti nu barsiisaa turan. Oromoon uumama hedduu akka safeeffatu, akka oodatu, akka kabaju. Akka sodaatu Waaqaa gaditti kana seenaan ni dubbata jechuudha. Oromoofi uumama jechuun osoo Oromoofi uumama lama goonee waamuu baannee natti tola. Akkaataa walitti dhufeenyaafi bakka Oromoon uumamaaf qabu irratti jechuudha.

Tulluun ulfoodhaa jedha. Tulluun maaliif ulfaattee yoo jennu, tulluun Waaqatti ol aanti, ilaala Waaqayyooti. Waaqni otoo caamee ilaala sana ba'aniit izgoo itti jedhaniit Waaqni namaa rooba. Tulluun ulfoodhaa, Waaqni yoggaa ishiitti gadi robe ishiinimmoo malkaatti gadi yaati. Malkaan ammoo yaatee margi margee caffee ta'a. Malkaa sana keechaa bineensa uumamaatu dhuga. Malkaan haadha manaa Tulluuti jedhameet beekama.

Iddoowwan ulfoo naannoo kanatti dura beekaman keessaa inni duraa kan caffeedhaan tumames tulluudha. Irriibaa kaanan gaara laalta. Gaarri ilaalaa Waaqati. Akka Waaqatti ol ilaalta. Isaa olitti Waaqa gurraacha kana agarta. Gaara kanatti niroobaa, bishaan isaa achirra hin taa'uu, biyyatti gadi bu'aa, biyyatti ennaa gadi bu'e malkaatti gadi nammaa, malkaan bishaan qabattii, haroon bishaan qabattii, bishaan sana bineensatu dhugaa, namatu dhugaa, wanti inni kanaan walqabatuuf kanaafii, kanaan deema jechaadha. Ulfina qaba. Malkaan jiraachuu baannan namnuu hin jiraatu. Tulluu ulfoon iddoo kanatti beekamu Tulluu Cuqqaalati. Erga Tulluun Cuqqaalaa ulfaattee tulluun oljette hunduu ulfoodha jedha caffeen. Tuulama keessatti fakkeenyaaf Odaan Nabee ulfaadha. Caffeen tumaa ulfaadha. Caffeen Dambal ulfaadhaa. Caffeen Qooqaa ulfaadhaa, caffeen Wanjii ulfaadhaa, Boosat Garriin ulfaadhaa, Erer Kormaa ulfaadhaa, Marab Caffeen ulfaadha. Maran Caffeen kun Bacho keessa. Tulluun Waaqatti ol aantii, qilleensa fiddii, ilaala Waaqayyootii jedheet ilaala Oromoon. Kanaaf ulfaatti.

Horri ja'atu jira. Horri ammoo akka seeri jedhama malee ulfaadha hin jedhamu. Horti Jijjigaa akka seerii, horti Ulluuqaa akka seerii, horti Hadhoo akka seerii, Horti Harsadii akka seerii, horti Kiilolee akka seerii, horti Finfinnee akka seerii jetti. Akka seeri jechuun yoo abbaan ulfina hin kennineef, yoo abbaan seerachuu baate, yoo abbaan irrisuu baate ulfoodha. Yoo abbaan salphise, yoo abbaan irraa ka'e, yoo abbaan hin gabbarin yoo abbaan itti hin qalin, yoo abbaan irreecha itti hin ba'in, yoo abbaan hin kabachiisin, abbaan malkaa yoo jiraatee hin kabachiisin naffaassofti jetti caffeen. Tulluu Cuqqaalaa gaara bichaa laaltetii miti. Biqiltuutu gubbaa jirutu jira; bineensa gubbaa jirutu jira; leencatu gubbaa jira; qeerransatu gubbaa jira dur hardhaa mitii; bishaan achii

sun xabalatu gubbaa jira. Dhaqee achitti irreeffatee, Achitti waaqeffata. Silatii kenna; yaa Waaqa ilma naaf kennite jedha. Achi bula. Yaa Waaqa ilma naaf kennite jedheet achiti buna dhaabbatee yadaa sanaan na eebbisaa jedheet ilman argadhe jedhee galateeffataa, eebbisa. Bakkeen tun fakkeenyaaf Gaarri Cuqqaalaa kun akka amantaa Waaqeffataatitti waggaatti yeroo lama kabajama. Birraa nikabajama, lagatu jira waan ta'eef itti irreefatu. Arfaasaa ammoo akka Waaqni roobuuf ba'anii korma itti qalanii, Waaqa kadhatuu, irreeffatu. Achirratti wanti yaamte hunduu ni argamaa, wanti hunduus achi gubbaarra jira. Bineensa adda addaa ta'ee allattii ta'ee, hunduu achirratti fayyadamaa, wanti achirra hin jirre hin jiru.

Tulluun Cuqqaalaa siidaa muudat qabdi. Oromoon achitti yeroo walga'u waan muudu qaba. Gimbii labuu bakka jedhamu tokkotu jiraa, achittis dubartoonni bakka teessu qabdi. Bakka itti kadhattu, bakka itti sagaddu, bakka itti waaqeffattu qabdi. Hayyuunillee bakka taa'u qaba. Gimbii laboo bakka jedhan tokkotu jiraa, bakka dubartoonni callee itti labeeffattudha. Bakka dubartoonni ittii kadhatan, kan dubartoonni maseenni itti deechu jedhamee taa'u jira. ulluuqqonillee dhagaan achi keecha kan ulluuqantu jira. Bakkee sanatti waan heeddutu jira. Yogguma Tulluu Cuqqaalaa dhaquyyuu maree'oo jechaa deema.

Oromoon dachee jedhii haadha jedhii akkuma tokkotti ilaala. Haadha malee hin dhalatan, lafa malees hin deeman. Dacheef kabaja guddaa kenna; keechattuu dachee kana gubbaatti garaagarummaan ni jira. Dachumti sunuu kan caffee qabdutu jira. Kan gaaddisa qabdutu jira. Kan qilleensaan waldarbutu jira. Akka kanatti ilaala. (**Naggasaa Nagawoo)**

***Oromoon dur uumama biroo waliin hariiroo cimaa qaba, seera malee hin ajjeesu, seera malee itti hin fayyadamu, Gadaa keessatti tumatee jira. Heeronni ulfoon kunniin Gadaan dhufaa darbaanuu hin cabanii hin jijjiiramanii jedha Oromoon. Heera ulfoo sana keessaammoo seera baafataa jedha. Abbaan Gadaa waggaa saddeet saddeetiin fooyyeffachuu danda'a. amma safuun kun duudhaan kun bakka ganamaa hin jiru. Maaliif caccabe safuun kun? Uumamatu nutii galagalemoo nutu uumama balleesse? Rakkoon mootummaa bira jiru'oo maalidha? Maalta'uu qaba?***

Duudhaa Oromoo, aadaa Oromoo kan balleechee amantiidha. Amantii adda addaatitu balleeche. Amma fakkeenyaaf kara Baalee kana ennaa buutee, Dirree Shek Huseen kana ennaa dhaqxee, warri achii: See'id, Mahaamad, Usmaan jedheet maqaa Islaamaa moggasa. Yoo abba shan guutee, Gadaa, Roobaa, eenyuu jedha. Dhiyoorra nutti dhufe kuni. Kan daaraa nu dhaye tokko

isa. Kan aadaa Oromoo gadiin taa'e tokko amantiidha. Amantiin kiristaanaa ammoo lafa ulfaa kan akka: tulluu, malkaafi kkf barbaadee bataskaana irratti ijaaree kan ofii godhatee keenya balleesse. Bakka safuu keenyaa kan isaan dhufanii irratti hin ijaariin hin jiru. Kayyoon isaanii kun fudhachuufi balleechuudh. Inni kan biraan rakkina Abbootii Gadaati. Abbootiin Gadaa biiroo qabachaa jiru. Mootummaa jala galaa jiru. Mootummaa waliin deemaa jiru. Mootummaa ta'anii mootummaa hin taane, mootummaa waliin bakka adda addaa deemaa jiru. Ummatatti gadi ba'anii foollee barsiisaa hin jiran. Dabballee seera dabballee barsiisaa hin jiran. Seera fuudhaafi heeruma ummata barsiisaa hin jiran. Biiroo ijaarratanii achumatti dubbii biirooidhaa laalu; dubbii siyaasaa laalu; siyaasa adda addaa keecha galan. Abbaan Gadaatuu anaan dabalatee bakka hin jiru. Duudaa gate; safuu gate. Isaantu bakkaayyuu balleeche. Odaa jala taa'uun hin jiru. Seera uumaafi uumamaa barsiisuun hin jiru. Biyyatti gadi ba'anii biyya keecha taa'anii mari'achuun hin jiru. Biyya mariisisuun hin jiru. Malkaan tuni maaliif bade jechuun hin jiru. Abban isii eenyu jechuun hin jiru. Bokkuun warra ebeluu jiraa jechuun hin jiru. Gaduma takkittitu walqabatee akka biiroo ykn paartii takkaatitti deema. Silaa Gadaan shananuu walcinaa teesseet ati maalfakkaattaa jedheet walgaafata. ofii bichaa qabee deema kuni biiroo ofii keecha taa'ee. Hanga waggaa saddeet ga'utti akka mana murtii biiroodhuma keecha taa'ee deema. Sirna Gadaa keenya kanatu nu jalaa dadhabsiise. Gadi ba'anii biyya keecha taa'uu dadhabuu, abbaa bokkuu gateen bokkuu maaliif gate jedhanii loluu dadhabuu, abbaa callee gube maaliif callee gubde jedhanii adabuu dadhabuu, korma qaluu dadhabuu, kan daandii kute, kan malkaa cabse maaf malkaa balleechite jedhee loluu dadhabuudha. Abbaan Gadaa magaalatti galeera. (Naggasaa Nagawoo)

***Mootummaa Birammoo Rakkoo Maaltu Jira?***

Mootummaan immoo nutuu Gadaadhaan bulla jedha. Yoo Gadaadhaan buleef bayeessa. Isaanis ilmaanuma teenyaa Gadaadhaan haa bulan. Haata'u malee kormi lama walbira hin mo'u; teenya aadaadhaan deemti. Kan mootummaa mootummaadha. Tan amantaatis amantaadha. Teenya aadaadhaan deemti. Mootummaan mataan isaa aadaa kana keessa siyaasa waan galcheef akkanatti waldhibaa jira. Addaan foo'uudhaafuu baay'ee nu dhibaa jira amma.

## Miiltoo C: Hariiroo Namaafi Dachee ykn Lafaa

Lafti tun irratti jiraanna, yoo jiraannu nu jiraachiftee, nuuf laattee, irraa itti fayyadamnee, gaafa duunullee, ofitti nu fudhattii; natti ajaa'e jettee hin jibbituu; kanaaf lafti (dacheen) ulfoodha jedha

Oromoon. Marga nuuf magarsiti; midhaan nuuf biqilchitii; horiif marga lagatti; horii jila keenya ittiin raawwannu, aadaa keenya ittiin gaggeeffannu hundayyuu lafa kana irraa arganna. Kanaaf lafti ulfoodha. Alangee Gadaas taanaan lafa kanarraa arganna; Bokkuun Gadaa uumama kana irraa argamti; qoricha aadaa waan ittiin fayyanillee lafa kanarraa argama. Kanaaf lafti ulfoodha jedha Oromoon. Midhaanillee Oromoon yoo dhibaafatu, jila irrattillee yoo dhibaafatu; dursa lafaaf daddarbata; dachee kanaaf mataa irraa darbata; kan isheeti waan ta'eef; seera dachee guutaaf waan ta'eef yoo buna dhaabanillee akaayii lafatti kan daddarbuuf Oromoon waan biraaf miti. Uumama kanatu nuuf kenne; kanaaf waan uumamni kun nuuf kennite mataa isaa irraa deebifnaaf jedha.

Aadaadhaan dacheedhaaf galata galchuudha kun kanaaf lafti ulfoodha yoo jedhu Oromoon; malkaan lafa kanarra jira. Tulluun lafa kanarra jira; bishaan lafa kanarra jira; namni lafa kanarra jira; horiinillee lafa kanarra jira. Kanaaf lafa Waaqni uume kanarratti ammoo Oromoon jila isaa gaggeeffata. (Caalaa Soorii)

Lafti ulfaadha jedhu; lafti maaf ulfaa ta'e? jedhu; kan hin galleef yoo jiraate. Lafti irra jirra; irra yaana; yoo duune garaa ishee keessatti nu hammatti, isheerraa nyaanna; isheerraa dhugna; irratti horra; irratti facaafanna; isheerratti uumamnee gaafa duunes isheetti deebina; of keessatti nu hammatti. Kanaaf lafti ulfoodha; lafti akka haadhaati; jaalatamtuudha; kanaaf lafaaf kunuunsa goona jedhu. (Alamaayyoo Hayilee)

Lafti ulfaadhaa jedhe itti aansee. Lafti wanti ulfaa ta'eef midhaan magarsitii namaaf dabarsiti. Yoo itti hubatamee ilaalame seerri kunniin walqabataadha; walbiraas hin hafu. Waaqayyo roobee waa biqilcha. Namni ammoo midhaan marge sana nyaatee jiraata. Umamni biroo, namni, bineensiifi lubbu qabeeyyii hundi lafarra jiraatu. Yoo lubbuun jiran dugdatti yoo lubbuun darbanis garaatti nama baatti.

Sirna Gadaa keessatti Oromoon waan hundaaf seera tume. Oromoon dachee tana qanceen hin garafu. Namni qanceen garafe waan seer ta'a jedha. Dacheen seerri ishii guddoodha. Kan magarsitee nuuf laattee irra yaanu irratti aduu duunellee ati dureecha, ati hiyyeecha namaan hin jettu. Kan waan feene goonu dachee kana. Kanaaf, namni dachee garafe waan seer ta'a. ni adabamaaf lafaaf. Lafa qotatanii irraa nyaatan malee eeboon hin waraanan, itti ijjatanii hin garafu. Dacheedhuma tana keessayyuu dacheen ulfoo kan abdaariif kenname hin qotamu, mukti

irraa hin muramu. Dacheen biraa uumama Rabbii waan ta'eef irraa qotatanii nyaatu malee dacheen ati harkaan hin tuqnetu jira.

### Miiltoo D: Hariiroo Namaafi Tulluu

Tulluun lafa Waaqni lafa keessaa olkaasee uume waan ta'eef kabaja qaba. Lafa diriirtee jirtu keessaa Waaqni ofitti dhiyeessee uume waan ta'eef iddoo itti kadhatanii argatanidha. Kanaaf tulluun ulfoodha. Maqaafillee kabaja qaba. Bineensafillee seera tumee kabaja qaba. Daraaraafi marga qabatee Waaqa kadhata. (Miidhaksoo Gurmuu Mojoo)

Oromoon jilallee kan gaggeeffatu tulluu irrattidha. Malkaa irrattidha. Kanaaf, Oromoon tulluufi malkaadhaaf ulfina qaba; ulfoodhas jedha. Tulluun ulfoodha kan jedhuuf; gaafa rooba dhaban tulluu irratti ol bahanii Waaqa kadhatu. Gaafa Arfaasaan roobuu didu tulluu irratti bahanii Waaqa kadhannaan Oromoon rooba hin dhabu; tulluurrattis bahanii qalanii Waaqa kadhatu; tulluun lafa qulqulluudha. Lafti Waaqni lafa hundarraa olkaasee uume kun ulfoodha jedha Oromoon. Kanaaf isarra dhaabbannee kadhanna; bakki sun qulqulluudha jedhee amana Oromoon. Kophee isaa baafatee irra dhaabbatee kadhata. Bakka kanatti Oromoon garaa qulqulluudhaan kadhatee, itti qalee

*Yaa Waaqni nuu roobi,*

*Nu uumtee nu hin hubiinii*

*Nuu kennitee nu hin hubiinii*

*Roobatu nu hanqatee nuu roobii* jedhanii tulluutti bahanii kadhatu.

Oromoon tulluu irratti bahee; itti qalee, kadhatee rooba dhabee hin beeku. Tulluun itti irreeffatanii, itti rooba Waaqaan kadhatanii, kanaaf tulluun Oromoo biratti ulfoodha.

***Tulluuwwan ulfoo Oromoon Tuulamaa qabu maali?***

Tulluuwwan akka Cuqqaalaa, Erer, Tulluu Waatoo Daalachaa, Tulluu Boosat, Tulluu Eegduu, Tulluu Furii Oromoo Tuulamaa biratti iddoowwan ulfoodha.

Tulluun Cuqqaalaas yeroo ammaa rakkoo guddaa kan qabudha. Bataskaanni irratti ijaaramee kan jirudha. Osoo Bataskaanni Aabboo Tulluu Cuqqaalaatti hin ijaaramiin Oromoon dur achirraa siidaa qaba. Oromoon gaara sana bahee muuda muudee Waaqa isaa kadhachaa ture. Hora tulluu sanii irratti bahee irreeffatee Waaqa kadhata ture.

Amma tulluu sana warri amantaa Ortodoksii qabatanii siidaa sanuu falaxanii, cabsanii, diiganii jeequmsa guddaa uumanii jiru. Kanuma hafte sanayyuu seera qabsiisuu irratti rakkoo guddaatu jira. Abbootiin aangoos rakkoo kana furaa hin jiran; warri Aadaafi Tuurizimiis rakkoo kana furaa hin jiran. Abbootiin Gadaas dhimmi kun akka furamuuf galfatanillee hanga ammaatti furmaata hin arganne.

Amma gaara Cuqqaalaa irraa birbirsa sana argachuun hin danda'amu. Bosonni ciramee waan achii dhumeef jechuudha. Dur amma birbirsi sun argamee dhufutti Gadaa taa'eet eega malee waan tokkollee hojjechuu hin danda'u. Amma achii dhabamnaan laga Awaash bu'uu eegalan. Kana gochuuf ammoo deemsa guyyaa sadii deemuutu jira. Bakka birbirsa san dhaaban warri ulfaas taa'ue, warri bokkuu jechuudha. Gaarri qullaa ta'uun isaa, bosonni irraa manca'uun isaa, Oromoon waan baay'ee dhabe. Bokkuu muratu, siinqee muratu dhabe. Qoricha aadaa dhabe; waan uumamni kenniteef mara dhabe. Kanaaf, rakkoo kana furuuf duula guddaatu barbaachisa.

**Tulluu Cuqqaalaa:** Tulluuwwan hundumtuu ulfoodha jedhee, irra caalaa Tulluun Cuqqaalaa ulfoodha jedha Oromoon. Tulluun kun Aanaa Liiban Cuqqaalaa keessatti argama. Magaalaan isaa ammoo Adulaala. Tulluu kana Afaan Gi'iiziitiin Zuqaalaa jedhaniin. Zuqaalaan kan jiru as osoo hin ta'iin Gondor keessa kan jirudha. Maqaa kana Gondorii as kan fidanidha. Aabboo Zuqaalaa kan jedhu kan Gondor irraa km 5 fagaatee kan jirudha; maqaa kana achii as kan fidanidha. Xaayituu (Niitii Minilik) wajjin Taabota kana achii Tulluu Cuqqaalaa fidan. Tulluun kun tulluu ardaa jilaa Oromoo Tuulamaati. Cuqqaalaa irreessa tulluu kan itti bahanidha. Yeroo ammaa naannoo sana warri qeesotaa dhuunfatanii Zuqaalaa Gondoriin tokko godhanii, olola adda addaa irratti gaggeessaa jiru. Jidda, Ada'aa, Liiban itti bahee irreessa Tulluu kan itti kabajudha Tulluun Cuqqaalaa. Cuqqaalaa jechuun bishaan qabdi. Boolli guddaan achi keessa waan jiruuf, boolli sun bishaaniin waan cuqqaallameef Tulluu Cuqqaalaa jedhama. Isaan ammoo Zuqaalaa jedhan; Afaan Gi'iiziin. Hiikni isaas:" *Yihe Qollaa*" jechuudha. Tabba sanarrra garuu 'Qollaan' (gammoojjiin) hin jiru.

**Tulluu Erer**: Tulluu Erer kormaa jedhama. Erer kunis tulluu guddaafi kan Oromoon itti irreeffatudha. Keessattuu Oromoota Ada'aa biratti Tulluun kun iddoo guddaa kan qabudha; Tulluu ulfoofi bakka irreeffannaa guddaa waan ta'eef jechuudha.

**Tulluu Waatoo Daalachaa:** Tulluun kunis Oromoo Tuulamaa biratti tulluu ulfoodha. Tulluun kun Tulluu warri Bachoo itti irreeffatudha. Sabbataa darbanii tajiijilaa olitti Tulluu argamudha.

*Tulluu Waatoo Daalachaa*

*Yaa tulluu Magaaziin taraaranii* (2x)

Tulluu sana fagoodhaa yommuu ilaalan kan magaaziin taraaran fakkaata. Dur bosona guddaa; gaattiraa guddaa kan ofirraa qabudha. Tulluu kana dur irratti bahanii irreeffatu.

**Tulluu Wacocaa-** tulluu naannoo Sabbataatti argamudha (Naannoo Alamganaa jechuudha). Tulluu kanarraa yeroo hunda duumessi hin dhabamu. Bosonni Subbaa isa jala kan jirudha. Tulluun kunis bakka irreeffannaa guddaa kan turedha duri.

**Tulluu Koloobooti**. (Tulluu Eegduu) jedhama.

**Tulluu Muxxee Galaani**. Kun Galaan keessa naannoo Jiddaatti (Kaaba Shawaatti) kan argamudha.

**Tulluu Furii**: Tulluu Kormaa jedhamuunis ni beekama; kormas itti qalu waan ta'eef. Raadas yeroo itti qalan ni jira.

Rakkoowwan Tulluuwwan Ulfoo kanneen qunnamuu eegalan jaarraa 8fi 9ffaa keessa kan eegalanidha. Bara Oromoon amantii saditti (3) hiramuu eegale rakkoon uumamuu eegale. Amantii Islaamaa, Ortodoksiifi Waaqeffannaa; jechuudha. Giraanyi Mahaammadiifi Libna Dingil jaarraa 16ffaa keessa naannoo Tulluu Ereritti falmii guddaa (waraana guddaa) gaggeessaa turan. Libna Dingil Tulluu Erer qabatee Giraanyi Mahaammad lolee lolee Hora Kiilolee qabate. (

Tulluun Fooqaa ulfoodha; Fooqa Dullachaafi Fooqa Kormaa jedhan. Achitti qala Oromoon. Oromoon dur malkaatti hin qalu; dhiigni malkaa faala waan ta'eef; malkaa balleessa waan ta'eef. Tulluu irratti ol bahee qala jechuudha.

**Nadhiin Siidee** (Tulluun) ulfoodha. Oromoon Tuulamaa achitti bahee dur Waaqa kadhata. Dur Oromoon achitti Waaqa kadhata. Waaqni yerooma san rooba. Yeroo ammaa Nadhiin Siidees hin qotamtu; kabaja qabdi.

Tulluu Daaloo; dur Oromoo naannoo sanii qofatu irratti waaqeffata. Gosoota Ada'aa jechuudha. Tulluun kun maqaa namaa Daaloo kan jedhamuun kan moggaafamedha. Baabbogaayyaa ammoo warra Baabboo jedhamutu achi jiraata. **Tulluun Saroobaas** yeroo ammaa qotamaa jira. Kan gosti naannoo sanii itti waaqeffatudha.

Rakkoo guddaan Tulluu Cuqqaalaa gubbaatti mul’atu; yeroo ammaa Oromoon itti waaqeffataa jira jechuun hin danda’amu. Iddoo sanatti warri amantii Kiristaanaa (Ortodoksii) achi hin dhiyaatinaa jechaa jiru. Tulluu Erer irratti qonna babal’isuun bal’inaan kan mul’atudha.

Tulluu diiguun, bosona Tulluu irraa mancaasuun daran babal’achaa kan dhufe erga sirni Dargii kufee asittidha. Dur Tulluu Cuqqaalaa gubbaa mukkeen adda addaa kanneen akka birbirsaa, ejersaa, xaddachaa, heexoofi kkf. baay’inaan jiru ture. Amma garuu ciramee dhumeera. Ereris dur kunuunsa guddaa kan qabudha. Yeroo ammaa mataan tulluu dabbasaa dhabdeetti; rakkoon kun rakkoo tulluuwwan Oromiyaa maraati. Tulluu Diimtuus warra Finfinneetu diigee balleessaa jira. Tulluun Diimtuu yeroo ammaa bakkumatu kana jenna malee haalaan miidhamee kan jirudha.

Tulluu ulfoo kanneen dabarsee namaaf kan kenne namuma keenya; Orma miti.

Tulluun uumama keechatti kabajamaadha. Tulluun Waaqatti oldhi’aata. Waanuma Waaqatti ol dhiyaatuuf ulfina addaa kennuufiin, Oromoon seenaa isaa keessatti yeroo heedduu Waaqumatti ol dhiyaachudhaaf tulluutti bahee Waaqa kadhata. Uumaa isaatiin waan gaggaarii ofirraa qaba. Biqiltuuwwan bebbeekamoo akka ejersaafi birbirsaatu achirratti marga. Waan achii ol Waaqatti dhiyaatuuf tulluun ulfina addaa qaba. Wanti dhala namaa barbaachisu hundis achirratti argama.Tulluun kanaaf ulfaa ta’e. Nifaarsa amma Oromoon keenya. Yoo Gadaadhaa godaannu nuti amma akka Jiddaatti akka ilma Daaccitti ykn Tuulamaatti yeroo Gadaa godaanu

*Cuqqaalaa nadhiin burqitee hoo,*

*Awwaashii birbirsi magree hoo*

*Ayyee roobee’ee roobee haroo* dinbiliksee jedhanii tulluufi malkaa isaanii faarsu.

ejersaafi kkf tulluu irratti malee hin argaman.

## Miiltoo E: Hariiroo Namaafi Malkaa ykn Horaa

Malkaan ulfoodha. Malkaan ulfoodha jettee, maaliif ulfoodha jette? jedhee walgaafata. Malkaan bishaan qulqulluu kan irraa dhugamudha; kan horiin keenya irraa dhugdudha; kan ittiin jiraannudha. Yoo bishaan bakka biraatii dhabame malkaa irraa hin dhabamu; kanaaf malkaan ulfoodha jedha Oromoon. Malkaarratti Waaqni raajii uume; bakka hormaataati. Yeroo jalqabaatiif namni kan uumame (lama ta’e) malkaarratti; kan walhoruu jalqabes malkaarrattidha.

Malkaan bakka hormaataa waan ta’eef; Oromoon Malkaan bakka Waaqni raajii itti uume waan ta’eef, irratti baanee yoo kadhanne nu dhagaha jedhee, marga qabatee, meeshaa aadaafi jilaa qabatee, siiqqee qabatee, bokkuu qabatee Malkaarratti irreeffatee, Malkaatti kadhatee; Waaqaaf galata galcha. Kanaaf Malkaan ulfoodha jedha. (**Caalaa Soorii)**

Malkaan ulfoodha; kan hin galleef malkaan maaf ulfoo ta’e? jedha. Malkaan bishaan qabdi; bishaan ammoo uumama hundaaf barbaachisaadha; bineensaaf, biqiltuudhaaf, itti dhiqanna; irraa dhugna, jireenya ilma namaatiif bishaan waan barbaachisaa ta’eef, Malkaan ammoo bishaan qabdi; bishaan maddisiifti. Kanaaf Malkaan ulfaadha jedha. Malkaa itti irreeffatan malees hin ce’an; ulfina waan qabuuf.

Kanaaf Malkaan hundiyyuu ulfaadha jedha Gadaan. Malkaan Hawaas garuu irra caala ulfaadha jedha. Malkaa baay’eetu jira; Malkaa Hawaas garuu irra caalaa ulfoodha jedha Oromoon Tuulamaa. Biyya baay’ee obaasa; irratti irreeffatu; irratti fala adda addaa kennu; gamanaafi gamasii ummanni irratti bahee; araaramee; waliin dhuga. Yeroo hunda hin gogu Malkaan. Kanaaf irra caalaa ulfaadha jedha Oromoon.

Malkaan wanti ulfaateef, malkaan madda. Bishaantu yaa’a. Itti irreeffata; iddoo kabajamaadha. Oromoon Tuulamaa namni qabeenya isaa jalaa fudhatee yookiin nama isaallee ajjeesee ari’ee malkaatti yoo qaqqabe hin ajjeesu. Safuuqaba. Akka tasaa yoo ajjeesanillee otoo nama sana keessaa lubbuun hin bahiin malkaa saniif korma qalanii faloo falatan malee abbaan Gadaa namaaf hin marxifatu. Falooqaba. Dura malkaa sana, yookiin tulluu sanaaf dura tulluu sana falata. Malkaafi tulluuf yeroo seera Odaa Nabeetti tuman qabeenya irratti hin qabdu, adamoo irratti hin baatu, irratti hin ajjeeftu, kan itti dheeche hin baha, kan baannate irraa dahaa jettee tumteef.

Haroowwan jahan Waaqayyoo kan jedhamanis Oromoo Tuulamaa bira ni jiru.

1. Hora Harsadii Horri hundumtuu ulfoodha jedha Oromoon Tuulamaa. Irra caalaa Horri Harsadii ulfoodhas jedhu.
2. Hora Kiilolee
3. Hora Baabbogaayyaa
4. Hora Hadhoo
5. Hora Waaxoo

6. Hora Bishooftuu = Horawwan kunis Oromoon Tuulamaa biratti iddoowwan ulfoodha; bakka guddaas kan qabanidha. Isaan kun hunduu Ardaa irreessaati jechuudha. Bakka ykn iddoowwan Waaqa isaa itti galateeffatudha jechuudha.

Oromoon tulluudhaafis, malkaadhaafis ulfina kenna; kabaja guddaa qabaaf. Bakka bishaanii, bakka tulluu sagalee Waaqayyootu jira jedhee amana Oromoon. Kanaaf bakkeewwan kanneeniif kabajaa guddaa kennaaf. Achitti bahee Waaqa isaa galateeffata; dhugeeffatas. Uumamas ummata ulfina guddaa qabudha Oromoon.

Naannoo kanatti Haroowwan ulfoo Gadaan qabdu, bakka ulfoo Gadaan qabdu, keessatti kan guddannedha.

Haroowwan ulfoon ammoo Haroowwan jahan Galaan ni jiru. Isaanis;

- Hora Harsadii
- Hora Kiilolee
- Hora Hadhoo
- Hora Hulluuqaa
- Hora Basaqaa
- Hora Jijjigaa

Seeri jahan Waaqayyoo kan itti tumu Caffee Dongoraattidha; Caffeen Dongoraa kan seera jahan Waaqayyoo itti saaqanidha.

Achii deemee (Caffee Dongoraarraa) Caffee Tumaa dhaqa. Caffeen Tumaa bakka ilmaan fincaan Tuulama sadeenii waggaa saddeet fuul dura seera ittiin hojjetan kan itti tuman ykn baafatanidha; warri aangoo ykn baallii fudhatan jechuudha. **(Naggasaa Nagawoo)**

Rakkoon jiru, haroowwanis sirriitti kunuunfamanii hin jiran. Kan Harsadiis akkasuma xiyyeeffannaa guddaan hin kennamneef. Horri Kiilolee dur burtukaanaafi loomiin kan beekamtudha. Amma qonnaan miidhamee kan jirudha. Haroon kun waggaa muraasa booda ni baddi kan jedhutu yaaddoo ta’ee jira. Dur horri Kiilolee meetira 100 olidha gadi fageenyi ishee; amma garuu meetira 30 hin caalu jedhama. Horri hadhoos bosonni irraa dhumaa kan jirudha. Kanaaf rakkoo guddaadha.

**Horri Ja'a**

1. Hora Arsidii
2. Hora Finfinnee
3. Hora Kiilolee
4. Hora Baabboo Gaayyaa
5. Hora Hiddiifi
6. Hora Hadhooti.

## Miiltoo F: Hariiroo Namaafi Bosonaa ykn Biqiltuu

Oromoon bosonona ni kunuunsa. Sirni Gadaas bosona hin murinaa jedha; muka qajeelaa hin murinaa jedha. Murtu ammoo kan biraa dhaabi jedha. Muka murtee hin balleessiiniitii, muka kan murtu yoo ta'e, moofaraafi qonnaaf, kan murtu yoo ta'e seera itti gaafadhu; abbaa itti gaafadhuu muri jedha. Muka akkanumaan hin muran. Muka qajeelaa yoo muran sanyii qajeelaatu si jalaa bada jedhee waan amanuuf Oromoon muka qajeelaa hin muru; ilma kee qajeelaatu badas jedha. Kanaaf, muka qajeelaa hin muru Oromoon; yoo muka barbaadellee muka dabaa mura. Oromoon muka gurguddaas hin muru; mukni gurguddaan ulfoodha waan ta'eef. Fakkeenyaaf mukoonni kanneen akka odaa, qilxuu, garbii, xaddachaa, ulfoodha. Gaaddisa jala taa'anidha. Bakka Gadaan taa'ee seera itti tumu ykn araara itti raawwatudha. Mukoonni kunneen yeroo baay'ee bakka araarri itti raawwatamanidha. (Caalaa Soorii)

Mukni hunduu ulfaadha; Odaan ulfaadha; yoo Odaan bakka jilaa hin taane akka seer ta'a; ulfaa hin ta'u jechuudha. Odaan ulfaa kan ta'u yoo jila itti bahan qofa jechuudha; ta'uu baannaan muka ta'a. Birbirsi Gadaan itti adeemu ulfaadha; keessattuu birbirsi muka dhibaayyuu sirna Gadaa isa guddaa waan ta'eef. Muka keessaa birbirsa qofa osoo hin ta'iin ejersis ulfaadha. Irra caalaa ejersi ulfaa kan ta'u yoo jila itti bahanidha ykn yoo dhibaayyuu itti bahanidha.

Kan biraa seera biqiltuutu jira. Biqiltuunis seera qaba; seera malee muruunis sirrii miti. Gara seera biqiltuutti yoo deebinu; namni biqiltuu muru tokko seera qaba. Muka sorooroo; utubaa manaa, muka marartee kan murtu yoo ta'e areerrattee; aannaniin areerrattee murta. Itti dhibaafachuun, itti irreeffachuun murta malee callistee hin murtu.

Muka muramuu qabutti seeraan biqiltuu murta malee callistee bakka feetetti hin murtu. Muka birallee bakka buusta. Dugda irratti, lafa keessatti muka hin murani. Muka bakkatti muranitu jira;

bakka biqiluu ykn latuu danda'utti muru. Itti safeeffatteeti; aannaniin ariirratteeti murta malee hin murtu. Yeroo itti murantu jira. Yeroo cagginoo biqiltuu ykn muka hin murtu. Yeroo addeessi hir'uu ta'e, cagginoo waan ta'uuf muka hin murtu. Yoo cagginoo keessa muka murtu ta'e urtootu nyaata; umurii hin godhatu; humans hin qabu. Yeroo muka tokko murtu, kan biraa ammoo maddiin dhaabda; kan biraa bakka buufta jechuudha. Boruuf; qilleensa naannoo keetiif yaadaa jechuudha.

Marga kana akka feete ibidda itti gadi hin dhiiftu. Lubbu qabeeyyiifi soora lubbu qabeeyyii hedduutu daggala ykn marga keessa jira waan ta'eef jechuudha. Biqiltuu ibiddaan gubuun uumama balleessuu waan ta'eef. Kanaaf seeraan itti fayyadamta jechuudha. (Alamaayyoo Hayilee)

***Oromoon Tuulamaa naannoo kanaa mukeen ykn Biqiloota wajjin hariiroo akkamii qaba? Gama kanaan falaasamni ykn beekumsi xabboon hawaasicha keessa jiru maal fa'i?***

Oromoon Tuulamaa mukkeeniif safuu tumee jira. Muka muree itti fayyadamuufi itti hin fayyadamne jira. Mukni seeraaf itti fayyadamu jira. Fakkeenyaaf foolleen horooroo yoo murtu horooroon mukuma ta'eef miti, ulaagaatu qabatama. Bokkuunis kan irra tolfamu isarraati. Bokkuun Gaaddisa Oromooti jedhee waan dhugeeffatuun muka kanarraa tolfama jedhan. Fuudhas yoo dhaqan muka mi'eechaafi urgeechaa jedhamu qabatanii dhaqu. Akka duudhaa Oromoo Tuulamaatti intala urgeechaafi mi'eechaa didde namuu hin fuudhu safuudha. Mukni kun lamaan fakkoommii mataa isaa danda'e qaba. Fakkeenyaaf, urgeechaan 'urgaa'uu' bakka bu'a waan ta'eef urgaa'uu didde, mi'eechaan 'mi'aawuu' bakka bu'a waan ta'eef miyaa'uu didde jedhu. Kanaaf namni urgaa'uufi mi'aawuu dide dhandhama jiruu hin qabdu waan ta'eef hin fuudhan. (Miidhaksoo Gurmuu)

***Akka sirna Gadaatti Ormoon mukaaf seerri tume jiraa?***

Sirni Gadaa mukaaf kabaja guddaa waan qabuuf seerri mukaaf tumame jira. Fkn muka hunda hin muran mukni muramu damee isaa irraa muraniit itti fayyadamu maalifii damee isaa yoo irra muran boru hin biqila waan ta'edhaaf, hundee jalatti kan muru yoo ta'ellee jallatee muka guddaa waan ta'uuf hundee jalatti dhoqqee horii dibu. Maalifii akka qilleensi isa seene hin gogsineefidha. Akkasitti itti fayyadamu. Isa kana irratti seerri isaa tumamu ilmi rakoo morma hin buusne, muka kamiyyu hin muru, yoo niitii fuudhee rakkoo morma hin buusiin, yoo gaa'eelaaf hin ga'iin, seera itti tumte Caffeen Tuulamaa. Ilmi rakoo morma hin buufne muka hin muru.

Mukni seera qaba, abbaa muru qaba, akka itti muramu qaba. Isa keessaa kan seera qabu kan safuu qabu Caffumatu itti tuma; seerumatu itti tuma kun kanaaf, barbaachisa jettee caffeen seeraitti tumti.Tumaadhumasana fudhannee dhufnee nuti amma akkuma warra keenya irra darabeedhaan agarree gafannetti, qabannee warri kun waan **akka seer** jennee ummatallee akkasitti barsiisna, dhaloota dhufullee akkasitti barsiisna.

***Osoo hin fuudhiin dura muka yoo muran maal ta'a? Sababa qabaa?***

- Seera hin guunne waan ta'eefidha. Fuudhee abbaa warraa hin taane, waan ta'eefidha. Reefu lafaa dhufa kanaaf dogoggoree waan safuu sana yoo mure boru safuu hanqata seera hanqata kan jedhuuf dhiifama.

***Oromoon Tuulamaa Muka Wajjiin Hariiroo Akkamii Qaba? Muka Akkamitti Ilaala?***

Muka gaafa murtu ati hin argitu malee mukni sun haara qaba. 'Imimmaani' jedha Oromoon Waaqatti bo'aa jira. Sii hin tolu jedha. Bakka amma burqaa Makkanaa jedhu kana burqaan Makkanaa kan Waaqni roobee burqaan baatee as Korriftuutti Bishooftutti gadi yaatii ykn Calalaqatti gadi yaatii dur. Bakka burqaa sanatti bara dargii mukkeen achirra jiran abdaarii achirra jiru warri dargii nama hin mursiisanii warri sun muka sana achirra muree sanyiin isaanii achirraa bade. Tokko hin jiru har'a. Kanaaf, waan uumamaa wajjiin qabu seera isaa ni eega. Hin tuqu ni kabaja. Abdaarii hin muruu, Odaa hin muru, birbirsa hin muruu, heera kana ni eega. Waan murachuu qabu harqotaaf yoo ta'e muree kan biraa ni dhaaba. Amma kana dhaabuun dhiisuun bakka sirni Gadaa laafaa dhufetti malee, muka tokko yoo mure muka biraa dhaaba ture. Looniif tola qoricha achi keessaa guurrata. Qoricha nama ittiin fayyistu, kan loon ittiin fayyisu, bosona keessa argata waan ta'eef bosona hin barbadeessu ibiddaan hin gubani loon irraa tikfatan malee jedha. Uumaa wajjiin kana qaba. Itti jiraata waan ta'eef, achi keessaa waan isaaf ta'u bosona sana keessaa uleen achi keessaa murama. Birbirsi achi keessa murama, siinqeen sirna ittiin geggeefamu achi keessaa muramu, madaallii qilleensaa ni eega. Rooba arganna jedha. Waaqatu roobaaf kanaaf seera uumamaa kana ni eega. Lafa muka mana ittiin ijaarratu galma abbaa Gadaa ittiin ijaarratu qabaa ni eeggata isa. Fakkeenyaaf, jabaa ibsuu jedha gaafa wadaaja bulfatan, jabaa ibsuun kun muka ejersaati. Muka ejersaa qabsiisanii namaa ibsee sa'a namaa ifi jedha. "Kunoo dachee ibsee dacheen siif haa ifu" jedha. "Kunoo Tulluu ibsee Tulluun siif haa ifu" jedha. Akkasitti gaafa wadaaja bulfatan ibsaa sana ibsanii Waaqa ittiin galateeffatu. Achi keessaa argata waan ta'eef ni eeggata. (Miidhksoo Gurmuu)

## Miiltoo G: Hariiroo Namaafi Ardaalee Ulfoo

Oromoon ardaalee jilaafi bakkeewwan ulfoo hedduu qaba. Bakkeewwan ulfoo kanneen irratti nama hin arrabsan; cubbuu irratti hin hojjetan; hamaa irratti hin dalagan; irrattis wal hin miidhan. Lafa jilaati, lafa ulfaati jedhee yoo wayyoomse Oromoo biratti lafti sun, iddoon sun safuudha. Lafa aadaati; lafa hoodaati, lafa jilaati. Oromoon bakka aadaa isaa, bakka jila isaa bakki waaqeffannaa itti gaggeessu Malkaafi Tulluu ni uummata; Odaa ni uummata. Fakkeenyaaf Odaa Nabeetti seerri kan tumamu miti. Bakka araarri itti raawwatamudha; Waggaa saddeet saddeetiin Oromoon **Odaa Nabee** kan taa'u walqulqulleessuufidha; araara itti buusuufidha. Namni Gadaatti dhufe hunduu Bokkuu qabatee, caaccuu qabatee, waan ulfaa qabatee, Abbaa faajjii qabatee achi taa'a. Achi jalatti Gumaa baaftee jedhee walgaafatee; harki kee qulqulluudhaa? Harki kee qulqulluu yoo hin taane Caffeetti hin dabartu waliin jedha. Namaan waldhabdee araaramteettaa jedhees walgaafata. Kanaaf Odaan Nabee bakka araaraafi walqulqulleessuun itti gaggeeffamudha. Rakkoonillee hawaasa gidduu kan jiraatu yoo ta'e bakka itti walsaaxiludha.Warri abaluu lola qabu; abalu qulqulluu miti jedhanii bakkatti walqulqilleessanidha. Eega Odaa Nabeetti walqulqulleessanii booda **Caffee Dongoraatti** (Caffee Abbaa Muudaatti) darbu. Seera (Heera) jahan Waaqayyoo kana achitti (caalaan Caffee Dongoraatti) lallaban. Sana booda ammoo **Caffee Tumaatti** darbanii seera tumu; seera fooyya'uu qabus fooyyessanii waggaa tokkoof irratti mari'achuun erga irratti walligalanii booda **Dhakaa Koraatti** (Caffee Andoodeetti) lallabanii, beeksisanii waggaa saddeet dhufuuf ittiin gaggeeffamu.

Caffee Tumaatti seera tuman; waan fooyyessuu qabanis achitti fooyyessu. Dhakaa Koraatti darbanii alangee raasuun seera Caffee Tumaatti tumameefi fooyya'e labsu ykn beeksisu. Alangeen roobii ulfoodha; kan Abbaan Gadaa qabatee deemuufi seera ittiin tumuufi lallabu jechuudha; namas ittiin hin rukutan. Bokkuu, callee warri Gadaa qabatee deemus ulfaadha. Siinqeen haati siinqee qabattee deemtus ulfaadha; okoleefi gaadiinis ulfaadha. Hunduu kan uumama kanarraa argamanidha. Kanaaf Oromoon aadaa isaa keessatti uumamaaf seera jajjabaa qaba; iddoo guddaas qaba; jireenyi isaa hundi uumamaan waan walqabatuuf jechuudha. (Caalaa Soorii)

Iddooleen ardaalee jilaa Oromoo Tuulamaa akka naannoo kanaatti iddoolee gurguddoo saditu (3) jira. Isaanis Odaa Nabee Caffee Abbaa Muudaa (Caffee Dongoraa), Caffee Tumaafi Andoodee

Tumaati. Akka Bulchiinsa Magaalaa Galaanitti ammoo iddooleen ulfoon ykn ardaaleen gurguddoon lamatu jiru. Isaanis Caffee Abbaa Muudaafi Caffee Tumaati.

Caffeen Abbaa Muudaa; Bulchiinsa Magaalaa Galaan ganda Caffee Muudaa keessatti kan argamudha. Iddoon kun yeroo ammaas gara heektaara shanii (5) kan ta'u daangeffamee saayit pilaanii isaa Bulchiinsa Magaalaatiin hojjetamee jira. Haata'uutii beenyaan hojjetame waan hin kanfalamneef hojiin daangessuu isaa hojiirra oolee hin jiru. Bara dhufutti jala jalaa akka kanfalamudha yaadamaa jiru.

Caffee Abbaa Muudaati waggaa saddeet saddeetiin gaafa baallii Abbootiin Gadaa waliif dabarsan seerri ikkee kan itti tumudha. Waggaa waggaadhaan ammoo waqtii Arfaasaa keessa ummanni jila itti bahee, korma itti qaluun itti irreeffata. Iddoon kun bakka namni waldhabe itti araaramu; kan dhala dhabe kadhatee kan itti dhala argatu; hongeen yoo dhufe kadhatanii rooba bakka itti argatan; bakka araaraafi safuu guddaa ummata Oromoo biratti qabudha.

Caffeen Tumaa ammoo bakka Oromoon Tuulamaa waggaa saddeetiin seera itti tumatuufi fooyyeffatudha. Iddoo kana Abbootiin Gadaa torban tokkoo oliif turanii waggaa saddeet saddeetiin seera isaanii kan itti tumaniifi fooyyeffatanidha. Qaamni ykn Gadaan waggaa saddeetiif bulchu bakka kanatti seera tumata, kan fooyyessuu qabu yoo jiraate ammoo fooyyeffatee sirriitti irratti mri'atee, turtii waggaa tokkoon booda Caffee Andoodee ykn Dhakaa Koraa dhaqee seera irratti waliigalame sana kan lallabudha. Kan Caffee Tumaas lafti heektaarri 56 ta'u saayit pilaanii isaa hojjetamee harka keenya kan jirudha. Araarri lafaafi Waaqaas kan itti kadhatamu bakka kanattidha. Yeroo darberraa kaasees ummanni bakka sanatti bahee irreecha itti gaggeessaa kan jirudha.

Ulfoowwan jiran keessaa inni angafaa malkaa dubbisaati. Malkaan dubbisaa gamni ja'an Jiilleeti, gamanni ilmaan Daacciiti. Gidduu kana yaa'a malkaan kun. Awwaashumatu malkaa dubbisaa jedhama. Laguma tokko irratti malkaa malkaan akkuma jiru laguma Hawaash kanatu bakkichatti malkaa Hawaash jedhama. Jahan Jiillee gamaan ilmaan Daaccii Jahan Galaan gamanaani. Ka'aa hin kaanaa jedhaanii, siba gamaa dhufaa, jahan Jiillee gamaa dhufaa, teenya gamanaan dhufa. Jidda namatti hin ce'u jedhama as itti ce'a. Asce'eet taa'ee waldaa qabata. Ani ka'ee ka'i jedheet gabbisayyoo dhayata gaafsan. Afoolaan waan jedhu qaba.

*Ee Siba gamaa sitti dhaamee oo'oo*

*Jidda gamaa sitti dhaamee oo'oo*

*Abbaa seeraa seerri yaamee seerri hin ooluu oo'oo jedha.*

*Odaa nabee yaarukkaakoo oo'oo*

*Abbaa seeraa yaa ulfaakoo seerri hin ooluu'oo* jedhee, afoolaan gamaa gamanaa oomii dha'ata.

Ulfaawwan yeroo Gadaa godaanan nama faana godaanan ulfaadhuma Gadaa isaaniiti. Ulfaan kanuma abbaa gadaa sanaati. Gadaan godaanu Birmajii yoo ta'e ulfaa Gadaa Birmajiitu ba'a. Ulfaan mana hin oolle kallacha, caaccuu, bokkuufi kkf yommuu ta'an ulfoon gonkuma manaa hin baanes ni jiru. Caaccuu dubartiitu godaanani. Haati manaa ulfaa baattee waliin godaanti. Fakkeenyaaf, bokkuun namtolchee kan magarfataniifi bokkuu diimaa abidda fakkatu kan samiidhaa bu'etu jira. Bokkuun magarfatan kan gosaa kan qabatanii ba'anidha. Bokkuu abbaan shananii dubartiin qabattee waliin godaantu ni jira. Gadaa keessatti ulfoo dubartootatu baatee nama waliin godaana. Bokkuun manaa hin baane ammoo bokkuu samiidhaa bu'edha. Yeroo Gadaa godaanan kanas, ulfaa Gadaa sanaatu waliin godaana; kan qalmaaf dhiyatus korma qofa. Yeroo Gadaa godaanan kanas yeroo mara kan qalamu korma. Aadaa Oromoo keessatti goromsi tumaa qaba; ni hora malee hin qalamu.

Iddoo ulfootti malkaafi tulluutti kan qalamu yeroo mara korma buriiti. Kormuu akka qaba. Kan dallaa cabse hin ta'u. Kan gaane hin ta'u.

Oromoon loon keessaa korma hin dhabu. Loon keessatti korma ni moosisa. Korma sanaa ittiin hin qotu, ittiin midhaan hin dhawu, kormi sunillee akka seeri. Korma warra abaluu yoo jedhan midhaan namaallee yoo nyaate hin dhawan. Sababni kormi qalamuufis, Aadaa Oromoo keessatti

Mukti abdaarii akka tasaa bubbeenillee cabsee lafa buutee yoo goggogde achumatti bunaan dhaabbatu malee fuudhanii manattiin hin galan. Yoo achitti bunaan hin dhaabdu ta'e yookii ammoo bunaan dhaabdee irraa hafa yoota'ellee achumatti tortoree bada. Yoo mukichi dulloomee kufellee muka biraa achumatti guddiftee bakka buufta. Abdaariin gamoo amma namni jala ta'ee waaqeffatu kanatti kan fakkeeffamu malee seenaa biraa ykn seenaa hin qabu.

***Yeroo akkam akkamii bakka ulfoo kanatti ayyaanni kabajamaa?***

Tulluunis malkaanis gabbara jedhamee bara tokko gabbaramu. Yeruma tokko gabbaramu. Angafni Tulluudha. Dura Tulluutti baatee Tulluutti korma qaltee Waaqa kadhatta. Torbanitti malkaa buuta, malkaas akkuma sanatti kadhatta. Malkaa irraa deebitee dirree deemta. Dirreettis akkuma sana korbeessaa qaltee Waaqa kadhatta. Faatiitti deebita faatii dubartiinis keessaa qooda qabdi. Malkaas keessaa qooda qabdii Tulluu keessaa qooda qabdii. Abdaadaarii qofatu birraa sadaasa keessa ummanni naannoo qofatu wal ga’ee muka guddaa seera itti tumatee jiru abdarii jedhee isatti godhata. Irreechi malkaa adduma jira. Kan kormi itti hin qalamne, Irreechi kan Arfaasaafi kan Birraati. Irreechi Bonas ni jira. Irreechi kanumatu jira. Kan gabaarraa sadarkaa sadarkaan qofaa jira. Fakkeenya:

1. Tulluu
2. Malkaa
3. Dirree
4. Faatii
5. Abdaarii (Qoolloo)

***Qolloo ykn abdaariin maali?***

Namni kamiyyuu ayyaana wal haacaalu malee eegduu qaba. Abdaarii mataa isaa qaba. Abdaarii muka kana hin tuqinaa jedhee guddifatee muka sana jalatti buna dhaabbataa ni waaqeffata. Achi jalatti buna dhaabbatee, Waaqa uumaa, Waaqa uumamaa isaa kadhataa, galateeffatas. Abdaariin awwaayidha.

Uumama keechatti Odaan hooda. Oromoo biratti Odaan akka ilmaatti ilaalama. Akkuma isaan jedhan birbirsillee hooda. Maaliif jennaan Bonaafi Ganna hin gogu ni lalisa. Oromoon odaa sana jala dhaabbatee Waaqa isaa kadhata. Kan kadhatamu Waaqa. Kan dhaabbatan gaaddisa jala. Gaaddisa bareedaa jiidha qabu waan ta’eef jala dhaabbata hiikaa biraa homaa hin qabu. Kan kadhannu garuu tokkicha garaa garbaa leemmoo garaa taliilaa kan hin duune, kan hin dulloomne ajjeeftu gumaa hin baaftu, cabsitu ogeessa hin yaamtu yaa Rabbi kan uumte, kan uumamte jedha wanti biraa hin jiru. Waaqni akka abbaatti dacheen akka haadhaatti ilaalamu. Waaqni otoo hin roobnee dacheen tun waa biqilchuu hin dandeessu. Otoo roobee waa biqilchuu baatee ammoo uumamni lafarra jiru kun nu dabalatee hin jirru. Waaqa jalattimmoo maaltu jira? Malkaaf tulluutu jira. Malkaaf tulluurrammoo maaltu jira? Mukeen akka amma jennuu santu jira.

Nummoo sana jala dhaabbannee Waaqa kadhanna. Innimmoo kan uume kan uumamedha. Isuma kadhanna kan biraa hin jiru.

Sababni kormi qalamuufis, Aadaa Oromoo keessatti akkuma iddoowwan ulfoo ulfina qaban kormis seera qaba. Oromoon loon keessatti korma hin dhabu. Korma ni moosisa. Korma sanaa ittiin hin qotu, qambara irra hin godhu. Ittiin midhaan hin dhawu, kormi akka seeri, korma warra abaluu yoo jedhan midhaan namaallee yoo nyaate hin rukutan. Gadaa keessatti yeroo mara wanti Oromoon korma qaluufis kormi jabaadha, kormi nugusa. Akka sanatti korma nagodhi. Adda kiyya adda leencaa godhi jedhee Waaqa kadhata. Gadaa sana yoo fudhatu akka kormaa sana jabaa nagodhi jechuu isaati.

***Waaqni, Tulluun, Dacheen, Malkaan, Abbaafi Haati Ulfoodha Jedha, Maaliif Ulfoodha Jedhan?***

Caffee Dongoraatti amma seerri tumamu akkasuma jedhamee tumama achitti ibsi irratti hin kennamu. Eessatti kennama? Caffee Tumaatti. Waaqni ulfoodha jettee maalif ulfoodha jette, Waaqni nama uumee, nama jiraachisee, waan ittiin jiraatan namaaf uumee, margaafi bishaan nuu uumee, lubbuu nu jiraachisee, isatu nu uumee Waaqni kanaaf ulfoodha jedha. Lafti ulfoodha jettee maaliif ulfoo ta’e? Lafti gaafa jirru nu baatti, nuuf laatti, nuu magarsiti, looniif laatti, hunda jiraachifti, nama dandeessi kanaaf ulfoodha. Du’an garaatti nu fudhatti, natti ajaa’e jettee hin jibbitu, duunullee garaatti nu fudhatti lafti kanaaf ulfoodha. Abbaan ulfoodha jettee maaliif ulfoodha? Abbaan nu uummatee haadha keenya garaatti nu uumee nu guddisee, nutti fuudhee, nuu laatee, nu kunuunsee, goojjoo nutti baasee ilma jedhee bakka ofii nu buuse abbaan kanaaf ulfoodha jedha. Haati maaliif ulfoodha? Haati garaatti nu baattee nu deesse harma nu hoosiftee, nu guddistee asiin geessee, nu fuusifte, ni baattee ni dandeesse fincaan irraa dhiqxee bobbaa irraa dhiqxee natti ajaa’e hin jettu waan hunda dandeessi haati akkuma lafaa sana ulfoodha. Haatiifi lafti wal qixxeedha. Kanaaf, ulfoodha jedhan. Malkaan ulfoodha jettee maaliif ulfoodha jette? Malkaan ulfoodha, bakka jiitudha, bakka irraa dhugnu bakka Waaqa itti kadhannu bakka itti wal arginee irraa dhugnee ittiin jiraannu, malkaan kanaaf ulfoodha. Itti hin dabanii, hin balleessanii, waan hamaa irratti hin hojjetanii bakka ulfoodha bakka Waaqni uumama ganamaa, ilmi namaa irratti wal horu jalqabee bakka bu’aa ganamati. Ilmi namaa jalqaba irratti wal horuu jalqaban malkaa irratti; kanaaf ulfoodha jedha.

Tulluunoo? Tulluun lafa irra ka’e Waaqni uumee. Lafa hunda irraa kaasee waaqni uumee, bakka qulqulluudha. Irra dhaabbannee Waaqa kadhanna. Rooba dhabne irraa arganna Tulluun kan Waaqaati waan hundatu achirratti marga. Bosona achirraa arganna. Waan hundaa achirraa arganna. Tulluun kanaaf ulfoodha jedha. Achitti Caffee Tumaa irratti ibsi irratti kennama. Ni gaafata warri seera tuman Gadaan achitti godaanee kana hundaa achitti diriirsee ibsa itti kenna. Sanaan booda seera Caffee Tumaa seera manaa, seera bitimaa, seera utubaa, seera golaa, seera malkaa, seera abdaarii jedhee tartiiban lallaba, seera hunda kana. Seera kana irraa kan biraa baasa. Amma haati ulfoodha wanti nama ilaalchisu haadhaafi abbaa irra jira. Wanni namaaf lallabamu, seerri namaaf tumamu hunduu seera haadhaafi abbaa irraa ka’a. Seerri immoo uumama Waaqni uume biqiltuu, bineensa, seera tulluufi malkaa sana bineensaafi bosona kana hunda kan qabatu isa keessa jira. Bineensa ilmoo irraa qabu hin ajjeestu jedha. Maaf irraa ajjeesata ni hoosifti, bishaan dhugaa jirtu hin ajjeestu. Waraabessa horii si jalaa nyaate kan ilmoo hoosisu yoo of jalaa qabaate haadha irraa hin ajjeestu. Cubbuudha, seeratti dhorkaadha. Diina kee yoo ta’e fira kee ajjeese yoo gadi taa’u yoo bobbaaf gadi taa’u bobbaa irratti hin ajjeestu. Cubbuudha; bobbaatti jira. Uumaa Waaqaa sana geggeessaa jira. Bineensa bishaan dhugaa jiru bishaan irratti hin ajjeestu. Maaliif waan Waaqni kenneef sana fudhachaa jira isa hin hanqistu jechuudha. Kana hundaa seera kana hundaa eegee kan jiraatu. Kana cabsinaan ilmoo isaatiin itti dhufa. Ilmoo bineensaa sana haadha irraa ajjeese ilmoo kiyyaan natti dhufe jedha. Cubbuu lagata ni sodaata ni eega, Waaqatu uumeef, haadha irraa hin ajjeestu. Yoo guddate ajjeesuu dandeessa malee waan akkasii qaba seera keessatti.

***Garaagarummaan Iddoo Ulfoo Kanaa Maali?***

Bakkeewwan ulfootti waan adda addaatu raawwatama. Garaagarummaa qabu. Fakkeenyaaf dura godaanee biyya isaatii yoo ka’u bakka adda addaa qubatee dhufee Odaa Nabee ga’e. Odaa Nabee yoo ga’u, dura warri ulfoo angafa warri Jiddaa, Kuraa Jiddaa warra angafaati. Isaan dursanii ulfoodha ni qubatu. Warri ulfoon dhufanii isaan bira qubatu. Faajjiin isaan bira dhaabbata. Faajjiin abbaan faajjii isaanuma. Isaan faajjii dhaabu. Foolleen birbirsa gaara cuqqaalaatii ykn laga hawaasii fidee gaafa dhuftu bakka ulfoo sana dhaabdi. Amma Odaa Nabeetti kun dhaabbatee wal ga’ee araara buusa. Odaa Nabeetti seerri hin tumamu araara. Araara fixatee wal qulqulleessee, kan gumaa hin nyaatiin dhufe kun osoo gumaa hin nyaatiin dhufee na keessaa baasaa jedha achitti of keessaa baasa. Kun gumaa otoo hin baasiin dhufee gumaan irra jirti harka xuraa’edhaa na keessaa baasaa jedha. Warra ulfoo araara dide walii qulqulleessee achitti araara

fixatee Caffee Dongoraa dhaqa. Darbee caffee tumaatti. Caffee Tumaatti seera hunda lallaba. Seera biyyi ittiin bulu, kan ittiin ummata bulchan; kan horii ittiin bulchan; kan bosona ittiin bulchan; kan qabeenya uumamaa ittiin eegan hunda caffee tumaatti lallaban. Caffee Tumaatti erga raawwatanii booda Caffee Dongoraatti hin darban; kana fudhatanii biyya biyyaatti galan. Biyyatti galanii ummata mariisisanii erga bakka sana Gadaa shanan hin dhaqu. Gadaan shanan biyya biyyatti irratti mari'atee, kana fudhannee, kuffisnee kan jedhu erga biyya guutuu waggaa tokko irratti mariisisee booda Dhakaa Koraatti dhufa. Waan mari'atee waan biyyi kenne waggaa tokko booda achitti mari'ata. Si 'baannadhe' kun fudhatamee kun kufee jedha amma seera sana kan irratti waliigalan abbaan ja'an Tuulamaa, abbaan sadaan Tuulamaa Dhaka Koraa sana koree seerri kun kufee seerri kun hojiirra oolee Gadaa kana irraa kaasee seerri kun ba'e jedha. Seera waan hundaa. Kan uumama Waaqni lafa kaa'e lafa kana irratti uume, seera Waaqa ittin waan hundaa achirratti seerri kun hojiirra oole jedha. Kana biyyatti galee hojiirra oolcha. Kana garaagarummaan isaa waan adda addaatu raawwata. Waan wal fakkaatu miti. Caffee Dongoraatti heera tumee, Caffee Tumaatti seera tumee, Dhakaa Koraatti mirkaneessee labse. Abbaan Tuulama sadeenii ykn abbaan seeraa Tuulama sadeenii Dhakaa sana koree faajjii mirmirsee seerri kun hojiirra oolee jedhee labsinaan ka'e. Dhumate seerri sun hojiirra oola biyya biyyaatti

***Uumama Ulfoo Akkamii Qabama Naannoo Kanatti? Uumamni Ulfoo Naannoo Kana Jira?***

Eyyee jira fakkeenyaaf nuti Awaash irra jirra. Awaash amma hora qaba. Hulluuqaa jedhuun bakki sun itti ba'u. Bonni yeroo hammaate jedhe dubartiin siinqee qabattee, callee godhattee dhiirri immoo waddeessa qabatee dhaqanii izgoo itti jedhu. Waaqni immoo nuu rooba nuu na'a jechuudha. Kaan hunduu biyyaa biyyatti iddoo qaba. Amma Tulluun Cuqqaalaa kun Jidda keessa jira; isaanis amma dhaqanii korma qalanii Tulluu Cuqqaalaa ati nuu na'i. Waaqa nuu damboobsi, Waaqa nuu kadhu jedhanii achitti ni kadhatu warri Jiddaa kunis. Abdaarinis(qoolloo) karra duraatti malkaadhaa yeroo galu abdaarii karra duraatti buna dhaabbata. Abdaarii magarfatee jechuudha. Mukni sun hin muramu, qottoon hin tuqtu isa irratti achii yeroo malkaa dhaqu, itti irreeffata. Yeroo galu immoo abdaarii sanatti buna dhaabbatee achittis irreeffatee yaa Waaq waan dabe; waan bade; dhiifama nuu godhi jedhee kadhata. Yeroo ammaa kana maaltu nu jalaa miidhaa jiraa, amantii adda addaatu nu jalaa balleessaa deeme. (Bulbulaa Waadiyyee)

***Iddoolee Ardaa Jilaaf Ilaalcha Akkamii Qaba Oromoon? Iddoolee Kana Akkamitti Kabaja?***

Ummata biraa yoo ilaalte yemmuu Oromoon tulluutti ba'u waan tulluu sana waaqeffatu itti fakkaata. Tulluurra ba'ee yoo kadhatu. Gaafa malkaatti ba'u immoo bishaan sana waan waaqeffatu itti fakkaata. Sana jechuun Oromoon tulluutti gaafa ba'u. Tulluu jechuun qaamota addunyaa diriiraa kana keessaa waan akkanatti ol ba'e, waan ardii irraa mataa ol qabatee tulluu jechuun kana jechuun Waaqayyo addunyaa kana irraa ardii kana irraa mataa akkanatti lafa mataa ishii xiqqoo ol kaasee jechuudha. *Hojii Waaqaa ajaa'ibsiifata jechuudha. Oromoon gaafa tulluutti ba'u:*

*Yaa Waaqayyo*

*Waaqa Tulluu kana uumte*

*Waaqa uumama addaa kana*

*Ardii diriirtuu irraa tulluu mataa ol baaste kana*

*Nus mataa ol nu qabi*

Ol nu baasii jedhee kadhata Oromoon malee tulluu sana hin kadhatu. Sababni isaa tulluun uumama malee uumaa miti. Tulluu ta'ii mataa ol nu qabii, mul'adhu jedha. Kunimmoo guddina ibsa. Malkaa yoo deemus akkasuma malkaa Waaqayyotu bishaan sana baase Waaqa burqaa kan namaa baasu Waaqa malee namni hin baasu. Osoo silaa namni baasee manatti baafata malee addunyaa keessatti hin baasu. Bishaan sana miti kan waaqeffatu. Waaqa bishaan sana uume waaqeffata Oromoon, galateeffata jechuudha.

**Rakkoolee Gurguddoo Mul'atan**

- Caffee Dongoraa Abbaa Muudaa irratti manni Amantii Ortodoksii waggaa waggaadhaan ayyaana cuuphaa itti bahuudhaan walitti bu'insi jiraachuu
- Sirna Gadaa dura bakki amantii keenyaa kanadha jedhanii Caffee Dongoraa (Abbaa Muudaatti) Bataskaana ijaaruutu ture. Abbootiin Gadaa garuu bakka jila keenyaati jechuun bakka sanii akka diigamu taasisaniiru.
- Sirni kana itti fufsiisuudhaaf (Caffee Dongoraa) hubannoo hawaasa bira jiru laafaadha.
- Naannoo sanatti sabni biraa bal'inaan akka qubatu ta'uun mataan isaa rakkoo guddaadha.

- Hawaasni ykn maatiin daa'imman isaanii afaaniifi aadaa isaanii barsiisuu dhabuun mataan isaa rakkoo guddaadha.
- Naannoo ardaalee jilaa ykn iddoowwan ulfoo kanneen daangessuu irratti rakkoon kan jiru ta'uudha.
- Iddoolee kanneen misoomsuu irratti hanqinni guddaan kan jirudha; sirriitti beeksisuu irrattis rakkoon ni mula'ata.
- Naannoo iddoowwan ulfoo kanneenitti qonna babal'isuun; ijaarsa seeraan alaa babal'isuun bal'inaan kan mul'atudha. Bosonni ykn mukkeen gurguddoon irraa ciramaa jiru. Iddoowwan ulfoo kunneen haalaan miidhamaa kan jiranidha. Naannoo ulfoowwan kanneen seeraan daangessanii uumama ulfoowwan kanniin kunuunsuurratti hanqina guddaatu mul'ata. Ardoonni jilaa akka kabajaman gochuurratti hanqina guddaatu mul'ata.
- Bakkeewwan Oromoonni safeeffataniifi ardoonni jilaa kunneen seeraan kabajamuu qabu.

  Mootummaanis iddoowwan kanneeniif eegumsa guddaa taasisuu qaba.
- Tulluurra qotuun aadmaleedha; safuu cabsuudha; heera Waaqaa, heera uumama Waaqaa cabsuudha. Kanaaf mootummaafi qaamni dhimmi ilaallatu dhimma kanaaf sirriitti xiyyeeffannaa kennuufiin furmaata kaa'uu qabu.
- Hayyoonni dhimma kana irratti sirriitti hojjechuun rakkoolee gama kanneeniin mul'atan sirriitti ifa baasuu qabu. Furmaata isaas lafa kaa'uu qabu.
- Daangaan qonnaa; magaalaafi industiriis sirriitti beekamanii iddoowwan ulfoo kanneenis eegumsa kan taasisan ta'uu qabu.
- Seera uumamaa eeganii uumama jiranitti fayyadamuun barbaachisaa ta'a. Hariiroon uumaafi uumamni waliin qabu eeganii jiraachuun baay'ee murteessaa ta'a. (Alamaayyoo Hayilee)

**Miiltoo H: Hariiroo Namaafi Bineeldotaa**

Bineensa akka feeteen hin ajjeeftu; uumama Waaqayyoo waan ta'aniif. Loon ykn horiillee akka malee baaftee hin gurgurtu ykn hin qaltu. Keessaa filattee kan gurgurtu qabda; kan jeequufi kan maseene yoo jiraate gurgurta ykn qalatta.

Bineensas akka malee hin ajjeesan. Oromoon loonillee ariirratu malee hin qalu. Ariirrachuu jechuun eebbifachuu jechuudha. Waaqayyoon kadhateeti; hayyama Waaqayyoo gaafateet qalata Oromoon. Uumaa ati uumte qaladhee nyaachuun koo hayyama kee haa ta'u jedhee qalata jechuudha.

Bineensa Oromoon callisee hin qalu. Bineensas kan adamsee nyaatu yoo ta'es kan dulloome keessaa adamsee ajjeesee nyaata. Bineensas yoo ajjeesu ariirratee, eebbifatee nyaata. Oromoon loon kotte duudaa hin nyaatu (harree, fardaafi kkf). Kan kotteen isaa banaa ta'e nyaata. Arba, golja, hin nyaatan. Kana hundaa Gadaatu seera kaa'e; seera baase. Roobii, waraabessa, saree hin nyaatan; kan seera kana cabse Oromoon of keessaa baasa.

***Hawaasichi bineeldota manaafi bosonaa waliin hariiroo akkamii qaba? Hariiroo gama kanaan qabus afoola isaatiin akkamiin ibsa?***

Silaa bineeldota itti fayyadama; saree itti fayyadama; adurree itti fayyadama; harree itti fayyadamaa; fardaafi gaangee itti fayyadama. Faayidaa qaba, kan bosona jirullee faayidaa qaba yoo wanti tokko waa ta'e harreen tokko bade, yoo horiin tokko du'e, isaaf dabarsee kenna. Bineensi sunillee irraa fayyadama. Wanna bineensi hojjetufiitu jira. Waan bineensi hojjetuufitu jira namaa. Waan baayyee ittisaaf waan baayyee irra ittisa. Waan baayyee irra dhowwa.  Fkn. qeerransa yoo fudhatte, qeerransi safuu qaba, seera qaba, safuu isaa sana, seera isaa sana, kan tiksituuf yoo ta'e re'een kee yoo ala bulte hin nyaatu isatu sii eega. Harreen kee yoo ala bulte waraabessii hin nyaatu siif tiksa irraa siif dhowwa malee akka ammaa kana miti.  Yeroo dur seerri jiru, safuun jiru, sana akka ammaa bosonni bade akkas ta'e kana miti. Oromoon waan isa barbaachisu, bineenesaafis ni kenna.  Bona yoo ta'e gongaatti (gandaa) horiidhaan obaasu kana guyyaa horiin ni dhugaa mitii, galgala bishaan itti guutee bineenisi yoo dhufe haa dhugu jedhee bineensaa teechisa. Bineensi dhufee bishaan sana dhuga.

Bona akkanaa kana yoo dheerate yoo lafa gammoojjii ta'e bakka bishaan hin jirre ta'e bineensafillee waan nyaatu waan dhugu qopheessa. Bineensi sun ni tiksa; warra sana ni tiksa; horii san ni tiksa; nama san ni tiksa; hin rifachiisu.

Eyyee dawoo hin qabu, dawoon isaa irraa gubate, hariyame, boolli isaa jalaa duude, (haajaa) godhatee amma darbee darbee nama nyaachuudhaaf kunoo waan akkasiitutu jira. Safuu santu jalaa dabe, mana isaatu diigame, seera isaa santu dhabame, kanatti rakkoon akkasii uumame. Darbee darbee rakkoon akkasii ni jira; keessattuu naannoo Booranaa kana namatti hanqina

bishaan dhugaatii waan jiruuf namni guyyaa guyyaa dabaree dabareedhan bishaan horiidhaaf to’ee yoo bineensaaf hin to’iin hafee bishaan dhuguuf keessaa bu’ee du’e bakki itti mul’atutu jira. Eyyee nii jira maalif hin qopheessine hafteen bishaanichaa bishaan bineensaa jedhama. “Yoo horiin dhugee galu ijoollee, bishaan bineensaa qopheessitaniifi” jedhuun. Yoo hin qopheessine ta’e deebi’ee gongaa (gandaa) sana guutee qopheessaaf. Halkan kan isaati, waan ta’eef.

***Oromoon bineensota ajjeesee yeroo itti geeraru ni jira, uumaafi uumama akkamitti ilaaleeti?***

Adamoodha deemu. Adamoon jedhan dur dargaggeessi waa ajjeeseet gootummaadhaan micayyoo barbaadu sana argata. Falaasama akkasiitu jira. Isa adamoo deemanii ajjeesanii kallee isaa irraa baafatu. Kallee qeerransaa, kallee leencaa, kallee maalii jedhanii, weennillee ni ajjeesu akka gootummaa tokkotti ilaalameeti. Haala saniin ajjeesanii waan irra jiru irraa baafatu. Ilmi ebaluu kana godheetiim, inni cimaadha; inni goota; inni maalidha jedhanii waan barbaadu tokko ittiin akka argatu, niitiillee yoo fuudhu, kanaan fuudha. Akka duriitti ykn haala duriitin haala akkasiiti kan itti fayyadamaa ture.

***Yoo ajjeese gumaa ni kanfala moo hin kanfalu?***

Adamoodha yaa’e, adamoo seeratu kenneef. Maaliif hadamsita sababa tokko qabda. Niitii fuudhun dura hadamoo dhaqeen waa ajjeesaa jedha. Erga niitii fuudheen booda seera gootummaa, seera dhiirummaa, kana ga’uudhaaf naaf haa heyyamamuu hadamoon deema jedha. Maal hadamsita? maal ajjeesuu barbaadde? Leenca moo qeerransa moo kaani kanuma bishaan galu wakkannellee haata’u adda baasee himata. Waan himate sana malee waan biraa ajjeesee hin dhufu maalifii seeran adabama.

***Bineeldonni manaa haala kamiin ilaalamu?***

Farda qabatteet uumama ittiin kadhatta Tulluu, Malkaa ittiin dhaqta. Fardi safuu qaba, seera qaba. Fardi waan guddaadha. Fardi akka amma kabaja dhabee **gaarii** mukaa harkisu kana miti. Farda qabatteet Waaqa ittiin kadhatta. Farda qabatteet Waaqa araarsifatta waan amanamuuf kabaja guddaa qaba. Ulfina, Seera safuu guddaa qaba. Yoo garmaamallee deeme yoo laallibbatallee deemtu fardi kabaja qaba. Ganama buna dhugdee ciree kee nyaattee farda sana muddee:

*Ayyaanni collee naaf toli*

*Nagaan na oolchi*

*Nagaan na galchi*

*Atillee nagaan ooli*

*Nagaan gali* jedhee muuda kenneefi fudhatee deema.

***Oromoon Bineensa Bosonaas Ta'ee Horii Akkamiin Ilaala? Gadaa Keessattis Ta'ee Aadaa Keessatti Seera Akkamii Qabaaf?***

Egaayii horiin mana yaa'u kunuu dur bineensuma. Horumti mana yaa'u kunuu dur duritti bineensuma. Bineensuma kana hooksee, ofitti harkisee, elmatee, qalatee, nyaatee, horii manaa godhate. Adurrees ofitti fidee, aannan qiceefii, ofirra bulchee leenjisee, horii manaa godhate. Sarees bineensuma keechaa qabatee, ofitti madaksee, waan ishiin nyaattu kenneefii, guddisee, akka ilma isaatti guddisee, qe'eedhaan eeggate. Namni keenya hundaa ni kabaja. Akkuma jiruun kabaja. Waraabechillee yoo horiin namarratti du'e namarraa nyaatee ajaa namarraa oolchaa innuu kabaja qaba. Fakkeenyaaf bineensa Awwaashii kaaftee Cuqqaalatti yoggaa ariitu badhee keechatti waraantee yoo ajjeefte malee Cuqqaala mataan seennan hin ajjeeftu. Cuqqaala kan itti dheeche irraa ba'e kan itti yaame irraa da'a. Namni daangaa kana darbe yoo jiraate, abbaan biyyaatti lallabateet korma qala abbaan sun. Adamoodhaaf otoo ari'anii manakoo yoo seene hin ajjeesan. Natti dheeche ykn natti baqate waan ta'eef hin ajjeesan. Anuu nama bineensa mooraa koo keessatti ajjeese korma qalchiiseera. Kanammoo seera Gadaatu kallattii kaa'a.

## Miiltoo I: MGX 1ffaa

***Gaaffii: Oromoon Tuulamaa Uumama Waliin Hariiroo Akkamii Qaba ykn Hidhata Akkamii Qaba?***

**Abbaa Caffee Caalaa Soorii**

Hariiroon Oromoon uumama waliin qabu, namnis uumama, dacheen tun uumama, dachee tana waliin immoo hariiroon inni qabu, lafa aadaati, bakka aadaati jedhee, bakka itti Waaqa kadhatuufi bakka itti sirnasaa gaggeeffatu, bakka itti qonnasaa gaggeeffatu jechuun addaa addummaa qaba. Namni waan nama ta'eef bakka aadaa sana seera itti baafatee, seera isaatiin kunuunsa. Seera sana hin cabsu. Seera sana eegee bulfta. Yoo bakka itti qalamu ta'e, bakka

kormi itti qalamutti kormuma itti qala malee korpheessa yookiin waan biraa itti hin qalu. Aadaa isaa hin dabsu. Akkasiin bakka uumamaa kana seera isaa eegee kunuunsa, ni kaabaja. Waggaa waggaadhaanis Oromoon waan aadaa isaa eegee yeroo isaatti bakka itti kabajamu sana itti kabaja. Bakki amma teenyu kun malkaa Irreecha Duukami, bakki kun bakka waggaa waggaan itti irreeffatamu yoo ta'u, Gadaanis ammoo waggaa saddeet saddeetiin bakka ulmaa itti ba'u. Ulmaa yoo ba'u asitti ni dhibaafata; gamatti ce'ee as gara Baha biiftuutti ba'ee ni eebbifata. Asitti nyaataa dhugaatiin ni dhufaa, qoriin ni dhufaa, dhangaan ni dhufaa, erga eebbifateen booda, ummata waliin dhufe asitti affeeree gabbisayyoodhaan gara manaatti gala. Yoo dhufus gabbisayyoofi mareewoodhaan dhufa. Kana wajjinis warri foollee ni dhufa. Safuun isaa kuni eegamaadha. Seerri isaa kuni eegamaadha. Bara baraan eegamaadha. Gadaa Gadaadhaan eegamaadha. Hariiroon Oromoon durii uumama waliin qabu kana.

Uumaafi uumamni garaagarummaa hin qabu; Waaqni waluamatti hidhee uume. Waaqni waan hunda uumee uumeet namatti kenne. Namatti yoggaa kennu Waaqni sirna Gadaatiin walqabsiiseet Gadaan seera yoggaa tumtu walumaagalatti waan hundaaf tumti. Waaqaafillee ishiitu tuma, lafaafillee ishitu tuma, abbaafillee ishiitu tuma, haadhaafillee ishiitu tuma, tulluufillee ishiitu tuma, malkaafillee ishiitu tuma. Kana qofaa osoo hin ta'iin horii sa'aafillee, sa'a jechuun korma abbaa warraa, dhaltii okolee, karaabecha buttaa, karaabessa funyoo, dagaagaa, faaqqellee horiin kunniin bifa bifaan taa'u. Odoo qalameellee, otoo miidhameellee gumaanillee otoo baateefii bifa bifaan taa'a. Waaqnikaa kana ennaa uumee namatti kennu, namni kana hundaa akka safuun isaa hin banne, safuun isaa akka eegamu, malkaadhaaf safuun isaa akka eegamu, tulluudhaa safuun akka eegamu, fakkeenyaaf caaccuun, bokkuun sabareen, waddeechi alangeen, bookni, boolli saddeeqaa akka eegamu kana Gadaatu tumeef. Waan Gadaan tumteef sana kan biraa dhiisitii bofaafillee, funya dheero, funya gabaaba, waashaa beellama, kanaafillee ni tumame. Waan lafarra yaa'u kanaaf Gadaan tumtee jirti. Kana egaa ennaa Gadaan tumtu Waaqumatu kenne. Kennaa Waaqaati; uumadhaan walqabata. Kana waan ta'eef, uumaa jechuungaa tumaan kun hojiirra ooluu kan danda'u yoggaa namni hojiirra oolche. Fakkeenyaaf Waaqaafi laafaafi Odaa Nabeef Caffeef Tumaan seenee, ulfaadha jedhama malee waan sana bakka sana dabarraan akka seeri jedhama. Wanti akka seer jedhamuuf, bokkuun akka seeri, caaccuun akka seeri, qorxiin akka seeri waan jedhamuuf, ofiif abbaa seeraa waan seeraa itti uume malee, yoo abbaan faasseche ni faassa'a, yookii ni kufa, meeshaalee ulfaa wantoota jedhaman kana yoggaa namni ulfina irraa kaase ni irrata. Kana waan ta'eef, uumaafi uumamni

walcinaa dhaabbataa, uumama kana Waaqni uumee namatti kennee, Gadaatti kennee, Gadaan uumaa sana bakkaan ga'a. Malkaan, tulluun, saanis ta'ee ulfaan hunduu nu harka jira. Wanti Waaqni nuuf kenne sun kabajamuu qaba. Kabajni bakkaa warraaquu hin qabu. Cabuu hin qabu. Kufuu hin qabu. Seeraan eegamuu qaba. Kunigaa kan godhamuuf maalifii tumuma ganamaa uumamuma ganamaa ykn tumaa ganamaa santu kana hojiirra oolchuu qaba. Seeruma sana qabatee seerri Gadaan tume sunis hojiirra ooluu qaba. Yoo seerri cabe itti gaafatamummaatu jira. Korma qaluutu jira. Adabamuutu jira. Uummanni mormachuutu jira. Fakkeenyaaf amma bakkeen kun bakkee ulfaati. Nuyi amma har'a yommuu dhufnu har'i ayyaana irreechaati jennee hin dhufne. Bakkanatti bunni dhaabbateet nu eege. Kuni safuusaa asii qabu, barnootasaa asii qabu, barnootichiifi safuun inni asii qabu kun kan abbaan isaa hojjatu, kan haati isaa hojjattu, kan akaakayyuun isaa, abba ja'aa torbaan hojjatu sun akkanumatti dhufa. Ishiinis ennaa dabartee kennitu bakkee kana ilmootti kennitee dabarti. Uumaafi uumamni walqabatee waan deemuuf fo'ama hin qabu. Uumaan uumaa akkuma ta'e uumamni ammoo waan uumamee lafa kanarra jiru maradha. Uumaan uumaa waan ta'eef of ni kabachiisa, uumamni namaa, waan uumamee lafa jiru kanaa uumamni ammoo kabajamuu qaba.

**Miidhaksoo Gurmuu**

Hariiroon Oromoon Tuulamaa uumama biroo waliin qabu ofii isaatifuu uumamaa, ni uumamee uumamaan ala jiraachuun hin danda'amu. Uumamaan uumaa kadhata dursee. Waan Waaqayyo uume hunda biqiltuudhaa kaasee, bineensaa kaasee, beelladaa kaasee, waan Waaqayyo uume hundaaf kabaja kennaaf. Maaliif kana godhaa, anallee uumama biroollee Waaqatu uume jedhee kabaja kennaaf. Seera baasaaf. Seera tumaaf. Akka eegamuufi kunuunfamu godha. Oromtichi ilma Waaqaa ta'uu isaa hiddi isaa hiddi Oromoo hundee Waaqaa ta'uu isaa, hundeen isaa kan Waaqni uume ta'uu isaa, yeroo gabbisayyoo jedhu wa'i jedha. *Gadaan yaanaa oowoo yaa Gadaa hiddattii Waaqaawoo. Hayyee roobee leenca sabbooqa daraarewoo* jedha. Gadaan kun hiddattii Waaqaa ta'uu ibsata. Kana qofaas miti, ni kadhata. Yaa Waaqayyo situ nu uume jedha. *Uumayyoo'oo uumaa teetan mararaa yaa Waaqayyoo nan dagatinii* jedha. Na yaadadhu, rakkoo narraa qabi jedha. Fafee narraa qabi. Dhibee narraa qabi. Uumaa keettan bula. Waan ati uumte sanan deeggara jedha. Nan fudhadha, nan kabaja, ulfinan kennaaf jedha. Hariiroon uumama waliin qabu gabaabumatti kanadha.

**Katamaa Hordofaa Ayyaanoo**

Sirna Oromoon Tuulamaa uumama waliin qabu yoo kaafne, bakkeen tun bakka safuuti. Bakkee tana kunuunsinee Abbootiin Gadaa asirra jiran bakkeen tun waggaa afurtamaa ol cufamee turee, amma bansiifnee akkuma argitan warri irraa milkii qabu dhufee asitti buna dhaabbachaa jira. Namni isaan ajajeetii miti. Uumamatti waan amananiifidha. Mukni amma jala teenyu kun uumama. Uumaatu isa uume. Gaafa isa uumu ammoo akkuma namaa sanitti filatameemmoo abdaarii ta'e. As jalatti kormatu kufa. Bakka sanatti irreeffanneet fuulaan as galagallee Waaqa kadhanna. Kanaaf uumaafi uumamni wanna addaan jiru hin qabuu, walqabateet deema. Fuuldura kana bakka kanatti gabbara qabna. Isa keessatti fardi ni dhufa; haati siinqee ni dhufti; jabanaan ni dhaabbata; dammi ni dhufa; adursiitu dhufa; margatu afama; kuni akka seeri. uumaa sana qabanneeti kan deemnu. Uumama sana qabanneeti kan deemnu. Namoonni as bakka kana dhufee nu waliin biluurra dhaabbatu sun uumama. Fardi sun uumama keessa jira; mataa isaatiin tumaa qaba. Seera qaba waan ta'eef. Abbaa Gadaa, ayyaantuu, foolleefi kkf. dhufa. Akkanatti uumamaan walqabatee deema.

**Sabbooqaa Gadaa Badhaadhaa**

Uumaafi uumama keechatti Waaqni uumaa ta'eet uumama kennee, uumama kanammoo kan Waaqaan walitti nu fidu waan baay'ee nuuf kenne. Maal nuuf kennee? ardoolee jilaa nuuf kennee; malkaa nuuf kennee; tulluu nuuf kennee; kun uumama. Kun uumama Waaqaati. Uumamni kuni namni nama ta'ee erga uumamee waan Waaqa sana ittiin kadhatu, waan uumaa isaa ittiin kadhatu waan hunda nuuf kenne. Oromoon malkaatti ba'ee, tulluutti ba'ee, ardaawwan jilaa garagaraatti yeroo isaa eeggatee ba'ee sa'aatii Irreechaa malkaa yeroo itti bu'an eeggatee, Irreecha tulluu yeroo itti ba'an eeggatee, deemee uumaa ittiin kadhata. Uumama qabatee, magra qabatee, safuu isaa eeggatee, yoo Irreecha malkaa ta'e Birraa, yoo tulluu ta'e Arfaasaa uumama gargaraa qabatee Waaqa isaa kadhata. Umamni /namni sa'aa namaaf simbiraaf, bineensa alaatifillee tumee, mukaafillee, lafaafillee, hundaafuu seera tumee akkaataa uumaafi uumamni ittiin walkabajee bulu tolfatee uumaa isaa guddaa kana kabajatee ittiin bula Oromoon.

**Artisti Naanaatii Yaamii Jimaa**

Hariiroo uumaafi uumamaa irratti abbootiin keenya waan hedduu kaasaniiru, nus ilmaan abbootii keenyaa waan taaneef, waanuma isaan nutti himan afaan barnootaan dubbanna, hariiroo Oromoofi uumamaa yeroo kaafnu akka waan tokko ta'eetti kaafna. Oromoo jechuun waan nama

ta'eef innuu mataa isaatiin uumamadha. Dacheen tunillee uumamadha. Akka seenaan jedhutti uumee uumee, dhuma gubbaarratti waan ja'a erga uumee torbaffaa nama uume. Waan uumame sanas namatti kenne. Kanaaf uumamni hundumtuu akka uumama ilma namaa harka jiruutti fudhanna. Ilma namaa keessaa ammoo Oromoon isa tokko jechuudha. Waa'ee uumamaa keessatti ayyaana kaaseen ture duratti. Ayyaanni gabaadhaa hin bitamuu; Waaqatu namaaf kenna. Ayyaana gosaa, ayyaana firaa, ayyaana Oromoo waan jedhamutu jira. Kana yeroon jedhu ayyaana dalagan kan Waaqayyo namaf kennu qofaa miti. Ayyana dalaganis Waaqumatu namaaf kenna. Uumama waliin yoo fudhatte ayyana kana Waaqumatu uume. Yeroo baay'ee uumama yoo jennu biqiltuu kaafna, dhakaa kaafna, qotiyyoo kaafna, sa'a kaafna, re'ee kaafna, waan akksii sana.

Odaa kana yoo laalte adbaarii jedhama. Namni ayyaana boroo keessatti mari'ateet marii boroodhaa baate sana abdaarii kana jalatti dhufee mari'ata. Uumamaa jechuudha. Oromoofi uumamatu walbira jiraa beeki. Dhakaa kana yoo ilaalte uumama. Gullichaa jedhama. Amma gullichaan kun magaalaa keessa hin jiru. Baadiyyaa keessayyuu darbee darbee jira. Namni sibiilarra kaa'a. Gullichumti kun ayyaana mataa isaa qaba. Oromoon waan safeeffatu qaba; ittiin walsafeeffata. Egaa amman dhaga'erraan sitti himaa kuni uumama. Gullichaa sadi. Ittiinillee wal eebbisaa, ittiinillee wal abaara. Ashammaaree waan jedhamutu jiraa, naannoo keenyatti yoo abdaariitti ba'an, bakka gooftaan jiru giiftiin jirtii, Abbaa Gadaa birallee jaartii mataa guutuu ykn mataa qaraa waan jedhamutu jira kan sirna guuttu. Hanga sadarkaa jaartii cifiree geessutti siinqee qabattee, marga coqorsa jedhamu qabattee, gaafa ishiin adbaariitti baatu, ashammaaree jechaa gaafa galtu ulfina qabdi. Roobatu rooba gaafa ishiin baatu. Isa san dubartiin amma jaartii mataa cifiree, dubartiin mataa qaraa siin jedhu sun gullichaa sadi adbaarii jala dhaabdi dhuftee. Buna danfiftii, ni mari'attii, ni haasoftii, san booda ateeteeshii facaafatti. Sana booda *Ashammaaree, asham yamaaramee* jechaa faarsaa walfaarsaa gaafa ishiin siinqee qabattee balbala irra geessu kan aannan qabu aannan kan aannan hin qabne bishaan qabatee, dhibaafachaa galu kun ayyaana Waaqayyo gubbaarraa kennedha. Kan uumama biraa akkuma jirutti ta'ee amma fakkeenyaaf Oromoon muka muru, kan qabatu, kan ittiin horii rukutu qaba. Ooda keessa safuu keessa waan jiru sana gabaabsee yoon ibsu hariiroo uumama uumaafi Oromoo gidduu jiru san yoo fudhanne, akka safuutti, akka seeraatti, akka heeraatti kan hunduu ittiin walsodaatee walkabajee bulutu jira. Haala ittiin bulmaata isaa yoo ilaalle, himamee kan hin dhumne waan ta'eef anis ammuman abbootirraa dhaga'en gabaabsee kaase.

***Gaaffii: Oromoon Uumama Ulfoo Jedhu Kun Maalisaan? Oromoon Tuulamaa Iddoowwan Ulfoo Akkamii Qaba?***

**Bulbulaa Wagii**

Seera aadaa Oromoon ittiin buluufi akkaataa ittiin walbulfatu abbootiin Gadaa kaasanii jiru; garuu isa akkaataa abbootii keenyarraa dhageenyetti Oromoon safuu guddaa qaba. Wal safeeffata. Ulfaa ulfoo jechuun dubartiin ulfoodha jedha. Waaqni ennaa eebba kennuuf *ulfaan ulfaadhuu, deessu gumaata nyaadhuu* jedhee dubartiidhaa eebba kenneef. Dubartii hin rifachiisan, hin mufachiisan, hin gufachiisan. Seera keenya keessa jira jechuudha. Namni dubartii gufachiises ta’ee namni dubartii mufachiise ni adabama. Adabbiin kunis rukkachaa osoo hin taane akkaatuma murtii Abbootii Gadaatti kan ta’udha. Adabbiin isaa qalma. Gadaatu qala. Yakkamaadhaa yakka oole jechuudha. Kanaan wal leenjisee, akkanaan uumamaafi uumaan walkabajee waliin jiraata. Maalifii, uumama kana wanti nu jalaa faallechee balleeche, akkuma durattuu kaafnee dubbanne sanii aadaa adda addaafi amantii adda addaatu keecha seenee raawwatee, abdaarii teenya tulluu keenyas, malkaa teenyas, nu jalaa shalqeesse jechuudha. Shalqeesse jechuun nu jalaa faallessee, laaffise jechuudha. Kanaafuu uumaa teenya amma abbootiin nu barsiisaniiru. Nummoo amma irraanfachuutti deemaa jirra. Amma yaanni amma ka’e kun yaada gaariidha. Waan gaaridha. Aadaa duraan ittiin walbulchitan sun akkaataa dur ittiin bultan jechuun baay’ee kan nama gammachiisudha. Kanarraa kan ka’e waan abbootiin keenya nu biraan ga’an kana nuyyuu irraanfachaa jirra. Seerri Oromoo seera mataa isaa danda’edha. Hidhaa miti, rukuttaa miti. Afaaniin, qalmaan, akkasitti Gadaan qaltee walsirreechaa turan. Hunduu amma ulfina qaba. Namaa oliin dubartiidha. Sababni isaas gamnas gootas garaatti baatti waan ta’eefidha.

**Abbaa Caffee Caalaa Soorii**

Bakki Oromoon sirna aadaa isaa itti gaggeeffatu, bakki kadhaa Waaqaa itti gaggeeffatu, bakki sirna Gadaa itti gaggeeffatu, hunduu ulfoodha. Kana yoo jennu malkaan ulfoodha yoo jennu malkaa kana irratti sirna gaggeeffatu qaba. Tulluun ulfoodha yoo jennu tulluu kana irratti sirna gaggeeffatu qaba. Malkaan ulfoodha yoo jennu itti irreeffataa, itti Waaqa kadhataa, Waaqaaf galata galcha. Tulluun ulfoodha yoo jennuu, tulluu ba’ee Waaqa kadhataa rooba kadhataa irraa argata. Abbaan ulfaadhaa haati ulfaadha jedha. Kun hunduu uumama. Egaa uumama kanatti Oromoon ulfaadha jedhee erga seera itti baafatee, seera sana kan cabse maalta’aadha? Namni

malkaa sana xureeche, namni waan hin taane irratti raawwate inni cubbamaadha. Abaaramaadha. Dhalfatu ilmoon jilba hin darbitu, horatu bultiin hin qajeeltuuf, jiraatee ulfina hin argatu jedhee, irratti abaaramaadha. Bakka ulfoo sana namni xureesse, kan muka irraa mure, kan irratti wal ajjeese, horee ulfina hin argatu; horee horii hin argatu; jiraatee jireenya hin argatu. Lafti sun kanaaf ulfoodha. Omtuu irratti hin raawwatamu. Wanta gaarii malee, wanti hamaan irratti hin raawwatamu. Bakka itti Waaqaan walarganidha. Lafa waan gaarii argatan lafa itti Waaqa kadhatan irratti cubbuu hin hojjatan. Kanaaf, wanti ulfoodha jedhameefis, Oromoon ykn ilmi namaa Waaqni kenneefii bakka Waaqni kenneef sanarratti dhugaa Waaqaa achirratti galchaaf jechuudha. Yoo malkaa kanarratti dhufee dhibaafatu galanni dhibaayyuudha. Dhibaayyuun suni galata Waaqaati. Waaqaaf aarsaan inni kennu kanadha. Margi irreessa. Marga qabatee yeroo irreeffatu Waaqaaf aarsaa kennuudha. Garaa qulqulluu ta’ee erga kadhatee wanti Oromoon guyyaa guutuu achi ooluuf hin jiru. Waaqayyo dafee dhaga’aaf. Uumamni ulfoodha kan jennuufis kanaafidha. Bakka sanarratti daba hin raawwatan. Waraanni irratti hin gaggeeffamu. Dabnis irratti hin gaggeeffamu kanaaf ulfoodha jedha.

Ardaawwan ulfoo kunniin heera. Seera hundaafuu bu’uurri isa. Waa’ee namaa yoo kaafte abbaan ulfaadha, haati ulfaadha erga jedhee seerri dhimma namaa irratti lallabamu hunduu as keessatti gala. Malkaan ulfoodhaa, tulluun ulfoodha kan jedhu yoo ta’e, addunyaa kanarratti wanti jiru bineensa yoo ta’e, biqiltuun wanti hunduu isa kana jalatti seera ta’ee tumama. Heera bu’uura; hin jijjiiramu. Bara baraan Gadaan marsaadhaan dhufu heera ja’an Waaqayyoo hin jijjiiru. Bu’uura seera hundaati. Heera mirga namoomaas jedhama. Heera kanarraa seerri dhufe.

**Artist Naanaatii Jimaa**

Heera jechuun uumama waliin kan walqabatu bulchaa uumamaati. Heera jechuun salphaatti yoo hiikamu safuu jechuudha. Safuu jechuun waa oodachuu jechuudha. Dubartiin amma foollee hin qaxxaamurtu. Safuudha. Safuu jechuun immoo heera jechuudha. Maaliif amma dubartiin foollee qaxxaamurtee gaafa abbaan Gadaa taa’ee gaafatu, maaliif qaxxaamurtee jedhanii gaafa gaafatan heera jetti deebii gabaabaa. Heera Waaqatu kenna. Heerri daangaa hin qabu; abbaadha. Seerri ammoo ilma. Dubartiin caaccuu baachuun eebba, dhiirri garuu caaccuu hin baatu safuudha. Heerri muummicha. Ulfaan ammoo ayyaana.

## Miiltoo J: MGX 2ffaa

### Eebba

### Hayyuu/Yuuba Caalaa Soorii

*Hayyee kan Waaqni nagaan nu bulche*

*Nagaan nu haa oolchu*

*…Waaqni Odaa Nabee*

*Waaqni Gadaa shananii*

*Waaqni Tulluu saddeettanii*

*Waaqni malkaa ja'anii*

*Biyya keenya biyya nagaa haa godhu!...*

*Gadaan roobaa nagaa!*

**Abbaa Gadaa Sobbooqaa Lataa**

*Ni eebbifnaa nu oofalchaa x3*

*Waaqni nagaan nu bulche nagaan nu haa oolchu*

*Hamaan adda nu haa oolchu*

*Gaarii wajjin nu haa oolchu*

*Biyya teenya biyya nagaa nuuf haa godhu*

*Nu jennee Waaqni haa jedhu*

*Nu jennee Tulluun Erar haa jedhu*

*Nu jennee muudaan Furii haa jedhu*

*Nu jennee Horri Finfinnee haa jedhu*

*Nu jennee Gadaan shanan haa jedhu*

*Biiti roobaa nagaa*

*Gadaan quufaa gabbina*

*Gabbisi Waaq!*

**Abbaa Gadaa Goobana Hoolaa**

*Ee Waaqni nagaa ta'a*

*Ee lafti nagaa taati*

*Waaqaaf lafa gidduutti namni nagaa ta'a x2*

*Waaqaaf lafa gidduutti saawwan naga ta'aa*

*Waaqayyo waaqni uumaa uummamaa*

*Waaqni sa'a uumte*

*Waaqni nama uumte*

*Waaqni lafa uumte*

*Waaqni dachee tana uumte biya tanaa nagaa godhi*

*Biyya tanaa nagaa godhi*

*Bobba'ee nagaan gala*

*Dorrobee nagaan dhala*

*Miil lamo nagaan bobba'ee gala*

*Miil afro nagaan bobba'ee gala*

*Nageenyi itita*

*Biyya tana iticha*

*Nageeny itita*

*Tuulama iticha*

*Nageenyi itita*

*Oromiyaa mara iticha*

*Nagaa yeroo jennu nagaaf gatii kaffallee hin dandeenyu*

*Waaqni uumaa uumamaa nagaa buusa*

*Dhukkuba qileen nurraa qabi*

*Diina waraanan irraa qaba*

*Beela misooman irraa qaba*

*Waaqni Odaa Nabee nagaa kenna*

*Caffee Tumaatii nagaa kenna*

*Gafarsa Kormaatii nagaa kenna*

*Qarree Golbeetii nagaa kenna*

*Marab Bal'oo nagaa kenna*

*Tuulamtichi nagaa ta'a*

*Biyya Oromoo nagaan iticha*

**Gaaffii:** ***Oromoon Tuulamaa uumama waliin hariiroo akkamii qaba? Fakkeenyaaf muka wajjin, dachee, malkaa ykn hora bineensota bosonaa ta'uu danda'a, beelladoota ta'uu danda'a mee kanneen akkamiin ilaala Oromoon?***

**Hayyuu/Yuuba Caalaa Soorii**

Oromoon mukas ta'ee margas ta'ee hariiroon inni waliin qabu, isa malee akka hin jiraanne, isa malee akka aadaanis hin jirre, sirna Gadaa gaafa hundeeffatu Oromoon seera uumaa uumamaa kana irratti hundaa'ee sirni Gadaa seera Waaqni nuu uume kan ittiin eegudha. Sirni Gadaa seera diriirseefi magarse, mukkeenis, ittiin eeggachaa kan turedha. Hariiroon inni waliin qabu fakkeenyaaf, muka yoo fudhanne mukkeen aadaa ni jiru. Mukni hundi muka aadaatii miti. Mukni aadaa kan akka Odaa gaaddisa. Odaan maaliif filatame, Odaan muka guddaadha; gubbaan isaa bal'aadha; hiddi isaatis akkuma dameen babal'atu sana babal'ata. Namallee yoo eebbisan akka damee Odaa babal'adhu; akka hidda Odaa gadifagaadhu jedhu. Jalaanis gubbaanis walfakkaata; kanaaf Oromoon Odaa gaaddisa Gadaa godhate. Odaa hin tuqan; hin muran; Odaa kamiyyuu maqaan Odaan bakka kamiyyuu haa jiraatu Odaan ummata Oromoo biratti gaaddisa. Gaaddisa jala namatu taa'a; loontu jala ciisa, Odaa bineessillee itti hin galu; allaattiin irratti hin galu; bofti itti hin galu. Oromoon kanaaf filate. Kanneen keessaa itti aansee birbirsa. Oromoon birbirsa Gadaadhaan walqabsiisa; birbirsi muka guddaadha. Birbirsi muka qajeelaadha; muka humna qabu; muka aadaati. Gadaan akkasitti humna naaf kenni yaa Waaq! Jedhee Waaqa kadhata. Gaafa Gadaan godaanullee birbirsa sana bakka jiruu fida. Fakkeenyaaf, Tuulama keessatti

birbirsa gaara Cuqqaalaa ykn Laga Hawaasii fida. Akkamitti fida, hayyuufi foolleetu dhaqee fida. Hayyuufi foolleen gaafa dhaqee fidu, ni buqqisan, ni buqqisanillee hin jedhamuu ni ***maaxan*** jedhu. Warri hayyuu jecha buqqisuu jedhu kana ni lagatu. Ni maaxan, maaxuu jechuun akkuma jiruun biyyoo sana waliin kaasanii fidanii, hanga Odaa Nabeetiin ga'anitti lafaan hin tuqan. Osoo lafaan hin tuqiin Odaa Nabee bakka ulfaan jiru dhaabu. Ulfaan Gadaa shananii, ulfaa kana Tuulamni Bokkuu baay'ee qaba. Warri abbaa Bokkuu bakka qubatan sana faajjii dhaabanii birbirsa sanas achi dhaabu. Birbirsi sun erga dhaabbatee faajjiin dhaabbatee korma achitti qalu. Ulfaadha lafa ulfooti kanaan kabaju. Egaa mukkeen jila adda addaa ittiin tolfatan ni jira. Fakkeenyaaf, hiddiin amma akka muka aadaa taate namni baay'een hin beeku. Oromoon gaafa wadaaja bulfatee buna qalatu, buna sana muka hiddiitiin sochoosa/kokorsa/. Hiddiinuu muka aadaati. Miciraan/fireen hiddii gaafa niitii fuudhanii galan dubartii sana qoma keessa kaa'uuf. Kunis, akka miciraan hiddii baay'ee nuuf hori jechuudha. Kanneen keessaa xiqqaa hiddii irraa kaasee hange Odaatti kan jiru mukkeen hedduutu jira; mukni aadaa. Waddeessis muka aadaati; amma bakka tokko tokkotti waddeessi akka muka aadaa ta'e namni hin beeku. Garuu jalatti sirna adda addaa hin gaggeessan. Sirna Gadaa keessatti guyyaa qabatan qabu. Kanaaf mukkeen aadaa baay'eedha. Warri sirna kana keessa jiraatan mukkeen kunneen ulfaa ta'uu isaa ni beeku. Muka ulfaa kana hin muran, namni murellee hin oofkalu. Fakkeenyaaf Tuulama keessaa ba'ee Odaa Doolaa /Odaa Magaalaa Adoolaa keessa jiru, bara Dargii Gireedariin buqqisuuf jedhanii achumatti cabe maashiniin. Namni muruu dhaqes achumatti du'e; namni muka aadaa mure hin oofalu. Kan waan du'e irratti gates hin oofkalu. Abaarsa qaba. Kanaaf, hariiroo Oromoon mukkeen aadaa waliin qabu guddaadhaa; kabaja qaba. Akkuma ilma ofiitti ilaala. Mukkeen aadaa kana Gadaadhaan walqixxee ilaala.

**Gaaffii:** ***Mee Oromoon uumama waliin hariiroo akkamii qaba? Malkaa Bineensaafi Muka akkamitti ilaala?***

**Hayyuu Gadaa Naggasaa Nagawoo Badhaadhaa**

…Malkaan haadha manaa Tulluuti. Lafti haadha manaa Waaqaati. Waaqni itti roobeet irratti magarsa. Wanti socho'u kun sirna Gadaa keessaa burqa. Waan ulfaa yoo jennu, lafti ulfaa, abbaan ulfaa, haati ulfaa, gaaraa Cuqqaalli ulfaa jenna nuti, akka Tuulamaatti gaarri Cuqqaalaa ulfaa, Malkaan Hawaas ulfaa abbaafi haati ulfaa, ilmoon Cuqqaalaa ulfaadha yoo jennu ilmoon namaas ilmoon bineensaas kabaja qabdi. As deebinee ammoo Odaan Nabee ulfoodha, Caffeen

Tumaa ulfoodha, caffeen Dambal ulfoodha, Caffeen Qooqaa ulfoodha, Booset ulfoodha. Erar ulfoodha, Marab Caffeen ulfaadha, Bacho Tulluun ulfaadha, Odaan Nabee ulfaadha yeroon jedhu erga Odaan Nabee ulfaa ta'ee Odaan hunduu ulfaadha. Erga Caffeen Tumaa ulfaattee Caffee hunduu ulfaadha. Erga Tulluun Cuqqaalaa ulfaattee Tulluu hunduu ulfaadha. Fakkeenyaaf Gadaan maal jettee tumtee horri Hulluuqaa akka seeri! Ulfaadha hin jennu. Horri Finfinnee ulfaadha hin jennu. Gadaan kan jedhu. Horri Hulluuqaa akka seeri! Horri Jijjigaa akka seeri! Horri Hadhoo akka seeri! Horri Arsadii akka seeri! Horri Kiilolee akka seeri! Horri Finfinnee akka seeri! Jetti Gadaan. Bara Gadaa Saamphaloon dura yoo sirni Gadaa ba'ee Booranni seera tumatu, Tuulamni achii as darbee malkaa Dubbisaa ce'ee bakka bule qabaa bakki sun ulfoodha. Bakkee baay'ee bulee bakki inni bule hunduu ulfoodha. Achii as darbee horri akka kanatti ulfaatti. Horri Finfinnee ulfoodha yoo jennu Oromoon keenya Bahaa ba'ee Lixa yeroo galu Laga Abbayaa qubate. Achii yoo deebi'u Finfinnee irratti walga'e. Kan inni seera Gadaa waarrabbatee itti lallabate, malkaa Dubbisaatti ol dhufe. Sirni Gadaa achii ka'ee dhufee Odaa Hambee jala bulee, Qilxuu Gachii jala bulee, Malkaa Saddeeqaa ce'ee, Odaa Nabeetti waan seenee lallabutu jira. Seera Odaa Nabee jalatti hin lallaban, dubbii hikkeefi seera adda addaa ilaalu malee. Achitti mari'atee wal araarsee seera ofii lakkaawwatee biyya ofii to'ata. Ulfaan Oboo dhufee jedha, kan Daaccii dhufee jedha, kan Jiillee dhufee jedha, kan Bachoo dhufee jedha, waa hundaa achitti mari'atee kan wallole warra kami? Kan dhiiga walirraa qabu kami? jedhee achitti torban lamaaf yoo dubbiin baay'ate ji'allee taa'uu danda'u. Seeruma tuman kanayyuu dur jilbeeffatanii tumu. Boodarra fooyyessaa dhufan. Kana erga xumuranii Caffee Dongoraa dhaqu; Caffeen Dongoraa tun amma addatti tumaa qabdi. Tumaan Waaqaafi lafaa achitti tumama. Tumaan ja'a achitti tumama. Achitti caffee sanatti akka seeri jedhu. Waan Caffee Tumaatiif ba'e ni ba'aaf.  Finfinnee abbootiin Gadaa Tuulamaa dakaa yeroo ol dhufu hora Finfinnee irratti qubatan. Bakki itti namni walga'e bakkuma kana. Asii ka'ee dhawaatuma babal'achaa dhufe.

Mukkeen hunda keessaa seerri jabaan seera Bokkuuti. Bokkuun ejersa, ejersi jabaadha. Umurii dheeraa taa'uu danda'a. Bokkuun achi keessaa ba'a. Waddeessa immoo kallachi achi keessaa ba'a. Kallachi guraachi, kallachi Tuulamaa achi keessaa ba'a. Horooroon kunillee achi keessaa ba'a. Waddeessis kanaaf kabajama. Muka sirriidhasi, muka qulqulluudhas waddeessi kanaaf kabajama. Birbirsis Gadaadhaan walqabata. Akkuma Gadaan waggaa saddeet saddeetiin baallii fuudhu bokkuunis biqilee waggaa saddeetitti daraara. Gadaadhaan walqabata. Walaannaadhaanis

seerri walaannaa achitti addaan ba’a. Kan birbirsa baallii dhaabu ilma isaati. Birbirsa dhaabuu dhiisnaan kormi Odaa Nabeetti hin dhaabamu. Gadaan seera hin xumurtu. Gadaan eebbaan gara Caffee Dongoraa hin godaantu. Namni birbirsa maaxu/buqqisu/ sun hayyuudha. Innis abbaa Duulaa ta’a. Kanas Malkaa Hawaasii osoo lafaan hin tuqiin Odaa Hamdee bulee, Odaa Gachii bulee, malkaa saddeeqaa ce’ee, Odaa Nabeetiin ga’a. Karaa biraatiin horri akka seeri jenna malee ulfaadha hin jennu. Sababiin isaa iddoo ulfaa jechuun kan abbaan ulfeessudha. Iddoo ulfaan kun yoo waan du’aa irratti gataniifi nama irratti ajjeesan yoo ta’e hin faassofti. Bokkuunis ulfaa hin jennu nuti. Bokkuun akka seeri, kallachi akka seeri caaccuun akka seeri, qortiin akka seeri, sabareen akka seeri, waddeessi akka seeri, alangeen akka seeri, bookni akka seeri, boolli saddeeqaa akka seeri jedhee akka itti abbaan seeraa tumu seera qaba. Akka seeriin kuni maali? jedhamee yoo gaafatamu, akka seeri jechuun akka itti abbaan iddoo ulfaa isaa ulfeesse ta’a jechuun deebise. Yoo abbaan kabaje ni kabajama. Yoo abbaan faassesse immoo ni faassofti. Yoo abbaan ulfina keennee ulfeesse immoo ulfaadha. Warri bokkuu gate, warri bokkuu cabse kan Gadaa keessaa bahetu jira. Warra faassa’utu jira. Kana eenyutu faassessa Gadaatu faassessa. Erga bakkaan hin ga’inii; erga afurtama isaa mana oolchee faassa’eera. Gadaan sanarraa fudhatus akkanumatti deema. Horri Hulluuqaa hora Walaab galeessa bara Gadaa Saamphaloo har’a yoo lakkoofne abbaa hedduu deema. Oromoo Tuulamaa dhaqeet Booranatti waraabbatee oldeebi’e malee gubbaa kanaa waraabbatee hin dhufne. Yoo achii waraabbatee dhufu eessatti dhufaa Malkaa Dubbisaatti dhufa.

Tulluu Cuqqaalaatiin walqabatee gama Tuulamatu jira. Tuulama Jiilleetu jira; ilma Daacciitu jira; kanaa hanga Karrayyuu ga’utti kan Tuulamtichaati. Malkaan tun safuu qabdi. Malkaa yeroo jennu laga; lagni safuu qaba. Kanaaf, ulfaadha jedhamee tumame. Waan kana ta’eef malkaan akka seeri. Yoo abbaan hin kabjane ni faassofti. Yoo namni irratti wal ajjeese ni faassofti, ni xuroofti.

Akka kanatti waliin eegaa ture Oromtichi. Kan kanaa amma mukkeen biqiltuu kanaa, ilmi Oromoo kan rakoo morma hin buusiin muka hin muru jedha; seerri caffee tumaa. Kan rakoo morma hin buusiin jechuun nama niitii seera rakoon hin fuudhiin jechuudha. Inni xinnaan sirumattuu muka hin muru safuudha. Mukni uumama dhalattuudha, Waaqatu uume waan ta’eef hin cabsu, hin muru. Kan mukallee muru muka faassoo qabutu jira. Muka kan muru jaarsa Gadaa ga’etu itti aggaama; innuu hin muru. Nama muka murutu jira.

Waan biqiltuu immoo mukni hunduu kabaja qaba. Erga dhaabdee ilmoo keeti. Mukumtuu erga dhaabdee garuu, erga nan fayyadama jettee nama seeraa itti aggaamsifata. Fakkeenyaaf hayyuun waan sirrii qabata waan hin taane hin qabatu, waan jallaa hin qabatu. Jallaan kan hin barbaadamneef mukni iyyeeti maal taate? Jennaan jallaadhuma narraa murametu nu fixe jedhe jedhan. Akkas waan ta'eef kun seera qaba. Aadaan mukaa biqiltuun xoqonuullee seera qabdi. Dambiin seera qaba. Dambiin seera gumaa dubartii jalatti tumame. Gumaa dubartiitu jalatti ba'a. Mukumti muka ta'eedhaa hin ta'u. Odaan wanti kabajamuuf Odaan guddaa ta'ee gaaddisasii, hin gogusi waan gaariidha. Waaqayyo yeroo nurraa achi fagaatu **qaalluu, dubartii ulfaa, jaarsaafi Gadaa** jedhanii Waaqa hordofii jedhanii ergan. Dubartiin ulfaa dadhabdeet karaatti gortee karaatti deesse. Qaalluun mandara guddaa argannaan achi goree gaayyaan xuuxa jedhee achumatti hafe. Jaarsi osuma Waaqa barbaada deemuu dadhabee Odaa jalatti kufe. Gadaan Waaqa dhaqqabee jennaan naaf dhaabbadhu/ejjadhu/maaloo namni na ergee! Saani na ergee! Wallaalaan kee na ergee na eegi! Naa ejjadhu jedheen. Waaqnis ejjatee/dhaabatee/ Gadaa eege, wanti amma Gadaan ulfoodha jedhaniif, maaliif dhufte jedhee jennaan kunoo nurraa godaantee nu jibbitee, saani na ergatee, namni na ergatee, jaarsi na ergatee, dubartiin deesse na ergattee, kunoo nama baay'ee waliinan ba'ee, nama afur waliinan ba'ee namni karaatti dadhabee na biraa hafee anatu si dhaqqabee naa ejjadhu jedheen. Ani ba'ee hin deebi'uu, qaallicha sanaan bakkuma mandaratti gorte sanatti dhugaa dubbadhu jedhii! Nama araarsi jedhiinii! Dhugaa haasa'i jedhiini! Dubartii dadhabdee karaatti deesse sanaaf akkuma dhaqxeen korma qaliifi garaa ishee jiisi! Beekaa deessii, wallaalaa deessii, ogeessa deessii, naaf kunuunsii kabajii ulfina naa kenniif jedheen. Jaarsa si biraa dadhabee hafe sanaan immoo dubbiin kara dhugaa si bira haa taatuu, Oduma sana jala taa'ii dhugaa murteessi! Dubbiin si bira haa taatuu dhugaa hin dabsinii! Ati ammoo dhaqii biyya bulchi jedhee asumatti jalaa maqe Waaqni jedhu. Ergasii biyyi sirna Gadaatiin buluun kanarraa ka'e jedhu. Jaarsi kabajamuun kanarraayi. Dubartiin kabajamuun kanarrayi. Ayyaantuunis kanarraa ka'eeti kabajame. Gadaan kabajamuun kanarraayi. Walumaagalatti biqiltuun kan qorichaa barbaadamu jira; kan gaaddisaa barbaadamu jira; kan dubartii deessisu jira; kan Waaqa namarraa araarsutu jira; kan namni qabatee Waaqni namaa dhaga'utu jira; Oromoon waan jiidhaa qabata.

**Girmaa Tasammaa** (**Hayyuu Gadaa Tuulamaa)**

Namni yeroo Caffee godaanu maal godhaa, achi galeeti seera tumata. Akkamitti tumaa?

*Waaqni ulfaadha*

*Lafti ulfaadha*

*Abbaan ulfaadha*

*Haati ulfoodha*

*Tulluu Cuqqaalaa ulfoodha*

*Malkaan Hawaas ulfoodha*

Waaqni nama uume darbees uumaa waa hundaa waan ta'eef ulfoodha. Lafti ulfoodha yeroo jennu, lafti dandeessuu waa hunda baattu waan taateef ulfoodha. Tulluun ulfoodha kan jedhamu, fakkeenyaaf adamoodhaaf bineensa namni yoo hari'ee qabatee Tulluu Cuqqaalaa yoo kore, namni sun irraa deebi'a, hin ajjeesu. Bineessa lafa ulfootti dheesse hin ajjeesan irraa deebi'u. Kanaaf, Tulluun ulfoodha jedhu.

Oromoon Odaa hin muru. Muka Gadaa hin bobeeffatan. Birbirsa hin muran; sababiin isaa muka oodaati. Odaa mukni isaallee yoo foxxoqee goge, nama hayyuu ta'etu eebbisee achi jalatti bunaan dhaabbatu malee dhimma biroof dhimma itti hin ba'an. Ejersi nama tokko yeroo kallachaan guddifatan ejersa karra keessa dhaabanii, waraana shanan dhaabanii seera itti tumu. Yoo eebbisanillee ejersa karra keessaa ta'i! jedhu. Dabalataanis weedduu keessatti birbirsi hooda jedhu. Odaa ta'ii bal'adhu! dagaagi jedhu; ejersa karra keessaa ta'i jedha kunis hooda ejersi qabu ibsuudhaaf jedhu.

**Hayyuu Naggasaa Nagawoo**

Amma Tulluun Cuqqaalaa Waaqatti aansee wanti ulfaa ta'eef ilaala Waaqayyoo waan ta'eefi

**Gaaffii:** *Ilaala Waaqayyoo jechuun maal jechuudha*?

Ilaala Waaqayyoo jechuun Waaqatti aanee kan jiru; yoo gubbaa baate Waaqatti dhiyaatta; achitti korma qaluun Waaqa kadhatu. Kanaaf itti dhiyaachuu keeti. Kanatu ilaalama. Cuqqaalaa kan itti dheesse ni ba'a; kan waammate irraa argata jedhama. Bineensi Tulluu Cuqqaalaatti yoo dheesse ari'ee yoo ajjeese hoo? Jedheet gaafata namni. Lakkii Tulluu Cuqqaalaa irrattuu ajjeesuun hin danda'amu, hin waraanani, tulluun Cuqqaalaa hin waraanamtu jedha inni seera lallabu. Waraanee hoo? Jedha itti dabaluun; erga waraanee namni sun barbaadamee, korma adabamee; tulluu sana falee haxaara jedha caffeen. Deebitee immoo malkaa Hawaas irratti bineensa ari'anii

yoo waraananii ajjeesan, laga sanatti dhiigni ni dhangala'a, lagni ni araama'a. Dhiiga xiqqaatu haroo sana faala. Malkaa booressee, malkaa aramechee balleessee jedheet gaafata abbaan seeraa. Caffeen malkaa Hawaas kormaafi dullachaan haxaara jedha. Eenyutu raawwachiisaa, Abbaa Gadaa baallii harkaa qabu sana. Malkaa irratti nama hin rukutan, hin dhiigsan. Kun safuudha. Tulluufi malkaa irratti yakki hin hojjatamu. Waaqniifi lafti; tulluufi malkaan; dhirsaafi niitiin akkanatti waliin deemu.

**Abbaa Gadaa Sobbooqaa Lataa**

Dur Oromoon yoo Waaqa kadhatu:

*Hayyee yaa waaq!*

*Hayyee yaa waaq!*

*Waaqa jechaan kan hundaa* jedha. Waaqa jechaan kan hundaa kan jennuuf uumama lafa kanarra jiran hundi uumama Waaqaa ta'uu isaa ibsuufi.

Lafa jechaan kan hundaa kan jennuuf ammoo lafti tun hundumaa ni baatti kan hundaati. Kanneen akka bineensa bosonaa, beellada manaa, namaafi uumamni hundi lafti waan baattuuf akkasitti kadhata Oromoon. Kanaaf itti aanaan Waaqaa lafa jechuudha.

**Gaaffii -** *Oromoon bineensa akkamitti ilaala?*

Bineensi uumamuma Waaqaati. Amma bineensa bosonaa haa jedhu malee bineensi mana keessaa uumama Waaqaa waan ta'eef waan akka guddaatti ilaalamudha. Amma horiin yoo du'e, harreenis yoo du'e, bineensa akka waraabessaatu kaasa. Kanaaf kabaja qaba. Inniyyuu safuu qaba; seera qaba. Oromoon bineensi bosonaa yoo bobba'u, yoo deemu hin tuqu. Bobba'i! karaa nagaa bobba'i! Karaa nagaa deemi! Nagaan gali! jedhaan. Sagalee bineensaa ilaalee abjuun gaariidha jedha. Yuusa bineensaa jedha, "mee qoyi yuusa bineensaayyuu ni dhageeffatuu nan dubbadhaa na dhageeffadhu" waliin jedha Oromoo jecha keessatti.

**Abbaa Gadaa Goobana Hoolaa**

Oromoon Tuulamaa kun Oromoo gara biroon tokkuma. Yoon kana jedhu Oromoon kun gooroon isaa takka. Oromoo hunda waliin gooroon keenya takka. Goorannoon teenya garuu adda adda. Oromoon Tuulamaa uumaa isaa keessatti barii Waaqaa irraa eegala. Yoo Waaqni bari'u, barii barraaqaa gadi ba'ee Waaqa isaa dinqisiifata. Barii barraaqaa kan nagaan naaf dhiite, nagaan

naaf bariite galata argadhu jedha. Waaqni bari'uufii isaa kana dinqisiifata Oromoon. Guyyaa salaata jedha, ni kadhata. Galgala yoo saawwan galanii namni galu ni kadhata. Uumaa isaa, Waaqa uumaafi uumamaa kadhata. Oromoon Tuulamaa uumaafi uumama isaa keessatti Waaqa isaa dinqisiifata. Jireenya isaa itti fufsiisuuf uumaafi uumama isaa keessatti wanta ilaalutu jira. Keessattuu Oromoon Jiillee urjiifaa ilaala. Baatiifaa ilaallata. Ni ilaallata jechuudha. Baatiin ji'a kana keessa baate baatii akkamiiti, baatii rooba qabdu, baatii waraana qabdu, kana keessatti uumaafi uumama keessatti yoo qalee moora ilaalufaa agarta. Amma Oromoon garaa Waaqaa ilaala yeroo jedhan baacoo fakkaata. Oromoon Tuulamaa garuu kana beeka. Yoo qalee ilaalu ammoo moora beeka. Moorri kun kan biyyaa tolu, kan biyyaa hin tolle, uumaafi uumama isaa keessatti maal akka ta'e akkasitti walitti madaqaa deema jechuudha.

Gara beellada manaatti yoo dhufnu, beellada keessatti horii maalaatitu jira; horiin maalaa kun sadarkaa itti qalamutu jira. Uumaafi uumama keessatti sadarkaa ammoo sirna itti hojjatamutu jira. Sirna uumaafi uumamaa keessatti dullachi yeroo kam qalama kan jedhu; dullachi araaraaf qalama. Kormi yeroo kam qalama yoo jenne, kormi malkaa fa'aaf qalama. Hoolaan sirna kamirratti qalamti yoo jennu, sirna fuudhaafi heerumaa keessatti qalamti. Kunis, sirna fuudhaafi heerumaa keessatti rakoo hoolaa qala.

Kotte duudaa keessattillee Oromoon seera uumaafi uumamaa keessatti akka itti bulu qaba. Kotte duudaa keessaa fardi gahee guddaa qaba. Fardi colleedha jedha. Waaqaan nama araarsa jedha; fardi birmaduudha jedha; fardi akka amma dagatame kanaa miti, farda waan guddaatti ilaala. Kunis, kan waraananii diina ittiin ofirraa deebisan, kan eenyummaa ofii Oromoon ittiin kabachiifatu dur farda ture. Achi keessatti harreen akka jabaatti ilaalama. Oromoo Tuulamaa biratti, maalifii ittiin geejjibama. Harreen araddoodha jedhama. Harreen akka araddaatti ilaalamti jechuudha. Yoo waraanni dhufellee maatii isaa farda qarqaaree kan geejjibsiisu harreedha. Uumaafi uumama keessatti harreen akkasiin ilaalama. Uumaafi uumama keessatti warri sirna jajjaboo qabu, beellada keessatti kana fakkaata. Warri immoo uumaa hir'uu qabutu jira. Amma gaangeefaa fudhadhu, re'eefaa uumaafi uumama keessatti Oromoon ni ilaallata. Sirna Gadaa keessatti sadarkaa buttaa itti qalan keessatti re'ee hin qalan. Re'ee gurraattii ni ilaallatu. Gumaa keessatti yeroo gumaa baasan re'ee gurraattii sana qalanii macaroo ishee keessaan harkaan walqabatanii harka walfuudhu. Kunis, sirna harka baafannaafi falannaa keessatti itti fayyadamu malee jilaaf itti hin gargaaraman. Innis uumaafi uumama keessatti iddoo fokkattuufi iddoo eebbifamtuutu jira. Gaangeen inumaa uumaafi uumama Waaqaarraa kan gorte jechuudha. Akka

darbaa dabarsaan jedhamutti, Waaqayyo duraan ni dubbata, nutti dhiyoo jira. Gaangeetu ol dhiite kan jedhu. Gaangeen amantaallee hin qabdu abbaallee ni dhiitti jechuudha. Amma uumaafi uumama keessatti fardi yoo si kuffisellee si biraa hin deemu, fardi sagalee keetillee ni beeka. Kuni Tuulama biratti waan guddaa qaba. Oromoon amma keessattuu Tuulamni fardaan walitti dhiyaata. Fardaan beekama. Oromoo Tuulamaa, Oromoo fardaan lolu, Oromoo afaan fardaa beeku.

Oromoo Tuulamaa kana keessatti Odaan Nabee wiirtuu siyaasa sirna Gadaa Tuulamaa ta'ee waggaa 225 ol tajaajilee jira. Yoomirraa yoo jenne gaafa Madda Walaabuutti Odaa Roobaatti yoo ol deebi'u eessa jedhe Oromoon Tuulamaa, gaara Karrayyuutu jira; gaara Sikkoo Mandootu jira; gaara Booranaatu jira; hunduu abbaa abbaa qaba. Amma keessatti Hora Finfinnee yeroo kaasan, Horri Finfinnee tun Tulluu Abbaa Muudaatu as jira. Kaleessa Oromoon yoo sirni isaa harkatti hin cabiin, hin laafiin, gaafa Odaa Nabee wiirtuu siyaasa sirna Gadaa ta'ee Oromoon bakka mara jiru itti waliigala Tulluu Abbaa Muudaatitu as jira. Tulluun Abbaa Muudaa iddoo amma Gihoon fudhate kana. Horri Finfinnee kun teessuma lafaa kana ilaali, iddoon amma Hulluuqqoo Kormaa /Adda baba'ii Masqalaa / jedhan kun, iddoon amma Laga Haar /Dabbaso/jedhan kun, horatu jira. Oromoon, Tuulamtichi asitti hora obaafata. Asitti hora arraabsisaa ture. Asitti torbee tokko torban lama irra taa'aa ture. Oromoon waggaatti yeroo tokko kan itti ba'u, galmi Abbaa Muudaafi Tulluun Abbaa Muudaatillee as ture. Oromoon marti asitti muudaa ture jechuudha. Odaa Roobaa irraa gaafa ka'e asitti muudaa ture Oromoon. Doloolloo Biddeenaa kan jedhan bakka Oromoon galaa itti nyaatu jechuudha. Oromoon bakka maraa yoo dhufe, yoo abbaa muudaatti Irreeffatee gadi deebi'u, yoo hora Finfinneetti irreeffatee gadi deebi'u, Doloolloo Biddeenaa tanatti osoo Finfinnee akka ammaa kanatti balfaan hin faalamne, yeroo bishaan gaariin yaa'utti achitti boqonnaa fudhata.

…Odaa sanyiin isaa miliyoona sana keessaa tokkotu biqila. Kun iccitii addaati. Odaan bakka ofii barbaade maleetti hin biqilu. Oromoon ammoo Odaa akka gaaddisaatti itti fayyadama. Akka galmaatti itti fayyadama. Marabbaa yeroo qabaatu gaaddisa gidduu qilleensa gaarii qabu kanatti fayyadama. Marabbaa gurguddaa yeroo qabu, akka galmaatti itti fayyadama. Birbirsas yoo ilaalle akka itti fayyadamu qaba. Uumaafi uumama keessatti birbirsa ni dhaabbatu. Muka waddeessaas yoo ilaalle ilmi tokko yoo fuudha ga'e, gaafa fuudhu waddeessa qabata. Ilmi tokko mooraa abbaatti yoo farda yaabbate qe'ee abbaa sanatti waddeessa qabatee fardarraa bu'a.

Hiddii yoo fudhanne uumaafi uumama keessatti hiddiin gahee guddaa qaba sirna Gadaa keessatti, jilaan raawwatu. Yeroo Foolleetti deeman hiddi saama kan jedhantu jira. Hiddi saama kana amma firii hiddii walitti qabanii itti jiganii saamu. Kun ammoo hiddii akka loon diinaatti ilaaluun jila kana raawwata. Kana keessatti hangi inni saame sun lakkaa'amee ittiin madaalama. Gahumsi isaas kanaan ilaalamaa deema. Faccisni diinaa, beekumsi kee, jabinni achi keessatti ilaalama. Warra foollee sirbutu hiddii saama jechuudha. Yeroo jila Gadaa namni harka qalleessi Buttaa waan qalu yoo dhabe, hiddii dooluu qaluudhaan sirna kana raawwata. Hiddiin waan akka kanaa qaba uumaafi uumama keessatti. Dabalataanis uumaafi uumama keessatti muka qaraan qabdoo jedhan yoo beelli hamaan dhufe; yoo dhukkubni hamaan dhufe; muka sana hulluuqqoo ijaaree hulluuqa. Yaa Rabbi nu hulluuqsisi! Jedha akkasitti amana Oromoon Tuulamaa. Akka amma yeroo sagantaan adda addaa qophaa'u waan jala hulluuqanii bahan sanatti itti gargaaramu. Qaraan qabdoo kana waan akka beelaa, waraanaafi dhukkubaa waan kanaan falata. Kana keessatti yoo hulluuqqoo sana keessa achi ba'e keessa dabarre jedhee amana.  Kan biroo ammoo hoolotoo kan jedhamutu jira; wanti kun lafarra saara. Uumaafi uumama keessatti hoolaa dullattii rakoo yoo hin qaliin buttaa hin qaltu. Buttaa qaluu yeroo dura hoolaa yoo qale garaa jala naannessee mucha waliin baasee haadha manaa mormarraan gadi rarraasa. Kun rakoo qalee qomootti godhata. Yoo dhabee ammoo ilmi dhalate akka sirna hin dhabneef hoolotoo qalee, hidda isaa itti maruun sirna kana raawwata. Kanaaf, Oromoon Tuulamaa kun uumaafi uumama waliin hariiroo akkanaa qaba jechuudha. Sirna Gadaa keessatti uumaafi uumama waliin danqaan hin jiru. Sirni wal danqaa hin jiru; hunduu fala qaba. Walis hin danqu sirna isaa sana akka keessa bahuuf walgargaara. Oromoon uumaafi uumama isaa keessatti mukkeen tokko tokko ni tuffata. Mukkeen garuu hin tuffatamu kan qorichaaf itti fayyadaman jira; kan nyaataaf itti fayyadaman jira; ni tuffata jechuun ni ilaallata. Fakkeenyaaf baddannoo ni ilaallata. Bakkanniisallee ni ilaallata. Waaccuus ni ilaallata. Ni ilaallata jechuun dhimma itti hin ba'u jechuudha. Seera uumaafi uumamaa keessatti ittiin hin jilatu jechuudha. Duudhaa namaatiin hariiroo hin qabu jechuudha. Uumaafi uumama keessatti wanti Waaqarraa bu'u /bakakkaan/ ni rukuta. Kan biraa immoo muka qanqalcha jedhamutu jira. Warri harree qabu muka qanqalchaa kana ofitti hin dhiyeessu. Innis Araddoo fixa jedhee amana. Dubartiifillee hin tolu jedhama. Araddoo jechuun harree jechuudha. Muka mataqomaas dhimma itti hin ba'u.

**Abbaa Gadaa Lataa Birraa**

Malkaan takka dura malkaa ta'uudhaaf waan irratti hojjatantu jira. Malkaa sana malkaa seeraa, godhuudhaaf malkaa duudhaafi safeeffatan ta'uu ishii dura Gadaan irratti baatee malkaa sana Irreechaaf kormaafi dullacha irratti qaltee malkaa ummata bal'aa godhuun barbaachisaadha. Malkaan bakka hedduu jira. Garuu malkaan kan korma qabduufi seera qabdu, tulluun saddeettan waaqayyoo ni jira. Tulluunis ammoo tulluu hedduutu as keessa jira; Tuulama keessa. Garuu tulluunis ammoo kan irratti gabbaran, kan irratti kormi qalamu, kan irratti irreeffatamu, tulloota akkanaa kan Gadaanillee safuufi duudhaa isaa eegu. Lafti jilaatis Odaa Nabeetiin walqabatee, Caffee Tumaatiin walqabatee, hora jahaniin walqabtee, iddoo hedduutu jira. Bakka sanitti biyyi sun malkaa san kabajee, malkaa san itti ba'ee, malkaa san itti qalee itti irreeffatee, tulluu sana itti ba'ee itti irreeffatee kan kaleecha safuufi duudhaa irra jiru taate safuudha hin tuqamu. Yoo tuqamellee ni adabama Sirna Gadaatiin. Yoo tulluu sanarratti nama ajjeese, yoo ibiddaan irraa gube, yoo muka hin taane jigse, ni adabama. Eenyutu adabaa? Gadaatu adaba. Maalidhaan adabaa? Kormaafi dullachaan adaba. Kanaaf sirnoonni akkanaa kun fakkeenya, Caffee Tumaa, Caffee Dongoraa, Caffee Marrabbal'oo, kuni kuni caffee seeraan waggaa saddeet saddeetiin Gadaan irratti lallabdu akka seera Tuulamaatitti. Caffee kanneen irratti badiin hojjatamu tokkollee hin jiru. Garuu darbeemmoo caffeen baay'eetu jira. Caffeen seerri irratti hin lallabne, kan Gadaan waggaa saddeet saddeetiin hin lallabneef kan seera hin guunneef yoo ta'e kan bineensillee keechatti du'u yoo taate abbaa qabaachuu qaba caffeen sun. namni tokko caffee tiyyarratti yookiin immoo malkaa tiyyarratti, malkaan ani korma irratti qale, malkaan ani dullacha irratti qale, malkaan ani ummata irratti gadi baasee irratti irreeffachiise, miidhaan akkanaa irratti na jalaa gale jedhee yoo Gadaa itti yaamee Gadaadhaan adabbii takkaa irratti hin fudhatiin ta'e jedhamee akkasumatti caffeenis caffee ta'eedhaafii miti. Kun bifa kanaan laalama. Bakka lamattan ilaala jechuudha. Malkaas caffees tulluus. Lafti jilaa lafa safuudhaan eegame, lafa waggaa saddeet saddeetiin Gadaan kabaja kenniteefii seera tumteef yoo akkasitti ta'e. Malkaan yoo namni irratti wal ajjeese, yoo bineensa keechatti ajjeesan, yoo miidhaan keechatti gale, ni faassa'a. Malakaan kan biyyaa waan ta'eef hin faassa'u. Hin faassa'u jechuun hin xuraa'u, malkaa sana biyyiti itti baatet namicha xureeche sana itti barbaadanii, kormaafi dullachaan haxaaranii, malkaa sana seeratti galchan malee, malkaan suni faassofte jedhanii wanni itti korma qaluu dhiisaniif hin jiru.

**Gaaffii:** ***Aadaan kun, safuun kun, kabajni kun amma jiraa?***

Kaleessa akkuma abbootii keenya irraa arganne keecha galleetti kaleecha ni jira. Garuu har'as ni jiraa, amma kaleessaa sana miti, nu harkaa laaffatee jira. Sababni inni laafeef dhaloota keenya hin barsiifanne. Dhaloonni keenyammoo nurraa hin baranne. Kaleessa yoo bu'anii malkaatti dullacha qalan, kaleessa yoo malkaatti bu'anii korma qalan ilmi abbaa wajjin laga bu'a; gaangee qabaaf. Faantoo qabee yaabbachiisa abbaa. Wajiiniin bu'ee waan abbaan hojjatu ilaalaa dhaggeeffata. Har'a sun hin jiru. Xiqqoo nu harkatti laafee jira. Garuu, akka jiruun kan nu harkaa bu'ee miti. Akka Aanaa Liiban Cuqqaalaatitti akka naannoo keenyaa sanatti Tulluu Cuqqaalatitti yoo qallu, malkaa Hawaasitti yoggaa qallu, naannoo naannoorratti yoggaa gadi baanu, haadholii siinqeetiifi beerran keenya qabannee gaadiifi okoleedhaan yoo gadi baanu, dhaloonni keenya ammaa baay'isee sitti hin siiqu.

***Sababni Isaa Maali?***

Hubannoo kennuufii dadhabne. Nutu aadaadhaan hin guddifne. Ani amma wantan haasa'u kana mana barumsaa keessatti kanan baradhe tokko hin qabu. Kanan irraa baradhe abbaa kiyya. Abbaa kiyyatu na barsiise. Amma ta'e jala taa'ee waan inni dubbaturraa waa qocadhee itti dabaladheetan haasa'a malee wannan mana barumsaa keechatti baradhe tokko hin jiru. Ijoolleen ammaa, nutumtillee manatti akkasitti ofitti finnee ilmakoo kana kana malkaan kana, tulluun kana, uumamni Oromoodhaa kana, Oromoon kanaan bula; Oromoon kaleessa kanaan walbulfata. Ammammoo ammayyaa'aa deemaa isinimmoo nurraa fudhadhaatii karaa kana deemaa namni jedhu hin jiru baay'isee. Ilmi immoo karaa abbaan deemetti deema. Kunimmoo barsiisuu dhabuun quba tokko namatti ennaa qaban saditu namtti deebi'a akkuma jedhan sana ilma keenyatti qabuu qofaa osoo hin taane nullee barsiisuurratti hanqina qabna. Kanaaf fuula duraaf immoo isin ijoolleen teenya nuuf geessanii qormaata akkanaa kana nu gaafachaa jirtanitti jabaannee cimsinee ijoollee keenyallee barsiisuun nurra jira jedheetan laala ani akka kiyyatti.

Egaa kana biratti maaltu jiraa, seenaan Oromtichaa kan Tuulama kanaa bakkee kanatti aadaan keenya nu jalaa bade, wanni inni guddaan laaluu dinne aadaan tulluu baddaan hin qotamu. Amma qotamaa jira. Erer haa ta'uu Tulluun Cuqqaalaa dur hin qotamu. Tulluun Cuqqaalaa bakka irreechatii har'a ni qotama. Tulluun Erer ni qotama. Kun nu jalaa badee jira; qotamaa jira. Tulluun Barraak jedhamu gizee baanu Arfaasaadhaaf itti baana. Safuu guddaa qaba. Finfinnee kana keechatti guddicha Erer, guddicha Barraak, guddicha Cuqqaalaa jedhaniit kadhatu. Yoo

kadhatan kana Finfinnee kana baddaatti gizeen ba'anii achitti kadhatan seera qaba; uumaa qaba. Uumaa sana gizee Arfaasaadhaa baanee kadhannaa, garuu amma waan hundumtuu nu jalaa lallaafee amma garuu inni Barraak inuma irraaffatamaa reefu bootaatti nuu deebi'a.

Sababni inni lallaafeefis warri ollaa keenyaa kuni warrumti nutti dhufe kun aadaa keenya nu jalaa balleechanii egaa akkuma isaan Sanbata guddaa Sanbata xiqqaa jedhanii aadaa keenya nu harkaa kuffisan kana nuti isaanuma jalatti bulla. Nutumtillee amma ijoolleen teenya afaan kanatti hin fayyadaman. Nullee seerri alangee maalii, seerri bokkuu maalii, seerri caaccuu malii, Finfinneen keechi dhugaa Rabbiituu itti hin qabanne. Nu harkaa laaffisee nu harkaa balleechee jira. Amma reefu ijoolleen teenyallee akka dhageechu, amma isin dhumarratti nuuf dhuftanii aadaa kana hayyuurraa nuu dhageechanii hayyuun ijoollee keenyatti akka darbu, egaa uuman kun barraa'ee akka ijoollee teenyatti nuuf darbu aadaan keenya aadaan kufe kun tulluun akka hin qotamne, tulluun ulfoodha. Malkaan ulfoodha. Akkuma caffe taa'ichi abbaan caffee, abbaan alangee, hayyuun amma lallabe seera hundumaa nuun ga'e jechaadha.

**Abbaa Gadaa Rattaa Yaa'ii Booruu**

Egaa hayyoonni keenyaafi abbootiin Gadaa waa baay'ee jedhanii, waanuma xiqqoo harcaate irruma busuuf malee waan heedduu kaasanii jiran. Waa'ee uumamaa yoo jennu hayyuun yookiin Abbaan Gadaa tokko yoo eebban jalqabu, Waaqa uumaa uumama uumte jedheet ka'a. Waaqni uumaadhaa, uumama kan nuuf uume jedheet achirraa ka'a. Kanaaf tulluun ulfoodha; malkaan ulfoodha. Tulluu jechuun iddoo yeroo Waaqni roobuu didee, Bonni dheerate itti ba'anii kadhatanii kan irraa argatan, kan rooba itti mikaa'anidha. Malkaanillee akkasuma. Yeroo dargaggumaa kiyyaatti horiin qalamu bilisaan kennam. Yoo bu'an jiloo faanti roobaa jechaa deeman abboonni keenya, nummoo jala yaana, akkuma amma abbaan Gadaa jedhan fardeen isaanii qabnee jala yaana. Isaanis *jiloo roobaa jiloo faanti rooba*a jedhan. *Weelluu malee faana yooman dhahee Waaqatu roobaa yeroon ani jilaaf ka'ee* jedhan. Oromoon uffatee, miidhagee, bokkuu qabatee, waddeechaafi margasaa qabatee gaafa lagatti gadi qajeelu jila saniif Waaqni ni rooba. Yeruma inni dhaqee sagantaa san achirratti gaggeessu obonboleettitu ka'a. Sana booda loowwan gara Bahaatti galagalanii foolii fuunfatu. Fooliin sun rooba rooba urgaa'a. Yeroo muraasa booda rooba guddaa rooba. Rooba sana jalaa fiiguun waan hin jirreef roobuma sana keessa loon ooffannee galla. Kanaaf yeroo baay'ee wanti asitti dabaa jiru duraan waan achitti falamu sana bilisaan kenna. Amma garuu afooshaarraa kennama. Kanas erguma Gadaa Melbaa

kanatti dhufnee yeroo gabaabaa keessatti akka naannoo keenyaatti sirreessaa jirra. Naannoo Tuulamaa kanatti Sirni Gadaa hacuuccamaa ture. Garuu hanga ta'e Tuulamni Sirna Gadaa kanatti rarra'aniituma asiin nuuf ga'an. Keessumaayyuu Gadaan Melbaa kun Gadaasaa keessatti waan gaarii hojjateetuma darba. Dhumarra yoo irraa bu'u sirreessee bu'a jedhama.

Waa'ee mukkeenii yoo kaafnu mukeen ulfoodha. Keessumaayyuu iddiin looniin walfakkaatti. Yeroon ittiin falatanillee ni jira. Gadaa keessatti nama dhabeef akka kormaatti ilaalama. Keessumaa ammoo hiddii darbannaa waan jedhamutu jira. Amma gootaaf arjaadhaaf hiddii darbannaa jedhama. Adamoof yoo ba'an alluu addarratti, gaanfarrattis ta'ee bakka biraatti yoo argan bineensi sun hin ajjeefamu. Ayyaana qaba jedhamee waan ilaalamuuf hin dhayinaa jedham. Dargaggeessi tokko adamoo yoo deemu hayyuu yookiin manguddoo waliin deema. Dargaggeessi adamoo kophaa hin deemu. Sababni isaas manguddoo yookiin hayyuu sanarraa akka baratuufidha. Waraanakee gadi qabadhu wanti kun ayyaana qabaa jedhama. Yeroo tokko tokko gaanfi isaa maramaa ta'ee adda ta'a. Bineensota jiran keessaa yoo adda kan ta'u ta'e hin ajjeefamu, hin waraanamu. Kan dhala hin fixannes ta'ee, dhaltiin hin ajjeefamu. Beelada manaatti yoo dhufnu ammoo fardi addadha. Yeroo ittiin wal waamullee abba bulloo, abbaa daamaa jedheet ittiin wal waama. Fardi goota. Yoo namni irraa kufe gatee irraa hin deemu; irra bargaanfatee dhaabbata jedha abboonni keenya. Gaangeen abaaramtuu lafatti nama dhidhiittee deemti jedhama. Fardi odeeffannoollee namarraa fudhata jedhama. Yoo waraana deemtee ittiin loltu gurra sitti galagalcha. Chee yoo jedhan deemimoo koottuudha jedhee nama dhaggeeffata. Fardi gootatti fakkeeffama.

**Hayyuu Caalaa Soorii**

Akkuma waliigalaatti ardaalee jilaa, aadaa Oromoon qabu, hariiroo Oromoon uumama waliin qabu kaafnee jirra. Amma ardaaleen jilaa lafti ulfoon uumamni Oromoon hariiroo gaariin waliin jiraachaa ture kun wanti bade baay'eetu jira. Fakkeenyaaf lafti ardaa jilaa hin qotamu jedha. Hin qotani; safuudha; irraa fagaatanii qotu. Har'a garii ni qotan. Wallaalaadhuma keenyatu qota. Jabeenya Abbootii Gadaatitu sirreesssuu danda'a. Jabeenya hayyuu keenyaatitu jabeessuu danda'a. Gadaan keenya waan laafeef ardaan keenyas lafti silaa amma baduu hin qabnes badaa jira. Bakki ulfoon jala qotamuun isaa, mukni muramuun isaa, namni malkaa ofii qotuu, malkaa ofii diiguutti seene. Amantii biraatti qabatee aadaa kana miidhuu calqabe. Gariin waan ofii kana harka isaatti xureessee kan ormi itti himu fudhachuutti ka'e. Jallataa keenyatu har'a keenya

miidhaa jira. Fakkeenyaaf Irreecha Hora Harsadiis ta’ee Hora Finfinnee kana yoo dhaqnu akka seeraatti eenyutu balleechaa eenyutu tolcha jennee yoo laallu Abbootiin Gadaa Haadholiin Siinqee tolchaa jiru. Mareewoodhaan Waaqa galateeffachaa deemu. Dargaggeessi ammoo dhaadannoo siyaasaa qabatee deema. Kun aadaa dur hin jirreedha. Malkaarratti hin iyyan. Malkaa yoo dhaqan hin ajiijanii, hin aaranii, Waaqa kadhachaa faaruu Waaqaa jechaa dhaqan. Har’a garuu dargaggeessi keenya kuun kanuma kabajee kan jiraatu ta’ee, kuunimmoo waanuma ofiif yaadu hojjachaa jira. Achirratti wacaa, irratti wal arrabsaa, irratti waan hin taane kaasaa deema. Kun safuu nu jalaa cabsaa jira; guddina aadaa quucarsaa jira; kallatii isaas nu jalaa jijjiiraa jira. Kun aadaa miti. Oromoon dur yoo malkaa dhaqu galataafi kadhaadhaaf waan deemuuf faaruudhaan deema. Yoo dhiichisees Irreechaaf deemnaa yaa Waaq galatakee jechuun faarsaa deema malee, waan biraa hin jedhu.

Muka aadaa muruun Oromoo biratti safuu cabsuudha. Namni muka jilaa nama jalaa mure nama nama ajjeese; nama gosa namaa ajjeese. Amma abdaariin abbaan kiyya itti gabbaraa ture tokko yoo nu jalaa ka’e akka sanyii keenya keessaa namni tokko du’eetti ilaalla. Warri hin beekne kana ni raawwata. Halkanuma dhaqee muka irraa murata. Hin murani; safuu cabsa. Amma nu jalaa badaa jira. Kan balleessus ni jiraa, kan waan sana eeggatee tolchus ni jira. Amma waan lama keessa jirra. Kan balleessu akkuma jiru kan eegus ni jira. Kan nu harkaa bades ni jiraa, kan nu harka jirus ni jira. Ardaaleen jilaa baay’een akka duriitti hin jiran. Amma Oromoon itti deebi’aa kabajachaa jira. Fakkeenyaaf abbaan shanan jiddaa, sadeen Tuulamaa, abbaan arfan Illaamuu, abbaan lamaan Liiban, warri kun itti ka’ee Odaa Nabee godaanuuf bakka itti mari’atee achii ka’u ardaa jilaa guddaadha. Amma namni eegu hin jiru. Kuun jala qota. Naannoo naannoodhaan eeguun nu jalaa qaqallachaa jira. Garuu Oromoon simbirroo, horii, malkaafi uumama biroo waliin hariiroo cimaa qaba. Gaafa Irreechaaf deemus:

*Gabbisayyoo hoo hoo*

*Hayyee roobee leeshan sabboqa daraare*

*Odaan Nabee dagla ciisee*

*Karraaf ilmoo sittaan dhiisee hoo*

*Hayyee roobee leeshan sabboqa daraare*

*Odaa Nabee yaa kurfaakoo hoo*

*Gadaa abboo yaa ulfaakoo*

*Hayyee roobee leenshan sabboqa daraare*

*Odaa Nabee ballaakoo kurfaakoo* jedha.

Odaan Nabee dagla ciise jechuun kufe jechuu otoo hin taane babal'ate jechuudha. Mukni sun muka safuu, lafa jilaa waan ta'eef isa jechaa deema. Karraafi ilmoo sittan dhiise yaa Waaq jedha.

Ardaalee jilaa Oromoo Tuulamaa biratti beekaman keessaa Gafarsa Kormaa Jahan Jiilleeti. Odaa Nabee godaanuuf yoo ka'an achitti walga'anii kan deemanidha. Bakki kun bakka guddaadha. Inni kan biraan Hoolotoodha. Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Qarsaa Maallimaati. Foolleefi dabballeen bakka itti aangoo walitti dabarsanidha. Lafa ardaa jilaa guddaadha. Fooqni Dooroo bakka sadeen sooddoo korma itti qalanii gadooma walitti dabarsanidha. Dur bakka ardaa jilaa guddaa ture. Amma akkuma Gadaan qaqallachaa dhufeen dagatamaa dhufe malee bakka aadaati. Caffee Bal'oon bakka Gadaan Bachoo buttaa itti qalu ture. Ammallee lafti sun lafa aadaati. Malkaa Dubbisaa yookiin Malkaa Roobii Gadaa yookiin Dooriin caffee godaanuuf yoo jedhu, abbootiin seeraa, abbootiin shanan Jiddaa, abbaan Sadeen Tuulamaa, abbaan lamaan Liiban, abbaan afran Illaamuu, warri kun hayyuun mataa Tuulamaa kun achitti walga'anii godaanuuf ka'i! jedhee biyya biyyatti kan itti ergu iddoo kana. Iddoon kunis ardaa jilaa guddaadha. Inni kan biraan Odaa Kallachaati. Sadeen Sooddoo seera Caffee Tumaatii tumatanii galan bakkatti ummatatti himani. Odaa Nabee bakka araara itti buusan, bakka namni itti mari'atee, Odaa Nabeetti dabrudha. Caffee Dongraa, Caffee Tumaa. Egaa ardaa jilaa Tuulamaa kana waa lama gurguddaatu irratti raawwata. Tokko jila Sirna Gadaatu irratti raawwata. Inni lammaffaa sirna galateeffannaafi sirna waaqeffannaatu irratti raawwatama. Inni gurguddaan kun lamaan Tuulama keessatti kan Sirni Gadaa irratti gaggeeffamudha. Kan sirni galateeffannaafi kadhannaa irratti gaggeeffamu ammoo kan akka malkaa Irreechaa Hora Finfinnee, Hora Bushooftuu, Hora hadhoo, Hora kiilolee, Hora warxoofi kkf, hora baay'eetu jira. Bakkeewwan kun bakka galataati. Bakka Waaqa itti kadhatanidha. Ardaaleen kun bakka Sirna Gadaa itti gaggeessaniifi bakka Irreechaa jedhamuun bakka gurguddaa lamatti qoodamu. Bakkeewwan Irreechaayyuu Tulluufi Malkaatti qoodamu. Oromoon ardaalee jilaa kanneen waliin jiraachaa turee, har'as ta'ee boru waliin jiraata; ittiin eenyummaa isaa ibsata; adda ba'uu hin danda'u. Wanti kaleessa jiru akka kaleessaatti jiraachuu baatus, mataan ni jira, warra jalaa harka hin jiru. Kaleessayyuu nu harkaa hin bannee, har'as nu harkaa hin baduu deeffachaa deemna. Horri Finfinnee Oromoo Tuulamaaf

handhuura. Wanti Oromoon Tuulamaa nan qaba jedhu Hora Finfinnee irratti waan mul'atuuf horri kun wiirtuu Oromoo Tuulamaati. Oromoodhaaf eenyummaa isaati; handhuura isaati. Horri Finfinneefi Horri Harsadii Oromoo Tuulamaatiif hidda handhuuraa isaati.

**Hayyuu Naggasaa Nagawoo**

Aadaan kaleessaa harki caalaan hin jiru. Waan baay'etu duubatti nu jalaa hafe. Akka dur ennaa jennu fakkeenyaaf, mukni kan qoricha ta'u kan barbaadamuufi kan hin barbaadamnetu jira. Akka gaaddisa ta'uun, akka Gadaan barbaadduun, akka horiin barbaaduun, akka bineensi bosonaa barbaaduun, mana isaa waan ta'eef akkanumatti kabajameefii taa'a. Fakkeenyaaf akka dur hin jiru yeroo jennu amma bara dur akaakilee akaakilee kiyya leencatu nyaate jedhan. Tulluu Cuqqaalaa jala burqaa sagaltu turee har'a duudeera. Leenci lafa hunda hin dhugu. Lafa leenci dhugu sanaa har'allee horiin bishaan hin dhugu. Ni dheessa, baay'isee xireeffata; hin dhugu. Leenci, qeerransi, bineensi gurguddaan kaleessa ni jiraa, har'a waan bosona gubaniif badeera. Gaaratu gubatee, gaaratu diigame. Bineensisi achii gadi baqatee hawaasitti gala. Hawaas ammoo duraan bosona, bishaan, kabaja qabu, ammammoo kasalaafi waan adda addaatiif laga Hawaashii bosona gubanii deebi'ee Cuqqaalaatti ol dheechaa jira. Bona ol dheechaa Ganna gadi dheechaa, akkanatti jira. Qeerransiyyuu darbee darbee malee cuqqaalaa keesa hin jiru. Simbirroonnuu badaniiru. Joobiraan duratti alaalaa bakki itti hagu kuufamee addaatee qorqoorroo fakkaata. Har'a joobiraan sunuu hin jiru. Dabaree dabraee mul'ata. Manni culullees hin jiru. Kana hundumaa amantaa adda addaatitu dhiibee bakkasii kaase.

Waan bade kana sirreechuudhaaf akkuma abbootiin amantaa hidhatee, sharraxatee kophee ofirraa baasee deemu sanitti abbootiin Gadaa, hayyoonniifi ayyaantonni ka'uu qabu. Aadaa ofii cimsuu qabu. Aadaan ofii yartuu miti. Aadaafi Tuurizimiitu irra cimuu qaba. Aadaafi Tuurizimiin amantaa keechas ni jiraa; bakka hunda jira. Dargaggoonni harka isaanii maratanii waggoota darban aadaa isaanii deebisuu danda'anii turaniiyyu waan amma adagaa kanaan nu dhayaniif wallaalle malee. Ammas yeroo abbootiin ba'an aroorecha qabatanii, dubartiin shaashii ishii marattee, faaya ishii godhattee, guduruu ishii godhattee, akkanatti beerran wajjin deemuu qabdi. Foolleen, dabballeen Abbootii Gadaa cinaa deemuu qabu. Kun ayyaana Irreechaatiin jalqabamee jira; gara fuulduraatiif cimee itti fufuu qaba. Abbootiin Gadaa baadiyyaa keecha gadi bu'anii, dabballeen, foolleen, doorii, dooramni maal hojjachuu akka qabu barsiisuu qabu. Abbaan Duulaa gaheen isaa kana. Kuni qindaa'u malee, bakka ga'uun hin danda'amu.

Gaaffii dura akka seeriifi ulfoo irratti Obbo Caalaan gaafataniif, Sirni Gadaa kan jedhe wanti gurguddaan 24 ulfaadha. Saddeet saddeet dammaa ulfaadha. Kan sanii gadii akka seeri. Fakkeenyaaf kormi abbaa warraa akka seeri. Dhaltiin okolee akka seeri. Karaabichi buttaa akka seeri. Karaabichi funyoo akka seeri. Dagaagaan, faaqqeen akka seeri. Gobloon, xabeenon, akka seeri. Korbi abbaa warraa ni faassa'a. Dhaltiin okolee yoo galuu baatte ni faassofti. Haata'u malee yoo abbaan ulfeeche ulfaadha. Malkaan yoo abbaan malkaa sanii eeguu baatee, yoo akkuma fedhetti wanti ta'e irratti du'e, yoo kan hin lallabneef ta'e ni faassofti. Yoo inni cimsee, irratti korma qalchiisee, dhaqanii kormaafi dullacha yoo irratti qalan ulfoodha.

**Abbaa Gadaa Sabbooqaa**

Akka seeriifi bakka seeri kan jedhun addaan baasuu barbaada ani. Bakka seeri jechuun malkaan sun tulluun sun akka qofaa mitii seera qabaadha. Bakki dur araddaan dur akka duriitti hin jiru. Kunis aduu lafti Oromoo harkaa fudhatamu bade. Odaatu jira malee, odaa jalli hin jiru. Odaa san hin kennin malee lafti kennamtee hiramte. Abbaa irraa fuudhamte. Malkaas yoo jenne malkaa ya'aa bishaanii santu jira malee lafti Abbaa Malkaa sana harka hin jirtu; hirame. Amma kadhaa oggaa saniif dhaqxa malee, kan hormaa taatee hiramte. …Kanaaf, aadaan keenya maqaatu jira malee, bakkeen keenya hin jiru. Bakka xiqqoo xiqqoo amma yeroo Caffee Tumaa dhaqne bakkeen jirtu kan amma adda qotiyyoo, ishiinuu kaasan itti naaf hin kennamne jechuun jalli qotamaa kan jirudha. Safuun keenya baay'eetu badaa dhufe. Kan badaa dhufes maalifii lafti keenya nu harkaa ba'uu isaati.

Odaan Nabee kun Odaa Nabee yaa kurfaa koo kan jedhan odaan ol hin dheeratu; ni bal'ata. Amma nama hojjaan gabaabbatee, furdate kurfaasaati jedhu. Tikashaa qabaa, nama kurfaasaati jedhu. Odaan Nabees baay'ee kan hin dheeranneefi bal'ina waan qabuuf kurfaakoo jedhu. *Odaa Nabee yaa kurfaakoo, Gadaa ofii yaa ulfaakoo* jedhu. Gadaan ofii ulfaadha. Seera aadaafi duudhaa Oromooti.

Tulluun Waaqayyotti ol dhiyaata jedhee kan Oromoon kadhatu tokkoo kaayyoodhaan bade. Lammataa maal of keechaa qaba itti yaadee warri dhagaacha barbaadu barbaadee irraa bita. Mootummaanis isa hin laallatu, Oromoonis isa hin laallatu calliseetuma ush jedheetuma gurgurata. Kana godhuuf, aadaadhuma keenya kanayyuu deebisuuf Oromoon walitti deebi'uu qaba. Laftis fudhatamtee xiqqaattus, Oromoon walitti deebi'uutu isarra jira. Oromoon tokko ta'uutu isarra jira. Oromoon tokko yoo ta'e, aadaan keenya nuuf deebi'uu danda'a. Dhaloota

barsiisuuf ammoo, abbootiin Gadaa, Oromoo jedhamee namni Oromummaa ofiitti boonu iyyuutu isarra jira. Aadaan kun kan isaa, kan ittiin bulu, kan ittiin jiraatu waan ta'eef yoo kadhate Oromtichi Waaqarraa waan argatuuf Oromtichi aadaafi safuu isaatiif tokko ta'ee iyyachuu qaba. Amma qotiyyoon garagara harkiftu lachuu dadhabdeet galti. Namni ittiin qotullee akkuma qotiyyoon wal loletti waan ooluuf ni dadhaba. Kanaaf Oromoon keenya kun Oromoo gargar harkifamu osoo hin taane, Oromoo akka mixiititti waliin laga ce'u ta'uutu isarra jira. Mixiin walciniinteet bishaan guutuu ceeti. Oromoonis yoo akkas ta'e malee, yoo bittinnaa'aa deeme safuu ofii san kabajachuu hin danda'u. Aadaa nu jalaa bade tana, bakkee nu jalaa bade tana Oromoon yoo tokko ta'ebee namichuma lafa ofii dhaqee ormatti gurguru san yaa namakoo koottu siifirree waan ati wayiin godhattu siif kenninaa, lafa kana nu harkaa hin baasiin darbaa nu jalaa hin dabarsiin, lafti kun dhalootatti nuuf haa darbu jennee abbuma gurguruuf jedhu sana yoo qabanne Oromoodhaaf birrii tokko yookiin kudhan geechi. Akkuma loomiin tokko nama tokkoof ba'aa nama shantamaaf miidhagina jedhamu sana, Oromoon tokko ta'ee lafa isaa qabachuuf itti deemuutu isarra jiraata. Oromoon dur yoggaa taphatu, amma waljibbaa deemam gadaanuu, wal dhiiba waan ta'e hin beeku garuu, dur dhiichisnee too oggaa addaan gallu *fittaala lagarraa yaa fittaala lagarraa boruu wal agarraa yaa miso nagumaan naaf buli* jedha. *Fittaala hin hafanii walitti hin hafanii yaa miso nagaan naaf buli* jedha. Walfaarset addaan ba'a jechaadha. Gadaallee yoo walii kennu walii eebbisee, wal jaalatee, walii kadhateet waliin taphatee walii kenna. Kanaaf aadaa keenya kana akkasitti deebisuudhaaf, Oromoon of ta'uutu isarra jira.

**Abbaa Gadaa Tuulamaa Goobana Hoolaa**

Ardaaleen jilaa Oromoon Tuulamaa, itti waaqeffatu kan itti jilatu ardaa jilaa 52 ni ta'a. Ardaan jilaa kun ammoo seenaan bakka jira malee seeraan bakka hin jiru. Akka carraa ta'ee digdamman tokko maqaa gandaatiin moggaafamee jira. Fakkeenyaaf Dhaka Boor, Mogor, Aboote, Balloo, kkf ardaan jilaa kun maqaa gandaatiin moggaafame.

Kanaaf bakka kalee sanitti deebi'uuf ammallee carraaqqii guddaa nu barbaachisa. Akka malee, rukutamne; akka malee seenaan keenya nu harkatti laafe; akka malee seenaan nu harkatti caccabe; akka malee nu harkatti burkutaa'e. Kana bakkatti deebisuuf obsa nu barbaachisa. Warri qoratu ammoo saffisuu qaba. Dafee saffisee wanna kana seenaan otoo hin ta'iin seeraan wal qabsiisuutu irra jira.

**Abbaa Gadaa Lataa Birraa**

Dhaamsin ani dabarsuu barbaadu, Mootummaa Naannootiif, Waajjira Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatiif, warra Gadaa leellisuuf, dhaamsin ani dabarsu, lafti safuu Oromoo Tuulamaa ka'umsa isaatii amma dhumaatti ardoota jilaa hanga ammaatti kaafne kan ummanni hunduu ija irraa qabu, iddoo sanatti akka xiyyeeffannu. Inni tokko Malkaa Dubbisaarraa yoo ka'e Qarree Golbee kan jedhamtu dhaqa. Achirraa kaaseemmoo, Odaa Hamdee, Qilxuu Gachii, Malkaa Saddeeqaa, Odaa Nabee, Caffee Dongoraa, Caffee Tumaa, naannoo kana ammas mootummaan irratti nuuf xiyyeeffatee, ummanni Oromootis irratti xiyyeeffatee, nujalaa tuttuqamaa jirti waan ta'eef ijji keenyas bakkee san waan ta'eef, nujalaa tuttuqamte taanan sirni keenya addaan cita waan ta'eef. Karaa sanarra Oromoon Tuulamaa waggaa saddeet saddeetiin, eessaa ka'a? Malkaa Roobii, Malkaa Dubbisaatirraa ka'a; Qarree Golbee bula, Qarree Golbeetirraa Odaa Haamdee gala; Acirraa Qilxuu Gachii gala; achirraa Malkaa Saddeeqaa ce'ee, Odaa Nabee bula. Tartiibni kun nu jalaa bade taanaan amma Odaan Nabee jala qotamaa jira. Caffeen Tumaa teessuma nama xiqqaatti galaa jira. Gadaan duubana dhuftu Muudanni teessuma mitii ejjataanuu wal hin ga'u. Kuni yoo sirnaan cimsineetoo qabne malee, dacheen Tuulamni Bachoos haata'uu, Torban Obootis haa ta'u, Sadeen Sooddotis haa ta'u, lafa tanarra dhufa. Safuun bakka tanarraa ka'eet sirna isaa raawwata. Kanaaf dhaamsin ani dabarsu ummata Oromootiifis mootummaadhaafis kana nuuf kunuunsuu qabaadha. Kunuunsuufi daangessuu qaba.

**Naggasaa Nagawoo**

*Nan eebbisaa na oofkachaa oofkalaa*

*Hayyee Waaq*

*Hayyee Waaq*

*Waaqa uumaa, Waaqa uumamaa*

*Waaqa jechaan kan hundaa, lafa jechaan kan hundaa*

*Sagaltama gabraa*

*Saglan Booranaa*

*Torban Barreentummaa*

*Lafa gurrattii magraa*

*Waaqa gurraacha garaa gabraa*

*Waaqayyo miil lama bobbaafne*

*Miila afur bobbaafne*

*Nu bobbaa bobbaate*

*Tiksee xeenxera godhi*

*Idda dhallaaduu godhi*

*Malkaa fitissa godhi*

*Duultuu ijaaba godhi*

*Waqaa Maccaafi Tuulamaa*

*Biyya fincaan Tuulama sadeenii*

*Biyya hora jahanii*

*Biyya hora jahan Galaan*

*Biyya Odaa Nabee*

*Biyya Odaa shananii*

*Biyya Gadaa shananii*

*Biyya barcuma shananii*

*Biyya waraana shanii*

*Waaqa qaama shaniin nu uumte*

*Kan nagaan nu oolchite nagaan nu bulchi*

*Tolaa wajjin nu bulchi*

*Hamaan garagar nu bulchi*

**Hayyuu Caalaa Soorii**

Birbirsa ta'i jechuun nama guddaa, nama jabaa, nama mul'atu ta'i jechuudha. Odaa ta'i yoo jedhanii, iddi Odaa lafa qabata; namiyyuu danda'ee hin buqqisu; diinni sin buqqisiin! Hidda Odaa ta'i yoo jedhe akkasi. Hiddi Odaa bal'aa jalaan lafa qabatu waan ta'eef eenyullee sin

buqqisinii jechuudha. Damee Odaa ta'i oggaa jedhu babal'adhu, sanyiin kee haa babal'atu, lafa kanarra guuti, namuu sin danda'iin, diinni sin danda'iin jechuudha. Waleensuu kormaa ta'i yaabbiifi bu'aa dhoowwadhu jedha. Duula keessatti diinni sin moo'atiin jedha. Yaabbii keessatti amma farda yaabbii nama dhoowwatu jabaatu yaabbata. Yaabbii dhoowwadhu, diinni sin yaabbatiin jechuudha. Roorroo dhoowwadhu hiikaa jedhu qaba. Eebbi Oromoo kuni hiika bal'aa qaba. Tiksee xeenxera godhi jechuun kan si'aayina qabdu, kan dheessitee jalaa baatu godhi jechuudha. Diina dhallaadduu godhiin laaffisi jechuudha. Malkaa fittissa godhi jechuun malkaa nuuf burqisiisi jechuudha.

**Abbaa Gadaa Goobana Hoolaa**

Afoola keechatti amma Odaan Nabee Odaa shanan keechaa hangafa. Gaafa godaansaaf ka'u Odaa Roobaa waammata. *Odaa dameen dalga ciiftee ilmaa kan koof karra kan koo sittan dhiisee* jedha. Sirni isaa sun amma aangoo kennuuf biyya miseensa irraa fudhatu sanitti kennuu isaa ilmoo, biyya, karralleen erga godaanee asitti aangoon isaa haganumatti yaamti jechaadha. Afoolaan ibsata jechuudha. Karraaf ilmoo sittan dhiise oggaa jedhu ni godaanaamii? Waan muluu biyya warra fagoo irraa fudhatu sanitti dhiise jechuudha. Kanaaf afoolli kun aangoo kennuu isaa, biyyittiin kanaan booda, kan warra ykn miseensa aangoo irraa fudhatu sanaa ta'uu ibsa. Jireenyi isaa hunduu kan namicha aangoo irraa fudhatu sanaati. Gaafa Odaa Nabee, Caffee Tumaa godaanee jedhu sirni inni ittiin bulchellee ni ciisa. Kana himata jechuudha.

## Miiltoo K: Suuraa Ragaalee Qorannoo

1. **Suuraalee Afgaaffii Muraasa**



**2. Suuraa Marii Garee Xiyyeeffannaa**

**A= MGX1**




**B= MGX2**








## 3. Suuraa Ardaalee Ulfoo Tuulamaa Muraasa





Odaa Nabee



Tulluu Cuqqaalaa



Tulluu Erer Kormaa



**Caffee Dongoraa/ Caffee Abbaa Muudaa**



**Caffee Tumaa**




**Dhakaa Koraa/Handoodee Tumaa**




**Hora Irreecha Harsadii** **Hora Irreecha Finfinnee**

**Ragaa Qorannoo Funaanuuf Qabxiilee Irratti Xiyyeeffataman:**

Mata Duree

**Hariiroo Namaafi Uumamaa: Ilaalchaafi Afoola Oromoo Tuulamaatiin.**

Mata duree qorannoo kanaaf ragaalee funaanuuf kaayyoofi gaaffilee qorannoo bu'uura godhachuun namoota afgaaffii akka dhuunfaattis, akka gareettis gaafataman qajeelchuuf gaaffiiwwan qophaa'an.

1. Oromoon Tuulamaa uumama waliin hariiroo ykn hidhata akkamii qaba? Akkamiin uumama ilaala?
2. Uumamni Ulfoo (Tulluu, Malkaa ykn Hora, Ardaalee Jilaa, Qoolloofi kkf ta'uu danda'u) naannoo kanatti argaman maal fa'i?
3. Hariiroo ummatichi uumama ulfoo kanneen wajjin qabu ilaalchisee beekumsi xabboo, falaasamni ykn ilaalchi hawaasichaa maal fakkaata? Uumama ulfoo kanneenis afoola isaatiin akkamiin ibsa?
4. Oromoon Tuulamaa dacheefi uumama dacheerra jiraataniif ilaalcha akkamii qaba? Hariiroo gama kanaan qabus afoola isaatiin akkamiin ibsa?
5. Oromoon Tuulamaa naannoo kanaa mukeewwan ykn biqiltoota wajjin hariiroo akkamii qaba? Gama kanaan falaasamni ykn beekumsi xabboo hawaasicha keessa jiru maal fa'i? afoola isaatiinis akkamiin ibsa?
6. Hawaasichi bineeldota manaafi bosonaa waliin hariiroo akkamii qaba? Hariiroo gama kanaan qabus afoola isaatiin akkamiin ibsa?
7. Oromoon Tuulamaa afoola isaatti fayyadamee hariiroo namaa, uumamaafi Waaqaa akkamiin ibsa? Falaasama hawaasichi gama kanaan qabu maal fakkaata?
8. Hariiroo ummatichi uumama wajjin qabu ilaalchisee jechaafi gochaan ykn afoolawwan hawaasicha keessa jiran maal fa'i?
9. Hawaasichi Uumama Waaqayyo uume mara kunuunsuun ykn eeguudhaan dhalootaaf tursuu keessatti falaasama ykn beekumsa xabboo akkamii qaba?
10. Hawaasicha biratti haalliifi yoomessi (social context & setting) afoolaa, hoodiifi ilaalchi hariiroo namaafi uumamaa itti ibsaman maal fakkaatu?
11. Sababa namtolcheefi dhiibbaawwan adda addaatiin kan ka'e hariiroo namaafi uumama gidduu jiru wantoonni laaffisaniifi miidhaa jiran maal fa'i? Akka ummata naannichaatti furmaanni isaanii hoo?

## Mata Duree Qorannoo

**Hariiroo Namaafi uumamaa: Ilaalchaafi Afoola Oromoo Tuulamaatiin.**

**Afgaaffii Marii Garee Xiyyeeffannaa Tuuta 1ffaafi 2ffaaf Qophaa'e**

1. Oromoon Tuulamaa uumama (Mukkeen, dachee, malkaa ykn hora, bineensota bosonaa, beelladoota manaafi kkf) waliin hariiroo ykn hidhata akkamii qaba? Akkamiin uumama kanneen ilaala?
2. Uumamni Ulfoon (Tulluu, Malkaa ykn Hora, Ardaaleen Jilaa) Oromoo Tuulamaa biratti beekkaman maal fa'i? Hariiroo hawaasichi uumama Ulfoo kanneen wajjin qabus maal fakkaata? Uumama ulfoo kanneenis afoola isaatiin akkamiin ibsa?
3. Horri Finfinneefi Harsadii Oromoo Tuulamaatiif maali? Hawaasichi hariiroo akkamii waliin qaba? Eebba ykn afoola isaatiin akkamitti iddoowwan kanneen ibsata?
4. Mukkeen Oromoo Tuulamaa biratti kabajaafi ulfina guddaa qaban maal fa'i? Maaliif? Eebba ykn afoola isaa keessatti mukkeen kanneen akkamitti ibsata?
5. Hariiroo hawaasichi kaleessa uumama wajjin qabu maal fakkaata? Har'a hoo maalirra jira? Maaltu bade? Maaltu jira?